# INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

**Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif Qophaa'e**

**Seerota Bu'uuraa Ilaalchisee Qajeeltoowwanii fi Kallattiiwwan Heerri RDFI Kaa'e.**

**Giddu-Gala Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaan Qophaa'ee**

(Guraandhala 2004)

**Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin Afaan Oromootti kan Hiikame**


Hiiktootni:

**Tasfaayee Niwaay fi**

**Milkii Makuriyaa**



**Mudde, 2005**

**Adaamaa**

Baafata Fuula

Seensa Waliigalaaa ........ 6

Kaayyoo Ijoo Leenjichaa ........ 9

KUTAA TOKKO ........ 10

QAJEELTOOWWAN BU'UURAA FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI BULCHIINSA SIRNA HAQAA ILAALCHISEE KAA'E ........ 10

1.1.Heera fi Seera Yakkaa: Akka Waliigalaatti ........ 10

1.2. Seera Yakkaa, Mul'ataa fi Galma Heerichaa ........ 12

1.3.Ol'aantummaa Heerichaa fi Seera Yakkaa ........ 17

1.4.Mirga Namoomaa Kabajuu, Kabajchisuu fi Seera Yakkaa ........ 20

1.5.Heeraa fi Qajeeltoowwan Seera Yakkaa ........ 26

1.6. Mirgoolee Adeemsaa Heera Tumamanii fi Seera Yakkaa ........ 43

1.7. Aangoo Seera Yakkaa Baasuu fi Aangoo Abbaa Seerummaa Qoqqooduu ........ 62

1.8. Guduunfaa ........ 63

KUTAA LAMA ........ 64

QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIWWAN HEERRI RDFI SEERA ITTIGAAFATAMUMMAA WALIIGALTEEN ALAA ILAALCHISUUN KAA'E ........ 64

2.1. Waa'ee Heera fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Ala Fidu: Waliigalaan ........ 64

2.2. Hojii Mootummaa Akkaataa Iftoominaa fi Itti Gaafatamummaa Qabuun Gaggeessuu fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Alaa Hordofsiisu ........ 67

2.3. Mirgoota Eegumsi Heeraa Kennameefii fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Alaa Hordofsiisu ........ 70

2.4. Sarbamuu Mirga Namoomaa, Cabiinsa Mirga Namoomaa Hambisuu fi Itti Gaafatamummaa Beenya Kaffaluu Mootummaa ........ 74

2.5. Guduunfaa ........ 76

KUTAA SADII ........ 77

QAJEELTOOWWAN BU’UURAA HEERRI WAA’EE SEERA QABEENYAA KAA’E....... 77
3.1. Heera fi Seera Qabeenyaa: Bifa Waliigalaatiin....... 77
3.2. Mirga Abbaa Qabeenyummaa fi Heera....... 80
3.3.Qabiyyee Bu’uuraa Mirga Abbaa Qabeenyummaa fi Daangaawwan Abbaa Qabeenyichaa Irra Kaawwaman....... 82
3.4.Lafa Mirga Abbaa Qabiyyuummaan Fayyadamu....... 92
3.5. Haalota Mootummaan Qabeenya Dhuunfaa Fedhii Uummataatiif Jecha Itti Fudhatu.... 101
3.6. Guduunfaa....... 103
KUTAA AFUR....... 105
SEERA DHAALAA IRRATTI QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU’UURAA HEERRI RDFI KAA’E....... 105
4.1. Mirga Qabeenya Dhaalchisuu Akka Waliigalaatti....... 105
4.2. Sirna Qabeenya Dhalmaan Dabarsuu Akka Biyya Keenyaatti: Yaada Waliigalaa fi Heera....... 107
4.3. Sirni Dhaalmaa Gosa Gara Garaa Jiraachuun Isaa Ciminaa Fi Dadhabbina Inni Qabaatu....... 113
KUTAA SHAN....... 120
QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA MAATII IRRATTI KAA’E....... 120
5.1.Waa’ee Seera Maatii Akka Waliigalaatti....... 120
5.2. Mirga Seera Maatii Baasuu....... 123
KUTAA JAHA....... 130
QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU’UURAA HEERRI RDFI SEERA WALIIGALTEE IRRA KAA’E....... 130
6.1. Seera Waliigaltee Akka Waliigalaatti....... 130
6.2. Faayidaa, Fedhii fi Bu’aa Diinagdee....... 133

6.3. Hanqinaaleen Waliigaltee keessatti mul'atan haala ittiin uumaman ............................... 137

KUTAA TORBA ............................................................................................................. 143

QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA DALDALAA FI INVESTIMENTII IRRATTII QABU ................................................................................ 143

7.1.Seera Daldalaa Fi Investimentt Akka Waliigalaatti ........................................................ 143

7.2. Aangoo Seera Daldalaa fi Investimentii Baasuu ............................................................ 147

7.3.Sochii Daldalaa fi Investimentii Keessatti Gahee Gaggeessummaa Mootummmaa ........ 148

KUTAA SADDET ........................................................................................................... 156

QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA HOJJETAA FI HOJJECHIISAA IRRATTI QABU ...................................................................................... 156

8.1.Seera Hojjetaa fi Hojjechiisaa Akka Waliigalaatti .......................................................... 156

8.2.Mirga Heerawaa Gurmaa'uu Hojjettootaa fi Faayidaa Isaa ............................................. 162

8.3.Dirqamaa fi itti gaafatamummaa haalawwan hojii mijataa akka uumaman godhan......... 165

8.4.Waliigaltee hojii raawwachuu fi daangaa irra kaa'amu ................................................... 167

8.5.Sirna komiin hojjechiisaa fi hojjetaa jidduutti uumamu ittiin furamu ............................. 168

8.6.Hojii Dirqamaa fi Daangaa Irra Kaa'amu ........................................................................ 169

KUTAA 9 ....................................................................................................................... 171

QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU'UURAA HEERRI RDFI GAMA SEERA BULCHIINSAAN KAA'E ..................................................................................................... 171

9.1. Waa'ee Seera Bulchiinsaa Akka Waliigalaatti ................................................................ 171

9.2. Mirga Murtii Bulchiinsaa Argachuu ............................................................................... 177

9.3 Hojii fi Itti-Gaafatamummaa Bulchiinsa Naannoo /local governamnet/. ......................... 179

9.4 Aangoo Seera Bulchiinsaa Baasuu.................................................................................... 180

9.5. Qajeeltoowwan Bulchiinsaa fi Heera ............................................................................. 181

KUTAA 10 ..................................................................................................................... 191

QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU'UURAA HEERRII RDFI GAMA SEERA GIBIRAATIIN KAA'E ........ 191

10.1 Waa'ee Seera Gibiraa Akka Waliigalaatti ........ 191

10.2 Olaantummaa Seeraa fi Raawwii Isaa Gama Seera Gibiraatiin ........ 196

10.3 Mirgoota Bu'uuraa Kanfalaa Gibiraa ........ 206

10.4 Sirna Hiikaa Seera Gibiraa ........ 207

Kitaabota Wabii, Barreeffamoota Gara Garaa fi Seerota ........ 210

# Seensa Waliigalaa

Heerri RDFI bifaa fi qabiyyee amma qabatee jiru qabaatee akka ragga'u gochuuf aarsaan namaa fi qabeenyaa ol'aanaa ta'e kaffalameera. Haa ta'uyyuu malee qajeeltoowwanii fi tumaaleen heerichaa sirnaan akka kabajamanii fi hojiirra oolan gochuun Heerichi sochiin guyyaa guyyaa hawaasichaa fi mootummaa kan ittiin qajeelfamu akka ta'u gochuun gochaa aarsaa biraa barbaaduu dha.

Ibsa biraatiin heerummaa mirkaneessuun hanga armaan duraa aarsaa lubbuu kan gaafatu ta'uu baatus hojiirra oolmaa isaatiif garuu tumsa qaamolee maraa fi qindoomina qabu akkasumas dammaqinaan qaamoleen adda addaa ka'uun hubannoon uummatni dudhaalee fi qajeeltoowwan heerichaa irratti qabu akka cimsatuu fi hojiira oolchu gochuu kan gaafatu dha.

Ergamani, gahee fi hojiin qaamolee haqaa kan dhugoomu, qajeeltoowwan Heera RDFI bu'uureeffachuun galma kan gahuu fi heericha kabajuu, kabajchisuu akkasumas duudhaalee fi qajeeltoowwan heerichaa lafa qabsisiisuu waliin hidhata cimaa ta'e qaba.Qaamoleen haqaa ol'aantummaa heerichaa mirkaneessuu fi mirgoota namoomaa fi bilisummaawwan bu'uuraa heerichaan beekamtii argatan haala guutuu ta'een hojiirra oolchuu fi qajeeltoowwanii fi duudhaaleen bu'uuraa heerichaa kabajamuu isaanii mirkaneessuun isaanirraa eegama.

Qaamoleen haqaa gahee fi hojii heerichaan isaanitti kenname yeroo hojiira oolchan seerota yeroo adda addaa bahan haala galmawwan Heerichi kaa'e bira gahamuu danda'uun akkasumas qajeeltoowwan heerichaa jireenya hawaasummaa fi diinagdee uummataa bituu haala danda'aniin hojii seera hiikuu fi raawwachisuu dalaguu qabu. Kanas raawwachuuf hiikkaa fi qabiyyee seerota gara garaa biyyattii keessatti labasamuun hojiirra oolaa jiran, qajeeltoowwan, duudhaalee fi tumaalee Heera Federaalaa, waliigalteewwa mirga namoomaa qaama seeraa biyyattii ta'an, sanadootaa fi duudhaalee mirga namoomaa biyyattiin hojiirra oolchuuf waliigalte waliin bifa wal simsiisuun danda'amuun mirgoolee dhuunfaa fi waliinii Heera RDFItiin wabii fi eegumsi godhameef hojiira oolchuuf hubannoo fi dandeettii isaanii gabbisuu qabu.

Gama kanaan, moojuliin kun ogeessotni qaamolee haqaa walitti dhufeenya seerotni heericha waliin qaban hubachuun yeroo seera hiikanis ta'e hojiirra oolchan kaayyoo fi ergama heerichaa galmaan gahuu, qajeeltoowwanii fi duudhaalee heerichaa raawwachiisuun sochii heerummaa

biyyatti keessatti uumuuf taasifamaa jiru keessatti gahee ol’aanaa ogeessotni qaamolee haqaa qaban hubachiisuu fi mariif ka’uumsa akka ta’u qophaa’eera.

Kutaaleen seeraa qabiyyeen isaanii moojulii kana keessatti ilaalamuuf yaalaman ergama heerichaa galmaan gahuu fi qaajelfamoota fi duudhaalee heericha hojiirra oolchuuf ta’an kun faayidaa isaanii hunda kan tarreessuu fi haala guutuu ta’een ni dhiheessa jedhamee yaadamee miti. Kaayyoon bu’uuraa moojulii leenjii kanaa hirmaattootni leenjichaa gahee fi dirqama hojii isaanii yeroo bahan, seerota yoo hiikanii fi raawwachiisan gahee fi hojii heera kabajuu, hojiirra oolchuu fi raawwachisuu keessatti qaban ilaaluufi dha.

Akkasumas, galmawwan heerichaa fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa haala giddu galeessa godhateen yaada ka’umsaa dhiheessuu fi leenjifamtootnis turmaata hojii irratti muuxannoo fi mudannoo qabaniin rakkoowwan seera hiikuu fi raawwachiisuu waliin wal qabatee isaan qunnaman kaasuun haala rakkoowwan kun heera raawwachuu fi raawwachisuu waliin wal qabatu irratti yaadota mariif ka’umsa ta’an kaasuun haalli isaan hojii seera hiikuu fi raawwachisuu itti raawwatan heericha waliin itti wal simaa deemuu danda’u irratti yaada wal fakkaataa ta’e uumuu dha. Haaluma kanaan moojuliin kun mata dureewwan kudhan jalatti seerota yeroo ammaa hojiira oolaa jiran faayidaa ergama heerichaa galmaan gahuu keessatti qaban, haala seerotni kun qajeeltoowwanii fi duudhaalee Heera RDFI, qajeeltoowwan waliigalteewwanii fi sanadoota mirga namoomaa addunyaa waliin wal simuun hiikamuu danda’an irratti kallattii jiru xiinxaluuf, hubachuu fi gaaffiiwwan adda addaa kaasuuf bifa gargaaruun qophaa’eera.

Haaluma kanaan, boqonnaa tokkoffaa jalatti Heerichi qabiyyee fi bifa seera yakkaa, gumaacha gurmaa’insaa fi haala hojii qaamolee haqaa murteessuu keessatti qabu, gahee seerri yakkaa fi sirni haqa yakkaa ergama heerichaa galmaan gahuu fi olaantummaa heerichaa mirkaneessuu keessatti qabu beekuu fi mirgoolee bu’uuraa fi bilisummaawwan heerichaan beekamtii argatan hojiirra oolchuu irratti aangoo fi hojiin qaamolee kanaaf kenname kan keessatti ilaalamu ta’a.

Boqonnaa lammaffaan faayidaa seerri itti gaafatamummaa waliigalteen alaa qajeeltoowwan heericha irratti kaa’aman hojii mootummaa akkaataa ifoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun gaggeessuu fi namoota mirgi namoomaa isaanii namoota dhuunfaanis ta’e dhaabbilee gara garaan harka jalaan daangeeffamu qixa beenyaa itti argachuu qaban kan ilaaluu fi rakkoowwan

raawwii keessatti mul'atan kan keessatti ilaalamuu dha. Boqonnaan sadaffaan moojulichaa mirgoolee qabeenya horachuu waliin wal qabatan kan keessatti ilaalaman yoo ta'u boqonnaan afraffaan immoo sirnoota dhaaltummaa gara garaa biyya keenya keessatti argamanii fi beekamtii fi eegumsa heeraa argatanii kan ilaalu ta'a.

Boqonnaa shanaffaan mirgoota maatii Heerri mirkanaa'ee fi qajeeltoowwan bu'uuraa, duudhaalee seera maatii mootummaa federaalaa fi naannoolee keessatti argaman kan ilaalamu ta'a. Boqonnaan jahaffaan walitti dhufeenya mirgi bilisummaa waliigaltee hundeessuu fi Heerichi qaban kan kaasu yoo ta'u, boqonnaan torbaffaan immoo walitti dufeenya kaayyoowwan diinagdee, hawaasummaa fi aadaa Heerichi seerota daldalaa fi invastimantii biyyattii waliin qabu kan keessatti dhihaatu dha.

Boqonnaan saddettaffaan dhimma seera invastimentii waliin hidhatu kan qabu seera hojjataa fi hojjechiisaa kan ilaallatuu dha. Dudhaalee fi yaadotni seera kana keessa jiran dhihaataniiru.

Boqonnaa saglaffaa keessatti seerotni bulchiinsaa yeroo amma hojiirra jiranii fi gara fulduraatti tumaman akkasumas qajeeltoowwan, duudhaalee fi hojimaatawwan bulchiinsa haqaa waliin wal qabatee heericha irratti kaa'aman ni ilaalamu. Boqonnaan inni dhumaa boqonnaa kurnaffaan aangoo mootummooleen naannoo fi federaalaa gibira yookin taaksii kaffalchiisuu waliin wal qabatee qaban, qajeeltoowwan taaksii murteessuu fi sassaabuu jedhamuun beekamanii fi rakkoowwan raawwii keessatti mul'atan kaasuun ni ilaala. Mata dureewwan hunda jalatti qabxiiwwan marii haala qabatamaa fi yaadrimee irratti bu'uureeffateen kan qophaa'an yoo ta'u, yeroo kenna leenjii leenjifamtootni akka hubatanii fi irratti mari'atan ni godhama.

Ta'us moojuliin kun kan qophaa'e mariif ka'umsa akka ta'u yaadamee waan ta'eef leenjifamtootni muuxannoo fi muudannoo qaban irraa yaadota qabiyyee moojulichaa gabbisuu danda'an akka dhiheessan gochuun dhimma xiyyeeffannaa barbaadu dha. Sababni isaas, leenjifamtootnis ta'e leenjistootni heerummaa mirkaneessuu fi duudhaalee heerichaa lafa qabsiisuuf qabiyyee moojulichaa hunda irratti hubannoo, dandeettii fi ilaalcha isaanii ballisuu fi gabbisuuf tattaaffii irraa eegamu gochuu qabu.

# Kaayyoo Ijoo Leenjichaa

Kaayyoon gooroo leenjichaa leenjifamtootni yeroo hojiiwwan tumaalee seerota garaa garaa hiikanii fi yeroo raawwachiisan galma heerichaa bifa galmaan gahuu fi dudhaalee fi qajeeltoowwan heerichaa waliin bifa wal simatuun akka raawwatan gochuuf beekumsa bu'uuraa, dandeettii ogummaa fi ilaalcha isaanii gabbisuufi dha. Kaayyoo gooroo armaan olii kana galmaan gahuuf kaayyoowwan gooree armaan gadi haammatamaniiru.

- ✓ Leenjifamtootni hojii irratti kan argaman waan ta'eef hojii guyyaa guyyaan haqa kennuu irratti hirmaatan keessatti, seera kabajuun kabajchiisuu akka danda'an gichuu keessatti gahuumsa dabalataa uumuuf,
- ✓ Qabiyyee heerichaa caalmaatti akka hubataniifi rakkoowwan hubannoo, raawwii imaammataa fi tarsiimoowwan mootummaa irratti jiran maqsuun hubannoo gahaa uumuu
- ✓ Ilaalcha cimaa seerotni kamiyyuu, murtiiwwan mootummaa, sirnootni aadaa heericha waliin wal hin simne bifa kamiiniyuu hojiira akka hin oole godhu uumuu,
- ✓ Leenjifamtootni walitti dhufeenya cimaa heeraa fi seerota gidduu jiru hubachuun yeroo seera hiikan heericha waliin wal simuu isaa mirkaneeffachuun akka hojjetan gochuuf ilaalcha itti gaafatamummaa uumuu,
- ✓ Leenjifamtootni tokkummaa fi adda-addummaa heerummaa fi heera gidduu jiru akka hubatan gochuu fi gumaacha qaamoleen haqaa heerummaa fi olaantummaa seeraa biyyattii keessatti mirkaneessu keessatti qaban hubachiisuu,
- ✓ Mirgoolee, faayidaalee fi wabii jireenya lammiilee kabajchisuuf seerota hunda heera waliin wal simsiisuun hiikuu, raawwachuu fi raawwachiisuun heerummaa mirkaneessuuf gahee qabu hubachisuuf,
- ✓ Hojii mirgoolee bu'uuraa fi bilisummaawwan heerichaa fi seerota biroon lammiileef eegaman kabajchiisuuf raawwataman hubachisuuf kan jedhanii dha.

# KUTAA TOKKO

# QAJEELTOOWWAN BU'UURAA FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI BULCHIINSA SIRNA HAQAA ILAALCHISEE KAA'E

Leenjifamtootni leenjii hojiirraa mata duree kana jalatti leenjii erga xumuraniin booda dhimmoota armaan gadii ni hubatu jedhame yaadama;

- ✓ Amala murteessummaa Heerri RDFI bifaa fi qabiyyee seera yakkaa akkeekuu irratti qabu ni hubatu.
- ✓ Gahee fi aangoo bulchiinsi sirna haqa yakkaa galma, qajeeltoowwan, duudhaalee heerichaa raawwachiisuu keessatti qabu, rakkoowwan raawwii keessatti mul'atanii fi yaadota furmaataa adda ni baasu.
- ✓ Sochiiwwan mootummaan mirgoolee namoomaa kabajuu, kabajchisuu fi guutuuf raawwatu keessatti shoora seerri yakkaa, sirna haqa yakkaa qabu ni hubatu
- ✓ Aangoo, gahee fi dirqama qaamoleen haqaa mirgoolee heeraan shakkamtootaa, himatamtootaa fi namoota qabamanii kennaman raawwachisuu keessatti qaban haalaan ni hubatu.

## 1.1. Heera fi Seera Yakkaa: Akka Waliigalaatti

Heerri RDFI seera ol'aanaa biyyattii fi sanada birmadummaa saboota, sablammootaa fi uummattootaa ibsu yoo ta'u seerota bu'uuraa, seerota adeemsaa fi sirna haqaa biyyattii waliin hidhata cimaa ta'e qaba. Heerri kun qabiyyee seera yakkaa kan ta'an seera waa'ee qabiyyee gochoota yakkaa, gosaa fi qabiyyee adabbii tarreessuun kan kaa'u seera yakkaa bu'uuraa fi seera kana hojiirra oolchuuf sirna deemsa falmii yakkaa bahe akkasumas  gurmaa'iinsaa fi haala hojii qaamolee seera kana hojiirra oolchan waliin walitti dhufeenya kallattii qaba.Ibsa biraatiin, akkuma heerota biroo Heerri RDFI sirna haqa yakkaa waliin waltti dhufeenya cimaa ta'e qaba. Haaluma kanaan sadarkaa duraatiin kan ilaalamu qaamni seera tumu seera qabiyyeen isaa seera yakkaa fi sochii fi haala raawwii sirna haqa yakkaa Heera RDFI waliin walsimatee hojiira ooluu danda'u akka tumu kan dirqisiisu dha.

Heerri RDFI akka kaa'utti, qaamoleen sirna haqaa keessatti hirmaatan hojii guyya guyyaan raawwatan keessatti qixa mirgoolee bu'uuraa fi bilisummaawwan namootaa egsisuun raawwachuu qabu.Ibsa biraatiin, Heerichi qabiyyeen seera yakkaa bu'uura heeraa akka qabaatan kan godhuu fi sochiin sirni haqa yakkaa guyyadhaa guyyaatti taasisu heera bu'uura kan godhate akka ta'u gochuudha.

Sirni haqa yakkaa seerotni hojiirra oolan, ilaalchii fi aadaan hojii ogeessota sirnoota duraan turan irraa akka adda ta'uu fi qajeeltoowwanii fi tumaalee heericha keessatti kaa'amaniin akka gaggeeffamu gochuuf gargaarsa guddaa qaba. Qabiyyeen seera yakkaa mootummaa federaalaanis ta'e naannichaan bahan mul'ata sabootni, sabalamootnii fi uummattootni biyyattii qabanii fi galmawwan Heerichi kaa'e bira gahuuf kan dandeessisan ta'uun dirqama.

Qaamoleen seera tumanii fi raawwachiisan qaawwan qabiyyee seera yakkaa keessatti mul'atan irratti qorannoon fooyyeessaa deemuuf dirqama heeraa qabu. Sirni haqa yakkaa hojiiwwan dhuunfaa guyyaa guyyaan raawwatamuun gochi yakkaa akka hin raawwatamne gochuu fi balleessitoota seera fulduratti dhiheessun qofa osoo hin daanga'in, mul'ata heerichaa galmaan gahuuf, sirna haqa mootummaa federaalaa fi naannichaa gurmeessuu fi itti fufiinsaan ijaaruuf dakaa bu'uuraa kaa'a.Bulchiinsi sirni haqa yakkaa kaayyoo bu'uuraa heerichaa galmaan gahuuf, qorannoon hunda hammataa ta'e ittisa yakkaa, qorannoo yakkaa, himataa fi falmii dhaddachaa akka gaggeeffamuu fi karoorri fi raawwiin bu'aa qorannichaa irratti hundaa'ee akka jiraatu dirqama ni kaa'a.

Waliigalaan Heerichi qabiyyeen seera yakkaa fi sochiin sirna haqa yakkaa qajeeltoowwan Heera RDFI kan bu'uureeffate fi heerawaa akka ta'u gochuun kaayyoon qabiyyeen seera yakkaa fi sochiin sirna haqa yakkaa mul'ataa fi galma heerichaa galmaan gahuu akka danda'an; Heerichi sirni haqa yakkaa bifaa fi qabiyyee, kaayyoo fi galma heericha galmaan gahuu akka qabaatanii fi dandeettii raawwachiistummaa isaanii akka cimsatan dhagaa bu'uuraa kaa'a.Ibsa biraatiin,Heerichi, bulchiinsi sirna haqa yakkaa haaraan akka jiraatu gochuun mirgooleen namoomaa fi dimookraasii lammiiwwanii akka kabajamu, namootni gocha yakkaan shakkamanii poolisiin kan qabaman yoo ta'e illee, mirgoolee bu'uuraa isaaniif kabajamuu qaban kan kaa'ee fi ogeessotni qaamolee haqaas qajeeltoowwan bu'uuraa heerichaa kanneen hubachuun socho'uu akka qaban dirqama kaa'a.

### 1.2. Seera Yakkaa fi Mul'ataa fi Galma Heerichaa

### A. Seera Yakkaa fi Mul'ataa fi Galma Heerichaa: akka Waliigalaatti

Seensa boqonnichaa irratti ibsuuf akka yaalame Heerri RDFI qabiyyee seera yakkaa kaa'uun hojimaata sirni haqa yakkaa, qajeeltoowwanii fi tumaalee aadaa hojii ogeessotaa jijjiiruu danda'an hammachiisuun sirni haqa yakkaa hunda haammataa fi heerawaa akka ta'u bu'uuraalee seeraa kaa'eera. Ibsi waliigalaa kun akkuma jirutti ta'ee, Heerichi yaadota dirqisiisoo sirni haqa yakkaa biyyattii hordofuu qabu akka haammate hubachuun ni danda'ama. Heerichi sanada siyaasaa fi seeraa yoo ta'u, bu'uuraan mul'ata sabootni, sablammootnii fi uummattootni Itoophiyaa bira gahuuf kaa'an galmaan gahuuf qajeeltoowwanii fi yaad-rimeewwan ilaalchota siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa gurguddoo of-keessatti qaban adda addaatiin kan gurmaa'edha. Heerri RDFI mul'ata sabootni sablammootni fi uummattootni biyyattii biyya mirgooleen saboota, sablamoota fi uummatootaa fi dhuunfaa keessatti kabajame, biyya mirgi hiree ofii ofiin murteeffachuu sabootaa fi sablammootaa keessatti dagaagee fi mootummaa Federaalaa Dimookraatawaa fi Rippaablika taate ijaaruuf qajeeltoowwan bu'uuraa kanneen armaan gadii kaa'amaniiru:

- ✓ Biyyattii keessatti nageenya wabii qabu mirkaneessuu;
- ✓ Biyyattii keessatti sirna dimookraasii wabii uummataa qabu diriirsuu;
- ✓ Sabootni, sablammootni fi uummatootni biyyattii hawaas-diinagdee tokko ijaaruuf heericha irratti akka galma tokkootti kan akeekan waan ta'eef, kunis olaantummaa seeraa fi waliigaltee isaan qaban bu'uureeffachuun dirqama akka ta'e seera ol'aanaa biyyattii keessatti kan ibsame waan ta'eef.

Kanaafuu,qabiyyeen seera yakkaa fi sochiin sirna haqaa yakkaa kamiyyuu mul'ataa fi galmaa asii olitti kaa'ame galmaan kan gahu ta'uu qaba. Sababni isaa, sirni haqa yakkaa kaayyoo, qajeeltooa fi amantaa heerichaa galmaan gahuu fi galma bu'uuraa heerichaa kan ta'an nageenya wabii qabu, sirna dimookraasii wabii uummataa qabuu fi olaantummaan seeraa keessatti mirkanaa'ee ijaaruuf aangoo fi gahee guddaa ta'e qaba. Gahee seera yakkaa fi sirna haqa yakkaa bifa armaan gadiin ibsamuu danda'a

- ✓ Biyya keenya keessatti nageenyi wabii itti fufiinsaa qabu jiraachuu kan danda'u nageenya biyyattii, dantaa mootummaa fi uummataa, qophii fi gochoota yakkaa

nageenyaa fi mirgoolee namoomaa namootaa irratti raawwatamuun dura ittisuu fi erga raawwatameen boodas seera fulduratti dhiheessuun adabsiisuun yoo danda'ame waan ta'eef;

- ✓ Biyya keenya keessatti olaantummaa seeraa mirkaneessuun kan danda'amu qaamoleen mootummaa fi abbootiin aangoo akkasumas namni kamiyyuu sochii guyya guyyaan godhu hunda qixa seerri akeekuun yoo raawwatee fi namootni seera cabsuun mirga sivilii fi mirgoolee bu'uuraa biroo namoota biroo kan miidhan yoo ta'e daangaa seerri kaa'e bu'uureefachuun adda addummaa sanyii, afaanii, ilaalcha siyaasaa fi kan biroo giddu galeessa osoo hin godhatiin seeraan akka gaafataman gochuun miidhamtootni yakkaas gochaa yakkaa irratti raawwatameef seerri gahaan beenyaa isaaniif kennisiisuu danda'u yoo jiraate waan ta'eef;
- ✓ Biyyattii keessatti sirna dimookraasii wabii uummataa argate ijaaruuf qaamoleen mootummaa, abbootiin aangoo, dhaabbileen siyaasaa, dhaabbileen daldalaa, dhaabbileen biroo fi namni kamiyyuu sochii guyyaa guyyaan godhu keessatti heeraa fi daangaa seerota biroo irratti hundaa'uun aadaa raawwachuu fi dorgommiiwwan filannoo fi sochiiwwan siyaasaa diinagdee fi hawaasummaa hundi heeraa fi seerota biyyattii kan bu'uureeffate gochuun waan ta'eef;
- ✓ Kana gochuuf qaamoleen seera cabsan akka abbootii aangoo mootummaa, abbootii aangoo dhaabbilee siyaasaa, miseensotaa fi deeggartoota, namoota uumamaa fi seeraa hundi seera fulduratti itti gaafatamummaa akka qabaatan gochuun kan danda'amu qabiyyeen seera yakkaa fi sirni haqa yakkaa yoo jiraate waan ta'eef;
- ✓ Biyyattii keessatti uummata siyaas-diingadee tokko ijaaruuf olaantummaan seeraa mirkanaa'uu fi nageenyii fi tasgabbiin biyyattii amansiisaa yoo ta'ee fi miidhaa kallattii kaminiyyuu itti dhufu qolachuun yoo danda'ame, gochoota yakkaa, gochoota shororkeessummaa nagaa fi tasgabbii, sirna heerummaa biyyattii irratti miidhaa geessisan ittisuun yoo danda'amee fi gochootni kunis raawwatamanii yoo argaman, namoota gochoota kana raawwatan ariitiin seera fulduratti dhiheessuun adabbiin madaalawaa ta'e irratti akka murtaa'u gochuun yoo danda'ame dha.

Qabxiiwwan asii olitti ibsaman walitti dufeenya sirna haqa yakkaa fi Heera gidduu jiru agarsiisuuf kan dhihaatan yoo ta'u, qabxiiwwan biroos kaa'uun dirqama sirni haqa yakkaa

mul’ataa fi kaayyoo heerichaa galmaan gahuuf qabu agarsiisuun ni danda’ama. Kanaafuu, mul’ataa fi galmawwan Heerichi kaa’e galmaan gahuuf amalootaa fi gochoota biyyattii keessatti mul’atan adda addaa ilaaluun seera yakkaa gochoota yakkaa qabiyyee fi amala isaanii bal’inaan kaa’u baasuun barbaachisaa dha. Akkasumas seerri adeemsaa seera yakkaa hojii irra oolchuu fi Heera RDFI waliin wal simatu jiraachuu qaba. Gama biraatiin, qabiyyee seera yakkaa guutuu qofa osoo hin taane, faayidaa adeemsootni sirna haqaa yakkaa hojiirra oolmaa galma heerichaaf qaban haalaan hubachuun qaamolee haqaa kaayyoo fi galma tokkoof dhaabbatan garuu aangoo fi gahee adda addaa qaban gurmeessuu fi dandeettii isaaniis cimsuun dagatamuu hin qabu.

Kallattii kanaan, qabiyyeen seera yakkaa; gurmaa’insa qaamolee haqaa mootummaa federaalaa fi naannoolee, hojimaataa fi ilaalchi raawwachiistootaa galma Heerichi kaa’e kan milkeessuu fi kaayyoo fi galma heerichaa bifa galmaan gahuun kan labsamani dha? Gurmaa’insa isaanii sochii isaan guyyaa guyyaan godhan haala giddu galeessa godhateen diriirfamaniiru? Gaaffiiwwan jedhanii fi kkf kaasuun rakkoowwan jiran irratti ilaalcha walfakkaataa ta’e qabachuun yaada furmaataa dhiheessuuf mariin ogeessota qaamolee haqaa keessatti jiraachuu qaba. Akka qopheessaa moojulii kanaatti, qabiyeen seerotaa bahuun caalaa gurmaa’insi sirna haqaa haala hojjisiisuu danda’uun diriireera.Ta’us qabiyyee seerichaa fi gurmaa’insa jiru haala gahaa ta’een fayyadamuu fi naannoo hojii bal’isuuf tattaaffiin godhame hangas mara cimina hin qabu.

**B. Galmawwan Heeraa Fi Kaayyoo Bu’uuraa Seera Yakkaa**

Hanqinaaleen gama gurmaa’insa qaamolee haqaa, hojimaataa fi ilaalcha ogeesota biratti mul’atan bal’inaan marii keessatti kan ka’u yoo ta’u, mootummaan federaalaas ta’e naannoolee qaamolee haqaa gurmeessuu fi qabiyyee seera yakkaa Heera waliin wal simsiisuu caalaa dandeettii raawwachistummaa qaamolee haqaa guddisuuf sagantaan fooyya’iinsa sirna haqaa bahee hojiirra oolaa jira. Bu’aa jijjiirama Heeraa kan ta’e seerri yakkaa RDFI galmawwan heerichaa jedhamanii olitti kan ka’an kaayyoo seerichaa ta’uu ibsuuf kew 1 jalatti haala kanaan kaa’a, ‘kaayyoon seera yakkaa fedhii hundaaf jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaa fi dantaa biyyattii, mootummaa, uummattootaa fi jiraattoota biyyattii eeguu fi mirkaneessuu dha.’

Seerri yakkaa RFDI bifa waliigalaatiin kan kaa'e kaayyoo seera yakkaa fi sirna haqa yakkaa gochoota yakkaa mul'ataa fi galma heerichaa daangessan ittisuu, gochootni kunis raawwatamanii yoo argaman seera fulduratti dhiheessuun adabbiin madaalawaa akka murtaa'u gochuudha.

Kaayyoon bu'uuraa keeyyatni tokkoffaa seera yakkaa kew.1 kaa'e yeroo ibsamu itti gaafatamummaa sirni haqaa yakkaa qabu irra caalaa ibsuuf ni gargaara.Kanaafuu:

- ✓ Gochoota yakkaa birmadummaa siyaasaa fi tokkummaa daangaa biyyattii tuquun raawwatamaniin raayyaa ittisaa fi nageenya alaa biyyattii miidhan ittisuu fi namoota gochoota kana raawwatan adabsiisuun nageenya, nagaa fi jiraachuu biyyattii mirkaneessuuf dirqama hawaasummaa, siyaasaa fi seeraa kan qabu waan ta'eefi dha.
- ✓ Akkaataa Heera RDFI ' tiin qaamoleen aangoo uummataa qaban kanneen mootummaa federaalaa fi naannooleeti. Qaamoleen sirna haqa yakkaa, qaamolee mootummaa kanneen irratti gochoota yakkaa nageenyaa fi tasgabbii isaanii xuqu akkasumas yakkoota diinagdee fi yakkoota sirna heeraa fi heerummaa irratti raawwataman haala gahaa ta'een ittisuu fi namoota gochoota kana raawwatan seeratti dhiheessuun adabbiin akka irratti murtaa'u gochuun heeraan kan irraa eeggamu waan ta'eef
- ✓ Uummatni ykn jiraattootni biyyattii kamiyyuu gochoota yakkaa nageenya uummataa jeeqan akka gochoota yakkaa geejjiba ykn bishaan irratti raawwataman, dhaabbilee tajaajila uummataaf kennan irratti raawwataman ittisuu fi gochootni kunis raawwatamanii yoo argaman namoota gocha kana raawwatan seeratti dhiheessuu
- ✓ Gochoota yakkaa biroo kan mirga lubbuun jiraachuu, qabeenyaa fi faayidaalee namootaa xuqan ittisuu fi raawwatamanii yoo argamanis seeratti dhiheessuu
- ✓ Dirqamoota biyyattiin waliigalteewwan addunyaa keessatti nageenya, tasgabbii, mirgaa fi faayidaa biyyattii ykn biyyoota biroo eeguuf qabdu fashaleessuuf yakkoota raawwataman ittisuu ykn to'achuu olaantummaa seeraa mirkaneessuu kan jedhan akka kaayyoowwan bu'uuraa seera yakkaa biyyattitti ilaalamuu danda'u

Seera yakkaa keessatti jechootni keewwata tokkoffaa jalatti kaa'aman akka nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaa fi faayidaalee jedhan hiikoo fi ergaa mataa ofii qabu. Mul'ataa fi

galma heerichaa bifa barbaadamuun mirkaneessuuf kaayyoo seera yakkaa fi sirna haqa yakkaa adda baasuun osoo hin taane seera yakkaa bifa waliigalaa fi keewwata seera yakkaa haala adda ta'een shoora galma heerichaa guutuuf qaban ilaaluu fi kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu qabu hubachuu, hiikuu fi raawwachuun dirqama ta'a.

Kaayyoo bu'uuraa fi galma seera yakkaa fi sirna haqa yakkaa galmaan gahuuf hojiiwwan ijoo lama raawwatamuun dirqama. Inni duraa gochi yakkaa raawwatamuun dura hojiiwwan ittisa yakkaa haala bu'a qabeessa ta'ee fi xiyyeeffannoon raawwachuu dha. Inni biraa, gochi yakkaa raawwatamee yoo argame, tarkaanfiiwwan gocha yakkaa ittisuuf gargaaran itti fufiinsaan adeemsisuu dha. Hojiiwwan wal hidhatan kana seerri yakkaa biyyattii kew 1 jalatti yoo ibsu, galmi seera yakkaa inni duraa gochi yakkaa akka hin raawwatamne gochuu, inni biraa immoo gochi yakkaa raawwatamee yoo argame balleesitootni gocha yakkaa biraa akka hin raawwanne daangeessuu,namoota biroof barumsa akka ta'an gochuu ykn akka sirraa'aan gochuudha.

Sirni haqaa yakkaa biyyatti hojii ittisa yakkaa isa duraa haala bu'a qabeessa ta'een raawwachuuf haala uummata hirmaachiseen hojiin eegumsaa fi to'annoo raawwatamuu qaba. Dabalataan, sababoota raawwii gocha yakkaa, namoota gocha yakkaa raawwatanii fi miidhamtoota yakkaa, uumurii, saala, sadarkaa barumsaa, haala hawaasummaa, ragaa bakkee fi haala gochootni yakkaa qabeenya irratti raawwataman qindeessuu, qaacessuu fi qorachuun tooftaawwan gochi yakkaa akka hin raawwatamne ykn sodaan gocha yakkaa akka xiqqaatu sochii gochuu. Hojii kana bifa bu'a qabeessa ta'een raawwachuuf sirna qabiinsaa ragaa gocha yakkaa diriirsuun ragaawwan sassaabuu, xiinxaluufi hiikuu murteessan yoo ta'u qaamolee hojii kana raawwatan sadarkaa naannoo fi biyyattiitti hundeesuun barbaachisaa dha.Akkasumas, tooftaawwan gocha yakkaa ittisuuf gargaaran wiixineessuun karoora hojiirra oolu diriirsuun hojjachuun baay'ee barbaachisaa dha.

Hojiiwwan gocha yakkaa ittisuu waliin wal qabatee olitti dhihaatan akkuma jiranitti ta'e, gochi yakkaa erga raawwatameen booda namoota gocha yakkaa raawwatan bifa madaalawaa ta'een dhimmi isaanii ilaalamee balleesummaan isaanii mirknaa'uun haala dhuunfaa isaanii, haala raawwii fi ulfina gocha yakkaa fi miidhaa geessise giddu galeessa gochuun adabbiin kaayyoo seera yakkaa irratti bu'uureeffatee murtaa'uu qaba.

Sirni haqa yakkaa raawwii seera yakkaa uummatnii fi yakkamtootni akka hordofan gochuun yakkamtootni gocha yakkaa raawwachuu irraa akka of qusatan, namootni gocha yakkaa raawwachuuf fedhii fi yaada qaban akka dhiisan, madda namoota gocha yakkaa irra deddeebiin raawwatan beekuun yakkaa fi sodaa yakkaa maqsuu qaba. Waliigalaan, sirni haqa yakkaa bifa qindoominaa fi bu'a qabeessa ta'een gocha yakkaa ittisuu, qorachuu, himataa fi falmii gaggeessuun ballessitootni adda bahanii adabbii balleessaa isaanii waliin wal gitu akka irratti murtaa'u gochuun nageenyaa fi tasgabbii biyattii mirkaneessuun qaamoleen haqaa kaayyoo olaantummaa seeraa mirkaneessuun gumaacha ijaarsa sirna dimookraasiif taasisan bahuu qabu.

**Qabxiiwwan marii**

1. Qabiyyeen seera yakkaa, gurmaa'insii fi hojimaatni qaamolee haqaa, ilaalchii fi dandeettiin ogeessotni qaamolee haqaa qaban mul'ataa fi galma heerichaa bifa galmaan gahuu fi kaayyoo bu'uuraa seera yakkaa mirkaneessuun jira jettuu?
2. Seerota, gurmaa'iinsa fi hojimaata qaamolee haqaa keessaa mul'ataa fi galmawwan heerichaa haala guutuu ta'een hojiirra oolchuuf guutamuu ykn fooyya'uu qabu jettanii yaaddan ni jiraa? Yoo qabaatan ibsaa mee?
3. Mul'ataa fi galma heerichaa fi kaayyoo seera yakkaa bifa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf qaamolee haqaa fi ogeessota qaamolee haqaa irraa maaltu eegama jettu? Yaada keessan fakkeenyaan ibsaa mee?

### 1.3. Ol'aantummaa Heerichaa fi Seera Yakkaa

Qajeeltoowwan bu'uuraa Heera RDFI keessaa inni tokko olaantummaa heerichaati. Haaluma kanaan murtiin qaama mootummaa ykn abbaa aangoo federaalaas ta'e naannoolee qajeeltoowwan bu'uuraa, duudhaalee fi tumaalee heerichaa kan kabaju ta'uu qaba. Murtiin qaama mootummaa ykn abbaa aangoo kamiyyuu heericha waliin kan wal faalleessu yoo ta'e raawwatiinsa hin qabu.

Heerri RDFI seerotni qaama mootummaa federaalaa ykn naannooleen bahan ykn murtiin qaama mootummaa ykn abbaa aangoon kennamu heerawaa ta'uu akka qabu qofa hin kaa'u. Dabalataan hojimaatawwan baratamaan biyyattii keessatti raawwataman kamiyyuu tumaalee

Heeraa waliin wal falleessuu kan hin qabane yoo ta'u, yoo faalleessanii argaman garuu raawwatiinsa hin qaban.

Heerichi ibsa saboota, sablamootaa fi uummatoota biyyattii fi seera ol'aanaa biyyattii waan ta'eef lammiin kamiyyuu, qaamoleen mootummaa, dhaabbileen siyaasaa, dhaabbileen daldalaa, dhaabbileen biroo fi abbootiin aangoo kamiyyuu kabajchisuu fi ittiin bitamuuf dirqama kan qaban waan ta'eef aangoo mootummaa sirna heeraan taa'een ala qabachuun dhorkamaa akka ta'e Heerichi (kew.9) jalatti kaa'uun isaa ol'aantummaa heerichaa kan ibsuu dha.Tumaaleen ol'aantummaa heerichaa kaa'an kanneen kew.8(2) fi 9 jalatti kaa'amanii dha.

Heerichi olaantummaa isaa kew.9 jalatti kaa'uun karaa tokko ta'us yeroo hunda garuu hojiirra oolmaa hin qabu.Ol'aantummaan heerichaa bifa guutuu ta'een mirkanaa'uu kan danda'u qabiyyeen seera yakkaa biyyattii namoota sadarkaa hirmaannaa duraa fi kan birootiin heeraa fi sirna heeraa biyyattii diiguun aangoo mootummaa sirna heeraan taa'een ala qabachuuf socho'an gaafachuu fi adabuuf gargaaru yoo jiraatee dha.

Ol'aantummaan heerichaa mirkanaa'uu kan danda'u murtiiwwan qaamolee abbootii aangootiin kennamanii fi miidhaa geessisan sirreessan ykn raawwatiinsa akka hin arganne godhan jiraachuu qofa osoo hin taane, seera yakkaa badiiwwan abbootiin aangoo raawwatan itti gaafatamuu danda'an jiraachuu fi isaas raawwachuudha.

Ol'aantummaan heerichaa mikanaa'uu kan danda'u gochoota yakkaa namootni dhuunfaa, dhaabbileen siyaasaa, dhaabbileen daldalaa, dhaabbileen biroo mirgoolee dhuunfaa fi waliinii heerichaan beekamtii fi wabii argatan irratti kan raawwatan yoo ta'e tumaa seeraa cabsuun gocha yakkaa raawwachuun yoo itti gaafatamaanii fi sirni haqaa yakkaa raawwachiisu yoo jiraatee dha.Akkasumas sirnoota aadaa adda addaa qajeeltoowwan bu'uuraa fi tumaalee heerichaa waliin wal hin simne raawwatiinsa akka hin argatne gochuun ol'aantummaa heerichaa mirkaneessuun kan danda'amu yoo ta'u, gochaawwan barmaatilee fi sirnoota amantaa uummataa irratti miidhaa geessisan raawwatamanii yoo argaman immoo seerri yakkaa adabbii murteessuuf gargaaru jiraachuu fi hojiirra ooluu qaba.

Ol'aantummaan heerichaa mirkanaa'uu kan danda'u seerri yakkaa biyyattii gochoota yakkaa biyyattiin waliigalteewwan addunyaa keessatti akka hin raawwatamne gochuuf dirqamte akka

faayidaalee fi mirga biyyootni biroo biyyattii keessatti qaban, faayidaalee fi mirga dhaabbilee ardiichaa fi addunyaa irratti raawwataman tarreessuun namoota gocha kana raawwatan seeratti dhiheessuun kan danda'amu yoo ta'ee dha.

Seerri yakkaa RDFI gochoota yakkaa namoota seeraa ykn umamaan heeraa fi sirna heeraa biyyattii irratti raawwataman, gochoota yakkaa shororkeessummaa fi jeequmsaa, aangoo mootummaa seeraan ala qabachuu fi mootummaa humnaan kuffisuufuuf gochoota raawwatamaan haala bal'ina qabuun tarreeessuun adabbii cimaa ta'es kaa'eera. Dabalataan seerri yakkaa biyyattii, gochoota yakkaa seera addunyaa fi waliigalteewwan biyyattiin seente bira darbuun raawwachuun mirgaa fi dantaa biyyoota biroo tuquun seeraa yakkaatiin kan nama gaafachiisu akka ta'e ni kaa'a.

Barmaatilee duubatti hafoo mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa Heera irratti eegumsa argatan akka hin raawwatamne seerri yakkaa biyyattii tumaalee adda addaa kan haammate yoo ta'u, barmaatilee kanneen raawwachuu qofa osoo hin taane gochoota kana raawwachuuf karoorsuu ykn qophii gochuun ofii isaatiif adabbii kan hordofsiisu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. (Seera yakkaa keessatti (kew.26) qophiin kan adabsiisu yakkoota ciccimoo akka heeraa fi sirna heeraa biyyattii kan ilaalanii dha). Kaayyoon tumaalee seera yakkaa inni bu'uuraa sirna heeraa biyyattii kabajchiisuuf kan labsame yoo ta'u, seerotni seera kana guutuuf bahan akka jiran ni beekama. Gama kanaan labsiiwwan farra-shororkeessummaa, galii fi gumrukaa akkasumas to'annaa qorichaa mootummaa federaalaa to'achuuf bahan kaasuun ni danda'ama.

Sirni haqa yakkaa kaayyoolee bu'uuraa kanneen seera yakkaa biyyatti keessatti taa'uun ol'aantummaa heerichaa mirkaneessuuf gargaaran hojiirra oolchuun olaantummaa heerichaa mirkaneessuun barbaachisaa dha. Ibsa biraatiin, ogeessotni qaamolee haqaa lammii kaan irraa haala caalmaa qabuun tumaalee heerichaa beekuu, beeksisuu, kabajuu fi kabajchisuu qofa osoo hin taanee hojiirra oolmaa isaaniif adda duree ta'uu qabu.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Amalootni bu'uuraa gochoota yakkaa heera, sirna heeraa fi faayidaalee biyyattii irratti raawwataman gochoota yakkaa biroo irraa adda isaan baasan maali?

2. Kaayyoo seera yakkaa keessatti qophiin gochoota yakkaa heera, nagaa fi faayidaalee biyyattii irratti raawwachuuf taasifaman irratti adabbiin akka murtaa'u gochuun maali?
3. Gochootni qophii itti gaafatamummaa yakkaa fi adabbii kan horodofsiisan ta'uun isaanii akka qajeeltootti yakka raawwachuuf qophii gochuun hin adabsiisu yaada jedhu waliin wal hin faalleessuu?

### 1.4. Mirga Namoomaa Kabajuu, Kabajchisuu fi Seera Yakkaa

Mirgooleen namoomaa uumama namaa irraa kan maddan;kan hin muluqamne; kan hin daangeffamne akka ta'an hubachuun heerri RDFI kew 10(1) akka qajeeltoo heerichaatti kaa'eera.Biyyattii keessatti mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa lammiiwwanii, sablammii, sablammootaa fi uummattootaa ciminaan kan kabajaman ta'uu hubachuun akka qajeeltoo heerichaatti fudhatamuun isaa caalaa qaama seera baasaa, hiikaa fi raawwachisaa mootummaa federaalaa ykn naannolee kamiyyuu mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa namootaa heerichaa boqonnaa sadaffaa jalatti tarreeffaman kabajuu fi kabajchisuuf dirqama qabu (kew.9(2)). Akkasumas yeroo mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa heericha irratti tarreeffaman hiikaman bifa waliigalteewwan mirga namoomaa biyyattiin fudhatte waliin wal simuun ta'uu qaba(kew.13(1)).

Akka Heerichi kaa'utti mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa Heera RDFI boqonnaa sadaffaa keessatti kaa'aman yeroo hiikaman kophaatti adda bahuun osoo hin taane qixa tumaalee mirga namoomaa biyyattiin fudhattee fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa, qajeeltoowwanii fi sanadoota mirga namoomaa addunyaa kaa'utti ta'uu qaba.

Gama kanaan mootummaan mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa heerichaan beekamtii fi eegumsa taasifameen hiikuu fi hojiirra oolchu muuxannoo mirgoolee bu'uuraa addunyaa, waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa fi ardii biyyattiin mallatteesite, waliigalteewwan biyyattiin miseensa itti taate kan Mootummoolee Gamtoomanii fi Gamtaa Afriikaa waliin bifa wal simatuun ta'uu qaba.

Mootummaan mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa hojiirra oolchuuf qabiyyee mirgoolee heericha irratti tarreeffamanii fi waliigalteewwanii fi qajeeltoowwan mirga namoomaa addunyaa bu'uureeffachuun biyyattii irratti bifa wal fakkaataa ta'een hojiiira oolchuuf

waliigalaan dirqamaa fi gaheewwan afur akka qabu tumaalee heerichaa fi qoranoowwan adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama.Isaanis:

- ✓ Gahee fi itti gaafatamummaa mootummaan mirgoolee namoomaa kabajuuf qabu; `
- ✓ Gahee fi itti gaafatmummaa mootummaan mirgoolee namoomaa kabajchisuu fi eeguuf qabu
- ✓ Gahee fi itti gaafatamummaa mootummaan mirgoolee namoomaa guutuu fi dhimmoota ariifachisuu qabu jechuun beekamu

**A. Dirqama Mirga Namoomaa Kabajuu fi Seera Yakkaa**

Dirqamni mootummaan heera kabajuuf qabu kan ibsamu qaamolee mootummaa caasaa gad-jallaa irraa jalqabee hanga oliitti mootummaa federaalaa fi naannoleetti argaman kanneen seera tuman, seera raawwachisanii fi seera hiikan hundi hojii guyyaa guyyaan raawwatan keessatti qixa mirga namoomaa hin daangeessineen hojjachuu kan agarsiisuu dha. Mootummaan dirqama heera kabajuu qabu kana hojiirra oolchuuf tooftaawwan adda addaa kan fayyadamu yoo ta'u, inni duraa seera yakkaa biyyattii keessatti gochoota yakkaa abbootii aangoo fi hojjattootni mootummaa aangoo fi gahee isaanii da'oo gochuun raawwatan tarreessuun namoota gocha kana raawwatan irratti murtiin sirrii ta'e akka kennamu gochuu dha. Gama kanaan seerri yakkaa biyyattii walitti dhufeenya uummatnii fi mootummaan qaban irratti hundaa'uun aangoo fi dirqama mootummaan qabu bifa seera-qabeessa hintaaneen fayyadamuun mirga namoomaa tuquun akka gocha yakkaa raawwachuutti tarreessuun namoota gochoota yakkaa akkanaa raawwatan irratti adabbiin sirrii ta'e akka murtaa'u gochuun mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa lammiiwwanii kan kabajamu ta'a.

Seerri yakkaa biyyatti abbootiin aangoo mootummaa aangoo seeraan isaaniif kenname seera ala fayyadamuun ykn hojiirra oolchuu dhiisuun badiiwwan mirga namoomaa irratti raawwatan akka raawwii gocha yakkaa kaa'uu fi adabbii tarreessuun dirqama mootummaan mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa sadarkaa addunyaatti kaa'aman hojiirra oolchuuf socho'uu isaa mirkaneessuun barbaachisaa dha.Ta'us jiraachuun seerichaa qofti hojiirra oolmaa isaa mirkaneessuuf wabii ta'uu waan hin dandeenyeef, seerota kaayyoo fi galma akkanaa qaban biroo giddu galeessa gochuun hiikuu fi hojiirra oolchuun barbaachisaa dha.

**B. Dirqama Mirgoolee Namoomaa Kabajchisuu fi Seera Yakkaa**

Mirgoolee fi bilisummaawwan namoomaa Heera RDFI  fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaatiin tumaman hojiirra oolchuuf kan dirqaman qaamolee mootummaa, abbootii aangoo ykn hojjattoota mootummaan qofa osoo hin taane namoota uumamaa fi seeraatiinis dha. Walitti dhufeenya namoota uumamaa giddutti carraan mirga namoomaa sarbamuu kan hafuu miti.Mootummaan ofii isaatiif qofa mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa kabajuu ykn sirna hojjattootni mootummaa ykn abbootiin aangoo itti gaafataman diriirsuun qofti mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa biyyatti keessatti kabajamuu hin agarsiisu.

Inumaayyuu, mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa Heeraa fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa keessatti tarreeffaman kabajamuu kan danda'an seeraa fi hojmaata namootni dhuunfaa mirgaa fi bilisummaawwan namoota biroo kabajchiisan diriiree kan argame yoo ta'ee dha.Kana waan ta'eef mootummaan walitti dhufeenya namootni uumamaa ykn seeraa kallattin qaban keessatti mirgi namoomaa osoo hin sarbamin hojiirra ooluu isaa mirkaneessuuf seerota biroo hanga tumutti kan gahu.

Dirqama mootummaan mirgoolee bu'uuraa kabajuu fi kabajchiisuu keessatti qabu bifa sirrii ta'een bahuu kan danda'u tarkaanfiiwwan seeraa, bulchiinsaa fi biroo fudhachuun akka ta'e waliigalteewwan mirga namoomaa fi seera biyyattii keessattis tumamaniiru. Akka koreen raawwii mirga siivilii fi siyaasaa horodofu kaa'utti, mootummaan mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa kan ta'an akka lubbuun jiraachuu, mirga qabeenya horachuu, bilisummaa qaamaa fi kkf kabajchisuu kan danda'u gochoota mirgoolee fi bilisummaawwan kanneen sarban akka gochoota yakkaatti tarreessuun namoota gochoota kana raawwatan seera yakkaan akka gaafataman gochuu fi adabbiin akka irratti murtaa'u taasisuunii dha.Gochoota mirga namoomaa miidhan akka gochoota yakkaa kaa'uun hojii mirga namaa kabajuu fi kabajchisuu keessatti raawwatamu ta'uu akka qabu yaadrimeen qofa osoo hin taane qabatamaanis ibsamuu danda'a.

Mootummaan walitti dhufeenya namoota gidduutti uumamuun mirgi namoomaa akka hin sarbamne hojjachuu, hojii eegumsaa hojjachuu fi gochoota mirga namoomaa irratti geessisan akka gochoota yakkaatti kan ilaalaman ta'uu bifa ifa ta'een tumuun namoota uumamaas ta'e seeraa gochoota mirga namoomaa irratti miidhaa geessisan raawwatan seera fulduratti

dhihaatanii gocha raawwataniif adabbiin wal madaalu irratti akka murtaa'uu gochuuf seera yakkaa keessatti tumamuu qaba.

Gama kanaan, namootni gocha yakkaa raawwatanii dhokatan teessoon jireenyaa fi hojii isaanii beekamuu dhabuu, ragooleen yeroof dhihaachuu hafuun qorannoo teeknikaa fi taaktikaa gaggeessuun ragaa quubsaa ta'e argachuu irratti rakkoo waan ta'eef namootni gocha raawwataniif itti gaafatamummaa irraa miliquu danda'u. Kanaafuu mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa kabajchisuu waliin wal qabatee hanqinaaleen mootummaa biratti mul'achuu danda'u.Gama biraatiin, kufaatii sirna haqa yakkaa xiqqeessuun bu'a qabeessummaa sirna haqa yakkaa dabaluun mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa kabajuu fi kabajchiisuuf qaamoleen haqaa fi ogeessotni achitti argaman dirqama ogummaa fi lammummaa isaanii bahuu qabu.

### c. Dirqama Mirga Namoomaa Guutuu fi Seera Yakkaa

Hojiiwwan bu'uuraa baajata mootummaan diriirfaman akka ijaarsa bishaan dhugaatii, manneen barnootaa fi dhaabbilee fayyaa haala qindaa'aa ta'een raawwachuuf qaamoleen aangoo fi gahee qaban bifa ta'een raawwachuu isaanii mirkaneeffachuu cinaatti gochoota yakkaa fi gochaalee badii kanneen akka gocha shororkeessummaa bu'uuraalee misoomaa irratti raawwataman ittisuuf qaamolee gochoota akkanaa raawwatan seera fulduratti dhiyaatanii haalli itti gaafataman mijeessuun akka dirqama mirgoolee bu'uuraa guutuuf hojjatame tokkotti fudhatama.

Seerri yakkaa gochoota yakkaa buufataalee misoomaa tajaajila uummataaf kennanii fi dhaabbilee mootummaa tajaajila barnootaa, fayyaa, bishaanii fi kkf irratti raawwataman miidhaa guddaa ta'e jireenya idilee hawaasaa irratti kan geessisu waan ta'eef adabbiin namoota gochoota kanneen raawwatan irratti murtaa'u cimaa dha.Mootummaan haala kanaan dirqama mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa guutuuf qabu kan dhugoomsuu fi bu'uuraalee misoomaa ijaaraman kan kunuunsuu fi haaraawwan akka ijaaraman wabii kenna.

Sirni haqa yakkaa tajaajila uummatni mootummaa irraa argatu kabajchiisuu fi mirkaneessuu akka qabu amanama.Kallattii kanaan, seerri yakkaa tumaalee mirga namoomaa heericha waliin hidhata cimaa akka qabu amanuun hojiirra oolmaa isaaf xiiqiin hojjachuun murteessaa

dha.Ibsa biraatiin, bulchiinsi sirna haqa yakkaa uummatni nagaadhaan bahee akka galu, mirga qabeenya irratti qabu fayyadamuun hojii invastimeentii diriirsuun carraa hojiin namoota biroof uumuun walitti dhufeenya isaan gidduutti jiru gaarii gochuun irraa eegama.

**D. Mirga Namoomaa Sarbuu fi Itti Gaafatamummaa Yakkaa**

Mootummaan dirqama mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa heeraa fi waliigalteewwan mirga namoomaa keessatti kaa'aman kabajuu, kabachisuu fi guutuuf qabu raawwachuuf gochoota mirgoolee fi bilisummaawwan kanneen irratti miidhaa geessisan kanneen akka gochoota yakkaa ilaaluun adabbiin madaalawaa ta'e isaan irratti akka murtaa'u gochuuf seera yakkaa biyyattiin baastuun hojiirra ni oolcha.

Kun akkuma jirutti ta'ee, seenaan biyyattiin dabarsite akka agarsiisutti gochootni mirga namoomaa irratti miidhaa guddaa geessisaa turan kan akka hidhaa seeraan ala , nama reebuu, lubbuu namaa seeran ala darbarsuu fi kkf raawwatamaa kan turan yoo ta'u miidhaan gochootni kun geessisan guddaa ta'uu isaa giddu galeessa gochuun Heerri RDFI gochootni akkanaa gonkumaa akka hin raawwatamne, raawwatamanii yoo argaman immoo qaamni raawwate daangaa yeroo malee yeroo kamiyyuu himatni banamuu kan danda'u yoo ta'u, baraarsa ykn dhiifaman qaama seera baastuun ykn raawwachiistuun godhuun itti gaafatamummaa irraa bilisa bahuu akka hin dandeenye ejjennoo cimaa ta'e ni kaa'a.

Haaluma kanaan heericha irratti Kew 28(1) tumaan kun waliigaltee biyyattiin mallatteessitu, konvenshinii Jeenevaa, miseensota raayyaa waraanaa keessatti booji'aman ykn madaa'an, protokoolota ykn seera biyyattiin baastu biroon nama gochoota yakkaa olitti tarra'an raawwatan irratti himata bu'uuruuf daangaan yeroo taa'uu hin jiru jechuudha.Gochootni yakkaa kunis:

- ✓ Gochoota yakkaa dhala namaa irratti raawwataman
- ✓ Yakka sanyii namaa irratti raawwatamu
- ✓ Murtii mana murtii malee lubbuu namaa dabarsuu
- ✓ Nama dirqisiisanii dhoksuu
- ✓ Haala al-namummaa ta'een nama reebuu ykn dararuu

Gochoota yakkaa jedhaman nama raawwate argame irratti himatni bu'uuressamu daangaa yeroo kan hin qabnee fi baraarsa ykn dhiifama qaama mootummaan kan hin kennamnee dha. Kallattii kanaan seera yakkaa keessatti tumaaleen dhimmi baraarsaa fi dhiifama ilaallatan, seerotni dhiifamaa mootummaa federaalaa fi naannooleen tumaman hundi gochoota yakkaa armaan olii kan ilaallatan miti.

Sirni haqa yakkaa biyyattii gochoota yakkaa ittigaafatamuummaa qaban jedhamanii heeraa fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa irratti kaa'aman akka hin raawwatamne hojii ittisa yakkaa hojjechuun murteessaa dha. Dabalataan, gochootni yakkaa kun raawwatamanii kan argaman yoo ta'e itti gaafatamummaan cimaa ta'e akka jiraatu of-eeggannoon hojjechuun barbaachisaadha. Seerri yakkaa biyyattiis gochoota yakkaa kana haala bal'ina qabuun kan kaa'uu fi adabbii gochoota raawwatamaniif murtaa'uu qabus akeekuu qaba.

Gama kanaan, seera yakkaa bara 1996 bahe bara 1997 hojiirra ooluu jalqabeen gochoota yakkaa Heera RDFI irratti tarreeffaman haala guutuu ta'een tarreesseeraayii? Kan jedhu xiyyeeffannaan ilaalamuu qaba. Gama kanaan seerri yakkaa haaraa kun:

- ✓ Gochoota yakkaa seera addunyaa cabsuun raawwataman jechuun kaa'e akka namoota dhoksuu fi reebuu jedhan seerota addunyaa keessatti kaa'aman xiinxaluun barbaachisaa yoo ta'u,
- ✓ Seera addunyaa keessatti yakkoota dhaala namummaa irratti raawwataman hunda kan kaa'u yoo ta'u seerri yakkaa biyyatti garuu yakka kana akka yakka of danda'e tokkootti kaa'a malee yakkoota dhala namummaa irratti raawwataman tarreeseee kan kaa'ee miti.

Waliigalaan, haalli ibsa yakkootaa tokko tokkoo seera yakkaa keessatti kaa'me hanqinaalee kan qabu yoo ta'u, Heerichi gochoota itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisan jechuun kaa'e hojiirra oolchuuf amaloota gochoota kanaa hubachuun qabiyyeen seera yakkaa gahaa ta'e akka jiraatuu gochuu fi isaa raawwachisuun dirqamaa fi imaanaa mootummaa irratti gatame akka ta'e ifa dha. Kanaafu ibsa olii kana irratti caqasuun kan barbaadame sirna haqa yakkaa waan ta'eef sirni kun qaawwa gama kanaan jiru hubachuun qaamni seera baastuu fooyya'iinsa barbaachisaa ta'e akka godhu agarsiisuun irraa eegama. Gama biraatiin gochoota yakkaa dhala namaa irratti raawwataman jedhamanii heera irratti ibsaman seera

yakkaa biyyattiitiin haammatamuu dhiisuu isaa sirna haqa yakkaa hubachuun qaawwa seera yakkaa keessa jiru duuchuuf filannoowwan lama akka jiran hubachuun filannoowwan kana haala bu'a qabeessa ta'een hojiirra oolchuu qaba. Filannoon tokkoffaan mootummaan federaalaa qaawwa gama kanaan jiru hubachuun seera gochoota yakkaa kanneen tarreessuun adabbii murteessu baasuun kan irraa eeggamu yoo ta'u inni biraa immoo mootummaaleen naannolee dhimmoota seera yakkaa federalaan hin uwwifamne irratti seera tumuuf aangoo heeraa kan qaban waan ta'eef qaawwa jiru seera tumuun duuchuu ni danda'u.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Qabiyyee fi amala tumaalee seera yakkaa mootummaan dirqama mirga namoomaa kabajuu fi kabajchisuuf irratti gatame bahuuf kaa'e ibsaa?
2. Gochootni yakkaa dhala namaa irratti raawwataman seera yakkaa biyyattii irratti tumamuu dhabuun isaanii raawwii irratti rakkoo maalii fida?
3. Gochootni dhala namaa irratti miidhaa geessisan seera yakkaa biyyattii irratti akka gochoota yakkaatti hin teenye jettanii yadduu? Niyaaddu yoo ta'e yaada keessan ifa gochuun dhiyeessaa.
4. Addaa addummaa fi tokkummaa dirqama mootummaan mirga namoomaa kabajuu, kabajchisuu, guutuu fi ariifachisuuf qabu jidduu jiru ibsaa?

### 1.5. Heeraa fi Qajeeltoowwan Seera Yakkaa

Heerri qajeeltoowwan dirqisiisoo qabiyyee seeraa yakkaa (seera yakkaa bu'uuraa, sirna deemsa falmii yakkaa fi seera ragaa) ta'an kan kaa'uu dha.Heerichi qaajelfamoota bu'uuraa qaamni seera baastuu qabiyyee seera yakkaa tumuu keessatti giddu galeessa godhachuun baasuu qabuu fi qajeelfamootni kunis haala heericha waliin wal simatuun kan ittiin mirkaneessuudha.Heerichi qajeeltoowwan bu'uuraa qabiyyee seerota yakkaa tumaman keessatti hammatamuu qaban kaa'uun heerummaa qabiyyee seerota yakkaa kan mirkaneessuu fi tumaalee seera yakkaa keessaa al-heerumaa qaban immoo qaama heera hiikuun akka ilaalaman godha. Kunis tooftaa olaantummaan Heeraa akka jiraatuu fi aangoon mootummaan heeraan akka daanga'u taasifamu dha. Heerri RDFI qajeelfmoota bu'uuraa seera yakkaa qaama mootummaa federaalaas ta'e naannooleen kabajamuu qaban boqonnaa

sadaffaa keewwattoota adda addaa jalatti kaa'eera. Kutaa kana keessatti keewwattoota hunda ta'uu baatus muraasa haala armaan gadiin ilaalla:

- ✓ Qajeeltoo seerummaa fi hojiirra oolmaa seera yakkaa
- ✓ Qajeeltoo gocha yakkaa tokkoon irra-deebiin gaafatamuu fi adabbamuu irraa eeggamuu
- ✓ Qajeeltoo wal qixxummaa
- ✓ Qajeeltoo qabiinsaa fi adabbii al-namummaa ta'e irraa baraaramuu

Qajeeltoowwan jedhaman kun haala kamiin Heera RDFI fi seera yakkaa keessatti akka haammatamanii fi qabiyyee, maalummaa fi faayidaa isaanii bifa gabaabina qabuun akka armaan gaditti ilaala.

### 1.5.1. Qajeeltoo Seerummaa fi Hojiira Oolmaa Seera Yakkaa

Qajeeltootni seerummaa fi seerri yakkaa gara-duubaatti deebii'ee hojjachuu dadhabuu jedhan addummaas tokkumaas qabu. Heerri RDFI kew 22 jalatti mata duree seerri yakkaa duubatti deebi'uun kan hin hojjanne ta'uu agarsiisu qajeeltoowwan lameen wal keessa makuun kan kaa'e dha. Kanaafuu mata dureen kew 22 waa'ee seerri yakkaa dubatti deebi'ee hojjachuu dhiisuu kan kaasu ta'uu fi of jalatti kan hammate garuu qajeeltoo seerummaas dabalatee waan ta'eef kaayyoo keewwatichaa haala guutuu ta'een hubachuun hojiirra oolmaa isaaf socho'un murteessaa dha.

#### A. Qajeeltoo Seerummaa

Qajeeltoon seerummaa jecha laatinii '*nulla ponena sine lega'* jedhu irraa kan fudhatame yoo ta'u yeroo ammaa qajeeltoo seerummaan biyyoota baay'ee keessatti hojiirra oolaa fi fudhatamummaa addunyaa kan argatee dha. Qabiyyeen qajeeltoo seerummaa namni tokko seera yakkaan gaafatamuu fi adabbiin irratti murtaa'uu kan danda'u gochi inni raawwate seera yakkaan taa'ee adabbiin irratti akka murtaa'u yoo tumame qofa dha jedha.

Namni tokko gocha yakkaa yaadee ykn dagannoon raawwateera jechuun adabbii irratti murteessuuf seerri yakkaa biyyattii gocha yakkaa raawwatame kan dursee yakkeessu ta'uu qaba jechuu dha.Qajeeltoon seerummaa akka kaa'utti gochi seera yakkaa biyyattiin dhorkame

osoo hin jiraatiin gochi yakkaa raawwatameera jedhamuu hin qabu jedha.Heerri RDFI kew 22(1) keewwata tokkoffaa jalatti ‘namni kamiyyuu himanni yakkaa yammuu irratti dhiyaatu, gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta’uunsaa seeraan kan tumame yoo ta’e malee, hin adabamu’ jechuun tumeera.

Tumaan heerichaa kan agarsiisuu nama tokko gocha yakkaa raawwateera jechuun himachuu fi adabbii irratti murteessuun kan danda’amu gochi raawwatame kun seera yakkaan kan dhorkame ykn akka raawwatame barbaadamee hin raawwatamne ta’uu qaba. Qajeeltoon heericha irratti tumame kun mootummaan gochoota yakkaa nageenya, tasgabbii, sirna, faayidaa fi mirga lammiilee biyyattii, mootummaa, uummataa fi jiraattota biyyattii irratti raawwataman tarreessuun gochoota kana seera yakka biyyattii keessatti tumuu fi uummatni biyyattiis gochoota kana akka beeku gochuu dha. Qajeeltoon seerummaa hojii gocha yakkaa ittisuu fi galma seera yakkaa galmaan gahuutiif gumaacha guddaa ta’e godha. Mootummaan gochoota yakka ta’anii fi hin taanee tarreessuun uummata kan beeksisu yoo ta’e, uummatni gochoota dhorkamanii fi hayyamaman akka beeku godha. Kunis namni tokko gocha yakkaa raawwachuu irraa akka of qusatu gochuun hojiin ittisa yakkaa galma akka gahu ta’a. Seerri yakkaa biyyattiis kew. 1 buufata (paragraph) lammaffaa jalatti, hojiiwwan gochi yakkaa akka hin raawwatamne ittisuuf gargaaran keessaa inni duraa gochoota yakkaa fi adabbii isaanii dursanii beeksisuu dha.

Qajeeltoon seerummaa qaamoleen mootummaa dhimma dursaan seera yakkaa keessatti hin uuwifamne irratti hundaa’uun nama tokko irratti himata bu’uuruu ykn adabbii murteessuu akka hin dandeenya godha.Yaada bu’uuraa kana haala deeggaruun qajeeltoon seerummaa aangoo manneen murtii ykn abbootiin seeraa qaban ni daangeessa. Kunis ta’uu kan danda’e abbootiin seeraa gocha raawwatame tokko akka gocha yakkaa fakkaatu tokkootti ilaaluun murtii balleesuummaa fi adabbii dabarsuu akka hin dandeenye agarsiisa.

Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti abbootiin seeraa gocha tokko gocha biraa waliin wal bira qabuun ilaaluu fi murteessuu kan danda’an yoo ta’u, dhimma yakkaa keessatti garuu abbootiin seeraa gochoota adda addaa wal fakkaatu haala jedhuun hiikanii adabbii murteessuu kan hin dandeenyee fi gochi tokko akka gocha yakkaatti ilaalamee adabbiin irratti

murtaa'uu kan danda'u gochichi haala ifa ta'een akka gocha yakkaatti seera yakkaa biyyattii keessatti tumamee yoo argame qofa dha.

Yaadotni qajeeltoo seerummaa armaan olii kun Heera RFDI kew 22(1) keewwata tokko jalatti qofa osoo hin taane seerri yakkaa kew 2(1) fi (2) jalatti haala bal'ina qabuun tumamaniiru. Ta'us haala tumaan qajeeltoon kun heericha irratti itti taa'e irratti yaadotni adda addaa ni dhihaatu.Inni duraa himni heericha irratti 'gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta'uunsaa seeraan kan tumame yoo ta'e malee' jechuun kan kaa'me ilaalchiseeti. Qabxiin 'seeraan kan tumame yoo ta'e malee' Jedhu seerri yakkaa seera kam akka ta'e ifaan kaa'uu baatus labsiiwwanii fi seerota biroo irratti gochoota yakkaa adabsiisuu danda'an akka seera yakkaatti lakkaa'amuu kan danda'an akka ta'e seerri yakkaa kew 3 kan kaa'u waan ta'eef deebii kan argatee dha.

Gama biraatiin, gochi raawwatame heera biyyattiin akka gocha yakkaatti lakkaa'amee seera yakkaa ykn labsiiwwan biroo keessatti garuu akka gocha yakkaatti kan hin tumamne yoo ta'e namni gocha kana raawwate itti gaafatamummaa yakkaa qabaa? Itti gaafatamummaa qaba yoo jenne immoo seera kamiin adabbiin irratti murtaa'a? gochi tokko seera addunyaa ykn seera aadaatiin akka gocha yakkaatti lakkaa'amee seera yakkaa ykn labsii biroo biyyattii keessatti garuu kan hin haammatamne yoo ta'e fi namni gocha yakkaa jedhame kana raawwate yakkaan ni gaafatama moo? Qabxiiwwan jedhan xiinxaluu fi deebii kennuun barbaachisaa dha.

Qabxiiwwan olitti ka'an kana haala qabatamaa biyya keenyaa giddu galeessa gochuun ilaaluun barbaachisaa dha. Abbootiin taayitaa Dargii gochoota yakkaa goolii diimaa keessatti raawwataniif yeroo himataman akka ittisaatti kan kaasan tarkaanfiiwwan warraaqsaa kana raawwachuu kan danda'an seerri ykn labsiin mootummaan Dargiin bahe waan isaan irraa barbaaduuf akka ta'etti kaasu. Gama biraatiin, Heerri RDFI kew 28 jalatti yakkootni dhala namootaa irratti raawwataman darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamnee fi baraarsaa fi dhiifamaan bira kan hin darbamne ta'uu isaati. Ta'us seerri yakkaa biyyattii gochoota yakkaa dhala namaa irratti raawwataman tarreessuun kan tume miti.

Kallattii kanaan, gochoota yakkaa seera addunyaatiin tumaman biyya kana keessatti yoo raawwatamee fi nama gocha yakkaa kana raawwate irratti himatni seera addunyaatiin kan

bu'uurame yoo ta'e tumaan heerichaa kew 22 'seeraan yoo tumame malee' jedhu waliin akkamitti deema? Qabxiin jedhu haala bal'ina qabuun ilaalamuu qaba. Ibsa biraatiin, waliigalteewwan biyyattiin mallatteessite akka qaama seera biyyattiitti ilaalamuu akka qabu Heerichi kew 9(4) jalatti kan tume waan ta'eef gochoota yakkaa waliigalteewwan addunyaa irratti tumaman biyyattii keessatti raawwatamanii yoo argaman nama raawwate irratti waliigaltee kana caqasuun yaada himata bu'uuruun ni danda'ama jedhu hubachuun barbaachisaa dha.

### A. Seerri Yakkaa Duubaatti Deebi'ee kan Hin Hojjatne Ta'uu isaa

Qajeeltoo seerummaa waliin hidhata kan qabu qaajeltoon inni biraa seerri yakkaa gochoota seerri yakkaa bahuun dura jiran irratti raawwatiinsa hin qabu kan jedhu dha. Akka qajeeltoo kanaatti seerri yakkaa raawwatiinsa qabaachuu kan qabu gochoota yakkaa seerri yakkaa erga tumameen booda raawwataman kan ilaalu ta'uu akka qabu dha.

Qabiyyee fi maalummaan qajeeltoo kanaa Heera kew 22 (1) buufata 2 fi kew.22 (2) jalatti tumameera. Akka qajeeltoo kanaatti, namni tokko gocha yakkaa erga raawwateen booda seerri yakkaa haaraa yoo bahee fi seera haaraa bahe keessatti gochi yakkaa inni raawwate adabbii seera yakkaa durii caalaa cimaa ta'e kan kaa'u yoo ta'e adabbiin hojiirra ooluu qabu kan seera yakkaa durii keessatti ta'ee dha. Kanas gochuun aangoon mootummaa akka daanga'u godha.

Heera kew 22(1) buufata 2 jalatti akka kaa'metti 'yeroo yakkichi raawwatametti yakkichaaf adabbii ol'aanaa daangeeffameen olitti adabbiin ulfaataan nama kamiyyuurratti hin murteeffamu' haala jedhuun seerri yakkaa gara duubaatti deebi'ee kan hin hojjetne ta'uu isaa agarsiisa.Tumaan heeraa kun mootummaan seera baasu keessatti gochoota seerichi tumamuun dura jiran irratti raawwatiinsa akka hin qabaanne kan daangeessuu dha.

Gama biraatiin, qajeelfamni kun qaamoleen haqaa aangoo dhimma yakkaa dhagahuu fi murtii kennuu qaban haala adda ta'een yoo jiraate malee gochoota seerri yakkaa bahuun raawwataman caqasuun murtii dabarsuu akka hin dandeenye godha.Kaayyoon bu'uuraa seerri yakkaa duubatti deebi'ee hojjechuu hin qabu jedhu kaayyoo qajeeltoo seerummaa galmaan

gahuuf ta'ee namootni seerota yakkaa adabbii cimaa hordofsiisaniin akka hin adabamne gochuu dha.

Kanaafuu, qajeelfamni kun mirgoolee fi faayidaalee himatamtootaa kabajchisuu fi aangoo mootummaa daangeessuuf kan kaayyeffatee yoo ta'u seerota yakkaa biyyoota hedduu keessatti haammatamee hojiirra oolaa jiruu fi tumaalee waliigalteewwan mirgoolee namoomaa keessatti waliigaltee addunyaa mirgoota sivilii fi siyaasaa keessatti haammatamee kan jiruu dha.

Kaayyoo fi faayidaa qajeelfamichi qabu giddu galeessa gochuun yeroo ilaalmu, qajeelfamni kun dhimma tokko irratti raawwii hin qabu. Qajeelfamni seerri yakkaa gara duubaatti deebi'ee hojjachuu hin qabu jedhu raawwatiinsa kan hin qabaanne faayidaa fi dantaa himatamtootaa eeguuf yeroo barbaachisuu dha. Kunis seerri gochi yakkaa erga raawwatameen booda tumame adabbiin seerri yakkaa durii kaa'een gadi yoo tume seerri yakkaa haaraa hojiirra akka oolu ni taasifama. Heerri kew 22(2) haala seerri yakkaa gara duubaatti deebi'ee hojiirra ooluu danda'u kan kaa'e yoo ta'u, seerri yakkaa biyyattii kew 5 fi 6 dhimmuma kana haala ifa ta'een tumeera.

Seera yakkaa kew 5(2) jalatti seerri yakkaa duubatti deebi'ee raawwatamuu akka hin qabaanne bifa qajeeltoo seerummaa waliin hidhata qabuun tumeera.Akka tumaa kanaatti gochichi seera yakkaa haaraa bahe keessatti akka gocha yakkaatti kan tumame ta'us seera yakkaa durii (1949) ykn labsiiwwan biroo keessatti akka yakkaatti kan hin ilaalamne yoo ta'u seerri yakkaa haaraan gochoota seerri yakkaa kun bahuun dura raawwataman irratti raawwatiinsa hin qabu.Tumaan kun hojiirra oolmaa qajeeltoo seerummaa kan cimsuu fi daangaa raawwii qajeeltoo seerummaa kan agarsiisuu dha.

Kanaafuu, seera yakkaa haaraa keessatti dhimmootni akka gochoota yakkaatti fudhataman seera yakkaa durii ykn labsiiwwan biroo keessatti kan hin argamne yoo ta'e, gochootni kun seera yakkaa haaraa keessatti waan argamaniif qofa gochootni yakkaa raawwatamaniiru jechuun murteessuu osoo hin taane yeroo gochi kun raawwatame xiyyeeffannaan ilaaluun barbaachisaa dha.

Qajeeltoon seerri yakkaa gochoota seerichi bahuun dura raawwataman irratti hojiirra ooluu hin qabu jedhu heericha irratti kew.22 fi seerri yakkaa biyyattiis kew 5 fi 6 jalatti kan kaa'an ta'us, yaadotni adda addaa, hanga Mana Murtii Waliigala Federaalaatti, haalawwan raawwii qajeeltichaa irratti ni ka'u.

- ✓ Inni duraa namni tokko gocha yakkaa raawwateera jedhamee sirna deemsa falmii yakkaa ykn seera ragaa haaraa baheen dhimmi isaa ilaalamuu qaba? Seerotni adeemsaa fi ragaa qaama seera baastuun bahan gochoota yakkaa seerontni kun tumamun dura raawwataman irratti raawwatiinsa qabuu?
- ✓ Inni biraa, gaaffiiwwan himatamtootni mirga wabii fi kan biroo waliin wal qabatee dhiheessan irratti manni murtii ilaalee murteessuuf seerri ka'uumsa gochuu qabu seera yakkaa isa durii ta'uu qaba moo seera yakkaa haaraa bahee dha?

Waliigalaan yeroo ilaalamu Qajeeltoowwan seerummaa fi seerri yakkaa gara duubaatti deebi'ee hin hojjetu jedhan heericha irratti tumamaniiru.Seera yakkaa fi seerota biroo itti gaafatamummaa yakkaa horodofsiisan yeroo hiiknu kaayyoo fi ergama qajeelfamootni kun heericha keessatti qaban ofeeggannoon xiinxalanii ilaaluun hojiirra olchuun dirqama heera kabajuu fi kabajchiisuuf qabnu mirkaneessuu qabna.

**Qabxiiwwan marii**

1. Gochoota yakkaa heericha irratti darbiinsa yeroon kan hin daangeeffamne, baraarsaa fi dhiifamaan bira kan hin darbamne 'yakkoota dhala namaa irratti raawwataman' jedhamuun ibsamee fi gocha yakkaa sanyii namaa irratti raawwatamu jedhame gidduu addaddummaan bu'uuraa jiru maali? Haala kamiin ibsamuu danda'a?
2. Tokkummaa fi addaaddummaan gochoota yakkaa dhala namaa irratti raawwatamanii fi gochoota yakkaa waraanaa gidduu jiru maali?
3. Gocha dhala namaa irratti raawwatamu akka gocha yakkaatti kan ilaalamu ta'uu heerri kan kaa'e yoo ta'u, seerri yakkaa biyyattii gochootni kana haala guutuu ta'een tarreessee tumameera jettuu?
4. Namni tokko gochaa seera yakkaa biyyattii keessatti akka gocha yakkaatti osoo hin ibsamiin heericha irratti akka gocha yakkaatti kan caqasame raawwatee yoo

argamee fi himatni yoo irratti bu'uurame namni kun himatni irratti bu'uurame qajeeltoo seerummaa tumaa heerichaa kew 22(1) irratti tumame kan cabsu dha jedhee yoo kaase fudhatamummaa qabaa? Akkamitti?

5. Namni tokko gochoota seera yakkaa keessatti tumamaniin ala garuu seerota addunyaa irratti akka gochoota yakkaatti fudhataman raawwatee yoo argame abbaan alangaa seera addunyaa kana caqasuun shakkamaa kana irratti himata yoo bu'uure adeemsi kun tumaa heerichaa kew 22/b/ kan cabsu waan ta'eef fudhatamummaa hin qabu jettuu? Maaliif?
6. Kaayyoon bu'uuraa fi galmi Heera kew 28 maali? Gochootni yakkaa tumaa kana keessatti ibsaman seera yakkaa keessatti garuu hin jirre jira jettuu?
7. Seerri sirna deemsa falmii yakkaa fi ragaa gara duubaatti deebi'anii gochoota yakkaa dur raawwataman irratti hojiirra ooluu hin qaban yaadni jedhu yaada falmii heerummaa qabuudha jettuu? Maaliif?
8. Adda addummaan tumaa seera yakkaa kew. 2(3) gochoota yakkaa wal fakkeessuun uumuu jedhuu fi seera yakkaa kew 2(4) seera yakkaa hiikuu jedhu giddutti jiru maali jettu?
9. Qabxii manni murtii gocha yakkaa seerri yakkaa haaraa bahuun dura raawwatame irratti seerri yakkaa haaraa bahe ykn seerri yeroo gochi yakkaa raawwatamee ture hojiirra ooluu qaba jedhee kan murteesse murtiin balleessummaa erga kennameen booda moo falmii gaggeeffamu keessattis kan jedhu kallattii Heera RDFI kew 22 kew. xiqqaa 2 fi seera yakkaa kew 6 tiin yeroo ilaalamu maal jechuutu danda'ama?

### 1.5.2. Gocha Yakkaa Tokkoon Adabbiin Irra deebii Dhokomuu Isaa

Qajeeltoon kun waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa adda addaa keessatti tumamee kan jiruu fi Heera RDFI keessattis namni tokko gocha yakkaa raawwate jedhamee himatni irratti dhihaatee murtiin dhumaa (murtiin balleessummaa ykn bilisummaa) erga kennameen booda dhimmuma kana irratti irra deebiin himatni bu'uuramuu yookin adabamuu hin qabu jechuun tumeera.Kaayyoon qajeeltoo kanaa mootummaan namoota gocha yakkaa raawwataniiru jedhee himata irratti dhiheessee fi murtiin dhumma erga kennameen booda, namootuma kana irratti gocha yakkaa duraan himatni irratti bu'uurameen akka gaafataman

gochuu akka hin dandeenye gochuun namootni sodaa fi rifaatuu tokko malee jireenya tasgabbaa'aa akka gaggeessan wabii ta'uufii dha. Qajeeltoo sadarkaa addunyaatti fudhatamummaa argate kana Heerichi kew 23 jalatti yoo ibsu "namni kamiyyuu akka seeraa fi sirna adeemsa adaba yakkaatiin himatamee murtii isa dhumaatiin yakkaan balleessaa ta'uunsaa irratti mirkanaa'een yookiin bilisaan gadi lakkifameen lammata hin himatamu yookiin hin adabamu" jechuun tuma.

Namni tokko dhimma ittin himatame irratti kanaan dura himatni irratti bu'uuramee murtiin dhumaa kan kenname ta'uu isaa yaada mormii kaasuu kan danda'u jalqaba falmii irratti ta'uu akka qabu sirni deemsa falmii yakkaa kew 130 ni agarsiisa. Manni murtiis yaada mormii dhihaate kana ilaaluun murtii kennuu danda'a (S/D/F/Y kew.131).

Kaayyoon qajeelfama kanaa fedhii namootni sodaa fi rifaatuu malee akka jiraatan mirkaneessuuf ta'us, qajeeltoo kana bifa Heerichi fedhuun hojii guyyaa guyyaan hojjataman akka dhiheessa himataa, falmii fi murtii kennamu keessatti galchuun hojiirra oolchuun akka hin danda'amne dhimmootni falmii kaasisan jiru.

Dhimmootni falmsiisan kun dhiheessa himataa fi murtii kennamu waliin kan wal qabatanii fi ibsitoota adda addaa kan qabanii dha. Dhimmoota yaad-rimeen ibsamuu qaban bira darbuun, dhimmoota falmisiisan kana hubachuuf dhimmoota qabatamoo armaan gadii ilaaluun xiinxaluun ni danda'ama. Leenjifamtootnis dhimmoota kana tumaa heerichaa waliin wal bira qabuun xiinxaluu qabu.

- Abbaan alangaa nama gocha yakkaa hanna cimaa raawwate irratti himata bu'uuruu osoo qabuu gocha yakkaa hanna idileen erga himateen booda manni murtiis dhimmicha ilaalee murtii balleesummaa erga kenneen booda gochuma kana irratti abbaan alangaa himata gocha yakkaa hana cimaan bu'uuruun mana murtii yoo dhiheesse himatamaan Heera kew 23 caqasuun mormii duraa dhiheessuu danda'aa? Mormiin dhiheese fudhatamummaa ni qabaata moo hin qabaatu?
- Namni tokko hoolaa hateera jedhamee bulchiinsa gandaatti himatamee adabbiin hidhaa ji'a sadii irratti murtaa'e.Yakkamaan ol'iyyannoo mana murtii aanaaf dhiheessuun manni murtichaa murtii gadii cimse. Booda irratti abbaan alangaa aanaa

keewwata caqasee nama kana irratti himata bu'uure. Isiin abbaa seeraa dhimma kana ilaaltan osoo taatanii jal-murtii maal jedhu kennitu? Maaliif?

- Abbaan alangaa mana murtii aangoo qabuuf himata nama tokko irratti erga dhiheesseen booda himatamaan jecha amantaa fi waakkii erga kenneen booda abbaan alangaa ragoolee isaa akka dhiheeffatu manni murtichaa beellama kenne. Abbaan alangaa ragoolee isaa beellama yeroo sadiif kennameefi ragaa irratti dhiheessuu waan hin dandeenyeef manni murtii jalaa murtii kenneen 'abbaan alangaa ragoolee isaa dhiheeffachuun badii himatamaa mirkaneessuu waan hin dandeenyeef himatamaan bu'uura sirna deemsa falmii yakkaa kew.141 tiin bilisa jedhee gadhiise'. Abbaan alangaa jala murtii kenname irratti ol'iyyannoo dhiheessuun akka diigamu hin goone. Ragooleen duraan badan ji'a sadii booda waan argamaniif abbaan alangaa himaticha sochoosuuf yeroo mana murtii gaafatu himatamaan Heera kew 23 caqasuun mormii duraa yoo dhiheesse isin jal- murtii akkamii kennitu? Maaliif?
- Himata ajjechaa lubbuutiin dhihaate irratti manni murtii gadii murtii balleessummaa erga kenneen booda manni murtii ol'iyyannoo dhagahu manni murtii gadii dhimmicha ilaaluuf aangoo akka hin qabne kan murteese fi kunis dhaddacha ijibaataatiin yoo cime abbaan alangaa himata kana mana murtii aangoo qabutti yeroo dhiheessu himatamaan mormii sadarkaa duraa Heera kew 23 caqasuun dhiheesse. Bu'aan mormii kanaa maal ta'a jettu?
- Himatamaan ragaa dogongorsiisaa ta'e mana murtiitti dhiheessuun, ragoolee abbootii alangaa sodaachisuu fi maallaqaan goyyomsuun bilisa bahuu isaa ragaan qabatamaan saaxilu waggaa tokko booda argame. Abbaan alangaa murtiin kenname kun akka sirratu gaafachuu danda'aa? Adeemsi gaaffii kana dhiheessuuf deeggaru jira? Gaaffii abbaan alangaa bifa kanaan dhiheessu heera RFDI kew 23 waliin akkamitti deema jettu?
- Tumaan akka sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa kew .6 sirna deemsa falmii yakkaa keessatti jiraachuun isaa heera kew.23 waliin wal sima jettu? Maaliif? Wal hin simu yoo jettan maaliif?

Dhimmootni asii oliitti ka'an kun raawwii heera kew 23 waliin wal qabatee yeroo baay'ee kan ka'anii fi falmii ogeessota gidduutti uuman waan ta'eef hiikoo isaanii haala of-eegganno

qabuun kaa'uun barbaachisaadha. Heera kew.23 irraa hubachuun akka danda'amu mormii duraa namni tokko gocha yakkaa tokkoon irra deebiin himatamuu ykn adabamuu hin qabu jedhu kaasuu kan danda'u:

- ✓ Himatamaan seera yakkaa fi sirna deemsa falmii yakkaan himatamee dhimmi isaa yoo ilaalame qofa ta'uu
- ✓ Himatamaan gocha ittiin himatameen qaama murtii isa dhumaa kennuun bilisa bahee ykn balleessaa ta'ee yoo argame dha jedhaniidha.

Kanaaf, ogeesotni qaamolee haqaa gaaffii gama kanaan ka'u yeroo ilaalan tokkoffaa, kaayyoo qajeeltichi heericha irratti tumameef giddu galeessa godhachuun hojiirra oolchuun kan irraa eeggamu yoo ta'u gama biraatiin immoo dhimmuma kana irratti murtii mana murtii waliigala federaalaa dhaddacha ijibaataan kennamu ilaaluun hojjechuun dirqama.

Keewwatni qajeeltoo kana waliin ilaalamuu qabu inni biraa sirna deemsa falmii yakka kew.184 dha. Akka keewwata kanaatti manni murtii ol'iyyannoo mormii duraa gocha yakkaa kanaan dursee bilisa ykn adabbiin narratti murtaa'eera jedhamee dhihaate kan hin fudhatne yoo ta'e, dhimma kana irratti himatamaan oliyyannoo dhiheessuu kan hin dandeenyee fi murtiin kennames isa dhumaa ta'a. Yaadni tumaan sirna deemsa falmii yakkaa kun mirga himatamaan heera kew 23 jalatti qabu kan daangeessuudha moo? Miti? kan jedhu dhimma ilaalamuu qabuu dha. Yaadoota falmsiisoo heera kew 23 irratti ka'an akkaataa heerri kew 13(2) kaa'utti, waliigalteewwan mirga namoomaa biyyattiin fudhatte waliin wal simsiisuun hojiirra oolchuun murteessaa dha.

Waliigalaan, kaayyoon heera kew 23 nama gocha yakkaa raawwate jedhamee himatamee murtiin isa dhumaa kenname tokko irratti himata biraa gochoota yakkaa mata-dureewwan biroo caqasuun ykn gochoota yakkaa wal fakkaatoo biroo caqasuun bu'uuruu dhorkuu dha. Kaayyoo fi galmi tumaa kanaa inni bu'uuraa, himatamaan himatni yakkaa biraa narratti bu'uurama jedhee sodaa fi jireenya tasgabbii dhabeessa ta'e keessaa bahee jireenya nagaa akka jiraatu kan godhuu fi aangoo mootummaa kan daangeessu dha. Gama biraatiin tumaa heerichaa da'oo godhachuun badii himatamaa, hafiinsa ragoolee, himata kaafachuu abbaa alangaa, hanqina himata bu'uuramee, himatni mana murtii aangoo qabutti banamuu dhiisuu fi kkf caqasuun kaayyoo fi galma qajeeltichaatiin ala hiikuun hin barbaachisu.

**Qabxiiwwan Marii**

- Himatni dhihaatee darbiinsa yerootiin erga cufameen booda abbaan alangaa himata biraa darbiinsi yeroo isaa dheeraa ta'een kan dhiheessu yoo ta'e kun heera kew 23 waliin akkamitti deema? Dhimmicha irra caalaa ifa gochuuf abbaan alangaa dursa himatamaa irratti gocha hannaa raawwachuu isaatiif himata bu'uure. Himatamaan himatni darbiinsa yerootiin cufamuu akka qabu mormii duraa dhiheesse. Manni murtiis himatichi darbiinsa yeroon akka cufamu akeekuun galmeen akka cufamu ajaja dabarse. Booda irrattis abbaan alangaa himatuma kana irratti yakka hannaa cimaatiin himata bu'uure. Himatamaanis mormii duraa Heera RDFI kew 23 fi sirna deemsa falmii yakkaa kew 130 caqasuun dhiheesse. Isin abbaa seeraa dhimma kana keessumeessaa jirtan osoo taatanii jala murtii maal jedhu kennitu?

✓ Qabxiiwwan saglan kanaan dura dhihaatan heera kew 23 waliin wal bira qabuun ilaaltaniittuu? Yoo ta'e yaada keessan mee leenjifamtootaaf ibsaa?

**1.5.3. Qajeeltoo Wal-Qixxummaa**

**A. Qabiyyee fi Raawwi Qajeeltoo Wal-Qixxummaa**

Qajeeltoon biraa sadarkaa addunyaatti fudhatamummaa qabu qajeeltoo wal qixxummaati. Qajeeltoon wal qixxummaa qajeeltoo angafa seera mirga namoomaa addunyaa qofa osoo hin taane, qajeeltoo mirgooleen namoomaa hundi uumama namoomaa irraa madda ta'uu agarsiisu dha.Qajeeltoo wal qixxummaa kana hojiirra oolchuu fi al-loogummaa kamiyyuu dhabamsiisuf waliigalteewwan mirgoolee namoomaa sadarkaa addunyaatti raggaasifaman kan hammatan ta'eera. Heerri RDFI mirga kana kew 25 jalatti tumuun wal qixxummaa namootaaf eegumsa seeraa godheera.Akkaatuma kanaan sanyiidhaan, sabaan, sabalammiidhaan, bifaan, saalaan, amantiin, siyaasaan, dhufiinsa hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan yokiin sababa ejjannoo biraatiin garaagarummaan osoo hin godhamiin namoonni hundinuu wabummaa seeraa wal qixaa fi qabatamaa ta'e argachuuf mirga akka qaban kew 25 jalatti tumeera.

Qajeeltoon heera irratti kaa'me kun kan akeekkachiisu mootummaan seerota sanyiidhaan, sabaan, sabalammiidhaan, bifaan, saalaan, amantiin, siyaasaan, dhufiinsa hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan yokiin sababa ejjennoo biraatiin garaagarummaa fidan baasuu akka hin qabaannee kan tumuu dha.Hojiiwwan haala heerichaan wal qixxummaa dubartootaa, sabootaa akka dhufu deeggaruuf hojjetaman sirneessuuf seerota bahaniin ala seerri wal qixxummaa namootaa gaaffii keessa galchu bahuu hin qabu. Qabxiin inni biraa, mirgoolee fi faayidaalee namootaa hojiirra oolchuuf dhimmootni raawwataman hundi wal qixxummaa namootaa ilaalcha keessa kan galchan ta'uu qabu. Seerri yakkaa biyyattiis kew 4 keewwata xiqqaa 1 jalatti qajeeltoo kana ifaan tumeera. Seerri yakkaa mata duree namni kamiyyuu seera fulduratti wal qixa jedhu jalatti seerri yakkaa adda addummaa jireenya hawaasummaa, amantii, sanyii , saba ,sablammii fi uummattoota giddu galeessa osoo hin godhiin namoota hunda irratti raawwatiinsa qaba. Namni gochoota yakkaa seera yakkaa keessati kaa'aman yoo raawwate ykn raawwachuu osoo qabuu yoo dhiise sanyii, amantii fi kkf giddu galeessa osoo hin godhatiin himatni irratti kan bu'uuramuu fi adabbiin gocha raawwate waliiin wal madaalu irratti kan kennamu ta'uu isaati. Dabalataan, mootummaan eenyummaa miidhamaa yakkaa giddu galeessa osoo hin godhiin nama gocha yakkaa raawwate irratti himata seerri jedhu kan bu'uuruu fi murtiin gocha raawwate waliin wal madaalu akka kennamu kan godhu dha.Yaadootni qajeeltoo wal qixxummaa jedhamuun heera kew 25 ta'e seera yakkaa kew 4 jalatti taa'e seerota bu'uuraa bahan qofa wal qixxummaa namootaa akka labsan kan barbaadu osoo hin taanee raawwiin seerota kanaas bifa wal qixxummaa namootaa mirkaneessuun ta'uu akka qabu dha. Kuni immoo dirqama qaamoleen haqaa tajaajila haqaa al-loogummaa irraa bilisa ta'ee fi qulqullina qabu kennuu waliin hidhata cimaa ta'e qaba.

Qajeeltoon seera fulduratti wal qixa ilaalamuu jedhu yaadota namootni hundi manneen murtii bilisa ta'anii fi qaamolee haqaa biratti bifa wal qixa ta'een ilaalamuu kan dabalatu akka ta'e waliigaltee mirga namoomaa addunyaa kan siivilii fi siyaasaa kew 14(1) jalatti tumameera. Gama kanaan abbootiin seeraa dhimma dhihaateef tokko dhiibbaa nama kamiyyuu irraa bifa bilisa ta'een seera irratti qofa hundaa'uun hojmaata badii fi loogiif saaxilaman irraa walaba ta'uun aangoo fi gahee kennameef bahuu akka qaban heerri

RDFI kew 79(2)(3) ni kaa'a.Ibsa biraatiin, abbootiin seeraa aangoo fi gahee isaanii bifa bilisaa fi al-loogessa ta'een raawwachuu kan hin dandeenye taanaan qajeeltoon wal qixxummaa kabajamuu hin danda'u. Kanaaf,ogeessotni qaamolee haqaa qajeeltoo heericha irra taa'e kana bifa giddu galeessa godhateen hojjechuun irraa eegama.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Kaayyoo fi galma seera yakkaa giddu galeessa godhachuun abbootiin seeraa seera yakkaa kew 41, 52 fi 56 irratti hundaa'uun adabbii adda addaa dabarsuu danda'u. Murtiiwwan akkanaa qajeeltoo wal qixxummaa heericha irra taa'e waliin wal sima jettuu? Maalif?
2. Heera RDFI kew 25 fi seera yakkaa kew 4 keewwata lammaffaa wal simsiisuun hojiirra oolchuun ni danda'ama jettuu? Sababa keessan ibsaa.
3. Seera yakkaa haala guutuu ta'en hojii irra oolchuuf dhimmootni adda ta'an heericha keessatti tumamaniiru jettanii yaadduu? Dhimmootni addaa xiyyeeffannaa barbaadanii fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa keessatti tarreeffaman maalfaa dha?
4. Kaayyoo fi galmi Heera RFDI kew.25 maali jettu? Qajeeltoo wal qixxummaa hojiirra yeroo oolchinu dhimmi ofeeggannoo gochuu qabnu maali?
5. Ambaasaadarri biyya tokkoo gocha yakka lubbuu namaa dabarsuun isaa waan mirkanaa'eef isa irratti himata bu'uuruun adabbiin akka laatamu gochuun ni danda'amaa?Ibsa biraatiin, seerri yakkaa jiraataa kamiyyuu irratti raawwatiinsa akka qabaatu gochuun ni danda'amaa?

## 1.5.4. Qajeeltoo Namummaa fi Qabiinsaa fi Adabbii Al-Namummaa Ta'e Irraa Eeggamuu

Qajeeltoowwan seera yakkaa biyyoota adda addaa keessatti hammataman keessaa inni biraa qajeeltoo namummaati. Akka qajeeltoo kanaatti, namni kamiyyuu yakka raawwate jedhamee yeroo qabamu himanni irratti dhihaate, balleessaa ta'e murtiin kennamu dhala namaa waan ta'eef mirgooleen isaaf eegaman jiru. Namni kamiyyuu nama waan ta'eef qofa bakke kamittiyyuu eegumsi seeraa taasifamuufi akka qabu waliigalteewwan

mirgoolee namoomaa kan kaa'an yoo ta'u Heerri RDFI kew 24(2) jalatti dhimmuma kana cimsa.

Akka qajeeltoo kanaatti, mootummaan ciminaa fi suukkaneessummaa gocha yakka raawwatamee osoo hin ilaalin namoota gocha kana raawwatan nama waan ta'aniif qofa mirgooleen isaaniif kabajamuu akka qabu addeessa. Qajeelfamichi adabbiiwwan seera yakkaa keessatti kaa'aman namummaa yakkamaa kan daangeessan ta'uu kan hin qabaannee fi qaamolee adabbii murteessaniin qixa mirga kana giddu galeessa godhateen raawwachuu kan qaban ta'uu isaati. Qajeelfamni kunis Heera RDFI kew 10(1) waliin walitti hidhamee ilaalamuu qaba.

Qajeelfamni lammaffaa qajeeltoo namummaa waliin hidhata cimaa ta'e qaba. Akka qajeeltoo lammaffaa kanaatti, namni tokko gocha yakkaa kamiyyuu raawwatus akka horii ykn meeshaatti lakkaa'uun mirgoolee nama ta'uun qofa qabu daangeessuun hin barbaachisu. Keessattuu namni kun gocha yakkaa raawwateera jedhamee yeroo shakkamee qabame, qorannoon gaggeeffamu, falmiin gaggeeffamuu, adabbiin kennamuu fi raawwatamu mirga nama waan ta'eef qofa qabu kan sarbu ta'uu hin qabu. Kanaaf qabiinsa al-namummaa fi kabaja namootaa diigu waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaatiin akka gochoota yakkaa addunyaatti kan ilaalaman ta'u kaa'u. Heera RDFI kew 18(1) jalatti namni kamiyyuu mirga qabiinsa yookiin adaba hammeenyaan guutame kan farra namoomaa ta'e yookiin kan ulfinasaa salphisurraa eegamuu akka qabu kaa'a. Akka qajeeltoo kanaatti, qaamni seera baastuu seerri yakkaa tumamuu fi adabbiiwwan gochoota yakkaa raawwataman irratti murteessifaman hammeenyaan kan guutamee fi farra namoomaa akka hin taane gochuu fi seerotni haala kanaan jiranis raawwatiinsa akka hin qabaanne gochuu dha.

Gama biraatiin qaamoleen adabbii murteessanis ta'e adabbii raawwachiisan adabbiiwwan farra namoomaa, ulfina namaa salphisanii fi kanneen hammeenyummaan guutaman murteessuuu fi raawwachisuu irraa of qusachuu qabu. Qajeeltoo kana raawwachiisuuf Heerri RDFI kew 19(5) jalatti ragaan dirqiin argame fudhtamummaa akka hin qabaanne kan godhee fi kew 28 jalatti immoo gochi akkanaa raawwatamee yoo argame nama gocha kana raawwate irratti darbiinsa yeroo malee himata yeroo kamiyyuu bu'uuramuu kan

dana'amuu fi namootni gocha akkanaa raawwatan baraarsaan ykn dhiifaman gadhiifamuu hin qaban jedha.

Gochi yakkaa qindoomina mootummaalee naannoolee ykn abbootii aangoo mootummaae naannooleen raawwatamee yoo argame, mootummaan federaalaa giddu lixuun qaamolee gochoota yakkaa kana raawwatan seera fulduratti akka dhihaatan gochuun barbaachisaa akka ta'ee Heerri kew 55 (16) jalatti kaa'eera. Kunis xiyyeeffannoo Heerri kabaja mirga namoomaa kenne kan agarsiisuu fi ejjannoo Heerichi mirgoolee namni nama ta'uu qofaadhaan argatu akka hin tuqamne gochuuf akeekee kan kaa'e dha.

Gama kanaan seerri yakkaa qabiyyees ta'e raawwii isaatiin kabaja namni tokko nama ta'uun qofa qabu kan diigu, qabiinsaa fi adabbii farra namoomaa fi gochoota namummaa salphisan kan agarsiisu ta'uu hin qabu. Mirgi kun mirga namoota qabamanii fi murtiin hidhamanii kan ilaalatu akka ta'e Heerichi kew 18(1), 21(1) fi 10(1) jalatti kan kaa'e waan ta'eef, raawwii qajeeltoowwan kanaa haala guutuu ta'een hubachuun miidhaa fi faayidaa isaanii ofeeggannoon xiinxaluu barbaada.

Kanaafuu, ogeessotni qaamolee haqaa hundi seera yakkaa hiikuu fi hojiirra oolchuu waliin wal qabatee mirgoolee olitti ka'an kabajuu fi kabajchiisuun kan irraa eegamu yoo ta'u kanas gochuun hojiirra oolmaa mirgoolee namoomaatiif akka fakkeenyaatti ilaalamuu qabu. Mirgooleen heericha irrattti kew 18(2)(3) jalatti tarreeffaman akka namni kamiyyuu garbummaadhaan yookiin dirqamaan akka tajaajilu qabamuu, gocha namaan daldaluu fi kkf jiraachuu hin qabu jedhan mirgoolee dhala namaa waan taa'aniif qofa kabajamanii fi qajeeltoowwan namummaa fi qabiinsa al-namummaa irraa eeggamuu jedhan waliin hidhata qabu. Kanaafuu seerri yakkaa gochoota kana akka gochoota yakkaatti tumuu kan qabu yoo ta'u qaamoleen haqaas mirgooleen kun akka kabajaman gochuu qabu. Kallattii kanaan gochoota sadarkaa addunyaatti farra namoomaa jedhamanii moggaafaman akka dirqisiisanii hojjisiisuu fi gabrummaan qabuu fa'a kan jedhan kun seera yakkaa biyyattii keessatti haala gahaa ta'een hammatamuu isaanii xiinxaluun barbaachisaadha.

Dabalataan gocha farra namoomaa kan ta'e namootaan daldaluun haala iccitii ta'een kan raawwatamu, namoota gowwomsuun ykn dogongorsuun kan raawatamuu fi

miidhamtootni yakkichaa immoo daa'immanii fi dubartoota waan ta'aniif, gochi yakkaa kun akka hin raawwatamne ittisuu fi to'achuu akkasumas namoota gocha kana raawwatan irratti murtiin madaalawaa ta'e akka kennamu gochuun barbaachisaa waan ta'eef hojiin kun Heera RDFI kew 18(2) fi (3) waliin wal bira qabamee ilaalamuu fi mirgi kunis haala guutuu ta'een akka kabajamu hojjachuun ni barbaachisa.

Tumaan Heera RDFI kew 24(3) tumaa kew 10(1) ta'e giddu galeessa gochuun kan taa'e dha. Gama biraatiin Heerri kew 18 duudhaalee naamusaa fi amala ogeessotni qaamolee haqaa aangoo fi gahee isaanii kenname bahuu keessatti agarsiisuu qaban kan hubachisuu dha.Dabalataan Heera RDFI kew 19(5) giddu galeessa godhachuun hojii haqaa uummataaf kenninu haala heerawaa ta'een raawwachuun hunda keenya irraa kan eegamuu dha.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Namootni murtiin du'aa irratti murtaa'ee fi yeroo dheeraaf adabbiin kun gara umurii guutuutti fooyya'uu isaa beekuu dhabuun isaanii qabiinsa farra namummaa raawwatameera jechuu dandeenyaa? Murtiin du'aa yeroo raawwatamu qabiinsi farra namummaa raawwatameera jechuu dandeenyaa? Mee yaada keessan haala bal'ina qabuun dhiheessaa?
2. Gosti adabbii seera yakkaa bara 1949 bahe keessatti hammatamee seera yakkaa haaraa bara 1996 bahe keessatti hin argamne jiraa? Jira yoo jettan gosa adabbii kanaa fi sababa haqameef ibsaa?
3. Tarkaanfii poolisiin nama gocha yakkaan shakkame tokko humna madaalawaa ta'e fudhachuun gara buufata poolisiitti akka dhihaatu godhuu fi tumaan Heera RDFI kew 18(1) akkamitti wal simuu danda'a? Ofeeggannoowwan yeroo kana fudhatamuu qaban maali?
4. Yakkamtoota gocha yakkaa namootaan (keessattuu daa'immanii fi dubartootaan) daldaluun beekaman seeratti dhiheessuuf tarkaanfiin naannoo keessatti fudhatamaa jiru maali?

5. Gochoota farra namoomaa Heera RDFI kew 18 keessatti dhorkaman keessaa inni tokko dirqisiisanii hojjechiisuu dha.Dirqisiisanii hojjechiisuun dhimmoota hunda irratti dhorkamee?

## 1.6. Mirgoolee Adeemsaa Heera RDFIn Tumamanii fi Seera Yakkaa

Heerri qabiyyee seera yakkaa bu'uuraa, qajeeltoowwanii fi tumaalee seera yakkaa biyyattii keessatti hojiirra oolan kaa'uu bira darbee qajeeltoowwan dirqisiisoo dhimmoota akka sirna qabiinsa shakkamtootaa, sirna qorannoo yakkaa, sirna falmii dhaddachaa fi murtii kennamu irratti raawwatiinsa qaban agarsiisuuf qabiyyee sirna deemsa falmii yakkaa fi ragaa kaa'eera. Dabalataan Heerichi sirni komii badiiwwan qaamoleee raawwachisaniin raawwataman irratti shakkamtoota ykn himatamtoota itti dhiheeffatan ni diriirsa. Mirgooleen shakkamtoota, himatamtootaa fi namoota hidhaa irra jiranii sadarkaa addunyaatti beekamtii fi fudhatamummaa guddaa argchuun waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa keessatti tumamaniiru.Keessattuu, waliigaltee mirga namoomaa sivilii fi siyaasaa kew 9 fi 14 jalatti mirgoolee biyyootni waliigaltee kana mallatteesan gara sirna haqaa biyyoota isaaniitti makuu qaban ni tarreessa.

Kaayyoo fi galmi mirgoolee adeemsaa mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa namni tokko nama ta'uun goonfate kallattii seera qabeessa hin taaneen mootummaan akka hin sarbine gochuuf beekamtii fi eegumsa seeraa gochuu dha.Qabiyyee mirgoolee ademsaa bifa bal'ina qabuun ilaaluu keenyaan dura waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa fi Heeraa RDFI irratti bu'uureeffachuun waa'ee bilisummaa fi mirga namoomaa haala gabaabaa ta'een ilaaluun barbaachisaa dha.

### 1.6.1. Mirgoolee Bilisummaa fi Mirgoolee Adeemsaa: Bifa Waliigalaatiin

Waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa, qajeeltoowwan mirga namoomaa fi Heera RDFI kew 19 fi 20 irratti hundaa'uun kaayyoo fi galmi mirgoolee adeemsaa yeroo xinxalamu mootummaan sababa gahaa malee bilisummaa fi mirgoolee namoomaa akka hin sarbine eegumsaa fi wabii kennuufi dha.

Heerri biyyoota adda addaa mirga lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi bilisummaa mirgoolee namni tokko nama waan ta'eef qofa qabuu fi mirgooleen kunis daangeffamuu

fi mulqamuu kan hin dandeenya ta'uu isaaniiti. Mirgi bilisummaa (liberty) jedhamu mirga namni tokko mirgoolee namoomaa namoota biroo osoo hin tuqiin gocha ykn yaada isaa akka barbaadu ibsachuu kan hayyamuu dha. Kanaafuu bilisummaa socho'u, yaada ofii bilisaan ibsuu, mirga bilisaan odeeffanno argachuu, mirga hojii barbaadan bilisaan hojjachuu fi kkf mirga bilisummaa waliin wal qabatanidha.

Barreesitootni tokko tokko bilisummaawwan namootni qaban haasawaa pireezidaantii Ameerikaa kan ture *Fraankiliin Dolaanoo Roosveelt* taasise irratti hundaa'uun bilisummaawwan bakka afuritti qoodamuun dhihaachuu akka dana'an kaasu. Akka pireezidaantichaatti bilisummaawwaan afran kun sodaa irraa bilisa ta'uu, sodaa dhimmoota jireenyaaf barbaachisan argachuu irraa bilisa ta'uu, sodaa amantaa ofii ibsuu irraa bilisaa fi yaada ofii bilisaan ibsuu kan jedhani dha. Mirgooleen bilisummaa daangaa kan hin qabne miti. Namni tokko yaada isaa bilisaan ibsuun isaa eegumsa seeraa kan qabu mirgaa fi bilisummaawwan namoota biroo hanga hin tuqnetti dha.

Namni tokko harka isaa bilisaan sochoosuu kan danda'u harki kun qaama ykn funyaan namoota biroo hanga hin tuqnetti waan ta'eef ogeessota mirgoolee nammoomaa irratti qorannoo gaggeessuun beekaman mirgooleen namootaa fi diqamni isaan qaban fuula biraa saantima tokkooti. Kallattii kanaan, Heerri biyyattii mirgoolee adeemsaa mootummaan sababa quubsaa malee akka hin daangessine gochuu, mirgoolee kana daangeessuun barbaachisaa ta'ees yoo argame adeemsa duraa jalqabaee hanga dhumaatti mootummaan hordofuu qabu kan kaa'anii dha.

Mirgooleen adeemsa Heera RDFI kabajamuun isaanii biyyattii keessatti olaantummaan seeraa akka mirakanaa'u gochuun hojiin qorannoo yakkaa, falmii fi murtiin kennamu heerawaa akka ta'u godha. Gaman kanaan mirgooleen adeemsa heericha keessatti ibsaman kanneen armaan gadiiti:

- ✓ Himata bu'uurame hubachuu fi kooppii isaa argachuu
- ✓ Mirga akka nama balleessaa hin qabnetti lakkaa'amuu
- ✓ Dhimma himatame irratti ragaa akka bahu dirqisiisuun dhorkaa ta'uu
- ✓ Ragaa irratti dhihaate ilaaluufi ragoolee gaafachuu
- ✓ Ragaan ittisaa akka dhihaatuuf gochuu

- ✓ Abukaatoo filataniin bakka bu'amuu
- ✓ Akkuma barbaachisummaa isaatti kaffaltii malee mootummaa irraa abukaatoo argachuu
- ✓ Baasii mootummaatiin falmiin dhaddachaa gara afaan beekaniitti akka hiikamu gochuu kan jedhan akka ta'an Heera RDFI kew 19 fi 20 irraa hubachuun ni danda'ama.

### 1.6.2. Mirgoolee Adeemsaa Namni Shakkamee Qabame Tokko Qabu

#### A. Sababa Shakkamee Qabameef Beekuu

Olitti akka ibsame mirgooleen bilisummaa mirga uumama namaa irraa madduu fi mulquus ta'e daangeessuun hin danda'amne dha. Mirgoolee bilisummaa daangessuun kan danda'amu tumaalee seeraan qofa akka ta'e Heerri kew 17 ni agarsiisa. Mirga bilisummaa nama tokko mootummaan daangeessuu kan danda'u namtichi gochoota seera yakkaa keessatti tumaman keessaa tokko ykn isaa ol kan raawwatee fi nageenya, tasgabbii, sirna, faayidaa fi mirga lammiilee biyyattii, mootummaa, uummataa fi jiraattootaa kan miidhe ta'uu isaa irratti dhiibbaa kan geessise yoo ta'ee fi ragaan deeggaramee kan jiraatu yoo ta'ee dha.

Mootummaa ykn qaamni mootummaa bakka bu'uun (yeroo baay'ee poolisii) namoota gocha yakkaa raawwatan qabuuf aangoo qabu tokko naannoo tokko keessatti yakki raawwatamuu ykn raawwatamaa jiraachuu irratti odeeffannoon osoo isa hin gahiin ykn raawwatamuu danda'a jedhee shakkiif dhimmi isa dirqisiisu tokko illee bakkee hin argamnetti lafumaa ka'ee nama akka hin hiine Heerri bu'uura kew 14 fi 17 tiin ni dhorka. Mirgi himatamaa Heera RDFI kew 19(1) jalatti tumames yaaduma olii kana cimsa.

Heerri RDFI kew 19 namootni gocha yakkaa raawwataniiru jedhamnii qabaman mirga himata irratti bu'uurame argachuu fi afaan galuufiin akka itti himamu gochuu qabu. Tumaan heerichaa kun waliigalteewwan mirga namoomaa sivilii fi siyaasaa kew 9(2) waliin wal fakkaata. Heerri RDFI kew 19(1) kan kaa'u qaamni mootummaa aangoo nama gocha yakkaa raawwateera jedhee shakku tokko qabu qofa osoo hin taane dirqama sababa qabeef afaan shakkamaaf galuun shakkamatti himuu kan qabu ta'uu isaati dha. Tumaan heerichaa akka agarsiisutti, poolisiin namni tokko yakka raawwateera jedhee shakkii yoo qabaachuu baate

gonkumaa qabuu hin qabu jechuu dha. Kanaaf, poolisiin namni tokko gocha yakkaa gara funduraatti ni raawwata jedhee yoo shakkuu, qophii fi karoorri ofii isaatiif gocha yakkaa yoo ta'uu baate, qabuu kan hin dandeenye ta'uu isaati. Heerichi nama tokko qabuuf shakkiin gahaa ta'e jiraachuu qaba jedha.Yaada kanas Heera RDFI kew 19(1) fi kew 19(3) keewwata isa dhumaa irratti 'akkuma mana murtiitti dhiyaateen, yakka itti shakkameef sababni gahaan hidhaadhaaf isa geessisu jiraachuunsaa addaan bahee akka ibsamuuf mirga qaba' haala jedhuun amala dirqisiisummaa isaa ni kaa'a. Kanaaf heericha irraa hubachuun kan danda'amu namni shakkame tokko gocha yakkaa ittiin shakkame afaan galuufiin akka itti himamu gochuuf aangoo kan qabu ta'uu isaa fi qaamoleen shakkamaa qabuuf aangoo qaban shakkii fi sababa quubsaa malee nama tokko qabuus ta'e hidhuuf akka hin dandeenyee dha. Gama biraatiin nama tokko gara funduraatti gocha yakkaa ni raawwate jechuun qofa shakkii gahaa fi sababa quubsaa tokko malee hidhuu kan hin dandeenye waan ta'eefi dha.

Poolisiin namni tokko gocha yakkaa gara fulduraatti ni raawwata jedhee yaaduun qofa shakkii gahaa fi sababa quubsaa malee namoota hidhuu kan hin dandeenye yoo ta'u kun raawwatamee kan argamu yoo ta'e immoo namootni mirgi ykn bilisummaan isaanii sarbame akka deebi'uuf mana murtiitti iyyachuu danda'u. Heerri kew 19(4)(1)(3) haala shakkamtootni bilisummaa isaaniii deebifachuu danda'an ni kaa'a. Kallattii kanaan yeroo ilaalamu Heerichi bilisummaa qaamaatiif beekamtii fi eegumsa seeraa kan godhe yoo ta'u, poolisiin bilisummaa kana daangessuu kan danda'u namni tokko gocha yakkaa raawwachuu isaa irratti shakkii gahaa ykn sababa quubsaa ta'e kan qabu yoo ta'ee fi shakkamaa kanaaf sababa shakkameef afaan galuufiinis ibsuu qaba.Tumaan heeraa kunis jiraattotni biyyattii kamiyyuu sodaa tokko malee bilisa ta'anii akka jiraatan kan godhuu dha.Tumaan heeraa kun sirna deemsa falmii yakkaa kew 11,12,fi 18 waliin wal bira qabamee xiinxalamuu qaba.Sababni isaas namootni gochi yakkaa raawwatameera jedhanii eeruu poolisiif kennan gochi yakka jedhame kun nama eeraniin raawwatamuu isaa mirkaneessuu fi ragaa barbaachisaa ta'e dhiheesuun kan irraa eegamu yoo ta'u,eeruu sobaa kan dhiheessan taanaan haala seera yakkaatiin gaafatamuu danda'an sirna deemsa falmii yakkaa kew 25 irratti jiru waliin walitti hidhuun ilaaluun barbaachisaa dha.

Poolisiin akkaataa Heerri kew 19(1) kaa'uun gochi yakkaa raawwatamuu isaa irratti shakkii gahaa ykn sababa quubsaa osoo hin qabaatin nama tokko kan qabu taanaan bu'aan isaa

maali? Kan jedhu ilaalamuu qaba. Akka Heerri kew 19(1) buufatni inni dhumaa kaa'utti, namni seeraan ala poolisiin qabame tokko mana murtiitti bilisummaan qaama isaa akka deebi'uuf gaafachuu kan danda'u yoo ta'u yeruma kana poolisiin isa qabe sababa qabameef afaaan galuufiin kan itti hin himne ta'uu isaa mana murtiif ibsuu qaba. Kanaaf, manneen murtii beellama yeroo ilaalan sababa namni tokko qabamee isaan biratti dhihaateef beekuu kan danda'an waan ta'eef sababuma kana nama qabameef ibsuun irraa eegama. Gama biraatiin garuu manneen murtii yeroo beellama ilaalan poolisiin nama qabameef sababa qabeef waan hin ibsineef namni qabame akka gadhiifamu gochuu akka hin dandeenye Heerri kew 19(3) ni agarsiisa. Tumaan heerichaa kew 19(1)poolisiin kabajamee dhiisuu tarkaanfii manni murtii fudhachuu qabu nama qabame gadhiisuu osoo hin taane sababa namtichi kun qabamuu danda'eef galmee qorannoo ilaalee himuu dha.

**B. Mirga Mana Murtiitti Dhihaachuu**

Heera RDFI kew 19(3) jalatti, namni qabame sa'aatii 48 keessatti, haalli addaa yoo jiraachuu baate, mana murtiitti dhiyaachuuf mirga qaba. Namni gocha yakkaan shakkame mana murtiitti dhihaachuun isaa sababa qabameef poolisiin mana murtiitiif akka ibsu gochuuf qabiinsi shakkamaa gochaa farra namoomaa irraa bilisa akka ta'u gochuu fi shakkamaan buufata poolisii osoo hin turiin qorannoo gaggeessuuf kan danda'amu ykn kan hindanda'amne ta'uu isaa murteessuuf fi iyyataa fi gaaffiiwwan mirgaa shakkamtootni dhiheessan ilaalanii murteessuuf kan gargaaru waan ta'eefi dha. Kallattii kanaan namni gocha yakkaa raawwateera jedhamee shakkamee qabame tokko ariitiin gara mana murtiitti dhiheessuun mirgoolee fi bilisummaawwan qaamaa shakkamaan qabu eegsisuuf gargaarsa guddaa ta'e godha. Gaaffiin dhimma kana irratti ka'u poolisiin shakkamaa mana murtii erga dhiheesseen booda:

- ✓ Gochi qabameef seera addunyaa keessatti yookin seera yakkaa biyyattii keessatti yakka kan hin taanee fi sababani shakkamaan qabameefis gochaa kanaan qofa ta'uu yoo ibsame,
- ✓ Sababni poolisiin shakkamaa qabuun dhiheesse shakkamaan gocha jedhame kana raawwachuuf odeeffannoo quubsaa kan hin kennine yoo ta'e,

- ✓ Gocha yakkaa raawwatame qulqulleessuuf shakkamaa buufata poolisii tursiisuun sirrii akka hin taane manni murtii yoo fudhate akka sirna deemsa falmii yakkaa kew 59(1) tiin shakkamaan wabii akka waamu gochuu qabaa? Kan jedhu waan ta'eef isinis irratti mari'adhaa.

**C. Mirga Bilisummaa Qaamaa**

Poolisiin akka Heera RDFI kew 19(1)tti nama gocha yakkaa raawwateera jedhee qabeef gocha yakkaa itti shakkame ibsuu bira darbee akka Heera RDFI kew 19(3) nama gocha yakkaa raawwachuun shakkamee qabame gara mana murtii kan hin dhiyeessine yoo ta'e tarkaanfiin poolisii irratti fudhatamu maali kan jedhu gaaffii murteessaa dha. Poolisiin ykn qaamni shakkamaa tokko qabuuf aangoo qabu tokko sababa tokko malee shakkamaa mana murtii dhiyootti argamutti kan hin dhiheessine yoo ta'e hidhaan raawwatame seeraan ala ta'a. Kanaaf hidhaan seera qabeessa hin taane akka hidhaa seeraan alaatti kan fudhatamu ta'uu isaa Heera RDFI kew 19(4) jalatti ni ibsa. Kana waan ta'eef namni gocha yakkaa raawwateera jedhamee shakkame tokko nama kamiyyuu hidhaan isa irratti raawwatame sababa quubsaan kan hin deeggaramne ta'uu isaa ibsuun qaamni isa hidhe sababa maaliif akka isa hidhe mana murtiif akka ibsuu fi mirgi bilisummaa qaamaa akka deebi'uuf bu'uura sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa kew 177-179tiin gaafachuu ni danda'a.

Manni murtii iyyata bilisummaa qaamaa gonfachuuf dhihaatu hunda ilaaluun shakkamaa poolisiin saa'aatii 48 oliif qabame akka gadhiisu ajaja ni dabarsa jechuu miti. Manni murtii sababa poolisiin shakkamaa qabeef, gocha yakkaa shakkamaan raawwateera jedhamee ibsamee fi dhimmoota biroo qulqulleessuun shakkamaan akka gadhiifamu ykn buufata poolisii akka turu murteessuu danda'a. Sababni isaas manni murtii iyyata bilisummaa qaamaa gonfachuuf dhihaatu hunda ilaalee shakkamaan wabii waamee akka bahu ykn akka gadhiifamu ajaja kan dabarsu taanaan, haqni dabuu danda'a. Keessattuu poolisiin shakkamaa yeroo heeraan taa'e keessatti dhiheessuu baatus yeroon dabalataa akka Heera RDFI kew 19(4) tti kennamuufi dhabuu isaa ilaaluun barbaachisaa dha.

Kaayyoon bu'uuraa Heera RDFI kew 19(4) shakkamtootni poolisiin qabaman bilisummaan qaama isaanii deebii kennamuufii irratti murtii dabarsuun akka danda'amu gochuuf kan gargaaru yoo ta'u namni shakkame tokko saa'aatii afurtamii saddeetii ol gara mana murtii

osoo hin dhihaatiin waan hafeef qofa jechuun namoota gochoota yakkaa nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaa fi faayidaalee biyyattii, uummataa fi namoota biroo  shakkaman gadhiisuun madaalawaa miti. Shakkamaa gadhiisuun sirna haqaa biyyattii irratti rakkoo fiduu kan danda'u waan ta'eef dogongora adeemsaa raawwatame sirreessuun qabiinsi raawwatame seera qabeessa akka ta'u gochuun barbaachisaa akka ta'e Heera RDFI kew 19(4) irraa hubachuun ni danda'ama. Heerri kew 19(4) sirna haqa yakkaa mirga himatamtootaa, nageenya,tasgabbii fi faaydaa uummata bal'aa fi mootummaa akkasumas mirga miidhamtoota yakkaa bifa giddu galeessa godhateen tumameera. Dhimmi biraa dhimma kana waliin wal bira qabuun ilaalamuu qabu gochi yakkaa shakkamaan raawateera jedhamuun ibsame shakkamaa hidhaan tursiisuun osoo hin barbaachisin qorannoo gaggeessuun kan danda'amu ykn gochi yakkaa raawwatame mirga wabii shakkamaa kan hin dhoorkine yoo ta'e manni murtichaa akka Heera RDFI kew 59(1) fi sirna deemsa falmii yakkaa kew 59(1)tiin wabii waamee akka bahu gochuu qaba. Mirgi wabiin bahuu mirga sadarkaa heeraatiin beekamtii fi eegumsa argate dha.Manni murtii mirga wabii himatamaa hayyamuun dura faayidaa fi miidhaa mirga wabii kennuun qorannoo irratti gaggeeffamuu qabu xiinxaluun bifa madaalawaa ta'een murteessuu qaba. Gama kanaan raawwii guyyaa guyyaan qabnu keessatti rakkoowwan adda addaa kan jiran waan ta'eef isaan kaasaa mari'adhaa.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Kaayyoon inni bu'uuraa shakkamaan qabame tokko saa'aatii 48 keessatti mana murtiitti akka dhihaatu gochuun barbaachiseef maali?
2. Poolisiin akka sirna deemsa falmii yakkaa kew 28 tti shakkamaa wabiin gadhiisuu danda'u beellama yeroo gaafachuuf mana murtii qabee dhihaate. Isin abbaa seeraa dhimma kana ilaaluuf moggaafamtan osoo taatan dhimma kana haala kamiin keessummeessitu?
3. Poolisiin nama gocha yakka lubbuu namaa dabarsuun shakkame irratti galmee beellama yeroo gaafachuuf dhihaate. Manni murtii dhimmicha ilaalaa jiru qorannoof kan ta'u guyyaa kudhan kenneef. Guyyaan qorannoon kenname erga xumurameen booda poolisiin sadarkaa qorannoon irratti argamu mana murtiitti dhihaachuun ibsuu waan hin dandeenyeef manni murtii galmee beellama yeeroo cufuun manni amala sirreessaa shakkamaa akka gadhiisu ajaja dabarse. Manni amala sirreessaa manni

murtii ajaja hiikinsaa hin kennine jechuun shakkaamaa ji'a tokkoo ol erga tursiiseen booda shakkamaan bilisummaa qaama isaa gonfachuuf iyyata mana murtiif dhiheesse. Heera RDFI kew 19(4) irratti hundaa'uun dhimma kana akkamitti hiiktu? Isin abbaa seeraa osoo taatanii ajaja akkamii dabarsitu? Maaliif?

4. Abbaan alangaa galmeen qorannoo yakkaa erga isa bira gahee booda akka sirni deemsa falmii yakkaa kew 109 kaa'utti guyyaa 15 keessatti himata bu'uuruu hin dandeenye. Shakkamaan iyyata bilisummaa qaamaa isaa gonfachuuf osoo dhiheessee isin ajaja akkamii kennitu? Maaliif?
5. Poolisiin sababa quubsaa tokko malee nama gocha yakkaan shakkame saa'aatii 48 ol mana murtiitti osoo hin dhiheessiin kan tursiise yoo ta'e isa irratti tarkaanfiin akkamii fudhatamuu danda'a? Maaliif?

### 1.6.3. Shakkamtootni Mirga Callisuu, Jecha Amantii fi Waakkii Akka Kennan Dirqamuu Hafuu fi Mirga Ofirratti Ragaasisuu Irraa Bilisa Ta'uu Qabu

#### A. Mirga Callisuu fi Ragaa ykn Jecha Kamiyyuu Dirqiin Kennuu Irraa Bilisa Ta'uu

Namni gocha yakkaa raawwateera jedhamuun shakkame sababa itti qabameef yeroo gaafatamu deebii kennuuf dirqamuu akka hin qabaanne Heera RDFI federaalaa kew 19(2) buufata tokkooffaa irratti kan taa'e yoo ta'u, namootni shakkaman kun fedhii isaanitiin jecha kan kennan yoo ta'e jechi isaan kennan akka ragaatti mana murtii fulduratti akka dhihaatu himamuu akka qabu Heerri RDFI kew 19(2) jalatti deebisee tumeera.

Namni gocha yakkaan shakkame tokko mirgi callisuu qabu yeroo qorannoon yakkaa gaggeeffamu qofa daangeffamee kan hafu osoo hin taane himatamaa ta'ee mana murtii fulduratti dhiyaachuun jecha amantaa fi waakkii yeroo gaafatamus hojiirra kan ooluu fi callisuun himatamaa ykn shakkamaas fudhatamuu kan qabu gocha jedhame kana akka hin raawwatne jedhee ibsetti ilaalamuu akka qabu Heera RDFI kew 12(2) fi sirna deemsa falmii yakkaa kew 27 fi 133 irraa hubachuun hojiirra oolchuun barbaachisaa dha.

Mirgi shakkamaan ykn himatamaan tokko jecha isaa kennuuf dirqamuu irraa akka bilisa ta'u kan barbaadame xiyyeeffannaan qorannoo yakkaa jecha shakkamaan ykn himatamaan kennu qofa irratti kan rarra'u akka hin taane gochuu fi qorataan (ogeessi) gocha yakkaa tokko jecha

kee kennuu qabda jechuun ragaa dirqiin himatamaa ykn shakkamaa irraa argachuuf tooftaawwan akkasii dhorkuun mirgi gama kanaan sarbamu akka hin jiraanne gochuu dha. Shakkamaan gocha yakkaa fedhii isaa guutuun jechi ragaa kennu mana murtii fulduratti dhihaachuu akka danda'u durfamee itti himamuu akka qabu Heerichi ni kaa'a. Dhimma kana irratti wanti falmii kaasisuu danda'u qabiyyeen mirga kanaa osoo hin taane, bu'aan sarbamuu mirga kanaa fidu maali kan jedhu irratti dha.Qaamni gocha yakkaa qoratu tokko shakkamaan raga inni kennu mana murtii fulduratti akka ragaatti irratti dhihaachuu isaa kan hin ibsine yoo ta'e ragaan haala kanaan argame mana murtii fulduratti fudhatamummaa qaba moo hin qabu?Sadarkaan amanamummaa ragaa kanaa hoo hangami? Bu'aa ragaan haala kanaan sassaabame mana murtii fulduratti dhihaatu maal ta'a? dhimmootni jedhan mirga shakkamaan qabu waliin wal bira qabuun yeroo ilaalamu dhimma bu'uuraati.

Namni kamiyyuu jecha amantaa fi waakkii isaa dirqiin akka kennu dirqamuu akka hin qabnee fi ragaan dirqiidhaan argame kamiyyuu mana murtii fulduratti fudhatamummaa akka hin qabaanne Heerri kew 19(5) jalatti tumeera. Heerri kew 19(5) akka ifaan tumutti "namni kamiyyuu ofiisaarratti ragummaadhaan dhiyaachuu kan danda'u jecha amantaa akka kennu yookiin ragaa kamiyyuu akka fidu hin dirqisiifamu. "Ragaan dirqisiisuudhaan argame fudhatama hin qabaatu" jedha. Tumaan Heera kanaa konveenshinii mirga daraaramuu irraa eeggamuu sadarkaa addunyaatti mallateeffame kew 15 waliin kan wal fakkaatuu fi tumaan konveenshinichaaf beekamtii fi wabii heeraa kennuu isaa kan agarsiisuu dha. Tumaan heerichaa kew 19(5) mirgoolee kabaja nageenya qaamaa Heera kew 14 fi 16 irratti tumamee fi heericha kew 18(1) jalatti mirga qabiinsa al-namoomaa, kabaja namoomaa kan tuquu fi sukkanneessaa irraa bilisa ta'uu isaa mirkaneessuun qorataan gocha yakkaa tokko shakkamaa dirqisiisuun jecha amantaa fi waakkii akka hin fuune gochuuf kunis yoo fudhame manneen murtii ragicha akka hin fudhanne gochuufi dha. Yaadotni bu'uuraa armaan olii akkuma jiranitti ta'ee ragaan dirqiidhaan argame mana murtii fulduratti fudhatamummaa hin qabu dhimmi jedhu qabxiiwwan armaan gadii giddu galeessa kan godhatee dha.

- ✓ Namni tokko jecha amantaa isaa dirqiidhaan kenne jechuudhaaf dhimmootni/ gochootni akkamii raawwatamanii yoo argamaniidha?
- ✓ Tooftaawwan namni tokko fedhii isaa malee dirqiidhaan jecha amantaa isaa akka kennu gochisiisan isaan kami?

- ✓ Shakkamaan jecha koo dirqiidhaanan kenne yoo jedhu qorataan immo lakkii bilisa ta'ee kenne jedha. Shakkamaan dirqiidhaan jecha amantaa kennuu ykn bilisaan kennuu isaa eenyutu mirkaneessuu qaba?
- ✓ Addaa addummaa yaadni ragaan fudhatamummaa hin qabu jedhu yaad-rimee amanamummaa fi humna ragaa waliin maaltu adda baasa? Dhimmoota jedhan xiyyeeffannaan ilaaluu barbaada.

Dabalataan, yaadotaa fi jechootni Heerri RDFI kew 19(5) buufata tokkooffaa fi dhumaa irratti jiran fayyadame maal agarsiisu? Qabxiin jedhu sadarkaa addunyaatti dhimmoota falmisiisoo yoo ta'an irraa caalaa immoo ragaa dabalataa (corroborative evidence) jecha amantaa irratti hundaa'uun argaman irratti gaaffiiwwan adda addaa ni ka'u. Dhimma kana ifa gochuun qorataan gocha ajjeechaa raawwatame irratti qorannoo gaggeessu shakkamaa argachuun shakkamaan kunis jecha amantaa isaa kennuu akka hin barbaadne hubachuun distii sibiilaa keessatti zayita guutuun erga danfisee booda jecha amantaa shakkamaa irraa argachuuf zayitii danfaa kana luka isaa irratti naquu yeroo jalqabu shakkamaan du'aa kan ajjeesse isuma ta'uu isaa, erga ajjeesseen booda awwaaluu isaa fi du'aa kanas kan ajjeesse halbeedhaan akka ta'ee fi halbee ittiin ajjeesse, wayyaa fi qarshii du'aa irraa fudhatee gootaraa mana jireenyaa obboleettii isaa biratti olkaa'uu isaa ibse. Qorataan poolisii kunis reeffa du'aa wayyaa du'aa, qarshii 5000 du'aan qotiyyoo gurguruun qabatee turee fi halbee dhiigni irratti argamu haaluma jecha amantaa shakkamaatiin argate. Halbeen akkaataa saayinsaawa ta'en yeroo qoratamu mallattoota harkaa shakkamaa fi dhiiga du'aa akka ta'e mirkanaa'e.Abbaan alangaa himata shakkamaa irratti yeroo bu'uuru jecha amantaa shakkamaan kenne osoo hin taane viidiyoo du'aan awwaalamee turuu isaa agarsiisu, halbee du'aan ittiin ajjeeffame, ragaawwan saayinsaawa ta'aniifi ragaawwan naannoo biroo dhiheesse. Abukaatoon himatamaa ragaawwan akka viidiyoo du'aan awwaalamee turuu agarsiisu, aalbeen du'aan ittiin ajjeeffame, ragaawwan saayinsaawa ta'aniifi ragaawwan naannoo biroo ragaawwan dirqiin argaman waan ta'eef akka Heera RDFI kew 19(5) tti fudhatamummaa hin qaban jedhe. Isin abbaa seeraa dhimmi kuni isin biratti dhihaate osoo ta'ee ragaawwan abbaan alangaa haala kanaan dhiheesse irratti murtii akkamii dabarsitu? Maaliif murtii akkasii akka kennitan bal'inaan irratti mari'adhaa.

**B. Mirga Namni Tokko Dhimma Yakkamaa Isa Gochisiisu Irratti Ragaa Akka Bahu Dirqamuu Dhiisuu**

Namni kamiyyuu dhimma ittiin himatame irratti ragaa ta'ee dhiyaachuuf dirqamuu dhabuu fi ofirratti ragaa bahuu dhiisuun mootummaan ragaa isarraa argatu kamiyyuu fedhii himatamaa irratti hundaa'uun akka argatu taasisuuf kan gargaaru yoo ta'u sababootaa fi ka'umsa biroos ni qaba. Dhimma hariiroo hawaasaa irratti himatamaan /deebii kennaan/ dhimma ittiin himatame irratti ragaa akka bahu gochuun kan danda'amu yoo ta'u dhimma yakkaa irratti garuu himatamaa dhimma himatame irratti ragaa akka bahu dirqamuu akka hin qabaanne Heera RDFI kew 20(3) jalatti tumeera.

Biyyoota adda addaatti himatamtootni dhimma yakkaa ittiin himataman irratti ragaa akka bahan dirqamuu irraa eeggamuu kan qaban waan ta'eef isaanis akka ragoolee addaa ta'aniitti kan ilaalamaniifii isaaniis mirgi ragaa kamiyyuu akka kennan dirqamuu akka hin qabaanne ni fudhatama. Ergaan tumaa kanaa ifa waan ta'eef hiikoo biroo kan isa barbaachisuu miti. Ta'us hojiirra oolmaa tumaa kanaa waliin wal qabatee rakkoowwan adda addaa ni mul'atu. Kanaaf dhimmoota armaan gadii xiinxaluuf yaada walii-galchaa ta'e irratti gahuun barbaachisaa dha.

- ✓ Himatni obbo 'A' obbo 'B' ajjeesseera jedhu dhihaatee obbo 'C'n immoo gocha ajjeechaa kana Obbo 'A' raawwachuu argeera jedhee mana murtii dhihaate. Gaaffii duraa abbaa alangaa irraa dhihaateef obbo 'C'n erga deebiseen booda gaaffii qaxxaamuraa abukaattoon dhuunfaa obbo 'C' yeroo gaafatu deebiin ragaan kun kennu Obbo 'B' kan ajjeesse obbo 'A' osoo hin taane obbo 'C' ta'uu kan agarsiisu ibsuu jalqabe. Haa ta'uu ti obbo 'C'n deebiin gaaffii qaxxaamuraa abukaatoo irraa dhihaateef, gaaffii keessaa deebii abbaa alangaan dhihaatee fi gaaffii qulqulleessaa mana murtiif deebii kana kennu yoo ta'u jecha ragaa ana yakkeessuu danda'u waan ta'eef jecha ragaa koo kennuuf dirqamuu waanan hin qabaanneef jechuun jecha ragaa isaa kennuu irraa of dhaabe. Abukaattoon ittisaa immoo jechi ragaa obbo 'C' kennu dhimmicha irratti murtii isa dhumaa kennuuf kan gargaaru waan ta'eef jecha isaa kennuu qaba jedhe. Dhimmi kana irratti murtii barbaachisaa ta'e kennuuf tumaaleen heerichaa roggummaa qaban isaan kami? Isin hoo dhimma kanaaf jala murtii akkamii kennitu?

- ✓ Gocha yakkaa raawwatame tokko keessatti sadarkaan hirmaannaa himatamaa tokko gargaaruun ykn kakaasuun yoo ta'e, gocha raawwataa ykn himatamaa sadakaa tokkooffaan hirmaataa ta'e nama biraa irratti jecha ragaa isaa akka kennu yoo gaafatamu Heera RDFI kew 20(3) kaasuu danda'aa? Keessattuu, abbaan alangaa namootni kun himata tokko irratti osoo hin taane himoota hedduu irratti yoo ta'e tumaan heeraa kun raawwatiinsa ni qabaataa laata?
- ✓ Tumaan Heera RDFI kew 20(3) keewwata lammaffaa irratti yaada ibsame irratti hundaa'uun himatamtoota gocha yakkaa sadarkaa tokkoffaan raawwatanii fi gargaartootni 'jecha ragaa kennuuf dirqamuu hin qabnu' jechuun qabxii mormii kaasuun isaanii sirrummaa qaba jettuu?
- ✓ Qabxiiwwan armaan olii namootni Heera RDFI caqasuun jecha qabxii mormii jecha ragaa kennuu hin qabani kan jedhu dha. Abbaan Alangaa gocha yakkaa raawwatame tokko irratti himatamtootni sadarkaan hirmaannaa isaanii sadarkaa hirmaannaa tokkoffaa fi gargaaraatiin beekaman keessaa muraasa irratti himata bu'uuruu dhiise. Namoota himataman keessaa qabxii mormii tarkaanfii abbaan alangaa fudhate irratti kaasan. Akka yaada isaaniitti abbaan alangaa gocha yakkaa waliin namoota kaan waliin raawwatame irratti ragaan gahaan osoo jiruu namoota muraasa himata bu'uuruu irraa bilisa gochuun isaa Heera RDFI kew 25 fi seera yakkaa kew 4 kan sarbe dha jechuun kaasan. Dabalataan, Heerri kew 20(3) buufata 2 jalatti tumaan jiru hiikamuu kan qabu namootni gocha yakkaa waliin raawwatan wal irratti ragaa bahuu akka hin qabaannetti hiikamuu qaba jedhu. Isin abbaa seeraa dhimmicha ilaalaa jirtan osoo ta'ee:

  1. Dhimmicha irratti jal-murtii akkamii kennitu?
  2. Dhimmichi gocha malaammaltummaa ykn yakkoota biroo yoo ta'e, murtiin kennitan adda ta'uu danda'aa?
  3. Dhimma malaammaltummaan ala abbaan alangaa gochoota yakkaa biroo irratti namoota waliin hirmaatan keessaa muraasa himata irraa bilisa gochuu fi isaanis akka ragaatti dhiheessuuf aangoo qabaa? Maaliif?
  4. Himatamaan ofii isaa irratti mirga ragaa bahuu bira darbuun jecha ragaa akka kennu kan gaafatamu yoo ta'e jala murtiin kennitan maal ta'a? Maaliif?

### 1.6.4. Mirga Namni Shakkame Tokko Yeroo Gabaabaa Keessatti Dhimma Shakkameen Himatamuu ykn Dhiisuu Isaa Beekuu

Namni gocha yakkaa raawwateera jedhamuun shakkamee qabame tokko akka Heera RDFI kew 19 fi tumaalee sirna deemsa falmii yakkaa irratti hundaa'uun yeroo gabaabaa keessatti qorannoo yakkaa gaggeeffame, bu'aa qorannichaa irratti hundaa'uun murtiin barbaachisaa ta'e kennamuu qaba. Namni tokko gocha yakkaa raawwateera jedhamee erga qorannoon irratti gaggeeffamee ragaan sassaabamee booda dhimmi ijoo murtii argachuu qabu, shakkamaan kun gocha raawwateef dhimmi isaa gara mana murtii dhihaachuu qaba moo? Shakkamaan gocha yakkaa ittiin shakkameef himatamuu hin qabu jedhu dha.

Hojiiwwan idileen sirna haqa yakkaa keessatti raawwataman keessaa namni shakkame tokko himatamuu qaba moo gadhiifamuu qaba inni jedhu isa murteessaa fi ulfaataa dha. Kana waan ta'eef yakkoota gurguddoo ilaalchisee akka sirni haqaa isaanii hayyamutti biyyoota tokko tokko keessatti fakkeenyaaf biyya Ameerikaa fi Ingilizzitti qaamni shangoo (grand jury) ykn biyya Faransaay keessatti qulqulleessaa murtii dhimmoota akka ragaa abbaan alangaa qabu ilaaluun abbaan alangaa himata bu'uuruu ykn dhiisuu ykn himata bu'uurametti itti fufuu ykn himatamaan mana murtii dhihaachuu ilaalchisee akka kennan kan taasifame. Biyya keenya keessatti garuu qaamni bu'aa qorannoo yakkaa poolisii ilaaluu fi ulfina ragaa dhihaate qulqulleessuun bakka mootummaa bu'uun murtii kan kennu abbaa alangaati.

- ✓ Himatamaan yakkaan kan hin himatamne ta'uu
- ✓ Himatamaan yakkaan himatamuu kan qabu ta'uu
- ✓ Ykn dhimmichi ragaa dabalataan deeggaramuu fi sassaabamu akka qabu gochisiisuuf qaamani sadarkaa federaalaas ta'e naannootti aangeffame abbaa alangaati.

Heerri RDFI kew 20(1) dhimmi namoota himatamanii yeroo gabaabaa keessatti ilaalamuun murtiin kennamuu akka qabu kaa'a. Ta'us Heerri kew 19 ta'e 20 qorannoo gaggeeffame tokko irratti abbaan alangaa yeroo gabaabaa keessatti murtiin kennamuu akka qabu hin kaa'u.Kana waan ta'eef, tumaa sirna deemsa falmii yakkaa irratti jiruu fi baratamaan beekamuun ala tumaan heera ykn seera biraa keessatti abbaan alangaa qorannoo xumurame irratti murtii si'oomina qabu akka kennu diriqisiisu hin jiru.

Ibsa biraatiin, dirqamni abbaan alangaa bu'a qorannoo yakkaa irratti murtii si'oomina qabu akka kennu dirqisiisu seera qaama seeraan bahe malee dirqama heericha irraa madduu miti. Kana waan ta'eef, ogeessotni tokko tokko qaamni seera baasaa guyyaa kudha shan keessatti ykn guyyoota kudha shan kan caalu ykn isaa gadi keessatti abbaan alangaa galmee qorannoo irratti murtii kennuuf seera barbaade tumee akka qabu yoo kaasan, ogeessotni biroo garuu abbaan alangaa bu'aa qorannoo yakkaa irratti murtii si'oomina qabu kennuu jedhu ilaalamuu fi hiikamuu kan qabu tumaa Heera RDFI kew 37 waliin mirga haqa argachuu waliin ta'uu qaba. Abbaan alangaa shakkamaa irratti himata bu'uuruu ykn dhiisuun mirga shakkamaan haqa argachuuf qabuu fi haqa bifa si'oomina qabuun goonfachuu kan jedhu waliin wal bira qabamee murtaa'uu qaba.

Gama kanaan, qaamni seera baastuun mootummaa daangaa yeroo abbaan alangaa bu'aa qorannoo yakkaa irratti himata bu'uuruu ykn dhiisuuf barbaachisu akka barbaadetti dheeressuu ykn gabaabsuu qaba jedhu eegumsa heericha mirga namoomaaf kenne waliin wal bira qabamee ilaalamuu qaba. Gama biraatiin abbaan alangaa bu'aa qorannoo yakkaa irratti hundaa'uun murtiin himata bu'uuruu ykn dhiisuuf kennu tumaalee fi qajeeltoowwan heericha irratti tumaman bifa giddu galeessa godhatee fi isaanis kabajuu fi kabajchiisuu danda'uun hojjachuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa qaba. Kanas qabxiiwwan armaan gadii kaasuun hubachuun ni danda'ama.

- ✓ Shakkamaan tokko gocha yakkaa seera yakkaa biyyattii keessatti dhorkame yoo raawwatame ykn akka raawwatamu barbaadamee osoo hin raawwatiin hafuu isaa qulqulleessuun qajeeltoo seerummaa Heera RDFI kew 22 jalatti tumame kabajuu fi kabajchisuun kan irraa eegamu waan ta'eef
- ✓ Dabalataan, namni gocha yakkaa raawwateera jedhamuun shakkamu tokko mirga heeraa kan ta'e akka nama qulqulluutti lakkaa'amuu qaba. Mirgi kun hafuu kan danda'u shakkamaan gocha yakkaa ittiin himatame raawwachuun isaa ragaan kan deeggarame ta'ee yoo argamee dha. Kanaaf abbaan alangaa tumaaleen sirna deemsa falmii yakkaa fi seerota ragaa irratti hundaa'uun shakkamaan gocha ittiin shakkame mirkaneessuuf ragaan gahaan jiraachuu yoo baate himata bu'uuruu hin qabu.

Kallattii kanaan, abbaan alangaa ragaan gahaa osoo hin jiraatiin himata bu'uuruu kan hin qabaannee fi mirga bilisummaa shakkamaa tokkoos kabajuu akka qabu dha. Kunis jechuun abbaan alangaa sirna deemsa falmii yakkaa kew 42(1)(a) fi Heera RDFI kew 20(3) giddu galeessa gochuun murtii si'oomina qabu kennuu qaba. Dabalataan,abbaan alangaa gocha yakkaa tokko irratti tumaa darbiinsa yeroo giddu galeessa gochuun bu'aawwan qorannoo darbiinsi yeroo darbe cufuu fi tumaalee sirna deemsa falmii yakkaa adda addaa irratti hundaa'uun dirqamaa fi itti gaafatamummaa qabu giddu galeessa gochuun fedhii fi yaadrimee Heera RDFI kew 17 hubachuun kabajuu fi kabajchisuuf dirqama qaba. Dhimmi kun ifa ta'us murtii abbaan alangaa naannoo tokko keessatti mul'ate irratti hundaa'uun dhimmicha haala armaan gadiin ilaaluun ni danda'ama:

- ✓ Bara 1990 obbo Kabbadaan intala isaanii heerumsiisuuf farsoo gaanii keessatti omishuuf daasii yeroo hojjechiisaa jiranitti Obbooleewwan maqaan isaanii Wondosan, Dambalash fi Difaabachow jedhaman al tokkoon Obbo Kabbadaatti dhukaasan.Obbo Kabbadaan gaanii farsoo qabate da'oo godhachuun dhukaasaa ittiisaa gochuu jalqaban.Waljijjiirraa dhukaasa kanaan Obbo Kabbadaan Obbo Difaabaachaw laphee isaa irra Obbo Wondoson immoo miila bitaa rasaasa tokkoon rukutuun maddeessan.Obbo Dambalash madaa'aa Wondosan baatee buufata konkolaataa erga gaheen booda konkolaataa keessa galchuun gara mana yaalaatti geesse.Booda irratti Obbo Dambalaash buufata poolisii deemuun namni maqaan isaa Obbo Kabbadaa jedhamu Obbooleessa isaa Difaabaachaw jedhamu akka ajjeessee fi Obbooleessa isaa isa biraa kan ta'e Obbo Wondosan ajjeessuuf yaadee rasaasa dhukaaseen miila isaa irratti miidhaa cimaa geesiseera jechuun eeruu kenne.Poolisiin Obboo Kabbadaa to'annoo jala erga oolcheen booda qorannoo gaggeesseen, Obbo Kabbadaa fi Obbo Wondosanfaa giddutti waldhabdeen guddaan haaloo bahuuf madda ta'e isaan gidduutti akka turee fi guyyaa gochi yakkaa raawwatametti Obboo Wondosanfaa Obbo Kabbadaan intala isaa heerumsiisuun dura ajjeesuuf yaadanii bakkee jiraatanii ka'anii hanga kiiloometira kudhanii erga deemanii booda Obbo Kabbadaa irratti hundi isaanii al tokko rasaasa kan dhukaasan akka ta'ee fi Obbo Kabbadaanis ofirraa ittisuuf dhukaasa deebii daqiiqaa shaniif kan taasise ta'uu fi booda irrattis Obbo Difaabaachaw kan kufe ta'uu isaa fi Obbo Wondosan immoo

miila isaa irra erga rukutameen booda Obbo Dambalaash rukutamaa Obbo Wondosan miila isaa uffataan hidhee deemuu isaa ragoolee namoota kudhan yeroo san achitti argaman caqasuun galmee qorannoo yakkaa gara abbaa alangaatti dhiheesse.

- ✓ Abbaan alangaa godinaa galmeen qorannoo dhihaateef gochi Obbo Kabbadaan raawwatan gocha yakkaa isaan irratti raawwatamaa jiru ittisuuf raawwatan waan ta'ee fi ragaan Obbo kabbadaa yaakkeessuu dandeessisu waan hin jiraaneef akka sirna deemsa falmii yakkaa kew 42(1)(a) tiin hidhaa irraa akka gadi lakkifaman murteesse.Obbo Dambalaas abbaan alangaa godinaa sababa gahaa malee akka Obbo Kabbadaa gadhisee kaasuun abbaa alangaa sadarkaa ol'aanaa irratti argamuuf iyyata dhiheesse.Adeemsi abbootiin alangaa naannichaa qajeeltoo dabarseen abbaan alangaa godinichaa shakkamaan gocha jedhame kana kan raawwate ofiirraa ittisuuf jedhee murteessuu hin danda'u jechuun yaada kana bu'uurreeffachuun murteessuu kan danda'u mana murtii akka ta'e hubachisuun abbaan alangaa godinaa Obbo Kabbadaa irratti seera yakkaa kan bara 1949 kew 524' tiin himata akka bu'uuruu qabu ajaja dabarse.Dhimmuma kana irratti hundaa'uun qaljeelfama hojii Biiroon Haqaa Naannichaa waajjiraalee haqaa godinaaleef dabarseen himatamaan tokko gocha yakkaa raawwate tokko sababoota seera qabeessa ykn dhiifaman bira darbamuu danda'uun ykn dirqisiisoo ta'aniin ta'uu isaa galmeen qorannoo yakkaa kan agarsiisu ta'us abbaan alangaa bu'aa galmee qorannoo sirna deemsa falmii yakkaa kew 42(1)(a) irratti hundaa'uun cufuuf aangoo kan hin qabaanne akka ta'ee fi dhimmootni akkasii yeroo qunnaman himata bu'uuruun dirqama ta'u isaa dabarse.

1. Tumaan sirna deemsa falmii yakkaa kew 42(1)(a) jalatti himanni abbaan alangaa ragaan himatamaa balleessaa taasisuu danda'u kan hin jiraanne taanaan jedhu Heera RDFI kew 20(3),14 fi 17 waliin wal bira qabamuun yeroo ilaalamu murtiin abbaan alangaa godinaa himata Obbo Kabadaa irratti bu'uuruu dhiisuuf murteessan dogongora qaba jettuu? Maaliif?
2. Ragaan qorannoo yakkaan argame shakkamaan gochicha kan raawwate seera yakkaa kew.68, 69, 71, 74, 75 bifa ibsuu danda'uun ta'ee osoo jiruu abbaan alangaa himatamaa ofii isaatiif dhimmicha ilaalee haa murteessu yaada jedhuun himata bu'uuruu qaba jettuu? Qaba kan jettan yoo ta'e sababa keessan ibsaa?

3. Abbaan alangaa dirqamaa fi itti gaafatamummaa heera kabajuu fi kabajchisuu akkamitti bahuu qaba jettu? Mee fakkeenyoota kaasuun ibsaa?
4. Abbaan alangaa bu'aa qorannoo yakkaa yeroo gabaabaa keessatti ilaaluun murtii dabarsuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa heeraa qaba jettuu? Akkamitti?
5. Qajeeltoo Biiroon haqaa naannichaa abbaan alangaa godinaa himata Obbo Kabbadaa irratti akka bu'uuru dabarse kaayyoo tumaalee seera yakkaa fi sirna deemsa falmii yakkaa kew 42(1)(a) kan milkeessuu dha jettuu?

### 1.6.5. Mirga Mana Murtii Idileen Haqa Argachuu

Namni tokko yeroo himatamu mirga heeraa kan ta'e dhimmi isaa mana murtii idileen bifa dhaddacha ifa ta'een yeroo gabaabaa keessatti ilaalamuu qaba. Heerri RDFI kew 20(1) jalatti himatamaan mirga dhimmi isaa manneen murtii idilee fi dhaddacha ifa ta'een akka ilaalamuuf ta'uu qaba.Tumaan heeraa kunis tumaa Heera RDFI kew 78(1) irratti yaada manni murtii addaa adeemsa idilee hin hordofne hundaa'uu hin qabu jedhu waliin kan deemuu dha.

Dabalataan, waliigaltee mirga namoomaa siivilii fi siyaasaa kew 14(1) jalatti tumameen himatamaan mirga dhimmi isaa mana murtii bilisa, al-loogessaa fi gahuumsa qabuun ilaalamuu qaba jedhu tumaa Heera RDFI kew 20(1) jalatti himni "mana murtii idilee" jedhu waliin kan wal simuu dha.Aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa akka ta'ee fi abbootiin seeraa jiddu lixummaa qaama mootummaa ykn nama kamiyyuu irraa bilisa ta'uun dirqamaa fi itti gaafatamummaa isaanii bahu akka qaban Heera RDFI kew 79(2)(3) jalatti kan tumame waan ta'eef, heerirchi himatamtooni mirga dhimmi isaanii mana murtii bilisa, al-logaa fi dandeettiin tajaajila kana kennuu danda'uun ilaalamuuf akka qaban agarsiisa.Dhaddacha haala adda ta'een cufaan akka gaggeeffamu waanti dirqisiisu yoo jiraate ala ifaan gaggeeffamuu kan qabu ta'uu fi koppii himata irratti dhihaatee argachuu fi tarree yakkichaa hubachuu, ragoolee irratti dhihaatan gaafachuu fi itti dhihaate ilaaluuf mirga akka qabu Heerri RDFI kew 20(2) fi (4) jalatti tumeera.

Namni shakkame tokko mirga ragooleen ittisaa isaa akka dhihaatan gochuu fi dhageessifachuuf mirga qaba.Namni himatame tokko abukaattoo dhuunfaa isaa dhaabuu fi kanas gochuu kan hin dandeenye taanaan mirga mootummaa irraa abukaattoo mootummaa argachuu akka qabu Heera RDFI kew 20(5) jalatti tumameera.Tumaaleen heerichaa kun

himatamaa fi himataan falmii fi dhaddacha gaggeeffamu irratti beekumsaa fi carraa falmii wal madaalaa ta'e akka qabaatan gochuu kan dandeessisuu dha.

Qaamolee falmii keessatti hirmaatan keessattuu himataan dandeetti fi beekumsaa falmii waan qabuuf qofa injifataa falmichaa ta'uu hin qabu.Himataa fi himataan qajeeltoo beekumsa wal madaalaa ta'ee waa'ee himataa fi ragaa irratti qabaachuun, mirga ragaa akkaataa qixa ta'een dhiheessuu qabaachuun qofa dhugaa irratti hundaa'anii falmii gaggeessuun injifataa fi injifatamaan jiraachuu qabu kan jedhu hojiirra ooluu qaba.Kallattiin kanaan himatamaan himata dhihaate irratti beekumsaa fi hubannoo akka qabaatu gochuuf dursee isa gahuu kan qabuu fi kanuma irratti hundaa'uun ragoolee ittisaa isaa akka qopheeffatu, ragoolee abbaa alangaa ilaaluu fi gaafachuu akka danda'u akkasumas gargaarsa tajaajila seeraa baasii ofii isaatiin ykn mootummaa irraa argachuun wal falmitootni falmii gaggeessan keessatti dandeettii wal madaalaa ta'e akka qabaatan gochuun murtiin madaalawaa fi haqummaa qabu akka kennamu ni godha jedhamee tilmaamama.

Gama biraatiin, namni tokko gocha yakkaa himata keessatti barreeffame raawwachuu isaa irratti ijoon dubbii fi seerri tumamuun qulqullaa'ee murtiin balleessummaaa erga kennameen booda himatamaan murtii kenname irratti komii kan qabu taanaan mirga heeraa ol'iyyannoo dhiheessuu akka qabu Heera RDFI kew 20(6) jalatti tumameera.Kallattii kanaan, mirgi ol'iyyannoo dhiheessu mirga Heera RDFIn wabii argate dha.Tumaalee heeraa mootummaa olii keessatti tumaman hojiirra oolchuu waliin wal qabatee rakkoowwan uumamanii fi furmaata kennamu irratti mari'achuuf qabxiiwwan armaan gadii dhihaataniiru.

- ❖ Abbaan alangaa himatamaan ajjechaa raawwateera jechuun himata bu'uure. Innis dhimmi himata bu'uure irratti tarreeffaman mirkaneessuuf maqaa fi teessoo ragoolee namaa sadii wal qabsiisuun dhiheesse.Haa ta'u malee ragoolee kanneen teessoo isaaniin barbaadamanis argachuun waan hin danda'amneef abbaan alangaa jecha ragaa ragooleen kun poolisootaaf kennan akka dhihaatee manni murtii murtii irratti kennu gaafate.Himatamaan gama isaatiin Heera RDFI kew 20(4) caqasuun ragoolee waan hin gaafatneef jechi raga ragooleen poolisiitti kennan fudhatamuu hin qabu jedhe.Isin abbaa seeraa dhimmicha ilaalaa jirtan osoo ta'ee jala murtii akkamii dabarsitu?

- ❖ Ragaan mana murtii dura qorannootiif kennamu yeroo dhihaatu himatamaan mormii Heera RDFI kew 20(4) caqasuun dhiheessuu akkamitti ilaaltu?
- ❖ Manneen murtii aanaa fi ol'iyyannootti abukaatoon mootummaa dhabamuu isaa Heera RDFI kew 20(5) waliin akkamitti ilaaltu?
- ❖ Mana murtii ol'aanaatti namni tokko gocha yakkaa saamicha ol'aanaa ta'e raawwateerta jechuun abukaatoon mootummaa osoo hin dhaabataniif murtiin balleessummaa fi adabbiin du'aa irratti murtaa'ee.Isin dhimma kana ol'iyyannoon ilaaluun sirreessuuf aangoo osoo qabaattanii tumaalee heerichaa giddu galeessa gochuun akkamitti murteessitu? Maaliif?
- ❖ Heera RDFI kew 20(6) jalatti mirgi ol'iyyannoo mirga heeraan kennamee dha.Ta'us labsiin 25/88 ministeerootaa fi abbootii aangoo sadarkaa wal fakkaatu irratti argaman gocha yakkaa raawwatanii yoo argaman manni murtii dhimmicha sadarkaa duraatiin ilaalu mana murtii waliigala Federaalaa ta'uun isaa mirga ol'iyyannoo argachuu heeraa mootummaa kew 20(6) waliin akkamitti wal sima?

### 1.6.6. Mirga Heeraa Dubartootaa fi Daa'immanii fi Seera Yakkaa

Seerri yakkaa gochoota sammuu fi qaama dubartootaa fi daa'immanii irratti miidhaa geessisaa turan hambisuudhaaf gochoota kana seera yakkaa biyyatti keessatti tumuun yakkeessuudhaan faayidaa mirgoolee dubartootaa fi daa'immanii kabajchisuu keessatti gaheen taphatu kan bakka buufamu miti.Seerri yakkaa mirgoolee dubartootaa kabajchisuuf dirqisiisanii gudeeduu, butii, fuudhaa-heeruma umuriin gadii fi gochoota biroo yakka gochuun kabaja mirgoota dubartootaaf bu'aa hunda qabeessa ta'e buusa.

Seerri yakkaa mirga daa'immanii kabajchisuuf gochoota qaamaa fi sammuu daa'immanii irratti miidhaa geessisan akka cunqursaa qaamaa fi saalaa daa'immanii irratti raawwataman akka yakkaatti kaa'uun gochoota kanaafis adabbii tumuun kabaja hunda qabeessa mirga daa'immaniif gaheen taphate baay'ee ol'aanaa dha. Dabalataan, ijoollee akka seera biyyattiitti daa'imman jedhamanii fi umurii ce'uumsaa keessatti argaman gocha yakkaa raawwatanii yeroo himatni irratti bu'uuramu adeemsa,duudhaalee fi adabbiiwwan addaa ta'an sirna haqa biyyattiin hordofamuu qabu kaa'uun daa'immaniin eegumsa fi wabii adda ta'e kenna. Gama biraatiin gochoota ykn barmaatilee duubatti hafoo daa'imman durbartoota ta'an

irratti raawwataman akka gochoota yakkaatti tumuun gochootni kunis raawwatamanii kan argaman yoo ta’e adabbii kaa’uun gaheen sirni haqa yakkaa fi seerri yakkaa mirga dubartootaa kabajuu fi kabajchisuuf taasisuu qaban guddaa ta’uu qaba.Gama kanaan daa’immanii fi dubartoota carraan gochoota yakkaan miidhamuu fi saaxilamuu qaban ol’aanaa ta’e irratti qorannoo adda ta’e gaggeessuun gochootni kun akka hin raawwatamne ittisuu fi tooftaa namoota gochoota akkanaa raawwatan seera fuulduratti dhiheessuun itti danda’amu akeekuun hojjatamuun yoo hin danda’amne gochoota yakkaa daa’immanii fi dubartoota irratti raawwataman poolisiif osoo hin gabaasamiin hafuu danda’u.

# 1.7. Aangoo Seera Yakkaa Baasuu fi Aangoo Abbaa Seerummaa Qoqqooduu

Dhimmi Heera RDFI seera yakkaa waliin wal qabsiisu inni biraa aangoon seera yakkaa biyyattii baasuu fi gochoota raawwataman adda baasuun murtii dabarsuu kan kennamu mootummaa federaalaaf yoo ta’e mootummooleen naannoolee dhimmoota seera yakkaa biyyattii keessatti hin tumamne irratti seera yakkaa biraa baasuu ni danda’u.Heera RDFI kew 55(5) jalatti abbaan aangoo seera yakkaa biyyattii baasuu kan mootummaa federaalaa akka ta’ee fi dhimmoota seera yakkaa federaalaa irratti hin ibsamne irratti naannooleen aangoo seera yakkaa baasuu ni danda’u.Gama kanaan naannoleen gochoota yakkaa seera faayinaansii naannichaa cabsuun raawwataman, gochoota yakkaa labsii gibiraa naannichaa cabsuun raawwatamanii fi gochoota dharaa labsii qaama seera baastuu mootummaa naannichaa bira darbuun raawwataman akka gochoota yakkaatti kaa’uun gochoota kanaafis adabbii murteessuu akka danda’an bu’uurri seeraa Heera RDFI Federaalaati. Gama biraatiin Heerichi aangoon abbaa seerummaa mootummaa federaalaa fi naannooleen akka qoodame ni tuma.

Dhimma kana bu’uura gochuun labsiin lakkoofsa 25/88 fi labsiiwwan itti aansuun fooyya’an aangoo abbaa seerummaa federaalaa fi naannoolee jechuun ifaan tumaniiru. Gama kanaan Heerichi aangoo seera yakkaa tumuu mootummaa federaalaa fi naannooleef kan kenne ta’uu isaa fi mootummaaleen naannoolee dhimmoota seera yakkaa federaalaa keessatti hin haammatamne irratti seera yakkaa baasuu akka danda’an hubachuun murteessaa dha.

## 1.8. Guduunfaa

Heerri bifaa fi qabiyyee seera yakkaa murteessuu fi hojiimaataa fi gurmaa'insa sirna haqa yakkaa diriirsuu keessatti gaheen qabu bifa asii olitti ibsameen qofa ibsamee kan dhumatuu miti.Gaheen seerri yakkaa mirgoolee Heera RDFI irratti tumaman hunda kabajuu fi kabajchisuuf qabu barreeffama kana keessatti tarreessuun xumuruuf qabiyyeen isaa bal'aa fi ulfaataa ta'a. Kana waan ta'eef, dhimootni barreeffama kana keessatti ibsaman dhimmoota waliigalaa irratti kan xiyyeeffatee walitti dufeenya seerri yakkaa, sirna haqa yakkaa fi Heerri qaban ilaalchisuun qabxiiwwan mariif gargaaran kaa'uun hojiiwwan guyyaa guyyaan seera yakkaa, sirna haqa yakkaa fi Heera RDFI hojiirra yeroo oolchinu mul'ataa fi galma Heera RDFI hubachuun ergama mirga namoomaa kabajuu fi kabajchisuu keessatti qabnu mirkaneessuu qabna.

Kana gochuuf immoo marii miseensotni koree heera wixxineessan yeroo tumaalee bu'uuraa Heerri tumamu taasisanii fi murtii dabarsan akkasumas tumaalee wal fakkaatoo waliigaltee miirga namoomaa addunyaatti argamanii fi qabiyyee waliigalteewwan mirga namoomaa biyyattiin mallatteesite hubachuuf tattaaffii walirraa hin cinne taasisuun barbaachisaa dha.

Hundumti keenya hubachuu akka dandeenyu gochi yakkaa nageenya biyyaa, uummataa fi namoota dhuunfaa kan miidhu ta'uu irra darbee miidhaa hin irraanfatamne qaama sammuu fi qabeenya irratti kan geessisuu dha. Gochoota akkasii miidhaa guddaa geessisan akka gochoota yakkaatti kaa'uun adabbii kaa'uun seera tumuun hojii boruuf bulu miti. Kanaaf, qaamoleen haqaa mirgoolee Heera RDFI irratti tumaman yakkamtootaan akka hin sarbamne gochuudhaan nageenyaa fi tasgabbiin akka jiraatu seera yakkaa bifa sirrii ta'een hojiitti hiikuu fi walitti dufeenya Heera RDFI waliin qabu hubachuun hojjachuu qabu.

# KUTAA LAMA

# QAJEELTOWWANII FI KALLATTIWWAN HEERRI RDFI SEERA ITTIGAAFATAMUMMAA WALIIGALTEEN ALAA ILAALCHISUUN KAA'E

Leenjifamtootni kenna leenjiin booda dhimmoota armaan gadii irratti hubannoo guutuu ta'e ni qabaatu jedhamee yaadama:

- ✓ Daangaa biyyattii keessatti gochoota mirga namoomaa irratti miidhaa kallattii ykn al kallattii geessisan waliin wal qabatee faayidaa seerri itti gaafatamummaa waliigalteen ala dhufuu qabu ni hubatu
- ✓ Faayidaa seerri itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hojii mootummaa akkaataa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun gaggeessuuf qabu ni hubatu
- ✓ Qaawwanii fi yaadota furmaataa seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa keessatti mul'atan hubachiisuun mootummaan gochootni mirga namoomaa irratti miidhaa geessisan akka hin raawwatamne gochuu, dhaabuu fi gochi kunis raawwatamee yoo argame tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu beenyaan gahaa ta'e miidhamaaf akka gahu gochuuf hubannoon gahaa ni uumama
- ✓ Mirgooleen bu'uuraa Heera RDFI keessatti beekamtii argatan namoota birootiin yeroo sarbaman kallattii beenyaan miidhamtoota yakkaatiif kennamuu fi rakkoowwan adeemsa beenyaa kennuu keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa burqisiisuu

### 2.1. Waa'ee Heera RDFI fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Ala Fidu: Waliigalaan

Heerri RDFI boqonnaa sadaffaa keessatti mirgoolee sivilii, siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa jiraattotaa fi namoota dhuunfaa kaa'eera. Mirgooleen namoota dhuunfaa fi waliinii Heera RDFI keessatti beekamtii fi wabii argatan walitti dhufeenya namootni waliin qaban ykn mootummaa ykn qaamolee seeraan hundaa'an gidduutti jiru keessatti miidhaan namootaa, hojjattootaa ykn abbootii aangoo mootummaa irra gahuu danda'a. Akka Heera RDFI kew 13(1)'tti dirqamoota mootummaan mirgoolee Heera RDFI keessatti kaa'aman kabajuu fi kabajchiisuuf qabu keessaa inni duraa gochoota mirga namoomaa irratti

raawwataman tokko tokko akka gochoota yakkaatti kaa'uun namoota gochoota yakkaa kanneen itti yaadanii ykn dagannoon raawwatan seera fulduratti dhiyeessuun itti gaafatamummaa akka qabaatan gochuun adabbiin gocha raawwate waliin wal madaalu akka itti murtaa'u gochuu dha.Kaayyoon guddaan sirna haqa yakkaa nageenyaa fi tasgabbii mirkaneessuu waan ta'eef himatamaan gara seeraatti dhihaachuun adabamuu isaa qofaan beenyaan miidhamaan yakkaa argatu garuu hin jiru.

Karaawwan mootummaan dirqama mirga namoomaa kabajuu fi kabajchisuuf fudhatu keessaa inni biraa hojmaataawwanii fi sirna miidhamaan tokko beenyaa adeemsa hariirootiin nama uumamaa ykn nama seeraa irraa argachuu akka danda'u diriirsuunii dha. Seerri mirgi nama dhuunfaa ykn nama seeraa irratti miidhaa gahe irratti falmii hariiroo hawaasaa gaggeessuun namoota miidhaan irraa gahe akaakuuwwan beenyaa akkamii argachuu akka qaban tarreessuun kaa'uu seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu ilaaluu dha. Qajeeltoon seera yakkaa keessa jiru 'akka nama qulqulluutti lakkaa'amuu jedhu' dhimma hariiroo hawaasaa keessattis raawwatiinsa kan qabu yoo ta'u qajeeltichis namni tokko adeemsa hariiroo hawaasaan balleessaa akka qabu osoo hin mirkanaa'iin akka nama balleessaa qabuutti lakkaa'amuu hin qabu kan jedhuu dha. Seerri itti gaafatamummaa waliigalteen ala hordofsiisu ilaalus qajeeltoo kana irratti kan bu'uureeffate ta'uu isaas seera hariiroo hawaasaa Itiyoophiyaa kew 2141 irraa hubachuun ni danda'ama. Kana waan ta'eef:

1. Namni tokko ta'e jedhee ykn dagannoon faayidaa ykn mirga namoota biroo irratti miidhaa geessisuun isaa ragaan kan qulqullaa'ee yoo ta'e
2. Namni tokko hojii suukkanneessaa ta'een ykn qabeenya namoota biroo irratti miidhaa geesisuun mirga ykn dantaa namootaa irratti miidhaa geessisuun isaa ragaan kan qulqullaa'ee yoo ta'e
3. Nama dantaa fi mirga nama biraa irratti miidhaa geessisu to'achuu fi bulchuuf qabu tokko miidhaa nama kanaan gahuutii itti gaafatamummaa kan qabu ta'uu isaa fi namoonti miidhaan irraa ga'es beenyaa nama aangoo to'achuu fi bulchuuf qabu irraa argachuu akka danda'an yaad-rimee biyya keenya keessatti argamu qofa osoo hin taane biyyoota biroo birattis kan jiruu dha. Kana waan ta'eef sababoota armaan oliitiin miidhaan nama tokko irratti kan gahe yoo ta'e, akkuma haala isaa namni

miidhaa geesise nama miidhame bakkee duraan jirutti deebisuu ykn beenyaa kaffaluuf itti gaafatamummaa ni qabaata.

Gabaabinaan sirna seeraa mootummaan dirqama mirgoolee Heera RDFI irratti tumaman kabajuu fi kabajchisuuf qabu hojiirra oolchuu ittiin danda'u keessaa inni tokko namoota gochoota tokko tokko raawwachuun itti gaafatamummaa waliigalteen alaa akka qabaatan gochuun namootni miidhaan irra ga'e beenyaa akka argatan gochuunidha.Sirna kana keessatti hojjattoonni ykn abbootiin aangoo mootummaa seera ifa ta'e darbuun mirga namaa irratti miidhaa kan geessisan yoo ta'e ykn hojiiwwan sodaachisoo diingadee mootummaan raawwatun fi qabeenyawwan mootummaa miidhaa geessisaniin mirgaa fi dantaa namoota biroo irratti miidhaa kan geessisu yoo ta'u miidhaa uumameef itti gaafatamummaa kan qabuu fi namoota miidhaan isaan qunnameefis sirna seeraa beenyaan itti kaffalamu diriirsuu dha.

Gama kanaan seerri itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu mirgoolee Heera RDFI, waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa addaa addaa keessatti tumaman kabajuu fi kabajchisuu danda'uu fi namootni miidhaa geessisan seera hariiroo hawaasaatiin kan itti gaafatamuu qabaniifi beenyaa gahaa kaffalamuuf dandeessisuun guutuu ta'uu qaba. Qaamoleen seeraa itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu hojiirra oolchan galma Heerri mirgoolee namoomaa kabajchisuuf qabu giddu galeessa godhachuun namootni dantaa fi mirga namootaa irratti miidhaa geessisan kan itti gaafaamanii fi namootni miidhaan irra ga'es beenyaa kan itti argatan gochuuf dirqama Heerichi irratti gate bahuu qabu.

Gama kanaan kaayyoon bu'uuraa seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisuuf qabu qaamolee gama tokkoon ykn gama biraan mirga namoota biroo irratti miidhaa geessisan seera hariiroo hawaasaan itti gaafatamummaa akka qabaatan gochuun mirgooleen namoomaa akka kabajaman taasisuun namootni mirgi isaanii sarbame beenyaa miidhaa isaan irraan gahe waliin wal madaalu akka argatan gochuu dha.

Kanaaf Heera RDFI fi seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu gidduutti walitti dufeenya cimaa ta'etu jira. Ibsa biraatiin, dhimmi Heera RDFItiin uwwisa cimaa ta'e argate mirgoolee namoomaa waan ta'eef mirgooleen kun sarbamuun lubbuu, qabeenyaa fi bilisummaa miidhaa kan gahu yoo ta'e seerri namoota mirga ykn dantaa namootaa irratti miidhaa geessisan itti gaafatmummaa akka qabaatanii fi namoota miidhamaniif beenyaa akka

kaffalan gochisiisu jiraachuu qaba.Dhimmi itti aansuun ilaallu qajeeltoo heerichaa fi dhimmoota wal qabatanii dha.

2.2. Hojii Mootummaa Akkaataa Iftoominaa fi Itti Gaafatamummaa Qabuun Gaggeessuu fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Alaa Hordofsiisu

### 2.2.1. Itti Gaafatamummaa Abbootii Aangoo fi Hojjattoota Mootummaa

Heera RDFI kew 12(1)(2) jalatti qajeeltoon ‘‘hojii mootummaa akkaataa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun raawwachuu’’ jedhu kaa’meera. Mootummaan qaamolee haqaa adda addaatiin tajaajilawwan adda addaa uummataaf yeroo kennu, adeemsa kenna tajaajilaa keessatti hordofamuu qabu, seeraa fi tooftaawwan adda addaatiin uummataaf ifa gochuu akka qabu Heerichi ni kaa’a. Dabalataan filatamaan uummataa ykn abbaan aangoo mootummaa dirqama isaa bahuu kan hin dandeenye yoo ta’e itti gaafatamummaa akka qabu Heera RDFI kew 12(2) jalatti tumameera.Yeroo dhiyoon as kaayyoo keewwata kanaa hojiirra oolchuuf seerri filatamaa uummataa ykn abbaa aangoo mootummaa qabeenya qabu akka galmeessisu taasisu bahuun gochi malaammaltummaa fi kiraa sassaabdummaan akka xiqqaatu carraa gaarii uumeera.Akkasumas seerri abbaan aangoo ykn hojjataan mootummaa tokko gahee fi dirqama kennameef bira darbuun dantaa fi namoota biroo irratti miidhaa geessisu seera hariiroo hawaasaan itti gaafatamuu fi nama miidhaan irra gaheef beenyaa itti kaffalu guutamuu qaba.Gama kanaan:

- ✓ Hojjetaan ykn abbaan aangoo mootummaa tokko aangoo uummataa akka tajaajiluuf isaaf kenname faayidaa dhuunfaa isaa ykn faayidaa nama biraatiif kan oolche yoo ta’e
- ✓ Hojjataan ykn abbaan aangoo mootummaa tokko dhimma seeraan haala ifa ta’een dhorkame dambii, qajeelfama ykn sirna darbuudhaan namoota biroo irratti miidhaa kan geessisu yoo ta’e balleessaa isaatiif itti gaafatamummaa kan qabu akka ta’e tumaalee seera hariiroo hawaasaa kew 2033-2036 jiran ilaaluun hubachuun ni danda’ama.

Kanaaf, seerri itti gaafatamummaa waliigalteen ala hordofsiisu abbootii aangoo seera hariiroo hawaasummaa kew 2138 jalatti tarreeffaman kanneen akka ministeerota, miseensootaa, paarlamaa  fi abbootii seeraa akkasumas abbootii aangoo ykn namoota biroo seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisuun gaafatamuu hin qabaanne jedhamanii ibsamaniin ala hojjattootaa fi abbootii aangoo mootummaa jiran seera ifa ta'e bira darbuun miidhaa geechisaniif itti gaafatamummaa kan qabaniifi nama miidhaan irra ga'eef beenyaa barbaachisaa ta'e kaffaluuf dirqama akka qaban bu'uura seeraa buusa.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Seerri hariiroo hawaasaa kew 2138(b) murtii miseensotni mana maree naannoo, magaalaa fi gandaa kennaniin miidhaa gahuun hariiroo hawaasaan akka hin gaafatamne eegumsa ni kennaa? Maaliif?
2. Seerri hariiroo hawaasaa kew 2138(c) abbootii seeraa mana murtii hawaasummaa dhimma hariiroo hawaasaatiin akka hin himatamne eegumsa kennuu danda'aa? Maaliif?
3. Tumaan seera hariiroo hawaasaa kew 2138 sirna federaalizimii amma jiruu fi tarsiimoo aangoo mootummaa gara sadaraa gad-aanutti gad buusuu jedhun akkamitti hiikamee hojiirra ooluu qaba jettu? Yaada keessan bal'isuun dhiheessuun miseensota garee waliin mari'adhaa.
4. Kaayyoo fi galmi tumaan seera hariiroo hawaasaa kew 2139 maal isinitti fakkaata?
5. Tumaalee seeraa hariiroo hawaasaan ala seerri abbootii aangoo mootummaa itti gaafatamaa taasisu jiraa? Jira yoo jettan kaasaa irratti mari'adhaa?

### 2.2.2. Itti Gaafatamummaa Qaamolee Mootummaa fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliiigalteen Alaa Hordofsiisu

Qajeelfamni tajaajila mootummaa akkaataa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun kennuun hojjattoonnii fi abbootiin aangoo mootummaa hojii fi tajaajila kennan bifa seerrii fi qajeeltoon kun jedhuun kennuu isaanii mirkaneesuun bu'aa qabeessummaa tajaajila kennamu to'achuuf ni gargaara. Qaamoleen mootummaa sadarkaa adda addaa irratti argaman tajaajila kennan bifa sirrii ta'een kennuu qabu.Abbaan aangoo mootummaa ykn hojjataan mootummaa tokko yeroo tajaajila ummataaf kennuu badii dhuunfaa isaatiin nama biraa irratti miidhaa kan

geesise yoo ta'e miidhaamaan mootummaa gaafachuu akka danda'u seera hariiroo hawaasaa kew 2126-2128 irraa hubachuun ni danda'ama.

Kunis hojjataa ykn abbaa aangoo mootummaa qofa osoo hin taanee qaamoleen mootummaa tajaajila kennan keessatti nama biraa irratti miidhaa kan geessisan yoo ta'e itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa kan qabanii fi nama miidhameefis beenyaa barbaachisaa ta'e kaffaluu akka qaban kaa'uun isaa tajaajilli mootummaa akkaataa iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabuun akka kennamu gochuun bu'uura heerichaa kan cimsu ta'a.

Sadarkaa lamaffaatiin qaamoleen mootummaa tajaajla uummatni irraa barbaadu ummataaf kennuun qabeenyota adda addaa akka biiroo tajaajilli itti kennamuu, konkolaataa, motorsaaykilii fi kkf ni fayyadamu.Qabeenyotni qaamolee mootummaa kun namoota biroo irratti miidhaa kan geesisan yoo ta'an qaamoleen mootummaa itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa kan qaban ta'uu isaa seerri hariiroo hawaasaa kew 394 irratti kan jiru yoo ta'u, namoota miidhaan irra ga'eef immoo beenyaa gahaa ta'e kaffaluu akka qaban seerri hariiroo hawaasaa kew 2089 ni tuma.

Qajeeltoo bu'uuraa armaan olii dabalatee, mootummaan hojiiwwan miisoomaa adda addaa kan raawwatu yoo ta'u keessattu tajaajiloota uummataa hojjataman keessaa uumama isaaniin namoota irratti miidhaa geesisu danda'an akka madisiistuwwan tajaajila annisaa ijaaruu fi sararawwan ibsaa diriirsuu ni hojjeta.Kanaaf,dhaabbileen misooma mootummaa ykn dhaabbileen tajaajila uummataaf kennan biroo hojiiwwan hojjetan keessatti namoota biroo irratti miidhaa kan geessisan taanaan keewwattoota ibsamaniin kan gaafatamanii fi namoota miidhaan irra ga'eef beenyaa kaffaluun kan dirqaman ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Kunis mootummaan qabeenya qabu namoota biroo irratti bifa miidhaa hin geesisneen fayyadamuu fi hanga danda'amaa ta'eetti hojiilee misooma bu'uuraa namoota irratti miidhaa hin geesisne akka ijaaru dirqisiisuun itti gaafatamummaa mootummaa kan dhugoomsuu dha.Sadarkaa sadaffaadhaan immoo, qaamoleen mootummaa sadarkaa adda addaa irratti argaman sababa gahaa malee bu'aa qabeenya nama birootiin fayyadamaa akka hin taane seerri hariiroo hawaasaa kew 2162 fi kan itti aanaaniin kan gaafatamu ta'uu isaa fi miidhaa sababuma kanaan abbaa qabeenya irratti gaheef mootummaan beenyaan miidhamaaf akka kaffalamu gochuun seerrii itti gaafatamummaa waliigalteen ala horodofsiisu ilaalu tajaajilli

mootummaa akkaataa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun akka raawwatamu gochuun mootummaan seeraaf bitamaa akka ta'u gochuuf ni gargaara.Ibsa biraatiin qajeeltoo namni kamiyyuu seeraa fulduratti qixa dha jedhu hojiirra oolchuun qaamolee mootummaa akkasumas hojjattoonnii fi abbootiin aangoo qaamolee mootummaa nama biraa irratti miidhaa geesissanii kan argaman taanaan itti gaafatamummaa kan qabanii fi namoonti miidhaan irra ga'es seera hariiroo hawaasaa irratti hundaa'uun mirga beenyaa argachuu (mootummaa dabalatee) akka qabu jiraachuun isaa mirgoolee Heera RDFI irratti tarreeffaman hojiirra olchuuf faayidaa guddaa ta'e qaba.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Dhaabbannii qorannoo qorannaa naannoo tokkoo sanyii garbuu hongee ittisuu fi bu'aa omishaa baay'ee ta'e kennuu kan danda'u ta'uu isaa maasii qotee bultootaa irratti erga mirkaneesseen booda saanyicha qoteebultootani kuma tokko ta'aniif raabse. Ta'us garbuun facaafame sanyii tokko illee kennuu hin dandeenye. Dhimmichi irra deebin yeroo qoratamu sanyiin garbuu haala kanaan qorannoon argame yeroo duraatiif malee irra deebiin yeroo facaafamu omisha akka hin kenninee fi hanqina akka qabu bira gahame.Qoteebultoonni kuma tokko ta'an dhuunfaa fi waliin miidhaa isaan irraa ga'eef beenyaa gaafachuuf himata bu'uuru barbaadan.Miidhaa ga'e kanaaf qaamni itti gaafatamummaa qabu eenyu? Dhaabbanni qorannoo hojiin hojjatu dhaabbate miidhaa ga'eef beenyaa akka kaffalu gochuuf bu'uurri seeraa jiraa? Maaliif?
2. Badii hojjataan ykn abbaan aangoo mootummaa tokko hojii isaarratti raawwateef qaamni mootummaa sun beenyaa erga kaffaleen booda deebi'ee hojjataan ykn abbaan aangoo mootummaa sun beenyaa kanfalame sana akka bakka buusu bu'uurri seeraa eeyyamu jira jettanii yaadduu?
3. Itti gaafatamummaa qaamolee haqaa kan mirkanaa'u dhimmootni akkamii guutamanii yoo argamanii dha?

## 2.3. Mirgoota Eegumsi Heeraa Kennameefii fi Seera Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Alaa Hordofsiisu

Mirgootnii fi bilisummaawwan bu'uuraa eegumsaa fi wabii Heera RDFI argatan baay'ee akka ta'an heericha haala salphaa ta'een ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Mirgootnii fi

bilisummaawwan bu’uuraa Heera RDFIn eegumsaa fi wabii argatan keessaa kanneen armaan gadii isaan hangafaati:

- ✓ Mirga lubbuun jiraachuu
- ✓ Mirga kabaja qaamaa fi qabiinsa fi adabbii al namummaa fi kabaja namaa tuquu irraa baraaramuu
- ✓ Mirga bilisummaa fi maatii
- ✓ Mirga kabajaa fi maqaa namaa
- ✓ Mirga kabajaa fi eegumsa jireenya dhuunfaa
- ✓ Mirga qabeenyaa

Jedhan bira darbuun namootni dhuunfaa ykn seeraa itti gaafatamummaa kan qabanii fi hin qabaanne adda baasuun seera hariiroo hawaasaa kew 2038-2065 jalatti kan kaa’u yoo ta’u, kunis namoota walitti dufeenya alkallattiin itti gaafatamummaa qabaniif hin qabne adda baasuun daangaa mirgoolee heerichaan eegumsaa fi wabii argatan akkaataa seera hariiroo hawaasaatiin beekuuf faayidaa guddaa ta’e qaba. Hojiirra oolmaan keewwattoota armaan olii yeroo ilaalamu namoota miidhaa namoota biroo irratti ta’e jedhanii ykn dagannoon raawwatan adda baasuf kan uulfaatuu miti.Rakkoowwanii fi hanqinaaleen baay’ee ta’an gama kanaan kan mul’atan hanga kaffaltii beenyaa namoota miidhaan irra ga’eef kaffalamuu qabu murteessuu irratti dha. Sababni isaas tokkoffaa tumaaleen seera hariiroo hawaasaa bifa sirna heeraa haaraa waliin wal simuun kan fooyya’ee waan hin taaneef,lammaffaa abbootiin seeraa hanga kaffaltii beenyaa miidhaamaa gochaaf murtessan irratti haala kaayyoo fi galma Heera RDFI giddu galeessaa godhateen ilaaluun murteessuu irratti rakkoon kan jiru waan ta’eef haala bal’inaa fi xiyyeeffannaa qabuun irratti mari’atamuu qaba.Gama kanaan ciminaa fi rakkoowwan jiran kana hubachuuf murtiiwwan manneen murtii hanga dhaddacha ijibaataatiin ilaalamanii murtaa’aa jiran akaakuu akkaakuun bifa armaan gadiitiin ilaaluun ni danda’ama.

1. Rakkoon inni tokkooffaa kan mil’atu seera hariiroo hawaasaa kew 2095 hiikuu waliin wal qabateetidha.Rakkoowwan kun kallattii adda addaatiin ibsamuu danda’u.Inni tokkooffaa murtii yeroo maatiin,ijoollee fi kunuunistootni du’an kennamu irrattidha.Fakkeenyaaf namni umuriin isaa 40 ta’e daa’immini waggaa 14 kan qabu

yoo ta'u daa'immini kunis balaa konkolaataa gaheen lubbuun isaa darbuu danda'eera.Abbaan daa'imma kanaa daa'imichi lubbuun yeroo ture keessatti hojii qonnaa fi horii tiksuun isaan gargaaraa kan ture ta'uu kaasuun mucaan kun lubbuun osoo jiraata ture humnaa fi beekumsa isaatiin kan isaan kunuunsu ta'u kaasuun miidhaa isaan irraa gaheef akka seera hariiroo hawaasaa kew 2091 fi 2092 beenyaan akka isaaniif kaffalu iyyatan.Deebii kennaan balleessaa raawwate kan amane yoo ta'u, mucaan umuriin isaa 14 abbaa fi haadaa isaa kunuunsuu irratti garuu ragaan hin mirkanoofne jedheera.Kanaaf, manneen murtii sadarkaa adda addaa irratti argamaniin murtii kennameen abbaa fi haatii du'aa miidhaa kunuunsa hafuutiin irra gahe akka seera hariiroo hawaasaa kew 2095 ibsuu waan hin dandeenyeef iyyata dhihaate bira darbuun namni miidhaa geesise maatii daa'aima du'eef beenyaa hamilee qabrshii 1000 akka kaffalu murteessan. Murtiin akkanaa mirga lubbuun jiraachuu heerichaan beekumsaa fi wabii argte waliin wal sima jettuu?

- Abbaan daa'imma du'ee akka seera hariiroo hawaasaa kew 2091 faayidaan isaan jalaa hafe jira jettanii yaadduu?
- Abbaan daa'imma du'ee akka seera hariiroo hawaasaa kew 2092tiin faayidaa mucaan kun osoo du'uu baate isaaniif kennu bira darbameera jettuu? maaliif?
- Seerrii hariiroo hawaasaa kew 2095, 2091, 2092 fi 2102 kaayyofi galma Heera RDFI kew 14 fi 15 waliin bifa wal simatuun hojiirra ooklchuun ni danda'ama jettuu? Maaliif?

2. Dhimmi inni biraa abbaa fi haati manaa waliin jiraachaa yeroo turanitti isaan keessaa tokko lubbuun isaa du'aan yeroo darbu kan biraaf iyyata beenyaa kaffalamu ilaachisee dhihaatuu dha. Keessattuu haatii manaa lubbuun ishee du'aan yeroo darbu abbaan manaa miidhaa jireenya isaa irra gaheef seera hariiroo hawaasaa kew 2095tiin namni lubbuu namaa dabarse beenyaan hamilee qarshii 1000 akka kaffalu murtaa'e.
    - Haati manaa yeroo lubbuun turte keessatti tajaajila mana isheetiif kennaa turte isheen du'uu isheetiin adda hin kutamne jechuun murteessuun hangam haqa-qabeessa jettu?
    - Dhimma kana seera hariiroo hawaasaa kew 2092,2102 fi mirga lubbuun jiraachuu Heera RDFI waliin wal simsiisuun hiikuun ni danda'ama jettuu?

3. Namni tokko qaama isaa irratti miidhaan gahus miidhaan gahuun dura namtichi hojii kan hin qabaannee waan ta'eef miidhaa ga'een faayidaa namtichi dhabe hin jiru.Miidhaan gara funduraatti gahuu danda'us ragaan hin mirkanoofne.Kana waan ta'eef kaffaltii beenyaa haamilee 1000 ala wanti kaffalamu hin jiru jechuun murteessuun jira.
    - Namni hojii hin qabne tokko miidhaa qaama isaa irratti gaheen yaada faayidaa namtichi dhabe hin jiru jedhu mirga nageenya qaamaa Heera RDFIn wabii fi eegumsa argate waliin wal sima jettuu? maaliif?
    - Namni miidhaan qaama isaa irratti ga'ee fi faayidaa inni dhabe ilaaluun beenyaa murteessuuf haqummaa giddu galeessa gochuun murteessuun ni danda'ama jettuu? Maaliif?
4. Namni jireenya isaatiif hojii qabu miidhaa qaama isaa irratti ga'een miidhaa bu'uuraa %5 akka irra ga'e erga mirkanaa'een booda namticha irratti miidhaa ga'een faayidaa fi mirga jalaa hafe ykn gara funduraa jalaa hafu hin jiru jechuun murteessuun sirrii dha jettuu?
5. Namni miidhaan qaamaa bu'uuraa %10 irra ga'e tokko Boordii fayyaatiin gara fuulduraatti hojjechuu akka hin dandeenye waraqaan mirkaneessuus kennameefira.Hangi kaffaltii beenyaa ragaa kam irratti hundaa'uun murtaa'uu qaba jettuu?

Dhimmootni armaan olii akka fakkeenyaatti kan ka'an mirgoolee fi bilisummaawwan namootaa Heera RDFIn wabii fi eegumsi taasifameen namoota uumamaa ykn seeraatiin yeroo sarbamu adeemsi hordofamuu qabu namoota sarban san bilisa baasuu ta'uu qaba moo? Hiikoo seeraa mirgoolee Heera RDFI irratti wabii fi eegumsa taasiseef kabajchisuun miidhamaan beenyaa madaalawaa ta'e akka argatu gochuuni? Dhimma jedhu dirqama Heera RDFI kabajuu fi kabajchisuu keessatti qabanu xiinxaluun ni barbaachisa.Kunis jechuun mirgooleen Heera RDFIn eegumsaa fi wabii argatan sarbamanii yeroo argaman hiikoo mirgoolee san irraa caalaa kabajuu fi kabajchisuuf gargaaruu fi miidhamaan beenyaa gahaa argachuu danda'uun raawwatamuu qaba.

## 2.4. Sarbamuu Mirga Namoomaa, Cabiinsa Mirga Namoomaa Hambisuu fi Itti Gaafatamummaa Beenya Kaffaluu Mootummaa

Qajeeltoon bu'uuraa armaan olitti kaa'ame akkuma jirutti ta'ee, qaamoleen mootummaa mirga ykn daantaa namootaa dhuunfaa ykn uummata muraasaa kan sarban ta'uu irratti iyyattni dhaabbilee ardii fkn komishinii mirga namoomaa Afriikaa fi kkf erga mirkanaa'een booda murtiin yoo kenname dirqamnii fi itti gaafatamummaan akaakuu lama qaba. Dirqamni mootummaan qabu inni duraa cabiinsa raawwatamu dhaabamsiisuu yoo ta'u inni biraa immoo namoota ykn kutaa uummataa mirgi isaanii sarbameef beenyaa madaalaawaa ta'e akka argatan gochuudha.Tarkaanfiiwwan akkaanaa waliigalteewwan mirga namoomaa adduynaa keessatti kan ibsaman yoo ta'uu kanaafis tooftaa baratamaan mirga sarbame tokko sirreessuuf (effective remedy) fudhatamu akka ta'e hojiimaatawwan Komishinii mirga namoomaa mootummaa Gamtoomanii,Komishinii Mirga namoomaa Afriikaa fi dhaabbilee ardiiwwan biroo ilaaluun hubachuun ni danda'ama.Tarkaanfii isa lamaffaa hojiirra oolchuun mootummaan gocha yakkaa ittisuu kan danda'u ta'ee namootni ykn kutaalee hawaasaa keessaa murtaa'oo irratti gochi yakkaa erga raawwatameen booda qaamoleen kun mirga isaan jalaa sarbamee sirreessuuf mootummaan ofii isaatiif beenyaa miidhamtootaaf kaffaluuf akka dandeesisu biyyootni fandii beenyaa ykn qaamolee hojii kana raawwatan hundeessaniiru. Sadarkaa addunyaatti dhimma kana ilaachisee qajeelfamni bara 1985 bahuu danda'eera. Kanuma waliin wal qabatee waliigalteen mirga namoomaa sivilii fi siyaasaa kew 9(5) jalatti namni seeraan ala hidhame tokko mirga beenyaa argachuu akka qabu kaa'eera.Gama biraatiin namni tokko erga hidhameen booda bifa haqa qabeessa hin taaneen (miscarriage of jutice) miidhaan kan isa quunname yoo ta'e beenyaa argachuuf mirga akka qabu waliigalteen mirga namoomaa siyaasaa fi sivilii kew 14(5) jalatti tumameera. Kallattii kanaan itti gaafatamummaa waliigalteen alaa fiduun namni gaafatamuu qabu namoota dhuunfaa ykn qaamolee mootummaa qofa osoo hintaane cabiinsi mirgaa daangaa biyya tokkoo keessatti raawwatamee kan argamu yoo ta'e biyyi akka biyyaatti mirga sarbameef itti gaafatamummaa fudhachuu kan danda'uu fi beenyaa namoota miidhaan irra ga'eef kaffaluu akka danda'u hojimaatawwanii fi qabiyyeen seerotaa dandeessisan sadarkaa addunyaatti jiru.

Kana waan ta'eef itti gaafatamummaa sadarkaa addunyaatti jiru kana hambisuuf biyyootni gochaa mirga namoomaa sarban biyyattii keessatti akka hin uumamne gochuun cinaatti

tooftaa fi sirna beenyaa namootni mirga isaanii sarbamuun miidhaan irra gahe argachuu danda'an diriirsuun barbaachisaadha.Kanaaf nuti ogeessotni qaamolee haqaa keessatti hirmaannaa qabnu ergama Heerichi qabu kallattii kanaan ilaaluun seeraa itti gaafatamummaa waliigalteen ala hordofsiisu haala ball'ian qabuun ilaaluun akkaataa heeraa mootummaa kew13(1)(2) jalatti tumameen waliigalteewwan mirga namoomaa biroo waliin bifa wal simatuun fi kaayyoo fi galam mirgoolee fi bilisummaawwan bu'uuraa hojiirra oolchuun danda'uun hiikuu fi bifa madaalawaa fi haqummaa qabuun hojiirra oolchuun socho'un barbaachisaadha.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Gochi mirga namoomaa sarbu Itiyoophiyaa keessatti yoo raawwatame sirni Itiyoophiyaan akka biyyaatti gaafatamuu fi beenyaa namoota midhaan irra ga'eef akka kaffaltu dirqisiisu jira jettuu? Maaliif?
2. Sirna seeraa Itiyoophiyaan amma hordofaa jirtu keessatti namni tokko waliigaltee mirga namoomaa sivilii fi siyaasaa addunyaa kew 9(4) irratti hundaa'uun beenyaa gaafachuu danda'aa?
3. Nama tokko irratti miidhaan seeraa ala raawwatameera jechuun haalotni guutamuu qaban maali? Haalotni kun seera hariiroo hawaasaa kew 2042 waliin akkamitti ilaaltu?
4. Sirna seeraa Itiyoophiyaa keessatti amma jiruun namni tokko waliigalteen mirga namoomaa sivilii fi siyaasaa kew 14(5) tiin haqni koo badeera jechuun mootummaa irraa beenyaa gaafachuuf mirga qabaa?
5. Haalotni adeemsi murtii tokko haqa guutachuu dhabeera jechuuf agarsiisan isaan kami?
6. Mana murtii isin dhaddacha gaggeessaa jirtanitti iyyatni mirga waliigalteewwan mirga namoomaa biyyattin mallateessite keessa jiru keessaa mirgi koo na jalaa sarbameera kanaaf beenyaa naaf kaffalamuu qaba jechuun dhihaatu irratti murtii akkamii kennitu?
7. Seerri itti gaafatamummaa waliigalteen ala hordofsiisu tumaalee fi kaayyoo Heera RDFI waliin wal simate hojirraa akka oolu gochuuf foyya'iinsi akkamii raawwatamuu qaba jettu? Mee yaada keessan fakkeenya kaasuun gareef dhiheessaa?

## 2.5. Guduunfaa

Seerri itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu biyyattiin akka biyyaa, qaamoleen mootummaa, hojjettoonnii fi abbootiin aangoo mootummaa dirqama mirgoolee fi bilisummaawwan namoomaa kabajuu dhiisuun miidhaa uumamu akkasumas walitti dhufeenya cinaatiin uumamuun namni seeraa ykn dhuunfaa faayidaa fi mirga namootaa biroo irratti miidhaa kan geessisu taanaan seera hariiroo hawaasaatiin itti gaafatamummaa akka qabaatu gochuun mul'ata, ergamaa fi kaayyoo heerichaa galmaan gahuuf gargaarsa ol'aanaa ta'e kenna.

Kallattii kanaan ogeessotni qaamolee haqaa tumaalee seeraa itti gaafatamummaa waliigalteen alaa hordofsiisu mirgoolee fi bilisummaawwan Heera RDFItiin eegumsaa fi wabii argatan waliin bifa wal sirmatuun hiikuun ergamaa fi itti gaafatamummaan ol'anaa ta'e qabu.Ibsa biraatiin, qaamoleen haqaa akka qaama mootummaa tokkootti akkasumas nuti ogeessotni qaamolee haqaa akka lammii biyya kanaatti qajeeltoo bu'uuraa olitti kaa'ame kana hojiirra olchuuf gama seeraatiin dhimmoota fooyya'uu qaban akka fooyya'an agarsiisuu fi seerri kun Heera RDFI fi waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa waliin bifa wal simatuun hiikuun namoota miidhaan irra ga'eef  beenyaa isaan fayyaduu danda'u murteessuun hojiirra oolchuun nurraa eegama.

# KUTAA SADII

# QAJEELTOOWWAN BU'UURAA HEERRI WAA'EE SEERA QABEENYAA KAA'E

Leenjifamtootni kutaa leenjii kana erga xumuranii booda beekumsaa fi dandeettii armaan gadii ni hubatu:

- ✓ Beekamtii Heerri RDFI abbaan qabeenyummaa dhuunfaa kennee fi haala qabiyyeen seerri qabeenyaa mirga kana waliin wal simatee hojirraa ooluu danda'u hubachisuuf
- ✓ Akkaataa fi sababoota heericha irratti qabeenyi uumamaa fi lafti kan mootummaa fi uummataa itti ta'ee fi maalummaa fi qabiyyee mirga abbaa qabiyyee lafaa heerichaan tarreeffamee fi eegumsa kennameef ni ibsamu
- ✓ Mirga abbaan qabiyyee lafaa lafa irratti qabuu fi mootummaan qabiyyee nama biraa tajaajila uummataaf yeroo fudhatu dirqamoota qabuu fi rakkoowwan hojiirra oolmaa keessatti mul'atan kaasuun yaadonti furmaataa ni kennamu.

### 3.1. Heera RDFI fi Seera Qabeenyaa: Bifa Waliigalaatiin

Jechi qabeenya jedhu dhimma gatii qabu ykn faayidaa kennu ta'ee nama uumamaa ykn seeraan dhuunfaan ykn gareen qabamu, kuufamu tokko ibsuun kan fayyadu dha. Dhimmi tokko qabeenya kan jedhamu namaaf tajaajila kennuu kan danda'uu fi gatii kan qabuu fi namoota uumamaa ykn seeraan qabeenyummaan qabamuu kan danda'u yoo ta'e qofa dha. Dhimmi tokko qabeenya jechuun ibsuu kan dandeenyu namni kamiyyuu yeroo fi tooftaawwan kamiinuu itti fayyadamuu kan danda'uu fi tooftaawwan adda addaatiiin namoota sadaffaaf dabarsuun kan danda'amus dabalata. Qabeenya jechuun yaad-rimee bal'aa dhimmoota mul'atanii fi hin mul'atne namni tokko abbaa qabeenyaa itti ta'uu ykn uumamaan argaman ykn namtolchee kan dabalatu dha. Kunis dhimmoota jireenyaa namoota uumamaa ykn seeraa keessatti faayidaa fi tajaajila guddaa kennan akka aduu, addeessa, fi kkf akka qabeenyaatti lakkaa'amuu hin danda'an jechuudha. Qorannoowwan tokko tokko akka agarsiisanitti qabeenyotni amala, bifaafii faayidaa adda addaa qaban irratti mirgi abbaa qabeenyummaa fi madda isaa irratti yaadotni adda addaa akka jiran ni agarsiisu.

Ogeessotni dhimma seera qabeenyaa irratti qorannoo gaggeessan akka kaasanitti yeroo qabeenyi dhuunfaa guddachuu jalqabee kaasee mirgooleen abbaa qabeenyummaa fi qabiyyummaa dambiiwwanii fi tumaawwan seera adda addaa bahuun hojiirra oolaa kan jiran yoo ta'u isaanis seerota durii kan akka seera Hamuurabii, seera Solonii fi kanneen biroo keessatti kan mula'atudha. Jabana giddu-galeessaa irraa eegalee hanga ammaatti mirga abbaa qabeenyummaa waliin wal qabatee yaadotni adda addaa tarkaanfachiifamaa turaniiru.

Yaadni inni duraa mirga abbaa qabeenyummaa namni tokko nama ta'e waan dhalateef qofa mirga argachuu qabu dha kan jedhu irraa madda.Akka yaada kanaatti mirgi abbaa qabeenyummaa akkuma mirga jiraachuu fi mirga bilisummaa namni nama ta'e waan dhalateef kan argatu fi seera namni baasuun kan murtaa'u waan hin taaneef akkuma mirgoolee kaanii kan muluqamu ykn daangeeffamuu miti yaada jedhu waliin wal simsiisuuf kan yaalu dha.Sababuma kanaan kaayyoon seeraa mirgooleef beekumsaa kennuu fi wabii ta'uu dha yaada jedhu tarkaanfachisuun mirgi abbaa qabeenyummaa dhuunfaa mirga eegumsaa fi wabii qabu akka ta'u gochuun qaba namootni jedhan baayyachaa kan jiran waan ta'eef yaadni kun heerota biyyoota baay'ee keessatti beekamtii argachuu danda'eera.

Yaadni kun adda durummaan ilaalcha libiraalizimiin kan gaggeeffamu ta'ee ilaalcha qajeeltoo kaappitaalizimii kan kaasuu yoo ta'u biyyoota akka Ameerikaa fi Awurooppaa lixaa keessatti jiran biratti yaada fudhatamummaa guddaa argate dha.Gama biraatiin abbaan qabeenyummaa dhuunfaa jiraachuun isaa qabeenyaa fi qabeenyi uumamaa namoota muraasaan akka qabamu gochuun uummatni hedduun cunqursaa fi gadadoo keessatti akka turu godha.Kanaaf yaadni qabeenyi kamiyyuu waliin ykn gamtaa fi mootummaan qabamuu faayidaa waliiniif ooluu qaba jedhu adda dureen biyyoota sirna *sooshaalistii* hordofan biratti hordofamaa kan turee fi jiru dha. Gama kanaan Gamtaan Sooviyeetii duraanii fi hordoftoonni ishee adda dureen dhahamuu kan danda'an yoo ta'u biyyi teenyas yeroo mootummaa Dargii jala turte sirna kana hordofuun hojiirra oolchuuf yaalaa akka turte yaadannoo yeroo dhiyooti.

Sababa addaa aaddummaa bu'uuraa yaadotni kun namoota biroo irratti qaban irraa madduun namni kamiyyuu dhuunfaan ykn namoota biroo waliin ta'uun mirga abbaa qabeenyummaa akka qabu, akkasumas namni kamiyyuu akka barbaadetti sirnaan ala mirgi abbaa qabeenyummaa isaa sarbamuu akka hin dandeenyee Ibsaa Waliigalaa Mirga Namoomaa

Addunyaa kew 17 jalatti kan tumame ta'us Waliigalteewwan Mirga namoomaa fi siivilii akkasumas waliigaltee mirga namoomaa diinagdee, hawaasummaa fi aadaa keessatti mirgi kun haala ifa ta'een hin hammatamne.

Sababuma kanaaf, mirgi abbaa qabeenyummaa mirga bu'uuraa olitti taa'ee kana waliigalteen ifeessuun kaa'e dhabamuun isaa waliigalteewwan mirga namoomaa adda addaa keessatti ulaagaalee qabiyyee bu'uuraa fi sababoota mirgi kun haqamuu danda'u taa'uu hin dandeenye.Jechi Seera qabeenyaa jedhu seera biyya tokko keessatti qabeenyoota seeraan eegumsaa fi wabii argatan nama dhuunfaan ykn gamtaan itti qababmuu fi namoota biroof haala guutuu ykn muraasa ta'een itti darbu akkasumas haala adda addaatiin itti fayyadamuu fi abbaa qabeenyummaa ykn abbaa qabiyyee fi dhimmoota biroo mirga abbaa qabeenyummaa waliin wal qabatan hammatu dha.

Gama tokkoon Heerri mirgoolee abbaa qabeenyummaa, mirgoolee abbaa qabiyyee fi itti fayyadamaa tarreessuun mirgoolee kanaan eegumsaa fi wabii kenna. Gama biraatiin Heerichi, qabeenyota kan dhuunfaa ta'uu danda'anii fi kan hin dandeenye fi mootummaaf uummatni qabachuun faayidaa waliif oolan adda baasuun ni kaa'a. Akkasumas haala mootummaan fedhii uummataatiif jechuun qabeenyoota dhuunfaa fudhachuu ykn gadhiisisuu danda'uu fi ulaagaalee kana raawwachuuf guutamuu qabanis ni kaa'a.

Kana waliin wal qabatee, Heerichi seerota dhimma qabeenyaa waliin wal qabatee biyyattii keessatti hojiirra ooluu qaban ilaalcha fudhatamaa ta'e fi qajeeltoowwan hordofamuu qaban kaa'uun bifaa fi qabiyyee seera qabeenyaa murteessuu keessatti gahee ol'aanaa ta'e qaba.Kallattii kanaan, Heerri amala bu'uuraa, qabiyyee fi seerota qabeenyaa seera hariiroo hawaasaa fi labsiiwwan biroo keessatti argaman murteessuu fi waa'ee mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa fi haalotaa fi qajeeltoowwan mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa ta'uuf dandeesisan kan kaa'e dha.

Heerichi akka bu'uuraatti qabeenyota muraasa ta'an kan mootummaa fi uummataa akka ta'an kaa'uun eegumsaa fi wabii kan kenne yoo ta'u qajeeltoowwan mirgoolee abbaa qabiyyuummaa fi fayyadamuu namootni qabeenyota kanneen irratti qaban lafa kaa'eera.Heerichi dhimmoota bu'uuraa olitti ka'an isaanis mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaaf eegumsaa fi wabii kennuu fi Heerichi seera ol'aanaa biyyattii waan ta'eef seerota

dhimma kana waliin wal qabatee bahuu qabaniif yeroo ammaa hojiirra oolan heericha waliin akka wal simatan gochuuf hojjachuun barbaachisaadha.

**3.2. Mirga Abbaa Qabeenyummaa fi Heera RDFI**

Heerri RDFI kew 40 fi kanneen biroo keessatti mirga abbaa qabeenyummaaf eegumsaa fi wabii akka kennu sirritti dubbachuun ni danda'ama. Heericha irratti kew 40(1) akka kaa'utti "namni lammii Itiyoophiyaa ta'e kamiyyuu abbaa qabeenya dhuunfaa ta'uun isaa ni kabajamaaf" haala jedhuun ibseera.Tumaan heeraa kun hiikoo mirga abbaa qabeenyummaa nama lammii Itiyoophiyaatiif kabajame qofa akka ta'e kan agarsiisu fakkaata.Ta'us, tumaan heerichaa kew 40(2) jalatti mirga namootni lammii biyya alaa ta'an seera Invastimeentii biyyattii kabajuun waldaa Aksiyoonaa hundeessuun erga galmeessanii booda mirga abbaa qabeenyaa akka ta'an teechsuun eegumsaa fi wabii kennaaf.

Ibsa biraatiin,Heera RDFI kew 40(2) qabeenyaa dhuunfaaf hiikoo yeroo kennu qabeenyaa dhuunfaa jechuun qabeenya namni lammii Itiyoophiyaa dhaabbilee Itiyoophiyaa beekamtii seeraa qaban ykn haala addaa ta'een gamtaan uummataa abbaa qabeenyaa akka ta'e hayyameef bu'aa humna, dandeettii kaalaqaa ykn kaapitaala ta'ee fi qabatamaa ykn qabatamaa hin taane ta'ee gaatii kan qabu jedhuu waan hiikeef qabeenya horachuu fi abbaa qabeenyaa ta'uun namoota lammii Itiyoophiyaa ta'anii qofa kan kenname fakkeessa yaadni jedhu fudhatamummaa kan qabuu miti.Sababni isaas,Heerri RDFI mirga abbaa egumsaa fi wabii qabeenyummaa dhuunfaa kan kenne namoota uumamaaf qofa osoo hin taane dhaabbilee seera Itiyoophiyaan beekamtii argataniif ta'uu isaa hiikoo kenname irraa hubachuun ni danda'ama.Kanaaf dhaabbilee seera Itiyoophiyaa hordofuun hundeeffamanii fi galmaa'an keessatti namootni lammii biyya alaa ta'an aksiyoona kan qaban yoo ta'e isaanis mirga abbaa qabeenyaa ta'uu akka danda'anii fi Heerichis mirga kanaaf eegumsaa fi wabii akka kennu hubachuun ni danda'ama.Kunis gahee fi qabeenya hin mula'tne namootni lammii biyya alaa ta'an dhaabbilee daldalaa keessatti yoo qabaatan qabeenyi kun eegumsaa fi wabii heeraa qaba jechuun yaada falmii kaasuun sirrii dha.Gama biraatiin,ibsi Heera RDFI kew 40'n kenname kan agarsiisu namootni lammii biyya alaa ta'an qabeenya socho'uu fi hin sochoone hayyama mootummaan horatanii fi qabeenya socho'uu fi hin sochoone dhalattoonni  Itiyoophiyaa lammummaan garuu kan biyyaa alaa ta'an horatan eegumsaa fi wabiin seeraa hin kennamneef jechuu miti.

Mirgi abbaa qabeenyummaa namoota lammii biyya alaa seera hariiroo hawaasaatiin akkasumas dhalattoota Itiyoophiyaa lamummaan garuu kan biyya alaa ta'an immoo labsii lakkoofsa 270/1994 fi dambii labsii kana raawwachisuuf Mana Mare Minsteerotaan bahe lakk 101/1996 fi kan biroon eegumsaa fi wabii seeraa argateera.

Namootni lammii biyya alaa ta'anii fi namoota dhalootaan Itiyoophiyaa lammummaan garuu kan biyya alaa ta'an gochoota mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa isaanii dhiibu akka hin jiraannee fi mirga isaanii kabajchisuuf mana murtii fi qaama dhimma kana ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa qabutti iyyachuun mirga akka qabu Heerri kew 37 kaa'uun isaa mirgi kun irra caalaa wabii heeraa akka argate agarsiisa.Kallattii kanaan,mirgi haqa argachuu heericha kew 37 jalatti tumame kun mirga lamummaa namni tokko qabu qofa irratti hundaa'uun kenname akka hin taane yaadota keewwatichaa armaan gadi ilaaluun hubachuun nama hin rakkisu.Sababni isaas tumaa Heera RDFI kew 37(1) hubachuun akka danda'amu namni kamiyyuu dhimma mana murtii murtii argachuu qabu mana murtii ykn qaama aangoo qabuuf dhiheessuu fi murtii argachuuuf mirga qaba haala jedhuun ifaan kan kaa'e waan ta'eef,mirga kanattis fayyadamuun mirga qabeenyaa kabachisuun ni danda'ama.Kanaaf, eegumsaa fi wabii Heerichi mirga abbaa qabeenyummaa namoota lammii Itiyoophiyaa ykn dhaabbiilee seeraa Itiyoophiyaan hundeeffamaniif qofaaf kan kenne osoo hin taane, namoota lammii biyya alaa ta'anii fi namoota dhalootaan Itiyoophiyaa lammummaan garuu kan biyya alaa ta'aniifis kenneera.

Heerichi sanada nama dhuunfaa tokkoof qofa eegumsaa fi wabii abbaa qabeenyummaa kennuu miti. Sababni isaas, tumaa Heerichi kew 40(1)(2) jalatti kaa'e irraa hubachuun akka danda'amu qabeenya gamtaan namootni qabachuun tajaajila waliif oolchuu akka danda'anii fi mirgi kunis eegumsaa fi wabii heeraa kan qabu ta'uu isaatidha.

Tumaa heerichaa irraa hubachuun akka danda'amu qabeenyaa waliinii haati warraa fi abbaan warraa qabanii fi uummatni naannoo tokkoo aadaa fi safuu qabuun horateef eegumsii fi wabiin heeraan kennameef kan jiru ta'uu isaati dha. Heerri mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa, kan walii fi kan gamtaa qofaaf eegumsaa fi wabii kennuu irratti kan daanga'ee miti. Heerichi akkaataa kamiin mirgoolee kanaaf eegumsaa fi wabii akka kenne kew 40(2) irraa hubachuun ni danda'ama.Heerrichi namni lammii Itiyoophiyaa ta'e kamiyyuu qabeenya

gamtaan ykn waliin namoota biroo waliin qabuuf eegumsaa fi wabii kan kenne qabeenyichi haalota armaan gadii keessaa tokkoon kan argame yoo ta'e qofa dha.

- ✓ Qabeenya mul'atuu fi hin mul'atne namootni humna isaanii fayyadamuun horatan
- ✓ Qabeenya mul'atuu fi hin mul'atne namootni kalaqa isaanii fayyadamuun horatan
- ✓ Qabeenya mul'atuu fi hin mul'atne namootni kaappitaala qabaniin horatan
- ✓ Ykn namni haalota armaan oliitiin abbaa qabeenyaa irraa mirgi abbaa qabeenyummaa darbeef akka ta'e heericha kew 40(2)irraa hubachuun ni danda'ama.

Kunis jechuun Heerichi qabeenya namni tokko bifa seera qabeessa hin taanee fi yakkaa argameef eegumsaa fi wabii kan hin kennine akka ta'ee fi qabeenyi bifa seera qabeessa hin taaneen qabame nama ykn qaama abbaa qabeenyichaa ta'een fudhatamuu kan danda'u waan ta'eef eegumsaa fi wabii heeraa kan qabuu miti.

# Qabiyyee Bu'uuraa Mirga Abbaa Qabeenyummaa fi Daangaawwan Abbaa Qabeenyichaa Irra Kaawwaman

Heerri kew 40 jalatti mirgi abbaa qabeenyummaa kabajamuu akka qabu qofa osoo hin taane qajeeltoowwanii fi kallattiiwwan qabeenyi biyyattii keessatti eenyuun qabamuu akka qabu kaa'eera.Kanaaf Heerri Federaalaa:

- Qabeenyoota gurguddoo abbaa qabeenyummaa dhuunfaan qabamuu danda'an
- Amalaa fi akaakuu abbaa qabeenyummaan itti mirkanaa'uu
- Akaakuuwwan mirgoota abbaa qabeenyummaa
- Aangoo namootni abbaa qabeenyaa ta'an qabanii fi haalota mirgi kun itti daanga'u
- Haalota seeraa fi hawaasummaa mootummaan qabeenyoota nama dhuunfaa faayidaa uummataatiif jechuun fudhachuu danda'uu kaa'uu fi mirgawwan bu'uuraa abbaa qabeenyummaan qabuu fi faayidaa mirgi kun jireenya hawaasummaa keessatti qabu ifaan kaa'uun itti gaafatamummaa mootummaa fi uummataa irraa eeguma haala ifa ta'een kaa'eera.

### 3.3.1. Qabeenyota kan Dhuunfaa Ta'uu hin Dandeenye

Heerri RDFI lammiiwwan uumamaa fi qaamolee seeraa Itiyoophiyaa keessatti argaman qabeenya uumamaas ta'e namootaan kan horatame keessaa qabeenyoota namoota dhuunfaan abbaa qabeenyaa irratt ta'anii fi hin taane akkaataa adda baasuu danda'uun tumaalee gahaa ta'een ibseera.Daangaa biyyatti keessatti namni uumamaas ta'e kan seeraa lammii Itiyoophiyaa ta'e daangaa biyyattii keessatti waan jiraatuuf qofa mirga abbaa qabeenyaa keessattuu kan lafaa fi qabeenya uumamaa ta'uu hin danda'u.

Heerri lafti qabeenya dhuunfaa namootaa yeroo ta'ee turetti rakkoo fi gadadoo jiraattoota biyyatti baay'ee irratti gahe giddu galeessa gochuun gaaffiin lafa seenaa siyaasa diinagdee biyyatti keessatti gaaffii ijoo ta'uu isaa hubachuun laftii fi dhimmi lafa waliin wal qabatee jiru kan mootummaa fi uummataa akka ta'an qabsoo gaggeeffameen labsiiwwan akka lakk.31/1967 fi 47/1967 lafti baadiyyaas ta'e magaalaa akkasumas qabeenyi uummamaa kan mootummaa fi uummataa akka ta'e tarkaanfiin duraa bulchiinsa Dargii yeroo duraanii keeessatti fudhatameera.

Mootummaan Dargii qabeenya uumamaa, lafa magaalaa fi baadiyyaa irratti qamani mirga abbaa qabeenyummaa qabu uummataa fi mootummaa ta'uu isaa labsuun gaaffii dhiyoo uummatni kaasaa tureef deebii kan kenne yoo ta'u, gama biraatiin immoo hafteewwan mootummaa *fiiwudaalaa* sadarkaa deebi'uu hin dandeenyeen dhadabsiisuun sirna *sooshaalizimii* faarsaa jiruuf gargaarsa argachuuf seera tumeera. Kanuma waliin wal qabatee lafti qabeenya uummata Itiyoophiyaa kan hin gurguramnee fi hin geeddarame ta'uu isaa mirkaneessuun qotee bulaafis ta'e jiraataa magaalaaf bilisaan raabsuuf yaalii godhus amala uumamaa mootummaa Dargii irraa kan ka'e qotee bulaanis ta'e jiraataan magaalaa fayyadamaa beekumsa,humnaa fi omisha isaa ta'uu hin dandeenye.

Sababa kanaaf qaama gaaffiii dimookraasii fi mirga namoomaa kan ta'e mirga abbaa qabeenyummaa yeroof kan qabaanee ta'us, booda irratti garuu finiinee oo'ee itti fufuu eegaluun booda irratti mootummaan Dargii erga burkutaa'een booda yeroo mootummaa cee'umsaa ilaalchii haaraa ta'e tarkaanfatamuu eegale.Booda irratti Heerri RDFI Kew.40(3) jalatti qabeenyi uumamaa fi lafti kan saboota, sabalammootaa fi uummatoota biyyattii ta'uu isaanii labse.

Kana waan ta'eef,tumaan kun qabeenya uumamaa fi lafti daangaa biyyatti keessatti argamu irratti namni seeraas ta'e uumamaa mirga abbaa qabeenyummaa akka hin qabaanne mirkaneesse.Kanaaf tumaa Heera RDFI kew 40(1) mirgi abbaa qabeenyummaa dhuunfaa namootaaf kenname qabeenyoota uumamaa fi lafa kan hin daballanne ta'uu isaa haala salphaa ta'een hubachuun ni danda'ama.

Dabalataan,Heerri kew 40(3) jalatti namni uumamaa ta'e seeraa mirgi lafa irratti qaban mirga abbaa qabiyyuummaa fi fayyadamuu akkasumas waliigltee mootummaa waliin qaban irratti bu'uurreeffachuun qabeenya uumamaa baasuun, omishuun ykn piroosas gochuun fayyadamuun akka danda'anidha. Haalawwan lammiiwwan Itiyoophiyaa mirga abbaa qabiyyuummaa qabaachuu danda'an dhimma bal'aa waan ta'eef keessa seenuun hin barbaachisu. Heerri kew 40(3) jalatti laftii fi qabeenyi uummamaa irratti namni abbaa qabeenyaa ta'uu hin danda'u tumaa jedhu cinaatti daangaan seeraa kaa'e jira.Kunis qaamolee mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa fi qabeenya uumamaa irratti akka qaban heeraan beekamtiini kennameef (saboota, sablammootaa fi uummattoota) mirga kana nama, dhaaba daldalaa ykn waldaadhaaf gurgurtaan ykn jijjirraan dabarsuu kan hin dandeenye ta'uu isaatidha. Kallattiii kanaan Heerichi qaamolee lafaa fi qabeenya uumamaa irratti mirga abbaa qabeenyummaa qaban mirgi isaanii daangaa heeraa kaa'a.Bu'uuraan namni qabeenya tokko irratti mirga abbaa qabeenyummaa qabu qabeenya san gurguruu fi geeddaruuf aangeeffamuu isaa ni fudhatama.

Haa ta'u malee heericha irratti lafti kan mootummaa fi uummataati jedhamee erga ibsameen booda qaamoleen kun lafa kana gurguruu fi jijjiiruu hin danda'e jedhamee ibsamuun isaa kan wal faalleessu fakkaata.Heerichi daangaa kana uummataa fi mootummaa irratti sababni gateef maali gaaffii jedhu dhiheessuun dhimmicha gadi fageenyaan xiinxaluun barbaachisaadha.

Sababni isaatis lafti gurguramuu ykn geeddaramuu qabu yaadni jedhuilaalamuu kan qabu faayidaa diinagdeetiif qabuun qofa osoo hin taane miidhaa hawaasummaa fi siyaasaa irratti fidu kan ilaalee miti.Ibsa biraatiin, biyya akka Itiyoophiyaa sabootaa fi sabalammootaa fi uummatootni hedduu keessatti jiraatu keessatti eenyummaa isaanii eegsisuun turuufi

qoodinisa qabeenyaa madaalawaa gochuun laftii fi qabeenyi uumamaa faayidaa waliif bifa ooluu danda'uun taa'uu qaba.

Tumaalee Heera RDFI irratti tarreeffamaniin alatti qabeenyootni bifa mirga abbaa qabeenyummaa ibsuun qabamuu hin danda'amne akka jiran seerota biyyatti adda addaa ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Kanneen keessaa seera hariiroo hawaasaa kew 1129 keessatti kan tumame qabeenyota akka socho'aniitti ilaalaman kanneen meeshaawwan ibsaa dabaruu fi raabsuuf gargaaran mootummaan malee dhuunfaan qabamuu hin danda'an.Qabeenyota namootaa seeraan ykn uumamaan qabamuu hin qaban jedhamanii Heera RDFI ykn hariiroo hawaasaa keessatti kaa'amaniin ala qabeenyootni tokko tokko imaammata fi dhimmoota biroo irratti hundaa'uun fakkeenyaaf akka abbaa qabeenyummaa teeleekominikeeshinii namoota dhuunfaan hin qabaman. Dabalataan, qorichoota sammuu nama addoochan,dhimmoota qorichummaa qaban,meeshaawwan waraanaa fi kanneen biroo hayyama mootummaa malee abbaa qabeenyaa dhimmoota sanii ta'uun kan hin danda'amne qofa osoo hin taane gochoota akkasii raawwatanii argamuun seera yakkaa biyyattiin itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'a.

Kanaaf mootummaa fedhii uummataa guutuuf Heera kew 40(1) irratti hundaa'uun 'fedhii uummataa eegsisuuf haala adda ta'een seeraan kan tumame yoo ta'e malee' qabeenyota namoota dhuunfaan qabamuu hin qaban jechuun seeraan tumuuf aangeeffameera.

Kallattii kanaan namni tokko haalawwan namni tokko abbaa qabeenyaa qabeenyootaa fi daangaawwan seeraa itti fayyadama mirga abbaa qabeenyummaa irratti tumaman akka jiran hubachuun ni barbaachisa.Kuni jechuun garuu Heerichi qabeenyoota qabeenyummaan namoota dhuunfaan qabamaniif beekamtii hin kennine jechuu ykn eegumsa hin kennine jechuu akka hin taane fi namootni dhuunfaa mootummaa irraa hayyama argachuun hojjachuuf mirga akka qaban heeraa fi seerota biroo keessatti kabajameera.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Laftii fi qabeenyi uumamaa qabeenya dhuunfaadhaan hin qabaman.Sababni bu'uraa lafii fi qabeenyi uumamaa kan hin gurguramnee fi hin geeddaramne kan mootummaa fi uummataati jedhamee maaliif isinitti fakkaata?

2. Lafti fi qabeenyi uumamaa kan hin gurguramnee fi hin geeddaramne qabeenya saboota, sabalammootaa fi uummatoota biyyattiidhaa jechuun heera irratti tumamuun isaa sirrii dha jettuu?
3. Seerota biyya keenyaa keessatti qabeenyoota lafaa fi qabeeyaa uumamaan ala jiranii fi mirgi abbaa qabeenyummaa namoota uumamaa ykn seeraan irratti hin raawwatamne tarreessaa? Qabeenyootni kun mootummaan qofa akka qabaman sababoota godhan ibsuuf yaalaa mee?
4. Qabeenyoota namni tokko keessatti argamuun ykn qabuun qofa seera yakkaa itti gaafatamuu ta'u seerota yakkaa fi biroo irratti hundaa'uun tarreessuun qabeenyoota kanneen dhuunfaan qabuu ykn haala biraan qabachuun seera yakkaa itti gaafatamummaa akka hordofsiisu sababoota godhan ibsa bal'ina qabu kennaa?
5. Mirga abbaa qabeenyummaa irratti ilaalchi lama akka jiru kutaa xiqqaa kana keessatti ilaalleera.Mootummaan biyya keenyaa ilaalcha kam kan hordofu isinitti fakkaata? Maaliif?
6. Yaadota lameen qabeenya dhuunfaa irratti tarkaanfatamaniin ala yaadin biraa tarkaanfatamu jira jettanii yaadduu? Jira jettanii yoo yaaddan yaadicha fakkeenyaan hiriyoota keessaniif ibsaa.

### 3.3.2. Akaakuuwwan Mirga Abbaa Qabeenyummaa Dhuunfaa

Heerri akaakuuwwan mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa adda addaatiif beekamtii fi eegumsa godha. Heera RDFI kew 40(1) keewwata tokkoffaa irratti ifaan akka ibsame namni kamiyyuu qabeenya horachuu fi abbaa qabeenyaa ta'uuf mirga qaba. Qajeeltoon kun akkuma jirutti ta'ee mirga abbaa qabeenyummaa walii jedhamu itti aanee kan dhufu yoo ta'u yaadni kunis mootummaan Heera RDFI bu'uurreeffachuun namootni hedduu ta'an qabeenya tokko irratti abbaa qabeenyaa ta'uu akka danda'an kew 40(1) fi (2) jalatti ibseera.

Qabeenyi tokko kan namoota baay'ee yeroo ta'u gahee abbootiin qabeenyaa qaban ifaan waliigalteedhaan kan beekamu, waliigalteen yoo jiraachuu baate immoo qabeenyicha irratti gahee qixa ta'e kan qaban ta'uu isaa, abbaa qabeenyaa tokko gahee isaa gurguruu, geddaruu akka danda'u, liqeessitootni qabeenya waliin gahee isaanii qabaachuu akka danda'an dhimmootni jedhan mirga abbaa qabeenyummaa waliin ibsuuf kan gargaaranidha. Kunis

namootni lama qarshii qixa baasuun gamoo tokko ijaaruun abbaan qabeenyaa waliinii yoo ta'an abbaa qabeenyaa tokko gahee isaa gurguruu, geeddaruu ykn qabuu kan danda'u akka ta'ee fi lameen keessaa inni tokko yeroo kamiyyuu qabeenyicha qooddachuuf gaaffii dhiheessuu akka danda'an kaa'uun amala bu'uuraa abbaa qabeenyummaa waliin ta'uu isaa seerri hariiroo hawaasaa kew 1256-1277 keessatti haala balli'na qabuun kaa'eera. Kallattii kanaan Heerri mirga abbaa qabeenyummaa waliin beekkamtii fi wabii kennuu isaa hubachuun ni danda'ama.

Heerri RDFI mirga abbaa qabeenyummaa waliif beekamtii kennuu bira darbee walitti dhufeenya seeraa qabeessa ta'e haala adda ta'een qaamolee hundeessaniif sirna mirga abbaa qabeenyummaa itti ta'an kaa'eera. Heerichi namni tokko gaa'ila raawwachuu fi maatii hundeessuu mirga akka qabu kew 34 irratti beekamtii fi eegumsa kennuun isaa fi kew 40(1)(2) jalatti 'haala adda ta'een abbaa qabeenyaa walii akka ta'an' ibsu jedhu kan agarsiisu haati manaa fi abbaan manaa qabeenya isaanii keessatti horatan irratti mirga abbaa qabeenya waliinii (common property) kan qaban ta'uu isaas beekamtii fi wabii kenneera.

Haalli mirga abbaa qabeenyummaa waliinii (joint ownership) abbaa qabeenyummaa haadha manaa fi abbaa manaa gidduutti jirus uumameera. Kallattii kanaan ogeessotni haqaa seera maatii federaalaas ta'e naannoolee keessatti qabeenya yeroo gaa'ilaa keessatti abbaa warraa fi haadha warraan horatameef eegumsaa fi wabiin kennan tarreeffamee kan argamu waan ta'eef tumaawwan kana Heera RDFI waliin bifa wal simachuu danda'u irratti xiyyeeffannoon ilaaluun ofeeggannoon hojjechuu qabu.

Heerichi waldaan gurmaa'uun abbaa qabeenyaa ta'uun akka danda'u, waldaawwan Itiyoophiyaa keessatti galmaan akka dhaabbilee siyaasaa, waldaawwan sivilii fi dhaabbilee daldalaa abbaa qabeenyaa ta'uu akka danda'an Heera RDFI kew 40(1)(2) jalatti tumameera.Heerichi hawaasni waliigalteedhaan qabeenya tokko akka qabachuu, fi abbaa qabeenyaa waliigaltee ta'uu akka danda'an Heera RDFI kew 40(1) jalatti ibsamuu isaa hubachuun ni danda'ama. Dhimma kana bifa waliigalaatiin yeroo ilaallu Heerichi mirga abbaa qabeenyummaa lammiiwwan Itiyoophiyaa; namoota seeraa lammii Itiyoophiyaa ta'an, waldaawwaanii fi dhaabbilee daldalaa, namoota waliin gurmaa'an, hawaasa haala adda ta'een seeraa hayyamamee fi waliigaltee qabaniif beekamtii fi wabii kenneera.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Tokkummaa fi addummaa abbaa qabeenyummaa waliinii (joint ownership) fi qabeenya haati warraa fi abbaan warraa horatan (common property) maali?
2. Heerri dhaabbiilee biyya alaa keessatti hundaa'anii fi dhaabbiilee miti mootummaa seera biyyattiin galmaahaniif mirga abbaa qabeenyumaa isaaniif beekamtii fi wabii kenneeraa?
3. Heerri lammiiwwan biyya alaa waldaa Aksiyooonaa Itiyoophiyaa keessatti hundeeffamee keessatti gahee qabaniiif mirga abbaa qabeenyummaa isaaniif beekamtii fi wabii kenneera jettanii yaadduu? Maaliif?
4. Itiyoophiyaa keessatti dhaabbiileen siyaasaa fi waldaawwan sivilii abbaa qabeenyaa ta'uu danda'u jettanii yaadduu? Maaliif?
5. Seerri qabeenya namoota gocha shororkeessummaa akka dhaalamu godhu bahuu qaba jettuu? Maaliif?

### 3.3.3. Aangoo, Dirqamaa fi Itti Gaafatamummaa Nama ykn Namootni Qabeenya Dhuunfaa Qaban

Namni qabeenya tokko irratti mirga abbaa qabeenyummaa qabu aangoo fi mirgoolee qabeenyicha irratti qaban ball'aa akka ta'e barreessitootni hedduun irratti waliigalu. Kanaaf, mirgi abbaa qabeenyummaa dhimmoota armaan gadii ni guuta jedhamee yaadama:

- ✓ Qabeenyatti fayyadamuu
- ✓ Firii ykn bu'aa qabeenyaa sassaabuu
- ✓ Qabeenyicha gurguruu, geeddaruu, qabsiisuu fi mirga nama birootiif dabarsuu
- ✓ Mirgaa namoota biroo bifa hin xuqneen qabeenycha barbadeessuu ykn mirga isaa irratti qaban dhiisuu
- ✓ Namni sadaffaan ykn biraa qabeenyicha akka hin qabne ykn fayyadamne daangeessuu ykn ittisuu mirgi kunis dhaabbataa fi kan hin jijjiiramne kan dabalatu ta'uu isaa seera qabeenyaa biyyoota hedduu keessatti kan jiru ta'uu isaa qo'annooowwan gaggeeffaman ni agarsiisu.

Biyya keenya keessattis bara 1952 irraa eegale seera hariiroo hawaasaa hojiirra jiruun tumaaleen qabeenyaa kew 1204-1206 dhimmoota armaan gadii ofkeessatti kan hammate ta'uu agarsiisa. Heerri mirga abbaa qabeenyummaaf beekamtii fi wabii yoo kennu mootummaan faayidaa namoota dhuunfaatiif jechuun ykn fayyadamuun mirga kanaa namoota biroo irratti miidhaa hanga hin geesisneen abbaan qabeenyichaa qabeenyicha fayyadamuu, qabachuu,gurguruu, dhaalchisuu fi tooftaawwan birootiif dabarsuun mirga akka qabu Heera RDFI kew 40(1) fi 40(7) irraa hubachuun ni danda'ama.

Mirga abbaa qabeenyummaa heericha irratti nama tokkoof eegumsa argate mirgi kun nama kamiyyuu mootummaa dabalatee seera malee mirgi kun irraa fudhatamuu akka hin dandeenye kaa'uun kan kabajchiisee fi abbaan qabeenyaas mirgi kun yoo jalaa tuqame falmuus akka dabalu Heera RDFI kew 40(1) (7) fi 37 wal bira qabuun dubbisuun hubachuun ni danda'ama.Namni abbaa qabeenyaa ta'e tokko mirgoolee heeraa fi seerota biroon kennameef akka qabeenya isaatiin fayyadamuu,firii fi bu'aa qabeenyichaa sassaabuu, qabeenyicha gurguruu fi geeddaruuf akkasumas namoota biroof haalota adda addaan dabarsuuf akkuma qabu dirqamootaa fi itti gaafatamummaa namni abbaa qabeenyaa ta'e kabajuu qabus jiru.Ibsa biraatiin,namni abbaa qabeenyaa ta'e tokko qabeenya isaa mirgoolee namoota biroo osoo hin xuqin fayyadamuu qaba qofa osoo hin taane, qabeenyicha dantaa uummataa fi mootummaa bifa miidhuu danda'uun hojiirra oolchuu hin qabu.Kanaaf namni tokko qabeenya isaa faayidaa irra yeroo oolchu dirqamootni kabajuu qabu ni jiran. Namni kamiyyuu:

- ❖ Mirga qabeenya irratti yeroo hojiirra olchuu daangaawwan fi haalota mootummaan fedhii uummataa ball'aa kabajchisuuf baase kabajuu
- ❖ Mirga qabeenyaa irratti yeroo hojiirra oolchuu mirgoolee, bilisummaawwan naamoota kaan irratti bifa miidhaa hin geesisneen ykn hin daangeessinee ta'uu mirkaneessuu
- ❖ Qabeenyichi kan waliinii yeroo ta'uu qabeenyicha gurguruu, geeddaruu ,qabsiisuu ykn namoota biroof dabarsuun dura haalota guutamuu qaban dursanii guutuu
- ❖ Qabeenyichi kan haadha warraa fi abbaa warraa yeroo ta'u tumaalee seeraa maatii keessatti buclhiinsa qabeenyaa abba warraa fi haadha warraa ilaallatan hordofuu
- ❖ Qabeenya waliinii yeroo ta'u tumaalee qabeenya waliinii hawaasummaa fayyadamuu ilaallatan kabajuu

- ❖ Qabeenya tokko jijjiiruu,gurguruu, qabsiisuu ykn nama birootiif dabarsuun yeroo barbaachisu foormii seerri kaa'e guutuu isaa mirkaneessuu
- ❖ Abbaa qabeenyaa ta'e namoota sadaffaa falmuuf yeroo barbaadu iyyata isaa ragaa isa deeggaruun yeroo daangeeffame keessatti dhiheessuu
- ❖ Dirqamoota biroo seeraan qabeenyootni akka galmaahan, gibirri akka kaffalamu gaafatan yeroon raawwachuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa qaba.

Namni abbaa qabeenyaa ta'e tokko mirgoolee qabeenyicha irratti qabu mirgoolee isaa kabajchisuuf tarkaanfiiwwan fudhachuu danda'u akkuma amalaa fi akaakuu qabeenyoota adda adda dha.Kanaaf, amalootaa fi akaakkuu qabeenyootaa yeroo ilaallu;Heerri RDFI kew 40(2) qabeenyoota eegumsaa fi wabii kenneef bakka lamatti qooduun kaa'eera.Kunis jechuun qabeenya qabatamuu danda'an (tangible properties) fi qabeenya hin qabatamne (intangible properties) jechuun adda qoodeera.

Qabeenyoota qabatamoo ta'an jechuun qabeenyoota soch'anii fi hin sochaa'e (fakkeenyaaf gamoo ykn mana) kan ilaalan yoo ta'u, qabeenyotni qabatamoo hin taane jechuun immoo qabeenyota akka sanada aksiyoonaa, sanadoota daldalaa daddarboo, sanadoota bu'aawwan kalaqa sammuu kan ta'an akka mirga kooppii fi mallattoo daldalaa fi paatantii kan dabalatuudha.Qabxiiwwan falmii akkaakuwwan qabeenyoota kanneen irratti ka'an baay'eetu jiru.Kanaaf haalota armaan gadii kaasuun qabxiiwwan falmisiisoo ta'an irratti yaada waliiniigalachaa ta'e irratti gahuun murteessaa ta'uu hubatameera.Fakkeenyaaf:

- ✓ Aaddee Innaannuun mana isaanii qarshii 50,00(kuma shantamaan) obbo Alamuutti gurguran. Obbo Alamuun qarshii 30,000(kuma soddoma) aadde Innaannuutti erga kennee qabeenyicha isaan irraa fudhatee waggoota lamaaf mannicha keessa jiraateen booda, aaddee Inaannuun mana obbo Alamuu seenuun meeshaa isaa baastee gurgurtee mana keessa seenuun jiraachuu jalqabde. Abbaan qabeenyummaan aaddee Inaannuu irraa gara obbo Alamuutti hin dabarre.Obbo Alamuun iyyata jeequmsi narraa haa dhaabatuu aaddee Inaannuu irratti dhiheessan.Addee Inaanuunis abbaan qabeenyaa mannichaa ana waan ta'eef obbo Alamuun iyyata jeequmsi naaraa haa dhaabbatu dhiheessuu hin danda'an jedhan. Kanaaf obbo Alamuun iyyata jeequmsi narraa haa dhaabbatuu aaddee Inaannuu irratti dhiheessuu danda'uu? Gama kanaan

mirga eegumsa heeraa argachuu kan qabu eenyu? Obbo Alamuun mirga isaa akkamitti kabajchisuu danda'a?

- ✓ Obbo Damisseen mana obbo Abbabaa kireeffatee yeroo jiraatu obbo Abbabaan biyya gatee waggoota diigdamaaf to'annoo nama kamiyyuu mana kana qabatee ture. Obbo Abbabaan gara biyyatti erga deebi'een booda obbo Damiseen kiraa manaa kan waggaa diigdamaa akka kaffaluu fi mana isaa gadhiisuuf himata dhiheesse.Obbo Damiseen iyyatni obbo Ababaa darbiinsa yeerootiin kan daanga'u ta'uu isaa seera hariiroo hawaasaa kew 1677(3) fi 1845 caqasuun falme. Obbo Damiseen iyyatin obboo Abbabaa darbiinsa yeerootiin ni daangeeffama jechuun qabxii mormii dhihaate bu'uura seeraa qaba jettuu? Maaliif? Qabeenyi obbo Damisee fi Ababan irratti falman qabeenya socho'u osoo ta'u qabxiin mormii Obbo Damisee bu'aa qaba jettuu?
- ✓ Mana jireenyaa viillaa Obbo Kabbadaan waldaan gurmaa'uun hojjatan ragaa abbaa qabeenyummaa fi kaartaa kijiba ta'e Obbo Siyyuum dhiheessuun manicha Addee Dinqeedhaaf Waliigaltee fi mirkaneessa ragaan gurguran.Obbo Siyyuum qabeenyicha Addee Dinqeetti yeroo gurguru manni murtii qabeenya kana Obbo Kabbadan nama biraa akka hin dabarse dhorkuu isaa ajaja ibsu galmee keessatti wal qabatee ture.Obbo Kabbadaan manni kun gurguramuu isaa yeroo dhagahan mannicha Obbo Siyyuum ragaa kijibaa fi kaarataa irratti hundaa'uun Addee Dinqeetti kan gurgure ta'ee osoo jiruu qaamni bulchiinsa dhimma kana ilaalu ragaa dhihaate qulqullummaa akka hin qabaannee qulleessee osoo hin ilaalinii fi lafti kun ajaja mana murtiitiin qaama biraatiif akka hin dabarre dhorkamuu isaa osoo hin hubatin mirga abbaa qabeenyummaa mannichaa adde Diinqeedhaaf dabarsuun isaa dogongora waan ta'eef qaamni bulchiinsaa kaaraa fi ragaa abbaa qabeenyummaa addee Diinqeef kenne akka haqu gaafatan. Qaamni bulchiinsa dhimmicha ilaalee murtii hanga jia jahaatti waan hin dabarsineef Obbo Kabbadaan himata mana murtiif dhiheessaniin Adde Dinqeen mannicha nama mirga gurguruu hin qabanne irraa kan bitan ta'uu fi yeroo bittaa kana raawwatan abbaan qabeenya mannichaa eenyu akka ta'ee fi mannichi ajaja dhorkaan irratti bahe bira darbuun kan bitan waan ta'eef mirgi abbaa qabeenyummaa Heera RDFI kew 40(1) irratti tumame akka kabajamuu fi waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Adde Dinqeef kenname akka haqamu gaafate.

- Manni murtii dhimmicha ilaalee murtii dabarsuuf aangoo qaba jettuu? Maaliif?
- Isin abbaa seeraa osoo taatanii murtiin dabarsitan maali? Murtii dabarsitan Heera RDFI kew 37 fi 40 waliiniin akkamitti deema?

❖ Namni abbaa qabeenyaa ta'e qabeenya kana qabsiisuuf mirga akka qabu dhimma beekamaa dha.Gahee aksiyoonaa qabeenya hin mul'atne kan jedhamu keessatti argama.Dhugumaan qabeenya qabatamoo socha'an qabsiisuuf ulaagaawwan tumaan seera hariiroo hawaasaa kew 2828(2) jalatti tumaman gahee aksiyoonaa namni tokko qabu irrattis raawwatiinsa qaba jettuu? Maaliif

### 3.4. Lafa Mirga Abbaa Qabiyyuummaan Fayyadamu

Heerri lafti kan hin gurguramnee fi hin geeddaramne qabeenya mootummaati jechuun erga kaa'een booda mirgoolee afur abbaa qabiyyuummaa lafaa irratti jiran haala kanaan kaa'a:

❖ Qotee bultootni lafa baadiyyaa bilisaan argachuu fi buqqa'uu irraa eeggamuuf mirga qabaachuu

❖ Horsiisee bultootaa fi gamisa horsiisee bultootni lafa baadiyyaa bilisaan argachuu fi buqqa'uu irraa bilisa ta'uu

❖ Abbootiin qabeenyaa dhuunfaa kaffaltii seeraan murtaa'u irratti hundaa'uun mirga abbaa qabiyyuummaa fi fayyadamuu qabaachuu

❖ Namni lammii Itiyoophiyaa ta'e kamiyyuu lafa isaa irratti qabeenya dhaabbii qabaachuu fi fooyya'iinsa qabeenya inni lafa irra godhe gurguruu, geeddaru, qabsiisuu fi dhaaltummaan dabarsuu kan qabu ta'uu isaatidha.

Mirgooleen bu'uuraa Heera RDFI kew 40(4) fi (7) jalatti tumaman amalootaa fi qabiyyee ofii qabu. Heerri sochii qotee bultoota, horsiisee bultootaa fi gamisa horsiise bultoota giddu galeesa gochuun lafa baasii tokko malee argachuuf mirga kan qaban qotee bultoota, horsiisee bultootaa fi gamisa horsiisee bultoota baadiyyaatti argamanidha.Heerichi jiraataan magaalaa lafa bilisaan argachuu fi dhiisuu irratti ifaan hin kaa'u.

Sababni isaas magaalotni gara bitaa fi mirgaatti akka bal'atan gochuun dhiphina lafa magaalaa keessatti jiruun giddu-galeessa gochuun magaalootni gara cinaatti bala'chuu manna

gara oliitti akka guddatan gochuun tajaajilawwan akka bishaan, karaa, bilibilaa fi bu'uuraalee misoomaa biroo hundaaf geessisuuf filatamaa fi rakkoo cinaatti bala'chuun uumama xiqqeessuuf yaadamee fakkaata.

Gama biraatiin, magaalotni gamoowwan gurguddoo hojjachuun gamoowwan jireenya namootaaf tajaajilan, hojii daldalaa,waajjiraa fi tajaajilawwan kanneen biroo kenna giddu galeessa gochuun yeroodhaan gara yerootti hubachuun akka murteessan barbaadameeti. Gama biraatiin magaalotni lafa magaalaa abbootii qabeenyaa qabaniif liiziidhaan kennuun galii argataniin bu'uuraalee misoomaa fi invastimantiif akka oolchan gochuun carraan hojii uumuu akka babalatu gochuun akka isaan dandeessisu lafa magaalaa qusannoo guddaan fayyadamuun irraa eegama.Kana gochuuf immoo namootni abbootii qabeenyaa ta'an lafa magaalaa fi baadiyyaa qarshii mootummaan murteessuu irratti hundaa'uun liiziidhaan fudhachuun fayyadamuun mirga akka qaban tumaa Heeraa kew 40 irraa hubachuun ni danda'ama.Kallattii kanaan jiraattootni magaalaa gurmaa'uunis ta'ee dhuunfaan lafa magaalaa gaafachuun mana jireenyaa irratti ijaaruuf mirga kan qaban yoo ta'u mootummooleen naannoolee seera mootummaan federaalaa baasu irratti hundaa'uun jiraataan magaalaa tokko akka Heera RDFI kew 25 tiin bifa walqixa ta'een keessumeeffamuuf fi tajaajila argachuuf mirga qabu.

Heerichi mirga lafa kaffaltii tokko malee bilisaan akka argatan godhee namoota jireenyi isaanii lafa waliiniin hidhata cimaa ta'e qabu kanneen qotee bultoota, horsiisee bultootaa fi gamisa horsiisee bultoota dha.Kuni jechuun garuu akkuma olitti ibsame namootni biroo seera mootummaan baasu irratti hundaa'uun mirga lafa irratti fayyadamuu hin qaban jechuu miti. Heerri mirga lafa bilisaan argachuu kan eege qotee bultoota, horsiise bultootaa fi gamisa horsiise bultootaaf ta'u jiraattooni magaalaa mana jireenyaa ykn waajjira hojii ijaaruuf mootummaa irraa lafa kaffaltii malee ykn liiziidhaan argachuuf mirga akka qaban mirga seerota birootiin beekamtii argatee dha.

### 3.4.1. Mirga Abbootiin Qabeenyaa Kaffaltii Liizidhaan Lafa Argachuu fi Fayyadamuu Qaban

Haalawwan abbootiin qabeenyaa mirga abbaa qabiyyuummaa lafaa argachuu danda'an keessaa inni duraa lafa liiziidhaan kireeffachuun akka ta'e Heera RDFI kew 40(6) irraa

hubachuun ni danda’ama.Namni seeraa ykn uumamaa kamiyyuu lafa baadiyyaas ta’e magaalaa argachuuf akkasumas fayyadamuuf ulaagaalee seera keessatti tumaman guutuun lafa kiraa liizitiin argachuun akka danda’amu Heerichi ni akeeka.Mootummaan Federaalaa mirga heera irratti tumame kana hojiirra oolchuuf haala qabatamaa amma jiruu fi rakkoowwan raawwii keessatti jiran hiikuuf akka danda’amu seera tumeera.Mootummaan federalaaa labsii lafa mootummaa liizidhaan qabuu fi fayyadamuuf irra deebiin bahe lakk. 272/1994 kan fooyya’e 721/2004 fi labsii itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafaa baadiyyaa lakk. 456/97 kan labse yoo ta’u, mootummoolee naannoolees haala qabatamaa isaanii giddu galeessa gochuun dambii liizii federaalaa bu’uureeffatee fi bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa baasuun hojiirra oolchaa jiru. Qabiyyee labsiiwwan kanaa asitti tarreessuun kan hin danda’amne waan ta’eef, qabxiiwwan gurguddoo kaasuun yeroo ilaallu qajeeltoowwan armaan gadii hubachuun ni danda’ama.

- ❖ Abbootiin qabeenyaa lafa baadiyyaa imaammataa fi seera Invastimantii irratti hundaa’uun mirga fayyadamuu akka qaban labsii lakkoofsa 456/97 kew5 fi 4 jalatti kan tume yoo ta’u mirgi kunnis hojiirra oolaa kan turu hangama akka ta’e labsiiwwan mootummooleen naannoolee baasaniin akka murtaa’u kew 7(2) jalatti tumeera.
- ❖ Dhimma kana waliin kan wal qabatee abbaan qabeenyaa lafa baadiyyaa liiziidhaan kireeffatee lafa kana wabiidhaaf qabsiisuuf akka danda’u labsuma kana kew 8(4) jalatti kan tume waan ta’eef mirga lafatti fayyadamuu abbootii qabeenyaa kabajchiisuu isaa ilaaluun ni danda’ama.

Gama biraatiin namni lafa magaalaa liiziidhaan argate yeroo hayyamameef keessatti laficha tajaajila hayyameef qofaaf oolchuu, mirga liizii qabu nama sadaffaaf dabarsuu, wabiidhaaf qabsiisuu, fedhii uummataaf jecha lafa liiziidhaan qabe akka gadhiisu mootummaan yeroo murtaa’uu beenyaa madaalawaa ta’e argachuuf fi murtii kenname irratti komii yoo qabaate qaama dhimmi ilaalatuuf dhiheessuufii kunis koree ol’iyyannoo lafa magaalaatiif akkasumas beenya kaffalamu irratti oliyyannoo isaa mana maurtiif dhiheessuu akka danda’u labsii lakk. 272/1994 irraa hubachuun ni danda’ama. Kallattii kanaan namootni lafa magaalaas ta’e baadiyyaa liiziidhaan kireeffatan seerri mirga fayyadamuu isaanii heerichaan beekamtii argate hojiira oolchuuf isan dandeessisu kan bahe ta’uu, lafti kan mootummaa fi uummataas

ta'e namoota yeroo seeraan daangeeffame keessatti mirga abbaa qabiyyuummaa fi itti fayyadama lafaa irratti qaban qabsiisuun nama sadaffaa waliiniin Waliigaltee keessatti seenuu ykn nama sadaffaaf darbrsuuf mirga akka qaban kaa'eera. Abbootiin qabeenyaa akka qotee bultoota, horsiisee bultoota ykn gamisa horsiisee bultootaa lafa kaffaltii malee argachuuf mirga qabaachuu baatanis, abbootiin qabeenyaa lafa baadiyyaas ta'e magaalaa ulaagaawwan seera irratti tumaman irratti bu'uureeffachuun argachuu fi fayyadamuun mirga akka qaban Heerri kew 40 irratti wabii kenneeraaf. Kunis namootni kun lafa kana liiziidhaan waan kirreeffataniif mootummaan yeroo barbaadu beenyaa malee kan isaan gadhisiisu akka hin taanee fi aangoon mootummaa daangeeffamuu isaa agarsiisa.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Labsiiwwan ykn dambii liizii fi bulchiinsa fi itti fayyadma lafa baadiyyaa irratti hundaa'uun abbaan qabeenyaa tokko mirga lafa magaalaa fi baadiyyaa kiraa liiziidhaan argachuu isaa hangam kabajame?
2. Jiraatooni magaalaa lafa mana jireenyaa itti ijaaratan ykn waajjira hojiif isaan barbaachisu itti ijaaratan mootummaa irraa bilisaan akka argatan Heerri wabii fi beekamtii kenneeraa?hin argannee yoo jettan sababni beekamtii fi eegumsi hin kennamneef maali?
3. Kaayyoon bu'uuraa Heera RDFI kew 40(6) maali jettu?mee dhimma kana fakkeenyaan hiriyoota keessaniif ibsaa?
4. Namni tokko lafa magaalaa irratti mirga abbaa qabiyyuummaa osoo qabu bulchiinsi magaalaa ragaa mirga abbaa qabiyyuummaa qabaachuu koo ibsu waanan naaf hin kennineef mirga abbaa qabiyuummaa koo mirkaneessuun bulchiinsa magaalaa ragaa abbaa qabiyyuummaa akka naaf kennu jedhamee iyyatni dhihaatu iyyata mana murtiin ilaalamu/Justicable matter/ jettanii yaadduu? Dhimma kana tumaalee Heera RDFI waliiniin akkamitti ilaaltu?
5. Ejjennoo lafti kan hin gurguramne, hin geeddaramne qabeenya uummatoota Itiyoophiyaati jedhu qajeeltoowwan bu'uuraa mirga qabeenyaa waliiniin akkamitti wal sima?
6. Sababni dhimmi abbaa qabeenyummaa lafaa heerich irratti akka tumame maali akka ta'e hiriyoota keessan waliiniin kaasaa mari'adhaa.

### 3.4.2. Mirga Heeraa Qotee Bultootni, Horsiisee Bultootni Lafa Kaffaltii Malee Argachuu fi Lafa Qabiyyee Isaaniirraa akka hin Buqqaane Eeggamuuf Qaban

Heerri RDFI qotee bultoonnii fi horisiisee bultoonni lafa baadiyyaa kaffaltii malee argachuu fi abbaa qabiyyee lafaa ta'uu fi lafa kana irraa akka hin buqqaane eegumsa argachuuf mootummaan Federaalaa seera akka baasuu fi mootummooleen naannolee seera mootummaan federaalaa baase irratti hundaa'uun seera ofii baasuu fi tumaalee seerichaa keessatti tumaman hojiirra oolchuuf qaamolee hojii raawwachiistuu gurmeessuun lafa baadiyyaa haala sirrii ta'een bulchuu akka danda'an bifa ifa ta'een kaa'eera.Mootummaan federaalaa aangoo heeraan kennameef bu'uureeffachuun labsii bulchiinsa lafa baadiyyaa bara 1989 baasee waggoota 8 (saddeetiif) hojiirra erga oolcheen booda fooyyeesseera.Heerichatti aansuun labsiin bahe lakk 98/1989 jedhamu yoo ta'u booda irratti imaammatnii fi tarsiimoon misooma baadiyyaa erga baheen booda imaammata bahe bifa bu'a qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf labsiin kun labsii 456/97 fooyya'uu danda'eera.Labsiin kun:

- Mirgoolee qotee bultoonnii fi horsiisee bultoonni lafa baadiyyaa kaffaltii malee argachuu fi lafa isaa irraa buqqa'uu irraa bilsa ta'u caalaan cimsuuf
- Qotee bultootaa fi horsiisee bultoota lafa qabatan irraa kaasuun sababa gahaadhaan barbaachisaa dha jedhamee yeroo yaadamu baasii lafa misoomsuu fi qabeenya laficha irratti dhaabbiin qaban, qabeenyaa fi omisha jiru giddu galeessa gochuun beenyaa gahaa ta'e argachuu fi qotee bultoonii fi horsiisee bultoonni lafa isaanii irraa buqqa'uu isaaniitiin miidhaa irra ga'eef gargaarsa madaalawaa ta'e ykn lafa bakka buusuun itti danda'amu kaa'uun mirga heera irratti beekamtii fi waabii argateef hojiirra oolchuuf tumaawwan bal'ina qaban tumeera.

Labsiin itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafa baadiyyaa federaalaa lakk.456/97 lafa baadiyyaa Itiyoophiyaa keessatti argamu kamiyyuu irratti raawwatiinsa kan qabu yoo ta'u tumaalee amala lama qaban ofkeessatti akka qabate ilaaluun ni danda'ama. Kunis yeroo ilaallamu gama tokkoon tumaalee mootummooleen naannoolee dirqamaan hordofuu qaban kan jiran yoo ta'u gama biraatiin immoo mootummooleen naannoolee haala qabatamaa isaanii giddu galeessa gochuun seeraa baasuun murtiiwwan barbaachisoo ta'an akka kennan kan hayyamanii dha.

Akka labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa federaalaa lake 456/1997 tti mootummooleen naannoolee labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa baasan keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa kabajuu haala armaan gadiin kaa'eera:

- ❖ Qotee bultoota, horsiise bultootaa fi gamisa horsiisee bultoota jireenyi isaanii qonna irratti bu'uureeffate lafa baadiyyaa kaffaltii malee argachuu mirga qaban mirkaneessuu
- ❖ Daa'imman umuriin isaanii ga'eessummaaf hanga gahutti nama isaani guddisuun mirgi lafatti fayyadamuun mirkanaa'uu kan qabu ta'uu isaa
- ❖ Dubartootni lafa baadiyyaa kaffaltii malee argachuu fi fayyadamuuf mirga kan qaban waan ta'eef mirkaneessuu
- ❖ Namni jireenyi isaa qonnaa irratti hundaa'ee maatii isaa irraa mirga lafa kennaan ykn dhaaltummaan argachuu qabu mirkaneessuu
- ❖ Hojmaatawwan invastaroonnii fi dhaabbiileen biroo lafa baadiyyaa argachuun itti fayyadaman diriisuu fi mijeessuu
- ❖ Ragaa gahaa fi pilaanii lafti baadiyyaa namootaa dhuunfaa ykn waliiniin mootummaan ykn miti-mootummaan qaban galmeessuun qabachuu
- ❖ Daangaa yeroo malee mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qotee bultootaa fi horsiisee bultootaa mirkaneessuu
- ❖ Namni mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa irratti qabu tokko laftichi faayidaa uummataatiif yeroo barbaadamu misooma laficha irratti godheef beenyaa gahaa ta'e akka argatu gochuu hanga danda'amaa ta'e lafa biraa bakka buusuu
- ❖ Abbaan qabeenyaa lafa baadiyyaa liiziidhaan kireeffate lafichatti fayyadamuu ykn wabiidhaaf qabsiisuuf mirga qabaachuu
- ❖ Dambiiwwan fi qajeeltoowwan lafti baadiyyaa wal jala daddabarsuun dandeessisu baasuu
- ❖ Karoora itti fayyadama lafaa baasuufi hojiirra oolchuu
- ❖ Namoota lafa fayyadaman dirqamoota qaban bahuu isaanii irratti to'annoo fi hordoffii fi kanneen biroo qajeeltoowwan bu'uura mootummooleen naannoolee yeroo seera baasan hordofuu qabanii dha.

Akka labsii itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafa baadiyyaa federaalaa lakk 456/97tti mootummooleen naannoolee haala qabatamaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun seeraa yeroo baasan dhimmootni giddu galeessa gochuu qaban kanneen armaan gadiiti:

- Ulaagaalee qotee bulaan tokko ykn naman biraa lafa argachuuf guutuu qabu murteessuu
- Lafti baadiyyaa kan dhuunfaa, waliinii fi hawaasaa ta'uu isaa adda baasuu fi daangeessuu akkasumas haalawwan lafti waliinii fi hawaasaa gara dhuunfaatti darbu kaa'uu
- Daangaa yeroo Invastaroonnii fi abbootiin qabeenyaa lafa baadiyyaa kiraa liiziitiin qabachuun itti turanii fi fayyadaman murteessuu
- Daangaa yeroo fi haala qotee bulaan tokko lafa qabu kiraadhaan nama biraaf dabarsuu
- Sirna waliigalteen itti galmaa'u diriisuu fi mijeessuu
- Haala lafti misooma jal'isiif ooluu fi itti wal jala siiqamu ilaalchisee dambii baasuu
- Hanga xiqqaa lafti baadiyyaa kennamu murteessuu
- Qaamolee fi hojmaata waldhabdeewwan abbaa qabiyyuummaa lafaa irratti ka'an murteessuu
- Qaama bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa raawwachisu gurmeessuu jedhu yoo ta'e mootummooleen naannoolee labsii itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafa baadiyyaa baasuun hojiirra oolchuun kan irraa eegamu yoo ta'u gurmaa'iinsa seerichaa hordofuun hojiirra oolchuus qabaaachuu hojjachaa jiru.Ibsa biraatiin tumaalee abbaa qabiyyuummaa lafaa waliiniin wal qabatee tumaalee Heera RDFI federaalaa fi mootummoolee naannoolee keessatti tumaman bifa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf haalli mijataa ta'e naannoolee biratti akka jiruu dha.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadma lafa baadiyyaa naannoo keessanii tumaalee dirqisiisoo labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa federaalaa lak456/97 waliiniin wal simuu?
2. Qotee bulaan ykn horsiisee bulaan tokko mirga lafatti fayyadamuu hojiirra oolchuuf seerri federaalaa fi naannoolee karaawwan akkamii fayyadamu?

3. Heera RDFI keessatti mootummaan federaalaa lafaa fi qabeenya uummamaa ilaalchisee seera bu'uuraa akka baasuu fi mootummooleen naannoolee immoo isa irratti hundaa'uun seera akka baasan jechuu isaa akkamitti ilaaltu?
4. Qotee bultoonni ykn horsiisee bultoonni lafti isaanii faayidaa uummataaf yeroo barbaadamuu mootummaa irraa beenyaa madaalawaa ta'e argachuu fi dabalataan lafa bakka bu'uu argachuu jedhu akkamitti waliiniin deema? Lafti bakka bu'uu naannootti yoo argamuu baate maal ta'a?

### 3.4.3. Fooyya'iinsa Lafa Irratti Taasifame ykn Qabeenya Dhaabbii Lafa Irratti Argamu Irratti Abbaa Qabeenyaa Ta'uu

Heerri RDFI laftii fi qabeenyi uumamaa kan mootummaa fi uummataa ta'uu isaa labsus namni lammii Itiyoophiyaa ta'ee magaalaa ykn baadiyyaa jiraatu lafa baadiyyaas ta'e magaalaa kaffaltii malee argachuu ykn liizidhaan kirreeffatee qabeenya dhaabbii laficha irratti ykn fooyya'iinsa laficha irratti taasiseen abbaan qabeenyummaa kanuma isaa ta'uu ibsuun mirgi kun gurguruu, geeddaruu,dhaalchisuu mirgi inni laficha irratti qabu adda kan citu yoo ta'e qabeenya laficha irraa qabu kaasuu, beenyaa gaafachuu akka dabalatu kew 40(6) irra hubachuun ni danda'ama.

Qajeelfamni bu'uuraa kun mootummaan abbaa qabeenya lafaa ta'us mootummaan lafa kana kaffaltti tokko illee namoota irraa osoo hin sassaabiin kennuun namootni kunis maallaqa, beekumsaa fi humna isaanii fayyadamuun laficha irratti qabeenya kan horatan yoo ta'e qabeenya horatan kana irratti mirga abbaa qabeenyummaa kan qaban fi lafti abbaa qabeenyummaan kan mootummaa ta'us qabeenya isaan lafa irratti qaban garuu kan hin daangeessine ta'uu Heera RDFI kew 40(6) irraa hubachuun ni danda'ama.Kunis namni tokko lafa, kaappiitaalaa fi humna qabu qindeessuun qabeenyi argatu lafi kan mootummaa ta'uu isaa kan sakaalu akka hin taanee dha.Dhimma kanas barreessitootni biyya alaa qabeenya dhugaa lafa waliiniin wal qabatee jiru qabeenyoota laficha irratti uumamanidha (real property rights is a combination of interest in land and improvement there to) jechuun ibsu.Baadiyyaatti lafa mana jireenyaa ijaaruuf gargaaru adda baasuun daangaa'ee kan kennamu yoo ta'u magaalatti immoo lafa mana jireenyaa namootaaf, biiroof,daldalaa fi riil isteetiif jechuun adda baafamanii taa'u.Kanaaf hiikoo qabeenyaaf olitti kennamee fi tumaa

Heera RDFI irraa hubachuun akka danda'amu namni seeraas ta'e uumamaa lamummaan isaa Itiyoophiyaa ta'e fooyya'iinsa ykn qabeenya lafa irratti qabu irratti mirga abbaa qabeenyummaa guutuu ta'e kan qabu ta'uu fi mirga kanas haala barbaadeen fayyadamuuf mirga kan qabu ta'uu isaatidha.Ibsa biraatiin namni abbaa qabeenyaa ta'e mirgoolee akkamii akka qabu Heera RDFI kew 40(6) jalatti ifaan kan tumame waan ta'eef mirga kana fayyadamuuf carraa akka qaban wabii ta'eera.

Kallattii kanaan ogeessota qaamolee haqaa namootni lafa baadiyyaas ta'e magaalaa irratti fooyya'iinsa gochuun ykn qabeenya biraa achi irraa kan qaban taanaan qabeenya kana irratti mirga abbaa qabeenyummaa guutuu ta'e kan qaban akka ta'etti hubachuun mirga kana kabajuu fi kabajchiisuu keessatti hirmaannaa duraa nu gaafata.Ibsa biraatiin laftii fi qabeenyi uumamaa kan mootummaa fi uummataa ta'us namootni lafa magaalaas ta'e baadiyyaa qabachuun lafa sana irratti fooyya'iinsa fidaniin qabeenyi horatamu ykn qabeenya laficha irraa qaban irratti mirga abbaa qabeenyummaa guutuu ta'e kan qabanii fi mirga kanas nama biraatiif dabarsuu fi mirga namoota biroo hanga hin xuqneetti fayyadamuuf ni qabaata.Dabalataan mootummaan fedhii uummataatif jecha laficha akka gadhiisan yoo godhe illee beenyaa madaalawaa ta'e kaffaluuf dirqama qaba.Kunis mootummaan maqaa faayidaa uummataa jedhuun mirga abbaa qabiyyuummaa namootaa akka hin sarbine gochuun mirgi kun haala amansiisaa ta'een hojiirra akka oolu godha.

**Qabxiiwwan Marii**

1. Heera RDFI kew 40(1) keewwata isa dhumaa fi kew 40(6) giddutti addummaan jira jettuu? Maaliif?
2. Qotee bulaan seeraan ala lafa qonnaa irratti mana ijaare ykn jiraataan magaalaa mootummaa irraa lafa kaffaltii malee ykn kiraa liizidhaan osoo hin argatiin qotee bulaa irraa lafa magaalaaf daangeeffame bitachuun mana ijaare Heera RDFI kew 40(6) irratti hundaa'uun mirga fayyadamuuu qaba jettuu?
3. Himni Heera RDFI Kew 40(6) jalatti lafa irratti "fooyya'iinsa dhaabbii" taasifame jedhu maal hammata jettanii yaaddu?
4. Lafa abbaa qabiyyuummaan fayyadamuun mirga abbaa qabeenyummaa lafaa irraa maaltu adda baasa?

5. Qotee bulaa fi horsiisee bulaan lafa qabu mirga dhaalchisuu ni qaba jechuun maal jechuu dha? Eenyuuf dhaalchisa?

## 3.5. Haalota Mootummaan Qabeenya Dhuunfaa Fedhii Uummataatiif Jecha Itti Fudhatu

Mirgi abbaa qabeenyummaa dhuunfaa eegumsaa fi beekamtii heeraa argateera.Ta'us Heerri mirgi kun daangaa tokko malee kan kabajamu akka hin taanee fi mootummaan lafa nama uumamaa ykn seeraa fudhachuu akka danda'u tumeera.Mootummaan lafti tokko fedhii uummataaf faayidaa qaba jedhee yeroo amanu beenyaa madaalawaa ta'e abbaa qabiyyeef kaffaluun fudhachuu akka danda'u Heera RDFI kew 40(8) jalatti tumameera.

Tumaan heeraa kun dhimmoota bu'uuraa lama kaa'eera.Inni duraa mootummaan lafa nama tokkoo faayidaa nama dhuunfaa tokko galmaan gahuuf qofa akka fudhachuu hin qabaannee fi fudhachuu kan qabu faayidaa uummataaf yoo ta'e qofa akka ta'ee dha. 'Fedhiin uummataa' akkaataa qabeenya hin sochooneen kallattiin ykn al kallattiin faayidaa uummatni lafa irraa argatan mirkaneessuun misooma hawaasummaa fi diinagdee gabbisuu qaama dhimmi ilaaluun pilaanii magaalaa fi karoora misoomaa irratti hundaa'uun 'Fedhii uummataa' jechuu akka ta'e hiikoon seeraa kennameera.

Inni lammaffaan mootummaan qabeenya nama tokkoo yeroo fudhatu dursee beenyaa madaalawaa ta'e kaffaluu kan qabu ta'uu isaati.Kallattii kanaan mootummaan Federaalaa fi Bulchiinsi Magaala Finfinnee mana ykn qabeenya dhaabbii tokko faayidaa uummataaf jecha fudhachuu yeroo barbaadu durfamee dhimma kana irratti labsii fi danbii beenyaa akka kaffalu taasisu baaheera.Mootummaan Federaalaa labsii 455/1997 tiin haala lafti itti gadhiifamuu fi beenyaan kaffalamu kaa'eera.Labsii kana hojiirra oolchuuf danbii baasuun hojiirra oolcheera.

- Beenyaan kaffalamu qabeenya laficha irratti argamuu fi fooyya'iinsa dhaabbbii laficha irratti taasise.
- Sababa qotee bulaan tokko lafa irraa buqa'ee miidhaan irra ga'eef beenyaa isaaf kaffalamu agarsiisuuf.
- Kan buqqifamu jirataa magaalaa yoo ta'e, iskeelii bulchiinsi magaalaa murteessuun lafa bakka bu'uufamu fi tilmaama qabeenya ka'uu.

- Yeroo Waliigaltee liizii keessatti ibsameen dura lafti liiziidhaan qabame yoo mootummaan fudhatame lafti biraa kan bakka bu'u ta'uu isaa labsii 455/97 kew 7 fi 8 irraa hubachuun ni dadna'ama.

Heerri Federaalaa mootummaan federaalaas ta'e naannolee mirga abbaa qabeenyummaa irratti giddu-lixuudhaan fudhachuu kan danda'an fedhii uummataatiif jechuun akka ta'ee fi kanas yeroo raawwatan namoota ka'aniif beenyaa madaalawaa ta'e dursuun kaffaluu qabu. "Fedhii uummataa" qabxiin jedhu eegumsaa fi beekamtii Heerri mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaaf kenne waliiniin bifa wal madaaluun ilaallamuu qaba.Kallattii kanaan dhimma of eeggannoon ilaalamuu fi xiinxalamuu qabu akka ta'e hubachuun ni barbaachisa.Mootummaan dhimma kana giddu galeessa gochuun haala qabeenyi dhaabbii itti fudhatamu irratti labsiin 455/97 keessatti hiikoo kenneera.Hiikoon kunis:

- ✓ Qabiyyee fi qabeenyi gadhiifamuun faayidaa kallattiin uummataaf kennuu mirkaneessuun
- ✓ Qabiyyee fi qabeenyi gahiifamuun isaa faayidaa al-kallatiin uummmatni lafa irraa argatu mirkaneessuuf
- ✓ Qabiyyee fi qabeenyi gadhiifamuun isaa guddina hawaasummaa fi diiangdee fiduu irratti qaama dhimma ilaallatuun karooraa fi pilaaniin mirkanaa'ee yoo argame akka ta'e labsii lakk 455/97 kew 2(5) jalatti tumeera.

Kanaaf, qabeenyichi dursaan karoora fi plaanii qophaa'een hojiiwwan faayidaa uummataaf gargaaran kan kennu ta'uu isaa mirkaneessuun murteessaadha.Kallattii kanaan namni mana qabu tokko ollaan isaa mana bareedaa ta'e ijaaruuf akka ka'u waan gaafateef qofa mootummaan mana sana fudhachuu hin danda'u jechuudha.

Mootummaan mirga abbaa qabeenyummaa nama tokko keessatti gidduu lixuu kan danda'u qabeenyi fudhatamu guddina hawaasummaa fi diinagdee magaalaa ykn naannoo mirkaneessuuf karoora qabame raawwachuuf kan gargaaruu fi faayidaa uummataaf kennuu giddu galeessa gochuun ta'uu akka qabu labsii Heera RDFI kew 40(8) hojiirra oolchuuf bahe lakk 455/97 irraa hubachuun ni danda'ama.

**Qabxiiwwan Marii**

1. **Beenyaan nama qabeenya jala fudhatameef kaffalamu madaalawaa ta'uu qaba yeroo jedhamu maal jechuu dha?**
2. Mootummaa naannoo keessanitti mootummaa lafaa fi mana jireenyaa yeroo fudhatu seerri beenyaa akka kaffalu dirqisiisu jiraa?
3. Naannoo jirtanitti qabeenya mootummaan fudhatameef seerri ykn dambiin mootummaa naannoon ykn bulchiinsa magaalaa maallaqaan ykn gosaan akka kaffalamu dirqisiisu jiraa?
4. Lafa bakka bu'uufamu ykn mana bakka bu'uufamu argachuu jedhu mirga Heera RDFI irratti beekamtii fi wabii argate jettanii yaadduu? Maaliif
5. Heerrichi mirga abbaa qabeenyummaa qofa osoo hin taane mirga abbaa qabiyyuummaa fi itti fayyadama lafaa beekamtii fi eegumsa kenneera jettanii yaadduu?

# 3.6. Gudunfaa

Heerri mirga abbaa qabeenyummaa dhuunfaa, miira abbaa qabiyyummaa fi itti fayyadama lafaaf beekumsaa fi eegumsa heeraa kan kenne akka ta'e Heera RDFI kew 40 ilaaluun hubachuun ni danda'ama.Qaamoleen haqaa seera hariiroo hawaasaa irratti waa'ee qabiyyee, alaabaa, qabiinsaa fi tumaalee waa'ee qabeenyaa tumaman tumaalee qabeenyaa heeraa mootummaa kew 37 irratti mirga haqa argachuu irratti kan tumame waliin bifa wal simatuun hiikuu fi hojiirra oolchuu qabu.

Ibsa biraatiin,qaamoleen haqaa dirqama Heera RDFI kew 13(1) irratti tumame bu'uureeffachuun mirga abbaa qabeenyummaa kabajuu fi kabajchisuuf dirqama qabu.Kallattii kanaan, abbaa qabeenyummaa fi mirga abbaa qabiyyee fi faaydamummaa lafaa fi dhimmoota biroo akkuma amala isaaniitti kaayyoo fi galma Heera RDFI bifa mirakneessuu hiikuudhaan guddina diinagdee itti fufiinsa qabu akka jiraatu faayidaa migi abbaa qabeenyummaa qabuu hubachuun eegumsaa fi rakkoowwan uumamaniif furmaata si'oomina qabu kennuun barbaachisaadha.

Kunis jechuun, gama tokkoon mirga lafa waliiniin wal qabatee Heera RDFI kabajuun gama biraatiin immoo lammiiwwan lafa bifa seera qabeessa ta'een mirga abbaa qabiyyuummaa fi fayyadamuu laficha irratti qaban kabajchiisuun guddinni hawaasummaa fi diinagdee akka

dhufu itti gaafatamummaa qaamolee haqaa irratti gatame ol'aanaa ta'uu isaa hubachuun murteessaadha.Yeroo kana ta'uu dha mootummaas ta'e qaamoleen biroo mirga lammiiwwan qabeenya irratti qaban jedhamanii Heera RDFI irratti kaa'aman kabajuu fi kabajchisuun kan danda'amu.

# KUTAA AFUR

# SEERA DHAALAA IRRATTI QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU’UURAA HEERRI RDFI KAA’E

Leenjifamtootni dhuma boqonnichaa irratti qabxiilee armaan gadii ni hubatu:

- Mirga qabeenya dhaalmaan dabarsuutiin walqabatee hojiirra oolmaa sirnoota dhaalmaan ittiin gaggeeffamu gara garaa heeraan beekamtii argatan ni hubatu.
- Mirgoota dhaalmaan darbuu danda’anii fi hin dandeenyee fi mirgi abbaa qabiyyummaa lafaa fi itti fayyadamni isaa bifa seera qabeessa ta’een karaa ittiin darbuu danda’u ni hubatu.
- Mirgi dhaalaa fi dandeettiin dhaalaaf barbaachisu walitti dhufeenyaa fi walitti hidhamiinsa mirga walqixxummaa heeraan mirkanaa’e waliiniin qabu ni ibsu.

**4.1. Mirga Qabeenya Dhaalchisuu Akka Waliigalaatti**

Dhalli namaa jireenya isaa keessatti beekumsa, humnaa fi kaappitaala isaatiin qabeenya horate nama barbaaduu fi nama seeraanis mirga dhaalmaa qabuuf akka dhaalchisu eegumsii fi wabummaan seeraa erga godhamuufi jalqabee baroota hedduu lakkoofsiseera. Haa ta’uyyuu malee mirgi qabeenya ofii dhaalmaadhaan dabarsuu eegumsaa fi wabummaa kan argate heeraani moo seerota birootiini gaaffiin jedhu biyyoota biroo keessatti qabxii falmisiisaa fi abbootiin seeraas qaphxii irratti yaada adda addaa qabatan akka ta’e ni beekama.

Qabeenyi guddina hawaas-dinaagdee biyya tokkoo keessatti gahee ol’aanaa kan qabu akka ta’e hundumti keenya kan irratti waliiniigaluu dandeenyuu dha. Faayidaa diinagdee qofa osoo hin taane faayidaa hawaasummaas kan qabu waan ta’eef, qabeenya tokko qaama tokko irraa qaama 3ffaaf kara sirna qabeessa ta’een akka darbuu danda’u gochuun guddina biyya tokkoo saffisiisuu irra darbee nageenya argamsiisuu keessattis akka salphaatti kan ilaalamuu miti. Kana malees falmii maatii gidduutti uumamuu danda’u hambisuudhaan haqa hawaasummaa mirkaneessuun yoo barbaadame mirga namoota qabeenya dhaalchisan qofa osoo hin taane mirgi namoota qabeenya dhaalaniis wabummaa seeraa argachuutu irra jiraata.

Biyya keenya keessatti yeroo dhiyoo as keessattuu Heerri RDFI bahee hojiirra ooluun walqabatee dhimmi kun qaphxii falmisiisaa ta'uun isaa hafee deebii ifa ta'e argatee jira. Heera RDFI  keewwata 40 kwt xiqqaa 1 fi 7 jalatti namni abbaa qabeenya ta'e tokko qabeenya isaa gurguruuf, dhaalchisuuf, jijjiiruu fi karaa biraatiin dabarsuuf mirga akka qabu tumameera. Heerichi mirga abbaa qabeenyummaatiif beekamtii fi wabummaa kan kenne abbaan qabeenyichaa yeroo lubbuun jirutti akka gurguru, jijjiiruu fi qaama 3ffaaf akka dabarsu qofa osoo hin taane abbaan qabeenyichaa yeroo du'us dhaalmaan mirga dabarsuuf qabu kan dabalatuu dha.

Heera RDFI keewwata 40 kwt xiqqaa 1 fi 7 jalatti mirkanaa'ee kan jiru mirgi qabeenya dhaalmaadhaan dabarsuu akkamitti hiikkamuu qaba yaadni jedhu sirritti ilaallamuu qaba. As irratti dhimmi biraa ka'uu qabu mirgi qabeenya dhaalchisuu kun lafa ni dabalata moo hin dabalatu kan jedhuu dha. Armaan olitti kutaa biraa keessatti tokko tokkoon ilaaluuf akkuma yaalle, bara 1967 irraa eegalee mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa nama dhuunfaarraa gara uummataa fi mootummaatti darbee akka jiru ni beekama.

Bu'uuruma kanaanis mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa kan mootummaa fi kan uummataa ta'ee lammiileen lafatti fayyadamuu akka danda'an, qabeenya horatanii fi fooyyee laficha irratti uumaniifis qajeeltoon mirga abbaa qabeenyummaa isaan gonfachiisu kaa'meera. Kanaan alattis Heerri RDFI ragga'ee hojiirra ooluu isaatti aansuun labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa mootummaa federaalaa baheera. Naanooleenis heeraa fi labsii 456/97 'n aangoo kennameef tilmaama keessa galchuun seerota mataa isaanii ittiin raawwatan baafatanii hojiirra oolchuun lammiileen mirga lafatti fayyadamuu qofa osoo hin taane mirga abbaa qabiyyummaa isaaniis akka dhaalchisan qajeeltoowwan dandeessisan haammatamaniiru. Akkaataa sirna seeraa biyya keenyaatti kanneen armaan gadii keessaa tokko irratti dhaalmaan du'aa raawwatamuu akka danda'u ni beekama.

- Guutummaatti dhaamoo malee
- Guutummaatti dhaamoodhaan
- Gariin dhaamoo fi gariin dhaamoo malee ta'uu akka danda'u seera hariiroo hawaasaa keewwata 829 jalatti ifatti tumameera.

Kanaaf heericha keewwata 40 jalatti beekamtii fi eegumsi kan kennameef sirnoota dhaalchisaa sadan kanneen keessaa isa kamiifi dha?Gaaffii jedhu kaasuudhaan kaayyoo fi galma heerichaa bu'uura godhachuun hiikaa itti kennuu fi mirga abbaa qabeenyummaa bifa hin dhiphisneen hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Kana jechuun garuu Heerri amaluma isaatiin qajeeltoowwan waliigalaa kan qabatu waan ta'eef gaaffiiwwan hundaaf deebii bal'inaan kenna jechuu miti.

Waan kana ta'eef Heerichi bahuun duras ta'e erga bahe booda seera baastuunis ta'e qaama seera raawwachiiftuudhaan seerotni bahani fi murteewwan kennaman qajeeltoowwan Heera RDFI akkaataa kabachiisuu danda'uun hiikuudhaan mirga abbaa qabeenyummaa lammiilee fi kanuma waliiniin walqabatee kan ilaalamu mirga qabeenya dhaalchisuu mirkaneessuun itti-gaafatamummaa ol'aanaa qaamolee haqaa irraa eeggamuu dha.

**Gaaffiilee Marii**

1. Namni tokko erga du'e booda haala qabeeenya isaa murteessuudhaaf mirga uumamaa fi Heera RDFItiin argate ni qaba jettanii yaadduu? Maaliif
2. Mirgi qabeenya ofii dhaalchisuu Heera RDFItiin mirkanaa'uu isaatiif kaayyoon dursaa maali jettanii amantu? Maaliif? Kana irraa adda duraan kan fayyadamu hoo eenyu?

### 4.2. Sirna Qabeenya Dhalmaan Dabarsuu Akka Biyya Keenyaatti: Yaad Waliigalaa fi Heera RDFI

Dhufaatii fi guddinni seera dhaalmaa dhufaatii fi guddina qabeenya dhuunfaa wajjin walitti dhufeenya cimaa akka qabu olitti ibsameera. Qabxii bu'uuraa kanarraa kaanee sirna dhaalmaa kana dura turee fi yeroo ammaa jiru yeroo qorannu, kana duras ta'e yeroo ammaa biyyi keenya seerota fi danboota walfakkaatoo sirna dhaalmaa bitan kan hin qabne ta'uu salphaatti hubachuun ni danda'ama.

Itiyoophiyaan hawaasni, aadaalee fi danbiiwwan barmaatilee gara garaa; amantaalee gara garaa, sirni dhaalmaa fi bifa ammayyaatiin kan wixineeffame danbiiwwan dhaalmaa seera hariiroo hawaasaa wal wajjin raawwatamiinsa akka qabaatan sirnoota dhaalmaa gara garaa fi

hedduu ta'aniif beekamtii seeraa biyya kennitee dha. Sirna qabeenya dhaalchisuu murteessuu keessatti gahee Heerri RDFI gumaache hubachuuf danbiiwwan dhaalmaa namni du'e tokko qabeenya isaa ittiin dhaalchisu waqtiilee seena qabeessa ta'an sadi keessatti haala qabatamaa ture qorachuun ilaaluun ni barbaachisa. Isaanis:

- Danbiiwwan sirna dhaalmaa seerri hariiroo hawaasaa bara 1952 osoo hin bahiin dura qabeenya nama du'ee dhaalchisuuf raawwatiinsa qaban
- Danbiiwwan sirna dhaalmaa seerri hariiroo hawaasaa bara 1952 erga bahee booda hanga hagayya bara 1987 tti raawwatiinsa qaban
- Hagayya bara 1987 booda sirna dhaalmaa hojiirra oolaa jiru jedhamanii qoqqoodamuun ilaalamuu danda'u.

#### 4.2.1. Sirna Dhaalmaa Bara 1952 Dura Biyya Keenya Keessa Ture

Bara 1952 seerri hariiroo hawaasaa bahee hojiirra ooluu isaatiin dura biyya keenya keessatti qabeenyi dhaalmaa nama du'ee dhaaltota isaatiif kan darbaa ture barmaataa fi danbiiwwan aadaa hawaasa keessa jiraatuu, amantaa kiristaanaa irraa kan dhufe tumaalee *'Fitaha Nagast'* fi seera *'sharia'* bu'uureffatee kan raawwatamaa ture akka ta'ee fi sirni dhaalmaa kunis qabiyyee, amalaa fi bu'aawwan gara garaa kan qaban akka ture yaadannoo yeroo dhiyoo ta'uu irra darbee ammallee baadiyyaawwan biyyattii gara garaa keesaatti sirni kun yeroo calaqqisiifamu akka mul'atu qorannoowwan gama kanaan gaggeeffamuu fi haalli qabatamaan jirus kan agarsiisanii dha.

Kanaaf seerri hariiroo hawaasaa ragga'ee hojiirra ooluun dura danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi barmaataa; sirni dhaalmaa '*Fitiha Nagast'* fi *'shari'aa'* walcinaatti hojiirra oolaa fi bu'aa seeraas hordofsiisaa akka turan hubachuun ni danda'ama. Ibsa biraatiin biyyi keenya seera ammayyaa qabaachuu fi walitti dhufeenyi lammiilee jidduutti taasifamus seerota qaama seera baaftuutiin qophaa'aniin bitamuu eegaluun dura dhimmi dhaalaa sirna amantaa fi barmaataa yeroo dheeraaf turee fi daddarbaa fi gabbataa dhufeen kan keessummaa'aa ture waan ta'eef Itoophiyaa keessa durumaa jalqabee sirni dhaalmaa qixa qabeessa ta'e akka hinturre kan hubatamuu dha.

### 4.2.2. Seerri Hariiroo Hawaasaa Erga Ragga'ee Booda Sirna Dhaalmaa Biyya Keenya Ture

Qaamni seera baastuu yeroo sana ture walitti dhufeenya hawaasaa fi sochii diinagdee biyyattii seera jabanaatiin sirna qabsiisuudhaaf yaaduudhaan seera hariiroo hawaasaa baasuudhaan hojiirra yeroo oolchu kara tokkoon biyyattii keessatti seerrii fi sirni jabanaa kara guutummaa qabuun akka lafa qabatu barbaadamee yoo ta'u, kara biraatiin immoo biyyattii keessatti sirni dhaalmaa qixa-qabeessa ta'ee fi seerri dhaalaa akka jiraatu yaaduudhaan tumaalee bal'ina qaban qabatee baheera. Seera baastuunis ta'e seera raawwachiistuun sirna yeroo sana turee fi walfakkaataa hin taane seera ammayyaatiin bakka buusuudhaan biyyattii keessatti bal'inaan kan ittiin hojjetamaa turan sirnaa fi danbiiwwan dhaalmaa tumaalee seera hariiroo hawaasaatiin bakka bu'amanii bifuma sanaan akka raawwataman kan barbaadame akka ta'e tumaa S.H.H keewwata 3347 kwt xiqqaa 1 irraa ifatti hubachuun ni danda'ama.Tumaan kunis ''tumaan ifa ta'e yoo jiraate malee seera hariiroo hawaasaa kana keessatti dhimmootni ilaalaman kanaan dura barmaataan yookin barreeffamanii kan ittiin hojjetamaa turan danbiiwwan hunduu seera hariiroo hawaasaatiin waan bakka bu'amaniif haqamaniiru'' jechuun kan kaa'e yoo ta'u sirna dhaalmaa ilaalchisee armaan dura danbiiwwan barmaatilee fi seerotni amantaa kan haqamanii fi seera hariiroo hawaasaatiin bakka kan bu'aman ta'uu labseera.

Seera baastuun yeroo sana ture seerri ammayyaa walfakkaataa ta'eefi guutummaa biyyittiitti walqixa raawwatamiinsa qabu akka jiraatu yaaduudhaan sirna dhaalmaa tokko diriirsuuf kan yaale yoo ta'ellee seerichi bahee hojiirra erga oolees yaada kana kara guutummaa qabuun hojiirra oolchuun hin danda'amne.Sababni isaas seerri hariiroo hawaasaa akka Waliigalaatti seerri dhaalmaa akka addaatti hawaasa mara biratti walqixa fudhatama akka argatan hojiin cimaa ta'ee fi itti fufiinsa qabu kan hin hojjetamne waan ta'eef, aadaa fi amantaa gara garaa kan qabuu fi hawaasa barmaata isaa jabeessee qabu biratti fudhatamummaa argachuu waan hin dandeenyeefi dha.

Ibsa biraatiin hawaasni gara garaa seerri hariiroo hawaasaa erga bahe booda aadaa fi danbiilee dhaalmaa isaanii bu'uura godhachuun sirna dhaalmaa nama du'ee hojiirra oolchuu waan itti fufanii fi mootummaan yeroo sana tures seera hariiroo hawaasaa kana

guutummaa biyyittii keessatti beeksisuudhaan hojiirra oolchuuf humna dhabee waan tureef labsii lakk. 62/1936 ta'een manneen murtii shari'aa hundeeffamanii hawaasa musliimaa tajaajilaa turan seerummaan isaanii gaaffii keessa galee kan ture yoo ta'ellee hawaasni musliimaa iyyata mootummaaf dhiyeessuudhaan seerri hariiroo hawaasaa ragga'ee hojiirra erga ooleen boodallee fooyya'iinsi tokko osoo hin godhamne bu'uuruma seera shari'aatiin fuudhaa fi heeruma, guddisa ijoollee, kennaa waaqiifii fi dhimma dhaalaa hawaasa musliimaa ilaalchisee manneen murtii shari'aa kun xalayaa ministeera haqaa irraa barreeffameen ilaaluu akka itti fufan godhameera.Haalli kunis seera baastuun sirna dhaalmaa walfakkaataa ta'e tokko diriirsuuf bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 3347 keewwata xiqqaa 1 tiin tumaan ifa ta'ee kaa'me sirna dhaalmaa biyyittii irratti jijjiirama bu'iiraa tokkollee kan hin fidne ta'uu qofa osoo hin taane seerri seera baastuudhaan bahee hojiirra oole ministeera haqaa irraa xalayaa barreeffameen haqamuu isaa yeroo ilaallu mootummaan yeroo sana ture jalqabumayyuu olaantummaa seeraatiif kan dhaabate akka hin taane hubachiisuu irra darbee seera ammayyaatiin hojjechaan jira jechuuf qofa kan dhaabate akka ta'e agarsiisa.

Waan kana ta'eef bara 1952 jalqabee hanga Heerri RDFI hagayya 15/1987 hojiirra oolutti biyya keenya keessatti dhaalmaan nama du'e tokkoo akkuma haala isaatti takka takka sirna barmaataa, yeroo kaan immoo danbiiwwan dhaalmaa shari'aa, bay'inaan immoo naannoo magaalotaatti seerri hariiroo hawaasaa hojiirra oolaa akka ture kan nama falmisiisu miti.

Waan kana ta'eef sirna dhaalmaa biyya keenyaa isa lammaffaa kana keessatti mootummaan ifatti seera baasee sirna dhaalmaa barmaatilee fi amantaa seera hariiroo hawaasaatiin ala jiran kan haqee fi beekamtii seeraa kan dhowwate ta'uu ejjennoo isaa kan agarsiise yoo ta'ellee, qabatamaan garuu dhaalmaan nama du'ee danbiiwwan aadaa fi barmaatilee seera shari'aa fi seera dhaalaa hariiroo hawaasaa walcinaattii hojiirra oolchaa yeroo turame akka ta'e arguun ni danda'ama. Yeroon kun seera baastuun akka qajeeltootti seerri tume yaadrimee waraqaa irra qubate qofa ta'uun kan hafee agarsiisuu irra darbee hawaasni danbiiwwan aadaa fi barmaatilee hojiirra oolchuudhaan fedhii seerri baastuun sirna dhaalmaa walfakkaataa ta'e diriirsuuf qabu fudhatamummaa hawaasaa akka dhabuu fi hojiirra akka hin oolle waan godheef seerri fedhii hawaasummaa, aadaa fi

amantaa uummataa jiddu galeessa hin godhatne seera baastuun waan tumameef qofa raawwatamiinsa argachuu akka hin dandeenye akkasumas mootummaan seera tokko baasuun dura hawaasa mariisisuu akka qabu baruumsa kan kenne dha. Ibsa biraatiin haalli kun seeraa fi sirni mootumman tokko baasu hawaasa biratti akka fudhatamuu fi hojiirra akka oolu yoo barbaadame sirna aadaa fi amantaa hawaasa tokko keessa ture kan barbaachisu yoo ta'u seerrichi yeroo wixineeffamus ta'e yeroo ragga'u mariin hawaasaan irratti akka taasifamu gochuun rakkoo raawwatamiinsa isaatiif wabii kan ta'u akka ta'e hubachiisa.

### 4.2.3. **Ragga'uu Fi Hojiirra Ooluu Heera RDFI Booda Sirna Dhaalmaa Biyyittii Keessatti Hojiirra Jiru**

Waa'ee sirna dhaalmaa kaasnee yeroo mari'annuu fi barreessinu sadarkaa 3ffaa irratti kan ilaalamuu fi tilmaamni guddaan kan kennamuufii qabu sirna dhaalmaa ragga'uu fi hojiirra ooluu Heera RDFI booda jiruu dha. Heerichi mirgoota dhuunfaa ilaalchisee falmiiwwan ka'an fedhii walfalmitootaatiin manneen murtii aadaa yookin amantaatiin ilaalamuuf mirga akka qaban keewwata 34 kwt xiqqaa 5 jalatti tumeera.Dabalataanis manni mare bakka bu'oota uummataa fi manneen maree naannolee bu'uura Heera RDFI keewwata 34 kwt xiqqaa 5 tiin manneen murtii aadaa fi amantaa hundeessuuf yookin kan dura turaniif beekamtii kennuu akka danda'an tumeera.

Akkasumas Heerichi osoo hin ragga'iin dura seeraanis haata'u barmaataan beekamtii argatanii manneen murtii amantaa fi aadaa ittiin hojjetamaa turan heerichaan beekamtii argatanii irra deebi'amanii kan hundeeffaman akka ta'e keewwata 78 kwt xiqqaa 5 jalatti ifatti tumameera.Bu'uuruma kanaan manni murtii shari'aa federaalaa labsii lakk. 188/1992 baheen irra deebiin hundeessuuf mana mare bakka bu'oota uummataatiin bahe waliiniin walqabatee manneen murtii shari'aa bifa haaraadhaan hundeeffamanii hojii isaaniis ciminaan itti fufuu danda'aniiru.Kanatti aansuudhaan mootummaaleen naannoo manneen murtii shari'aa mataa isaanii akka haaraatti hundeessuuf labsiiwwan isaan dandeessiisu baafatanii hojii isaanii akka itti fufan godhaniiru.Kallattii kanaan yeroo madaallus Heerri RDFI ragga'ee hojiirra erga oole hagayya 15/1987 irraa eegalee itoophiyaa keessatti danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi amantaa heerichaan beekamtii fi

eegumsa argatanii tumaalee seera dhaalmaa hariiroo hawaasaa cinaatti hojiirra oolaa kan jiran waan ta'eef jijjiiramni jira jechuuf kan nama dandeessisuu dha. Waan kana ta'eefis sirna dhaalmaa yeroo ammaa hojiirra jiru yeroo ilaallu amaloota bu'uuraa fi addaa lama qabaachuu isaa hubachuun ni danda'ama. Inni duraa sadarkaa walqixa ta'een beekamtii Heera RDFI kan argatan:

- ❖ Danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi barmaatilee
- ❖ Sirna dhaalmaa amantaa fi
- ❖ Bu'uura tumaalee dhaalmaa seera hariiroo hawaasaatiin sirna dhaalmaa yeroo ammaa raawwatuu dha.

Kallattii kanaan tarkaanfiiwwan bu'uuraa Heerri RDFI sirna dhaalmaa irratti fudhate yeroo ilaallu sadarkaa duraa irratti kan ilaalamu sirnootni dhaalmaa amalaa fi bu'aa adda addaa qaban gara garaa biyyiittii keessatti walqixa raawwatiinsa kan qaban ta'uu isaanii yoo ta'u, sadarkaa lammaffaa irratti immoo sirni dhaalmaa nama du'ee yeroo raawwatamu falmiiwwan ka'an danbiiwwan dhaalmaa raawwatamiinsa qabaatan mirga filachuu guutumaan guutuutti kan walfalmitootaa akka ta'u godhamuu isaa ti.

Kana jechuunis sirni dhaalmaa adda durummaadhaan fedhii fi filannoo abbootii mirgaatiin kan raawwatamu malee, seeraa tumuu fi kanaa fi kana qofaan bitamtu jechuun sirrii akka hin taanee fi murtiin isaa qaamolee walfalman harka akka ta'uu qabu qajeeltoon ifa ta'e Heera RDFI keessatti tumamee akka jiru kan hubachiisu dha.Asirratti kan hubatamuu qabu walfalmitoota keessaa qaamni inni tokko sirnoota dhaalmaa aadaa yookin amantaatiin bitamuudhaaf fedhii kan hin qabne yoo ta'e, dhimmichi bu'uura tumaalee dhaalmaa seera hariiroo hawaasaatiin kan ilaallamu ta'uu isaati. Lammiileen tumaalee dhaalmaa seera hariiroo hawaasaa hambisuu kan danda'anii fi gara mana murtii idileetti osoo hin deemiin dhimmichi danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi amantaatiin akka isaaniif raawwatu mirkaneessuudhaan guutummaan guutuutti waliigaluun fedhii yeroo qabaatan qofa akka ta'e Heerichi keewwata 34 (5) jalatti ifatti kan kaa'e waan ta'eef, qajeeltoo kana kabajuu fi kabajchiisuun gahee hawaasa maraati.Kanarras darbee bu'uura labsii lakk. 188/92 tiin namni tokko dhaalmaa ilaalchisee mana murtii shari'aatti dhimma isaa ilaalchisfachuuf

walfalmitootni marti kan irratti waliigalan ta'uun isaa yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e ifatti kaa'meera.

## 4.3. Sirni Dhaalmaa Gosa Gara Garaa Jiraachuun Isaa Ciminaa Fi Dadhabbina Inni Qabaatu

Akkuma olitti ibsame durii jalqabee biyya keenya keessatti sirni dhaalmaa walfakkaataa ta'e tokko kan hin ture yoo ta'u, yaaliin sirna dhaalmaa walfakkaataa diriirsuuf taasifamee tures bu'aa osoo hin argamsiisin akka hafee ture ni hubatama.Sababuma kanaa fi akka qajeeltoottis dhimmi dhuunfaa fedhii namoota walfalmanii irratti hundaa'uun kan murtaa'uu qabu ta'uu tilmaama keessa galchuun Heerri RDFI danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi amantaa bu'uureffataniif beekamtii fi eegumsa godheera.

Kunis lammiileen fedhiin fi filannoo isaaniirratti hundaa'uun sirna dhaalmaa aadaa fi amantaa bu'uureffachuun dhaalmaa nama du'e tokkoo akka raawwachiisan carraa kan uumuuf waan ta'eef lammiileen dhimma dhuunfaa isaanii karaa ofii filataniin mirga gaafachuu fi ittiinis bitamuu akka qabaatan qajeeltoo mirkaneesse waan ta'eef akka ciminaatti ilaalamuu qaba.Kara biraatiin sirnootni dhaalmaa tokkoo ol ta'an biyya tokko keessatti walcinaatti hojiirra oolchuuf yeroo yaalamu danbiin sirna isa tokko keessa jiru isa kan biraa irraa garaagarummaa bal'aa qabaachuu waan danda'uuf ijoollee nama du'ee keessaa kaan isaanii sirna isa tokko kaan isaanii immoo isa kan biraatiin dhaalmaan akka raawwatamuuf kan gaafachuu danda'an waan ta'eef waldhabbii hin malle gidduu isaaniitti uumuun isaa hin oolu.

Sababa kanaatiin raawwii irratti walitti bu'iinsi uumamu miseensota maatii tokko gidduutti rakkoo hordofsiisuu danda'a. Biyya keenya keessatti sirnootni dhaalmaa aadaa baay'inni fi qabiyyeen isaanii ibsuuf qorannoon gadifageenya qabuu kan hin gaggeeffamne waan ta'eef, yeroo ammaa baay'inaa, qabiyyee fi adeemsa raawwii isaanii sirritti beekuun dandiiwwan dhaalmaa amantaalee fi tumaalee seera hariiroo hawaasaa waliiniin walbira qabuun ibsuun hin danda'amu. Ta'uyyuu saboottni sablammootnii fi uummattootni biyyittii danbiiwwan dhaalmaa mataa isaanii gara garaa akka qabanii fi isaan kunis qabiyyee fi raawwii irratti amaloota adda addaa akka qaban yeroo gara garaa waljijjiirraawwan yaadaa fi qorannoowwan gaggabaaboo taasifaman irraa hubachuun ni danda'ama.Waan kana ta'eefis

Itoophiyaa keessatti danbiiwwan dhaalmaa aadaa hojiirra oolaa jiran jidduu tokkummaa fi garaa garummaan jiru akkasumas tokkoon tokkoo sirna dhaalmaa aadaa seera hariiroo hawaasaa fi shari'aa hojiirra jiru waliiniin tokkummaa fi garaa garummaa qaban walbira qabanii ilaaluun hin danda'amu.

Gama biraatiin manneen murtii walcinaatti hiikanii fi hojiirra oolchan hundaa'anii tumaalee dhaalmaa seera hariiroo hawaasaa hojiirra jiranii fi danbii dhaalmaa shari'aa jidduu garaa garummaa qabiyyee bu'uuraa jiru jiddu galeessa godhachuun adeemsa raawwii irratti rakkoolee bu'uuraa ilaaluun biyya keenyatti danbiiwwan dhaalmaa aadaa fi amantaa fi seera hariiroo hawaasaa hojiirra oolchuu keessatti dhimmoota bu'uuraa ofeeggannoo barbaadan salphaatti hubachuu fi sirreessuuf faayidaa waan qabaatuuf akka itti aanutti gabaabbinaan ilaalluuf yaalla.

## 4.4. Danbiiwwan Shari'aa fi Seera Hariiroo Hawaasaa Jidduutti Garaa Garummaa Bu'uuraa Imaammataa Mul'atuu fi Sababa Kanaan Rakkoolee Raawwii keessatti Mul'atan

### 4.4.1. Danbiiwwan Shari'aa fi Seera Hariiroo Hawaasaa Jidduutti Garaa Garummaa Yaada Imaammataa Mul'atu

Seerri shari'aas ta'e kan hariiroo hawaasaa galma bu'uuraa danbiiwwan dhaalmaa nama du'ee kara nagaatiin dhaaltotaaf dabarsuu ta'uyyuu qabiyyeen isaanii yeroo ilaalamu garaa garummaawwan bu'uuraa tokko tokko akka qaban hubachuun ni danda'ama.Garaa garummaan kunis seerota lamaan gidduu garaagarummaa imaammataa jiru irraa kan maddu akka ta'e amanama. Garaa garummaawwan jiran hedduu keessaa muraasa yoo ilaallu:

- Seerri dhaalmaa dhaaltotni nama du'e waliiniin amantaa adda addaa qabaachuun isaanii mirga dhaaltummaa kan isaan dhabsiisu miti.Akka seera shari'aatti garuu namni du'e musliima yoo ta'e, namni dhaaluu danda'u amantaa musliimaa qabaachuu akka irra jiraatu tumuu isaatiin walqabatee dhaaltotni amantaan isaanii musliima hin taane dhaala irratti akka hin hirmaatne danbiiwwan dhaalmaa shari'aa ni dhorku.
- Seerri hariiroo hawaasaa dhaaltotni nama du'ee sadarkaa firoomaatiin yoo ta'e malee, garaa garummaa saalaatiin qabeenya dhaalmaa irraa gahee gara garaa akka argatan

hin dirqisiisu. Ibsa biraatiin dhaaltotni nama du'ee sadarkaa firooma walqixarraa kan jiran yoo ta'e, qabeenya dhaalaa irraa gahee walqixa argatu.Akkaataa seera shari'aatiin garuu dhaaltotni dubara ta'an qabeenya dhaalmaa keessaa 1/3ffaa qofa kan argatan yoo ta'u, dhaaltotni dhiiraa 2/3ffaa argatu. Kun immoo dhubartootaa fi dhiirota gidduutti hojimaata gara garummaa uumu ta'uu irra darbee faayidaa walqixa dubartootni dhiirota waliiniin argachuu qaban kan dhabsiisuu fi sadarkaan firoomaa ilaalcha keessa osoo hin galiin garaa garummaa saalaatiin qofa garaa garummaa kan uumu ta'ullee shari'aadhaan bitamuuf fedhii hanga qabaattetti raawwatamiinsa kan qabaatu ta'a.

- Akka seera shari'aatti dubartiin tokko abbaa warraa ishii dhaaluudhaaf mirga kan qabdu yoo ta'u hangi dhaaluu dandeessus akkuma haala isaatti kan gargar ta'uu danda'u ta'ee yoo xiqqaate 1/8ffaa ni argatti.Akkaataa tumaalee dhaalmaa seera hariiroo hawaasaatti haati warraa abbaa warraa ishii dhaaluuf mirga hin qabdu. Kunis haadha warraa fi abbaa warraa gidduutti firoomni uumame tokko isa biraa akka dhaalu kan dandeessisu akka hin taane godhamee fudhatamuu isaa malee maaliif gaaffii jedhuuf seerichi deebii ifa ta'e hin kennine.
- Seerri hariiroo hawaasaa namni du'e dhaaltota isaa keessa tokko dhaamoodhaan buqqisuun mirga isaa akka ta'e kan tume yoo ta'u,akka seera shari'aatti garuu namni du'e mirga akkasii hin qabu.
- Akka seera hariiroo hawaasaatti namni du'e guutummaa qabeenya isaa qaama 3ffaadhaaf dabarsuu akka danda'u kan tume yoo ta'u, seera shari'aatiin garuu namni tokko qabeenya isaa qaama 3ffaaf dhaamoodhaan dabarsuu kan danda'u 1/3ffaa qabeenya isaa qofa dha.
- Akka seera hariiroo hawaasaatti ijoollee fuudhaafi heerumma keessatti dhalatanii fi hin dhalatni jidduu garaa garummaan kan hin godhamne yoo ta'u, seera shari'aatiin garuu garaa garummaa dhiiraa fi dubartii gidduutti godhamu malee dabalataan ijoollee hawaasaatti ijoollee fuudhaafi heerumma keessatti dhalatanii fi hin dhalatni jidduu garaa garummaan ni jira. Kana jechuunis akka seera shari'aatti ijoolleen fuudhaa fi heeruma alatti dhalatan qabeenya abbaa yookin haadha isaanii akka dhaalan hin heyyamamuuf.

### 4.4.2 Sirnootni Dhaalmaa Gara Garaa Yeroo Hojiirra Oolan Rakkoolee Qabatamaan Mul'atan

Garaa garummaan imaammataa sirnoota seeraa lamaan gidduu jiran kunneenii fi kanneen biroo haalawwan uumaniin namni du'e musliima yeroo ta'ee fi dhaaltotni immoo amantaa biraa kan qaban yoo ta'e yookin fuudhaa fi heerumaan ala kan dhalatan yoo ta'e yookin namni du'e kennaa dhaamoo waliigalaa fi kennaa dhaamoo baaqqeetiin qabeenya isaa kan qoode yoo ta'e, akka shari'aatti fayyadamoo kan ta'an dhaaltotni isaa akka shari'aatti dhaalmaan akka isaaniif raawwatamu kanneen biroo immoo seera hariiroo hawaasaatiin ilaalamee akka murtaa'u gama isaaniitiin waraqaa ragaa mirkaneessa dhaalmaa argachuu fi dhaalmicha qooddachuuf himannaa yeroo dhiyeessanii fi dhaalmaa nama tokkootiif dhimiichi manneen murtii lamatti wal cinaatti yeroo ilaalamu ni quunnama.

Heerri RDFI keewwatni 34 keewwatni xiqqaa 5 rakkoo kana haala itti fufiinsa qabuun hambisuuf yaaduudhaan furmaata sirrii kennuudhaaf yaadamee kan tumame yoo ta'u, kanas hojiirra oolchuuf akka danda'amu mootummaan federaalaa manneen murtii shari'aa federaalaa cimsuuf labsii lakk. 188/1992 labseera. Mootummaaleen naannoos manneen murtii shar'aa gurmeessuu fi hojii isaaniis cimsanii akka itti fufaniif labsiiwwan baasuun hojiirra oolchaniiru. Tumaaleen seeraa kunneen rakkoolee armaan dura turan hedduu hiikuudhaaf daran kan gargaaran kan itti amanamu yoo ta'ellee rakkooleen kunneen guutumaan guutuutti akka hin furamne haalawwan itti aansuun ilaalluun hubachuu ni dandeenya.

Kana jechuunis:

1.Tumaaleen seeraa kunneen gama tokkoon guutummaan ifa ta'uu fi dhimmoota tokko tokko irratti immoo qaawwa kan qaban ta'uu fi

2.Kara biraatiin abbootiin seeraa manneen murtii idilee fi manneen murtii shari'aa keessa hojjetan Heera RDFI fi labsii lakk. 188/92 adeems hiikuu fi hojiirra oolchuu keessatti rakkoo ilaalchaa mataa mataa isaanii kan qaban waan ta'eef dhaaltota gidduutti waldhabiinsi hin

malle yeroo uumamuu fi darbee darbee qajeeltoowwan heeraas yeroo cabanii argamantu uumama.

Sirnoota seera dhaalmaa lamaan raawwachiisuu keessatti rakkoolee hedduun akka uumamanii fi rakkooleen kunis mana murtii waliinii gala federaalaa dhaddacha ijibbaataa bira darbuun koree qulqulleessituu Heera RDFI fi mana mare federeeshinii biratti falmisiisaa ta'aa dhufuu isaanii dhimmoota tokko tokko akka fakkeenyaatti ilaaluun faayidaa waan qabuuf dhimmoota qabatamoo itti aanan haa ilaallu. Fakkeenyotni dhimma kanarratti ka'uu danda'an seera hiikuu fi hojiirra oolchuu waliiniin rakkoolee walqabatan salphaatti adda baasuu fi hubachuufnu dandeessisa jedhamee yaadama.

1.Falmii Aanshaa Mahaammadii fi Kadijjaa Bashir jidduutti taasifameefi
2.Aaddee Faantayee Mahaammadii fi aaddee Innaatinesh Katamaa jidduutti falmiiwwan gaggeeffamanii fi murteewwan sadarkaa sadarkaadhaan jiran qorachuun ijoo qabanneef faayidaa ni qabaata.

Akka Waliigalaatti, biyya keenyatti sirnootni aadaa fi amantaa dhaalmaa sirnoota dhaalmaa hariiroo hawaasaa waliiniin walcinaatti yeroo hojiirra oolu amaloota bu'uura rakkoolee uumamanii, sirna seeraa rakkooleen kunneen ittiin furamanii fi haalota walqabatan sirritti hubachuun sochii hojiirra oolmaa taasifamuuf baay'ee baarbaachisaa waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuufii qaba. Leenjiiwwan wiirtuu keessatti dhimma kana irratti kennamutti dabalees danbiiwwan bu'uraa sirnoota dhaalmaa aadaa fi amantaa qorannoodhaan adda baasuun rakkoolee sirna raawwii isaa irratti mul'atu leenjifamtootni akka hubatan tattaaffiin osoo godhamee leenjichi irra caalaa bu'a-qabeessa ta'a amantaan jedhu waan jiruuf wiirtuuleen leenjii naannoolee xiyyeeffannaa itti kennuu qabu jenna.

**Gaaffiilee Marii**

1.Imaammatni biyya tokkoo seera dhaalmaa keessatti haalli itti haammachiifamuu fi calaqqisiifamu ni jira jettanii yaadduu? Ni jira kan jettan yoo ta'e bifa kamiin?
2. Seerri dhaalaa qabeenya namni tokko yeroo lubbuun jiru mirga abbaa qabeenyummaa erga du'ees booda kan ittiin raawwachiisu mirga abbaa qabeenyummaa waliiniin

kallattiin kan walqabatu kutaa seeraati.Erga kana ta'ee galmii fi kaayyoon seera dhaalaa bu'uuraa maali?

3. Dhaalmaa nama du'e tokkoo raawwachiisuuf manneen murtii sadarkaa federaalaa fi manneen murtii shari'aa irratti daangaan seeraa kaa'ame ni jira jettanii yaadduu? Eeyyee kan jettan yoo ta'e hiriyoota daree keessaniif ibsaa.
4. Sirnootni dhaalmaa aadaa fi amantaa tumaalee hariiroo hawaasaa waliiniin cinaatti hojiirra ooluun isaanii faayidaan argamsiisu maali? Miidhaan hoo? Fakkeenyaan deeggaraa ibsaa.
5. Haati warraa nama musiliima du'e tokkoo bu'uura seera shari'aatiin haadha warraa nama du'e sanaa ta'uu ishii qulqulleessee ragaa akka kennuuf mana murtii Na'iibaa naannoo ishee jirutti yoo iyyatte qoodinsi qabeenya waliinii bu'uura seera shari'aatiin akka raawwatamu fedhii kenniteetti jedhamuu danda'aa? Akkamitti?

Aadde Kadijjaa Umarii fi obbo Usmaan Abagaaz akkaataa seera shari'aatiin fuudhaa fi heeruma raawwatanii waggaa digdama erga waliin jiraatanii booda abbaan warraa addunyaa kanarraa du'aan boqoteera.Yeroo kana haati manaa bu'uura shari'aatiin du'aa waliin fuudhaa fi heeruma raawwattee kan turte akkaataa seeraa shari'aatiin kan itti heerumte ta'uu mirkaneeffachuudhaaf mana murtii shari'aatiif iyyata galfattee, ragaa hadha manaa ta'uu ishiidhaaf mirkaneessu argatteerti. Gama biraatiin akkaataa seera maatii federaalaa fi naannoleetiin gaa'illi sababni ittiin diigamu inni tokkoffaan walfuutota keessaa tokko yoo du'e ta'uu tumeera. Gaa'illi yeroo diigamu immoo qabeenyi waliinii isaanii qixxeetti qoodamee gaheen abbaa manaa dhaaltotaaf, gaheen haadha manaa immoo ishiidhaaf kan kennamu akka ta'e tumaaleen seera maatii ni agarsiisu. Aadde Kadijjaa Umar haadha manaa du'aa seera shari'aan itti heerumte ta'uu ishii mirkaneessuun ragaa kennameef walqabsiisuudhaan dhaaltotni du'aa qabeenya gartokkee akka qoodaniif mana murtii idilee aangoo qabuuf yeroo dhiyeessitu dhaaltotni du'aas aadde kadijjaan haadha manaa ta'uu ishee kan mirkaneessifatte mana murtii shari'aatti waan ta'eef dhimmi qoodinsa qabeenyaas mana murtii idilee osoo hin taane dhimmicha jalqabumarraa kan qabate mana murtii shari'aatiin ta'uu qaba jechuudhaan morman. Yaada mormii kanas kan dhiyeessan qoodinsi qabeenyichaa akkaataa seera shari'aatiin mana murtii shari'aatti yoo ilaalame aadde Kadijjaan qabeenya jiru keessaa argachuu kan dandeessu ¼ ffaa malee gartokkee waan hin taaneefi dha.

a. Isin osoo abbaa seeraa dhimmicha qabattan taatanii qoodinsa qabeenyaa ilaalchisee aadde Kadijjaa Umar keewwata 34/5 fi ejjennoo manneen murtii shari'aa federaalaa cimsuudhaaf kan bahe bu'uura labsii lakk. 188/1992 kewt 4(2)' tiin mana murtii shari'aatti akkaataa seera shari'aatiin dhimmichi akka ilaalamuuf fedhii ishii kenniteetti jechuun dhimmichi mana murtii shari'aatti akka ilaalamu ni murteessituu? Kan murteessitan yoo ta'e maaliif?
b. Aadde Kadijjaa Umar daa'ima obbo Usmaan Abagaaz osoo taatee daa'imaa fi dhaaltuu du'aa ta'uu ragaa dhaaltummaa kan fudhatte mana murtii shari'aatti iyyachuun osoo kan argatte ta'ee erga ragicha fudhattee immoo qoodinsa irratti mana murtii shari'aatti ilaalchifachuu hin barbaaddu osoo ta'ee fi akkaataa seera dhaalaa Itiyoophiyaatiin akka raawwatamuuf kan barbaadde osoo ta'ee fi gaaffii ishiis bu'uura kanaan osoo dhiyeeffattee gaaffchi fudhatamu argachuu qaba jettuu?
c. Dhaaltummaa mirkaneessuuf iyyata mana murtii shri'aatti dhiyeeffachuun qoodinsi qabeenya dhaalmaa akkaataa seera shari'aatiin mana murtii shari'aatti akka keessummaa'u fedhii qabaachuu kan agarsiisudha jettanii yaadduu?

# KUTAA SHAN

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA MAATII ILAALCHISEE KAA'E

Leenjifamtootni leenjii hojiirraa xumura kutaa kanaa irratti hubannoo armaan gaditti ilaalame bifa guutuu ta'een qabatanii ni bahu jedhamee amanama.

- Mirga maatii hundeessuu fi tumaalee seera maatii qajeeltoowwanii fi dudhaalee Heera RDFI waliin walsimsiisanii hojiirra oolchuu haala ittiin danda'anii fi rakkoo raawwii keessatti mul'atan adda baasuun yaadota furmaataa ni akeeku.
- Tokkummaa fi garaa garummaa seerota maatii biyya keenya jiran sirritti hubachuun lammiilee fayyadamtoota mirga kanaa ta'an gahumsaan keessummeessuu ni danda'u.
- Haala heddummina seerotaa Heera RDFItiin beekamtii argate sirritti beekuuf carraa ni argatu.

**5.1.Waa'ee Seera Maatii Akka Waliigalaatti**

Seerri maatii bu'uuraan hundeeffama gaa'ilaa, bu'aa gaa'ilaa seera qabeessa, diiggaa gaa'ilaa fi adda bahiinsa,abbummaa murteessuu, bu'aa Waliigaltee guddifachaa, maatii jidduutti dirqama walgargaarsaa uumamuu qabuu fi dhimmoota walfakkaatan biroo kutaa seeraa ilaallatuu dha. Kun namoota gidduutti walitti hidhamiinsi firoomaa yookin dhiigaa hawaasa kutaa addunyaa kamiyyuu keessa jiru biratti kan jiraatu dha. Maatiin bifa kanaan walitti hidhame ka'uumsa hawaasaatiif bu'uura waan ta'eef, eegumsi barbaachisaan godhamuufii kan qabu ta'uu hubannoon uumamaa dhufeera.Maatiinis akka maatiitti miseensa maatiif eegumsa addaa gochuudhaan firummaa agarsiisuu irra darbee wabummaa kennuufii waan qabuuf dhalli namaa hawaasa waliiniin akkamitti walitti makamee jiraachuu akka qabu dhaabbata walitti dhufeenyi hawaasummaa keessatti baratamuu dha. Dhalli namaa bakkaa fi haala garagaraa keessatti gochaa adda addaa kan qabu yoo ta'u maatii isaa fi miseenota maatiif jaalala maatii (emotional support) kennuu fi ijoollees sirnaan guddisuudhaan dargagummaadhaaf geessisuun gochaa fi itti-gaafatamummaa waliinii taasifamee fudhatama. Maatiin akka oliiti caqasame gahee waliigalaa armaan olii haa qabaatuyyuu malee bocaa fi qabiyyee isaatiin, yeroodhaa gara yerootti akkasumas hawaasa tokkorraa kan birootti garaa

garummaa ni qabaata.Naannoo tokko tokkotti maatii jechuun abbaa, haadhaa fi ijoollee (nuclear family) akka dabalatu godhamee yeroo fudhatamu bakka biraatti immoo miseensota maatii armaan olitti caqasaman dabalatee kanneen biroo kan akka akaakaa fi akkoo fi firoota dhiyoo (extended family) dabalatee argamuu danda’a.

Kanarra darbees sadarkaa murtaa’ettis ta’u, ijoolleen abbaa fi haadha keessa tokko waliiniin (single parent family) jiraatanii maatii yeroo uuman ni jira.Kunis diiggaa gaa’ilaatiin fuudhaa raawwachuu dhabuudhaan,yookin gareen tokko du’aan dursee boqochuudhaan ta’uu danda’a. Sababoota kanaan namni haadha warraa yookin abbaa warraa irraa adda bahe nama biraa saala faallaa qabu waliiniin gaa’ila yeroo raawwate maatiin abbaa biddeenaa yookin haadha biddeenaa (step family) kan uumamu yoo ta’u kara biraatiin immoo maatiin ilmoo hin qabnes jiraachuu danda’a. Yeroowwan darban keessa maatiidhaaf hiikkaan kennamu bal’achuu irraa kan ka’e yeroo ammaa maatii ijoo jedhamee kan beekamu miseensotni maatii lamaa fi isaa ol waliiniin jiraachuu qabu ture.

Kaayyoon isaa inni ijoonis faayidaa diinagdee argachuuf akka ture ni beekama. Dhiirotni adamoo fi fuduraa funaanuudhaan dubartootni hojii mana keessaatiin daanga’anii kan turanis sababuma kaayyoo kanaatiin akka ta’e dhimmoota maatii irratti barreessitootni qorannoo gaggeessan ni ibsu.Yeroo rakkoo duuni daa’immanii dabaluu fi laamshoftootni (infirm) hojjechuu hin dandeenye manaa ari’amuunis bu’aa qoodinsa hojii diinagdawaa kanaa godhamee fudhatamuu danda’a.

Maatiin bifa kanaa abbummaa (Patriarchal) akka ta’u kan godhe yoo ta’u, booda irra immoo walitti hidhamiinsi maatii amantaa bu’uureffachaa dhufee, bara haaromsaa (16th reformation) booda immoo walitti hidhamiinsi maatii amala amantaa qabaachuutti dabalatee dhimma hawaasummaa (civil) ta’aa dhufeera. Yeroo amma irra jirutti guddina industrii fi magaalota bu’uureffachuun jijjiiramni gama maatiin jiru (caaseffamni maatii ‘’nuclear’’) baay’ee akka hin mul’atne ni hubatama. Kanatti dabalees itti gaafatamummaa dhaloota bakka buusuu bahachuudhaanis ta’e ijoollee maatii dhabeeyyii dhaaf jaalala maatii kenuudhaan guddisuu irratti ammas haalli maatii jiru jijjiirama hedduu osoo hin agarsiifne itti fufeera jechuun ni danda’ama.

Yeroowwan darban keessa itti gaaftamummaa maatii taasifamanii fudhatamaa kan turan itti-gaafatamummaawwan diinagdee, amantaa, hawaasummaa fi kkf yeroo amma irra jirrutti dhaabbilee birootiin yeroo uwwisaman ni mul'aat.keessattuu immoo barnoota babal'isuu fi tajaajila fayyaa dhimmi waldhaqqabsiisuu ittigaafatamummaa miseensota maatii qofaaf dhiifamu kan hin taane waan ta'eef itti gaafatamummaa mootummaa isa ijoo ta'aa dhufeera. Ilaalcha kana bu'uureffachuudhaan yeroo si'anaa walitti dhufeenya maatii sirnaan seera bituu fi maatiidhaaf eegumsa barbaachisaa taasisu baasuudhaan hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef miseensota maatii (abbaa, haadha, ijoollee) jidduutti mirgootaa fi dirqamoota jiran kan ilaalu seerri mataa isaa danda'e akka bahu ta'e.

Armaan olitti akkuma ibsame maatiin seenaa jireecha hawaasummaa dhala namaa waliiniin kan walqabatee fi seenaa dheeraa kan qabu yoo ta'u seerri maatiis yeroodhaa gara yerootti sadarkaa fi qabiyyeensaa kan walhiru yoo ta'ellee, bifa walfakkaataa dhaan seenaa dheeraa qaba jechuun ni danda'ama. Haa ta'uyyuu malee guddina bifa kanaan dhufe waliiniin yeroo ilaalamu kutaan seeraa hundeeffama gaa'ilaa jijjiiramni hedduun kan irratti hin mul'atnee dha. Kutaa seera maatii kaan irratti garuu biyyootaa fi ardiiwwan hedduu keessatti fooyya'iinsi bu'uuraa irratti godhamee ni argama. Jijjiiramootni kunis sababoota gurguddoo afuriin akka dhufaniitti kan tilmaamamu yoo ta'u; Isaanis:

1. Diiggaa gaa'ilaa bilisa gochuun (liberalization of divorce) waan barbaachiseef
2. Dhimma maatii irratti murtii kennuuf qabeenya ilaalchisee sirna seeraa qabsiisuuf
3. Dhimma kam irrattiyyuu walqixxummaa dubartootaa fi dhiirotaa kabachiisuun waan barbaadamee fi
4. Gaa'ila keessattii fi gaa'ilaan alatti ijoolleen dhalatan jidduutti garaagarummaa mirgaa jiru hambisuuf ejjennoon cimaa ta'e calaqqisaa waan dhufeef seera maatii irratti jijjiiramni bu'uuraa mul'ateera.

Gara sirna seera maatii biyya keenyaatti yeroo deebinu Heerri RDFI bahee hojiirra ooluun dura amalootni seera maatii armaan olitti caqasne bifa gara garaatiin calaqqisiifamaa akka turan mirkaneessuun ni danda'ama. Haa ta'uyyuu malee Heerri RDFI keewwata 10 jalatti mirgootni namoomaa uumama dhala namaa irraa kan maddan ta'uu ifatti tumamu isaa waliiniin walqabatee maddi mirgoota namoomaa nama ta'uudhaan alatti dirqama dhiira

yookin dubartii ta'uun hin barbaachisu yaadni jedhu qabatamaa dhufeera. Bu'uuruma kanaan namni kamiyyuu (yookin lammiin Itoophiyaa) mirgoota heericha keessatti haammataman walqixxummaan argachuuf mirga qaba.

Bifa kanaan mirgoota kaa'aman keessaa immoo mirga fuudhaa fi heerumaa, kan dhuunfaa fi kan maatii akka ta'e keewwata 34 jalatti tumameera.Mirgi kun maatii hundeessuuf bu'uura kan ta'e mirga fuudhaa fi heeruma raawwachuu kan haammatu dha. Heerichi gama fuudhaa fi heerumaa fi mirga maatiitiin jijjiirama bu'uuraa kan fide yoo ta'u, keessattuu kabajamuu mirga walqixxummaatiif xiyyeeffannaa addaa kenneera. Keewwata 25 jalatti dhalli namaa garaa garummaa saalaa tokko malee walqixxummaa akka gonfatan kan taasifame yoo ta'u, keewwata 34/1/ jalatti immoo raawwii gaa'ilaa irratti, yeroo gaa'ilichi turuu fi yeroo diiggaa gaa'ilaa dubartootni dhiirota waliiniin mirga walqixa akka qaban tumameera.

Keewwata 35/2/ jalattis dhimmichaaf xiyyeeffannaa addaa kennuudhaan dubartootni fuudhaa fi heeruma irratti dhiirota waliiniin mirga walqixa akka qaban kan tume yoo ta'u,keewwata 35/1/ jalatti immoo mirgoota heerichaan mirkanaa'anitti fayyadamuu irratti dubartootni dhiirota waliiniin mirga walqixa akka qaban dhiirota waliiniin walqixxummaan dorgomuu akka danda'anis xiyyeeffannaan addaa akka kennamuu fi qabeenya bulchuu irrattis mirga walqixa akka qaban (keewwata 35/7/) raawwii qacarrii fi guddina irratti akkasumas mirga sooramaa irrattis mirga walqixa akka qaban tumeera.

Tumaaleen heeraa kunneen waanti nu hubachiisan yoo jiraate yeroowwan darban keessa dubartootni hawaasa keessatti keessattuu immoo gaa'ilaa fi maatiidhaan walqabatee bifa hundee fageeffatee fi sirnaawaa ta'een hawaasa irraa akka fo'aman godhamaa turuu isaa hambisuudhaaf Heerichi ciminaan kan itti deeme ta'uu isaati. Keessattuu immoo dhimmoota addatti kaa'aman irratti dubartootni seerotaanillee addaa addummaan irratti godhamaa ture jechuun ni danda'ama. Mirga sooramaa dabarsuu irratti mirgi dubartootaa daangeffamee turuu fi dhirsi maatii irratti abbaa aangooti jedhamee seerotaanis tumame kan ture ta'uu isaa akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama.

### 5.2. Mirga Seera Maatii Baasuu

Ragga'iinsaa fi hojiirra oolmaa Heera RDFItiin walqabatee biyyittiin sirna siyaasaa federaalawaa ta'e hojiirra oolchiteetti.Sababa kanaanis mootummaa jiddu galeessaa fi

mootummaalee naannoo jidduutti qoodinsi aangoo ifa ta'e gaggeeffameera.Kanarraa ka'uunis bu'uuraan aangoon seera maatii baasuu qaama seera baastuu mootummaa federaalaatiif jechuunis mana maree bakka bu'oota uummataatiif kallattiidhaan kan kenname miti. Manni maree federeeshinii dhimma isaa ilaaluun hawaasa diinagdee tokko uumuudhaaf mootummaa federaalaatiin seerri akka bahuuf kan irratti hin murteessine yoo ta'e, seera maatii dabalatee dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti aangoon seera tumuu kan mootummaalee naannooti. Gama kanaan hanga yeroo dhiyootti murtiin manni maree kenne kan hin jirre waan ta'eef naannoleen seera maatii mataa isaanii baafatanii hojiirra oolchaa kan jiran yoo ta'u, mootummaan federaalaas seera maatii Magaalota Finfinnee fi Dirredawaa qofa irratti raawwatiinsa qabu baaseera. Qoodinsa aangoo kanaanis yeroo ammaa mootummaan federaalaa akkuma armaan olitti caqasame Magaalota Finfinnee fi Dirredawaa irratti seera maatii raawwatiinsa qabu baasee hojiirra kan oolche yoo ta'u, mootummaaleen naannoo marti jechuun haala danda'amuun seera maatii isaanii hojiirra oolchaniiru. Haa ta'uyyuu malee amma ammaatti mootummaan naannoo seera maatii hin baasiin yoo jiraate falmii dhimma maatii irratti ka'uuf raawwatamiinsa kan qabaatan seera tumaalee seera hariiroo hawaasaa keessa jiranii fi akka fooyya'aniitti tilmaamaman yoo ta'an hojiirra oolmaan isaaniis qajeeltoo Heera RDFI olitti ilaalaman waliiniin hanga walitti hin buunetti ta'a jechuu dha. Kanaafuu qajeeltoowwan bu'uuraa heericha keessatti kaa'aman sirnaan akka hojiirra oolanii fi seerotni armaan dura hojiirra turan godaannisni uumanii darban akka sirreeffaman yoo barbaadame mootummaaleen naannoo aangoo isaanii fayyadamuun seera maatii baasanii hojiirra oolchuutu irraa eeggama.Akka Waliigalaatti bu'uura qajeeltoo Heera RDFItiin heedduminni-seerotaa idilaawaa ta'e (formal legal pluralism) sirna keenya keessatti ifatti kan haammatame ta'uu haalota agarsiisan keessaa tokko seera maatii baasuu irratti guddina mul'ateedha jechuun ni danda'ama. Gama biraatiin sirnootni amantaa fi aadaa heera waliiniin walitti hin buune walqixa akka guddatan gochuuf itti gaafatamummaan mootummaa irratti kan gatame waan ta'eef sirnootni amantaa fi aadaa kunneen walitti dhufeenya maatii gaggeessuudhaan hawaasa diinagdee fi siyaasaa tokko hundeessuuf bu'uura ta'u jedhamee amanama.

Seensa heerichaa fi keewwata 91 akka fakkeenyaatti ilaaluun kan danda'amu yoo ta'u, keewwata 35 jalattis falmitootni dhirsaa fi niitiin fedhii isaaniitiin sirna manta yookin aadaa

ofii filataniin dhimma isaanii ilaalchifachuu akka danda'an tumamuun isaas agarsiistuu kan biraati. Kunis heericha keessatti heeddumina – seerotaa al-idilee (informal legal pluralism) bifa walfakkaataadhaan hojiirra akka oolu kan eeyyamamee fi qajeeltoo qabatamaanis hojiirra oole ta'eera. Akkuma olitti ilaalame seerri maatii armaan dura hojiirra ture keessattuu mirgoota dubartootaa kan dhiphisuu fi walqixxummaa isaanii kan hin fudhatne waan tureef kutaaleen biroo seera hariiroo hawaasaa osoo hin fooyyeffamiin dura akka fooyya'u ta'eera. Sababni isaas seera hariiroo hawaasaa keessattuu kutaa dhimma maatii ilaallatu yeroo dheeraaf akka itti fufu gochuun hacuuccaan dubartootaa fi daa'imman irra gahaa ture cimee akka itti fufu eeyyamuu waan ta'eef faayidaa fi mirga dubartootaa fi daa'immanii eegsisuuf jecha tursiisuun hin filatamne.

Kun ta'uu isaatiin seerri maatii seera hariiroo hawaasaa irraa adda bahee bifa bal'ina qabuun akka bahu taasifamuu isaatiin walqabatee dhimma maatii irratti bifa guutummaa qabuun akka qophaa'e ni amanama. Gama biraatiin tumaaleen yakkaa faayidaa hin qabnee fi seera maatii duraanii keessa turan seera yakkaa mataa isaa danda'e keessatti waan haammatamaniif akka hafan ta'eera. Akka Waliigalaatti yeroo ilaalamu seerota yeroo dhiyoo fooyyeffamanii bahan keessattis qajeeltoowwan heeraa bu'uureffachuun fooyya'iinsi itti aanu taasifameera jechuun ni danda'ama. Gaa'illi fedhii walfuutotaa guutuu fi bilisa ta'e irratti hundaa'uu waan qabuuf tumaaleen kana waliiniin walfaallessan akka hafan taasifameera. Yookin immoo fedhiin walfuutototaa guutuu fi bilisa akka hin taane bifa dhiibbaa hin geessisneen sirreeffamanii tumamaniiru (fakkeenyaaf seerri maatii naannoo Amaaraa akka seera maatii federaalaa bu'uura irraa osoo hin hanbisiin guutummaa fi bilisummaa fedhii walfuutota fuulduraa bifa mirkaneessuu danda'uu fi hojiirra oolchuun danda'amuun tumeera).

Fedhiin fuudhaa fi heerumaa guutuu fi bilisa ta'uu kan danda'u kallattii umuriitiinis ta'uu waan danda'uuf fedhiin ittiin ni calaqqisiifama (haala fayyummaa fi jireenyaas ilaalcha keessa galchuu waan qabuuf) daangaa umurii seeraan teechifamu keessatti akka raawwatamu Heerichi ni tuma. Bu'uura kanaan umuriin xiqqaan fuudhaa fi heerumaa saala lameeniifuu seera maatii federaalaa dabalatee waggaa 18 kan godhame yoo ta'u, seera maatii Tigraay armaan dura hojiirra oole ture keessatti umuriin xiqqaan dhiirri fuudhuuf guutuu qabu 21 godhamee kan ture yoo ta'ellee yeroo dhiyoo as gara waggaa 18 tti akka gadi bu'u godhameera.

Seerri maatii naannoo Tigraay umurii xiqqaa dhiirri fuudha raawwachuuf qabaachuu qabu 21 sababni ijoon taasisee tureef yaada amantaa fi aadaa dhiirri hanga tokkos ta'u dubartii irra caaluu qaba jedhuu fi ittigaafatamummaa maatii guutuu fudhachuuf waggaan 18 gahaa miti amantaa jedhu irraa akka madde kan tilmaamamuu fi seerri maatii federaalaa osoo hin bahiin bahee hojiirra oolee kan ture waan ta'eef yeroo sanatti kana taasisuun isaa akka rakkoo guddaatti akka hin ilaalamne taasiseera.

Mirga dubartootaa fi daa'immanii irra caala kabajchiisuuf jecha dubartiin tokko hafiinsa gaa'ila isa duraa booda guyyoota 180 (baatii jaha) kophaa ishii akka jiraattu kan dirqamtu yoo ta'u abbaan daa'ima yeroo kana keessatti argamusus sirritti kan beekamu yoo ta'e yookin yeroo kana keessatti ulfi kan hin jirre ta'uu yoo mirkanaa'e gaa'illi hundeeffamuu akka danda'u akka qajeeltootti kaa'amuun isaa akka jijjiiramaa tokkootti fudhatama. Kunis daa'imman mirga abbaa fi haadha isaanii beekuu heeraan kennameef bifa hiika qabeessa ta'een akka raawwatamu dandeessisuu irra darbee dubartiin abbaa warraa ishii hiiktes haaldureewwan olitti caqasaman hanga guuttetti yeroo barbaaddetti abbaa warraa yookin hiriyaa jaalalaa qabachuuf mirga qabdu itti fayyadamuu dandeessi jedhameet amanama. Heera irratti ifatti akka tumametti maatiin bu'uuraa fi ka'uumsa hawaasaa godhamee fudhatama. Maatii hundeessuuf immoo fuudhaa fi heerumaan walitti hidhamuun gochaa dursu akka ta'e sirnaan hubachuun barbaachisaa dha.

Maatiin hawaasaa fi mootummaa irraa eegumsa argachuuf dhaaba mirga qabu waan ta'eef, eegumsi kunis maatiin osoo hin hundaa'iin dursee jalqabuu qaba. Bu'uura kanaan seerota tarreeffamaan bahan keessatti dhalli namaa fuudhaa fi heeruma raawwachuuf haalawwan dursee guutuu qabu adda baasuu irraa jalqabee tumaaleen tumaman kan jiran waan ta'eef tumaalee kana bu'uureffachuun akkuma haala isaatti (kara abbaa alangaatiin) yookin kallattiin hawaasni mormii isaa dhiyeessuun fuudhaa fi heerumni tokko akka hin raawwatne taasisuun ni danda'ama.

Karaan inni biraa maatiidhaaf eegumsi itti godhamuu danda'u sirna galmeessaa hojiirra oolchuudhani.Waliigalteewwan addunyaa (fakkeenyaaf waliigalteen dubartoota irra hacuuccaa gahu hambisuuf bahee fi biyya keenyaa raggaasifame akkasumas waadaaleen dhiibbaawwan dubartoota irra gahan dhabamsiisuuf mallattaa'an) fuudhaa fi heerumni

akkuma raawwateen galmaa'uu akka qabu ni dirqisiisu. Galmeen bifa kanaa immoo qaama mootummaan gurmeessuun akka raawwatamu eeggama. Galmeen akkanaa bulchiinsa haqaa bu'a qabeessa uumuu keessattis barbaachisaa waan ta'eef qaamni galmee kana raawwatu (muudamaa galmeessa kabajaa ta'uu danda'a) kaka'uumsa mataa isaatiinis yoo ta'e akka galmeessu irraa eeggama.

Mirga dubartootaa kabajchiisuuf Waliigaltee addunyaa bahutti dabaluunis waadaaleen mirgoota daa'immanii (biyyi keenya fudhattee mirkaneessiteetti) daa'imman akka dhalataniin akka galmeeffaman ni dirqisiisu.Yeroo fuudhaa fi heeruma keessa jiranis yoo ta'e walitti dhufeenyi walfuutotaa fedhii fi bilisummaa guutuun jiraachuu waan qabuuf waliigalteen raawwatan amala addaa fuudhaa fi heerumaa irraa kan ka'e bilisummaan isaa akka hin hir'anne eegumsi godhamuufi barbaachisa (Fakkeenyaaf mana murtiitiin raggaasisiisuun karaa isa tokko dha) waliigalticha haaromsuunis bu'uura qajeeltoo Heera RDFItiin raawwatamuu qaba. Bu'uura qajeeltoowwan walqixxummaa ibsamaniitiin haalli mirgi ajajuu dhiiraaf dhiifamuu fi olaantummaan dhiiraa hafuu danda'eera. Bu'uura tumaa Heera RDFI keewwata 41/1/ tiin namni kamiyyuu ittiin jiraachuudhaaf hojii filate hojjechuudhaaf mirga heerawaa ta'e kan qabu waan ta'eef dhirsi hojii haadha manaa mormee dhiisisuu hin danda'u. Kuni seera hariiroo hawaasaa duraanii keessatti kan kaa'me yoo ta'ellee bu'uura Heera RDFItiin garuu haala addaa malee qajeeltoo kabajamu waan ta'eef akka hafu taasifameera. Ogummaa filachuudhaan alattis mana keessatti waantota walqixxummaadhaan raawwatamuu qaban tokko tokkoon tumuun yoo barbaachisaa ta'uu baatellee qajeeltoowwanuma bu'uuraa kanaan gaggeeffamuu qabu jedhamee amanama.

Sirna gabaa bilisaa keessatti eegumsi qabeenyaaf taasifamu bakka addaa kan kennamuuf yoo ta'u,bu'uura kanaatiin gartokkee qaama hawaasichaa kan ta'an dubartootni mirgi qabeenya isaanii kan hin kabajamneef yoo ta'e gabaan bilisaa hiika kan dhabu waan ta'eef Heerichi mirga kanaafis xiyyeeffannaa addaa kennee tumaalee haammateera.Rakkoo addaa dubartootni qotee bultootaa qaban tilmaama keessa galchuunis haala addaatiin jechuun dhimma lafaa irratti walqixxummaa isaanii mirkaneesseera. Raawwii dhaalaa (keessattuu soorama) irrattis mirgi walqixxummaa dubartootaa beekamtii seeraa argateera. Qabeenyi dhirsaa fi niitii bu'uura qajeeltoo heeraan kaa'ameetiin kan waliinii ta'ee tura. Qabeenyi

Waliigalteedhaan addatti kan ilaalame yoo malee kan waliinii ta'ee turuun isaa eegumsa fooyya'aa ni argamsiisa jedhamee amanama.

Gaa'illi fedhii walfuutotaa guutuu fi bilisa ta'e irratti kan hundeeffamu ta'uu akka qabu heerri kan tume waan ta'eef haaldureen diiggaa gaa'ilaaf kaa'amu fuudhaa fi heerumni fedhii bilisa ta'een ala akka turu kan taasisuu dha. Waan kana ta'eef qajeeltoon heeraa kun guutumaan guutuutti akka hojiirra oolu gochaa fi tumaan fuudhaa fi heerumni bilisummaan ala akka ta'u godhu kamiyyuu heerawaa ta'uu hin danda'u. Gaa'illi fedhii bilisaa fi guutuu walfuutotaa irratti hin hundoofne diiggamuu qaba kan jedhu amantaa cimaan waan qabatameef gaa'illi yeroo kamiyyuu fedhii fi bilisummaa walfuutotaa guutuu bu'uureffatee raawwatamuu qaba. Barmaatileen, aadaa fi sirnootni amantaa heera waliiniin wal hin faallessine akka guddatan taasisuuf mootummaan itti gaafatamummaa kan qabu waan ta'eef, maanguddooleen dhimma maatii irratti murtii kennanis sirna kanaan hanga hojjetanitti seera keessatti bakka argatanii jiru. Dhimma dhirsaa fi niitii irratti murtii akka kennan yoo taasifame heerawaa waan hin taaneef kana booda akka karaa hiikkaa waldhabbii filannoo tokkootti rakkoo maatii jidduutti uumamu salphaatti hiikuun tajaajiluu danda'u. Bu'uuruma kanaanis danbiin araaraa (qajeelfamni) yeroo qophaa'uu fi hojiirra oolu aadaa fi sirna amantaa hawaasaa waliiniin ilaalamee akka ta'u ni eeggama.

Heerri akka qajeeltootti maatiif eegumsa ni taasisa. Maatiinis kara adda addaatiin uumamuu danda'a jedhamee kan yaadamu yoo ta'ellee adda dureedhaan kan hundeeffamu garuu gaa'ilaaniidha.Gama kanaan Mahaarii Radaa'i barreessitootni maatiin gaa'ilaan alattis hundeeffamuu danda'a jedhan ni jiru jechuudhaan barreeffama isaanii keessatti hubachiisuuf yaalaniiru (Mahaarii 121). Kan ta'es ta'ee gaa'ilaan alatti hiriyummaadhaan dhiirrii fi dubartiin yookin dubartootni waliiniin jiraatan yoo jiraatan seeraan dhoorki kaa'ame hin jiru waan ta'eef walitti dhufeenyi isaanii keessattuu kallattii mirga qabeenyaatiin bu'aa hordofsiisu seerri bitu bahee hojiirra yoo oole heeraan kan walitti bu'u hin ta'u jedhanii falmuun ni danda'ama.

**Gaaffilee Marii**

1. Bu'uura qajeeltoo Heera RDFI tiin qaamni maatii jennu dhaaba, garee yookin qaama waliigalteen walitti hidhame akkamiiti? Bal'achuun yookin dhiphachuun hiikkaa faayidaa maalii qaba jettanii amantu?
2. Kallattii seera maatii keenyaatiin Heerichi jijjiirraan qajeeltoowwan bu'uraa taasise kam fa'i jettanii amantu?
3. Heericha keessatti qajeeltoon walqixxummaa bifa waliigalaatiin caqasamee osoo jiruu seera maatii keessatti irra deddeebiidhaan caqasuun maaliif akka barbaachisu bal'inaan irratti mari'adhaa.
4. Maatiin ka'uumsaa fi bu'uura hawaasaati jechuun heeichi ifa godhee kan kaa'e maaliif isinitti fakkaata?
5. Dhimmi maatii hawaasa diingadee tokko uumuu keessatti hammam barbaachisaa dha? Dhimmi maatii dhimma mootummaalee naannoo ta'uun isaa faayidaan qabu maali?
6. Qabeenya maatii bulchuu ilaalchisee qajeeltoon Heera RDFI keessa taa'e qabeenya horachuudhaaf faayidaan inni qabu ibsuun irratti mari'adhaa.
7. Falmiin maatii guddina diinagdee waliiniin walitti dhufeenya ni qabaa? Haalli hiikinsa waldhabdee qabiyyee akkamii qabaachuu qaba jettanii yaaddu?
8. Bu'uura seera maatii federaalaatinis ta'e seerota maatii naannoleetiin fuudha irratti fuudha raawwachuun dhorkaa ta'uu tumameera. Haa ta'uyyuu malee gochaa akkasii akka yakkaatti kan ilaalamu osoo seeraan hin eeyyamamiin kan raawwatame yoo ta'ee dha jechuun isaa maal jechuu isaati?

# KUTAA JAHA

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU'UURAA HEERRI RDFI SEERA WALIIGALTEE IRRA KAA'E

## 6.1. Seera Waliigaltee Akka Waliigalaatti

Waliigaltee kan jennu walta'iinsa namoota lama gidduutti raawwatamuu fi isaan dirqisiisuu dha. Kutaan seeraa walta'iinsa bifa kanaa eeyyamu, bulchuu fi to'atu seera Waliigaltee jedhamee kan beekamu yoo ta'u, qabiyyeen isaas dhimma waltaatotaa amala maallaqaa qabu irratti waliigaltee taasisanii fi dandeettii isaa kan qaban ta'uu, gowwomsuu, waliiniin dhahuu fi gochaan humnaa kan keessa hin jirre ta'uu akkasumas seerummaa kan qabuu fi hamilee uummataa waliiniin faallaa kan hintaane ta'uu mirkaneessuuf akkaataa gargaaruu danda'uun kan tajaajiluu dha. Akka barreessaan Toomaas jedhamu ibsutti kaayyoon seera Waliigaltee waldhabbii namoota gidduutti uumamu adabbiidhaan osoo hin taane walitti dhufeenya dalgee /horizontal/ hawaasa keessa jiru bu'uureffachuun walqixxummaa irratti hundaa'ee akka hiikamu dandeessisuu dha jechuun hiika.

*Sar Henarii Roobert* barreessaan jedhamus kanuma cimsuudhaan walitti dhufeenyi guddina hawaasaa qabeenya yookin sadarkaa biraa irratti hundaa'uurra Waliigaltee irratti hundaa'uun isaa irra caalaa bakka ol'aanaa qabaata jechuudhaan cimisee ibseera. Dirqamootnii fi walitti dhufeenyi hawaasummaa seera Waliigaltee qoodinsa sadarkaa (sadarkaa hawaas-diinagdee) bu'uureffate gochuurra qajeeltoo walqixxummaa irratti akka hundeeffamu kan taasisee dha. Kana waan ta'eef barreessaan Toomaas jedhamu Waliigaltee akka meeshaa jijjiiramaa godhee fudhata. Karaa biraatiin seera Waliigaltee namootni akkuma ogummaa isaaniitti bifa adda addaatiin hubatu.Ogeessa saayinsii diinagdeetiif waliigalteen walitti dhufeenya faayidaa diinagdee argamuuf baasii qabatamaa kan hordofsiisuu dha. Abukaattoo fi gorsaa seeraa biratti immoo waliigalteen heddumminaan akka dhimmoota ragaa keessaa akka isa tokkootti hubatama. Hayyuu seeraa ogummaa abukaattummaatiin alatti bobba'ee jiruuf waliigalteen walta'iinsa sirna seeraa keessatti amala dirqisiisummaa qabu ta'ee fudhatamuu danda'a.

Ogeessa saayinsii hawaasaatiif immoo walitti dhufeenya hawaasaa fi naannoo qofa osoo hin taane walta'iinsa hawaasaa fi naannoo irratti dhiibbaa fidu danda'u jechuu ta'uu danda'a. Lammiilee kaaniif immoo hubannoowwan olii keessaa tokkoon isaa keessattuu kan dursee argatee fi hubate itti fakkaachuu danda'a.

Kan ta'e ta'ee seerri Waliigaltee walitti dhuffeenya namoota gidduutti uumamu irratti hariiroo hundaa'e kan bituu dha. Walitti dhufeenyichi haala faayidaa fi miidhaa uumamu walmadaalchisu irratti kan hundaa'uu dha. Walitti dhufeenya Waliigaltee hundeessuuf namni tokko yeroo adeemu namni inni biraa bu'uura Waliigaltee hundaa'uutiin kan raawwatu ta'uu dhibbarraa dhibba mirkaneeffatee miti. Namni inni lammataa dirqama isaa akkaataa Waliigalteetiin yoo raawwachuu baate kasaaraadhaaf kan itti gaafatamu yoo ta'e carraan namni inni duraa gara waliigaltichaatti galuuf qabu ni bal'ata.Gama biraatiin kisaaraan raawwatamuu dhabuu Waliigaltee yeroo ol'aanaa ta'u hundeeffamnii fi raawwiin Waliigaltee dabalaa adeema.

Kasaaraa xiin-sammuu fi amanamummaa waliiniin walqabatees carraan gara Waliigalteetti seenuu dabaluu yookin hir'isuu danda'a. Gama kanaan danbiiwwan amantaa fi aadaa bakka ol'aanaa akka qabanii fi walitti dhufeenya hawaas-diinagdee uummataa kara adda addaatiin kan gaggeessan akka ta'e ni beekama.Sirni haqaas cimaa yookin laafaa ta'uun isaa hundeeffamaa fi raawwii walitti dhufeenya Waliigaltee irratti dhiibbaa walfakkaataa ta'e dhaqqabsiisa. Keessattuu sirni haqaa yeroo laafaa ta'u malaammaltummaa fi rakkooleen kkf ni babal'atu. Rakkoolee kanneen cinaatti ciminnii fi dadhabbinni danbiiwwanii fi seerota hawaasummaa gara Waliigalteetti seenuu fi raawwachuudhaaf gahee mataa isaanii ni qabaatu. Amantaa fi qabeenyi hawwasummaa haala gaariidhaan hanga ijaaramaa deemu walitti dhufeenyi hawaasaa carraan Waliigaltee irratti hundaa'uu ni dabala. Akkasumas biyyi tokko tokko Waliigaltee raawwachiisuuf seerota hedduu baasuu irra walamantaa waltaatota gidduutti uumuudhaan walta'aan inni tokko amala deeggartummaa walta'aa isa biraa tilmaamuuf aadaa dandeessisu guddisuu filatu. Qorannoo biyya *soviyeet* duraanii keessatti gaggeeffame akka agarsiisutti mootummaan amanamaa ta'e hanga hin jiraanne waltaatotni walitti dhufeenyi taasisan waabummaa eeginsa dhuunfaa kan of keessaa qabu ta'ee mul'ateera (simis and vanesc 1982 and 1994).

Lammiilee kaaniif (lay man) hundeeffama Waliigalteef bu'uura kan ta'uu danda'u walitti dhufeenya amantaa irratti hundaa'e qofaa dha. Laatin Ameerikaattis yaada guduunfaa walfakkaataa irra kan gahame yoo ta'ame akka haasaa ardichaatti *''for friends everything, for enemies nothing, for the stranger the law''* jechi jedhu yaada kana sirritti ni ibsa.Heerri RDFI namni kamiyyuu walqixxummaan walitti dhufeenya Waliigaltee uumuu akka danda'u bu'uura kaa'eera.Walitti dhufeenyi hawaasaa mootummaa irratti amantaa qabu akka bu'uureffatu aangoon mootummaa heericha keessatti sirna kaa'ameen qofa kan qabatamu akka ta'e ni tuma.

Mootummaan amantaa kana irra caalaa uumuudhaaf sirna haqaa cimaa,bilisa ta'ee fi qajeeltoowwan iftoominaa fi itti-gaafatamummaa bu'uureffate hojjetu uumuudhaafis dirqama qaba. Namootni kabajni namoomaa isaanii akka kabajamuuf (keewwata 24), uummattootni fedhii waliinii guddifachuuf fedhii qabaachuu isaaniifi (seensa irratti) mootummaanis kana kabajchiisuuf dirqamni irratti gatamuu (keewwata 91) yeroo ilaallu namoota dhuunfaa fi hawaasa keessa waldeggarsi gaariin akka jiru fakkeenya yoo ta'an namootni gara Waliigalteetti akka galanis haalota mijataa kan uumanii dha.

Kana abdachuudhaan namni Waliigalteetti seene bu'uura seerota Waliigaltee fi seerotni gara garaa ni dirqisiisu. Biyyi keenya sirna gabaa biilisa hordoftu akkuma taate armaan olitti haalota mijaawoo heerichaa bu'uureffachuun walitti dhufeenyi Waliigaltee uumamu baay'achaa fi walxaxaa dhufuun isaa hin oolu.Sirni haqaas walitti dhufeenyi Waliigaltee kallattii diinagdeetiin walitti dhufeenya qaban kan hin hubanne yoo ta'e gahee guddina diinagdee biyyaa keessatti taphachuu qaban bahachuu hin danda'ani.Walitti dhufeenyi sirnicha keessatti raawwatamu immoo walitti dhufeenya yeroo tokkoo osoo hin taane walitti fufiinsa bifa qabuun kan raawwatamu waan ta'eef walitti dhufeenya Waliigaltee tokko irratti dogongorri uumamu itti fufiinsi isaa salphaatti kan hin sirroofne gahee badaa taphachuu akka danda'an dagatamuu hin qabu.Waan kana ta'eef dhuma kutaa kanaatti leenjifamtootni:

- Tumaaleen seera Waliigaltee mirga bilisummaa fi kaayyoolee diinagdee heera keessatti kaa'aman waliiniin bifa walsimuun karaawwan hojiirra oolchuun danda'amu sirritti ni tarreessu jedhamee amanama.

- Tumaalee seera Waliigaltee fi qajeeltoowwan Heera RDFI jidduu tokkummaa fi addaa addummaa jiru sirritti ni beekuudhaan seera Waliigaltee yeroo hiikanis ta'e yeroo hojiirra oolchan mirga heerawaa lammiilee bifa kabajchiisuu danda'uun hubachuu akka danda'an ni godha.

**6.2. Faayidaa, Fedhii fi Bu'aa Diinagdee**

Guddinni hawaasaa walitti dhufeenya qoqqoodinsaa (sadarkaa hawaas-diinagdee) irraa gara walitti dhufeenya waliigalteenhundaa'uutti fooyya'aa dhufeera.Walitti dhufeenya Waliigalteetiin namootni walitti hidhaman dirqama Waliigaltee isaa kan bahatu qulqulloomaaf jedhee osoo hin taane fedhii dinagdawaa dhuunfaa isaa guuttachuuf jedheeti dha. Fedhii isaa kanas guuttachuu kan danda'u waadaa seenuu fi waadaa fudhachuunii dha. Waadaan akkanaa waadaa dhiirrii fi dubartiin waljaalatan walfuudhuuf waliigalan, loltootni mo'achuuf kan galanii fi barattootni cimanii barachuuf waada galan irraa adda dha.Waan kana ta'eefuu kana waliiniin walqabatee seera Waliigaltee keessatti waadaa isa kamtu seeraan dirqisiifamee raawwatamuu qaba?

Waadaan kan hin kabajamne yoo ta'e beenyaan isaa maal ta'a? Kanneen jedhan dhimmoota ijoo lama ilaalamuu qabani dha. Jaarraa 19ffaa fi 20ffaa keessa bal'inaan baramee kan ture yaadrimeen walta'iinsaa (bargain theory) Waliigalteewwan raawwatamuu qaban akka bu'uuraatti kanneen bu'aa walta'iinsaa ta'anii dha jedha. Walta'iinsa keessattis yaada dhiyeessaa waltaa'iinsaa, yaada fudhataa walta'iinsaa fi bu'uura bu'aa walta'iinsaatiin faayidaa argachuun ni jiraatu.Yeroo tokko tokkos haalawwan sadan malee sirni murtaa'e akka raawwatu ni eeggama.Fakkeenyaaf galmeen Waliigaltee gurgurtaa manaa kanaaf ni caqasama.Waadaa kennaa fi waadaa fudhataa gidduutti faayidaa argachuun ni jira. Faayidaan kunis kan maallaqaa, kan shaqaxaa kan tajaajilaa yookin waadaa kan biraa ta'uu danda'a. kanaaf bu'uura yaadrimee kanaatiin faayidaan jiru waliigalteen akka raawwatamu taasisa. Faayidaan kun haqa-qabeessaa fi madaalawaa yoo ta'es ta'uu baatus bu'uura yaadrimee kanaatiin mana murtiitiin raawwatamiinsa ni argata.

Dubbii kanaaf ka'uumsi jijjiirraan faayidaa Waliigaltee tokko keessa jiraatu madaalawaa ta'uu fi ta'uu dhabuu manneen murtii haa qoratan osoo jedhamee heddummina odeeffannoo irraa kan ka'e manneen murtii dhiphisuu irra darbee sochii daldalaattis gufuu ta'a amantaa

jedhu irraas kan maddee dha. Biyyoota siivil loo yaadrimee kana irraa tartiiba biraa irratti argaman keessatti immoo kan ittiin hojjetamu ilaalcha ‘sababaa fi bu’aa’ gaggeessuudhaani. Yaadrimee fedhii bu’uureffate (will based theory) kana keessatti waliigalteen tokko dirqisiisaa ta’uuf qaamoleen waltaatota ta’an gara Waliigalteetti yeroo galan ta’e jedhanii ittiin dirqamuuf kan seenan yoo ta’ee dha.

Waliigaltichi osoo hin raawwatamiin yoo hafe namni waliigalticha diige kan itti gaafatamu hanga faidaa walta’iinsichaatiin akka ta’e waliigalteen walta’iinsaa ni kaa’a. kana jechuunis qaamni waliigalteen jalaa diiggame faayidaa sababaawaa raawwii waliigaltichaa irraa eeggatu akka beenyaatti argachuu qaba jechuu yoo ta’u kunis ‘‘expectation damages’’ jedhamee beekama.Yaadrimeewwan kunneen keessattuu yaadrimeen walta’iinsaa seerri Waliigaltee faayidaa dinagdee biyya tokkoof qabu agarsiisuuf akka ka’uumsaatti kan ilaalle malee Waliigalteewwan walta’iinsa gama lamaatiin raawwataman akkasumas walta’iinsi hundi kan raawwatamu godhee kan fudhatu yaadrimee dogongoraa akka ta’e garuu dagatamee miti. Ta’us yaadrimee kana kara irra caala jabaataa hin taanee (less dogmatic) fi fedhii qaamolee waltaatotaatiif gara yaadrimee deebii kennuutti guddisuun barbaachisaa dha. Kallattii yaada diinagdeetiinis (economic theory of contract) seerri waliigaltee bu’a-qabeessa ta’eera kan jedhamuudhaaf yeroo waliigaltichi raawwatamutti waltaatotni dirqama seenuudhaaf fedhii qabaachuu qabu.

Dirqamni walta’aan inni tokko qabaatu dirqama hamilee irra darbee dirqama seeraas kan dabalatu ta’uu qaba. Yaadichis waltaatota gidduutti waljijjiirraan akka jiraatu kan jajjabeessu qofa osoo hin taane miira jijjiiramaaf waliin hojjechuutiin akka raawwatamu kan taasisuu dha. Manni murtii kana raawwachiisus waltaatotni waan barbaadan akka argatan gochuun shakkiiwwan waljijjiirraa keessatti uumamuu danda’anii fi balaawwan uumamuu malan ni hir’isu.Walta’anii hojjechuun kunis waltaatota gama lameenuu bu’a qabeessa taasisuun bu’aa raawwatamiinsa waliigaltichaa irraa argamu itti fufiinsaan akka qooddatan ni dandeessisa. Bu’aan akka qooddamu gochuun alatti qabeenyi gara nama tokkootti akka naanna’u kan godhu waan hin taaneef bu’aan isaa yeroo dheeraa quubsaa dha jechuun ni danda’ama.

Yaadni kunis tapha sirreeffamtoota seeraa jedhamee kan beekamu yoo ta’u akka itti aanutti gabateedhaan dhiyaateera.

| | | Abbabaa | |
|---|---|---|---|
| | | Yoo amane | Yoo waakkate |
| Kabbadaa | Yoo amane | 8 | 15 |
| | Yoo waakkate | 8 | 3 |
| | | 3 | 15 |
| | | 15 | 15 |

**Abbabaa fi Kabbadaan yakka raawwataniiru**

- Yakkichi waggaa 3-15 adabsiisa haa jennuutii yoo lameenuu amanan (waliiniin mari'achuun) hangi adabbii waggaa 8 ta'a.
- Tokko amanee tokko yoo waakkate kana mane waggaa 3'n yoo adabamu kan waakkate immoo waggaa 15'niinadabama.
- Lammeenuu yoo kan waakkatan ta'e bilisaan gadhiifamuu (ragaan waan hin argamneef) haalli itti danda'an ni uuma.

Armaan olitti bifa taphaatiin gabateen dhiyaate haala odeeffannoo waljijjiiruun hin jirre keessatti bu'aa ol'aanaa yeroo gabaabaa keessatti argachuuf burjaaja'iinsa akka uumu agarsiisa. Bu'aan kun kan argamus karoora nama biraa irratti kan hundaa'u waan ta'eef itti

fufiinsa kan qabu miti.Walta'iinsi itti fufiinsa qabuu fi hundumaa baraaruu danda'u odeeffannoo walirraa hin cinnee fi hundumaaf bu'aa qabu irratti hundaa'uuni dha. (Yaadni kun 'disputing procedure' kitaaba jedhamu keessatti waa'ee walta'iinsaa kan barreeffame keessaa kan fudhatame dha.) Adeemsa kana keessa waantotni waltaatotaan ala jiran, fakkeenyaaf, ergama isaa galmaan gahachuu kan danda'u manni murtii malaammaltummaa irraa qulqulluu ta'e jiraachuun isaa tilmaama keessa kan galuu dha.Namoota olitti gabatee keessatti kaa'aman waltaatota taasifnee osoo fudhatnee lameen isaaniifuu misoomni itti fufiinsa qabuu fi waliigaltee isaan fayyadu keessa galuu fi waliigaltee itti galanis kutannoodhaan raawwachuuf hojjechuun ni barbaachisa. Kutannoo fi waliin hojjechuun kunis bilisummaadhaan odeeffannoo waljijjiiruu danda'uus kan gaafatuu dha. Seerri waliigaltee waltaatotni odeeffannoo isa kam waljijjiiruu danda'u, isa kamihoo hin dandeenye kan jedhu adda ni baasa. Seerri waliigaltee kunis kallattii yaada diinagdeetiin yeroo ilaalamus gochaa isaa lammaffaati yeroo jennu qaamoleen waltaatota ta'an kabajamuu yookin hojiirra ooluu waliigaltichaatiif kutannoo isa dhumaa akka agarsiisan gochuun gochaa isaa sadaffaa dha jechuun ni danda'aama.Kana gochuudhaan waliigaltee raawwachuudhaaf walta'iinsa raawwate yoo diige waada isaa diiguudhaan miidhaa walta'aa isa biraa irra gahe waliin hanga walmadaaluuf ittigaafatamummaa ni qabaata.Walta'aan waadaa gale raawwachuufis ta'e diiguudhaaf bu'aa isaaf qabaachuu qabxiin ittiin madaallu isa kana.Qabxiin kun waltaatotni raawwachuudhaaf kutannoo kan irratti qabaatan waan ta'eef qaamolee raawwachiiftota waliigaltichaa ta'an biratti kan of eeggannoodhaan madaalamuu qabuu dha. Waltaatotnis kana yaaduudhaan yeroo waliigaltee keessa galan waadaa kennaan invastii godha, waada fudhataanis waadaa amanee fudhachuudhaan invastii godha. Gama lameeniinuu invastimentiin godhamu maallaqa, yeroo fi tattaaffii (humnaan kan godhamu) kan haammatu dha. Kara biraatiin waliigaltee kana keessa galuudhaan waanti gaariin dhaban (oppurtinity cost) yoo jiraates akka investimentiitti kan lakkaa'amu malee akka dhabiinsaatti kan lakkaa'amu miti.Namni tokko lafa kireeffatee (waliigaltee) abaaboo misoomsuuf yoo barbaade walittidhufeenyota waliigaltee fi waliigalteen alaa keessa akka seenuu fi maal akka argatu, maal immoo akka dhabu yaadaa. Hojjetaan humnaas bakka hojii kanatti kan qacaramu yoo ta'e, haaluma walfakkaataadhaan oomshtoota hedduudhaan baay'isuun hojjetaan humnaa qonna abaaboo qacaruuf kan barbaadu qacarrichi gatii dabalataa kan argamsiisuuf ta'uu

abbaan abaaboo akkaataa qacarrichaatiin carraa raawwachuu isaa bal'iseeti gara waliigaltee seenuu kan qabu.

### 6.3. Hanqinaaleen Waliigaltee keessatti Mul'atan haala ittiin Guutaman

Waliigalteewwan akkuma seerota qaawwa qabaachuu danda'u.Qaawwi kunis mana murtiitiin guutamuu qaba jedhamee amanama. Manni murtiis qaawwa kana yeroo guutu amala waltaatota gara fuulduraa akkaataa gaggeessuu danda'uun guutuun irraa eeggama. Waltaatotni lameenuu bu'aa gama diinagdeetiin akkaataa argachuu danda'aniin qaawwi kan duuchamu yoo ta'e, gabaa irratti bu'a-qabeessa ta'u.Dhimmicha ija sirriidhaan yoo ilaalle qaamoleen walta'an osoo irratti haasa'anii akkaataa itti waliigaluu danda'u jedhamee yaadamuun qaawwoleen waliigaltee guutamuu qabu. Manni murtii qaawwawwan guutuudhaan alattis dhimmoota balaa fi baasiin waliigaltichaa walta'aa isa kamirratti bu'uu qaba kan jedhu ni ilaala. Gochaan kun immoo odeeffannoo qaamoleen waltaatotaa qabanii fi muuxannoo daldaltummaa gad fageenyaan qabaachuu barbaada.Hubannoo kana malee murtiin kenname gabaa fi waliigaltee dabalataa balaarra buusuu kan danda'u dha. Murteen hubannoo kana malee kennamus gabaa fi waliigaltee dabalataa kan balaarra buusuu danda'u dha. Akkaataa barmaata jiruutiin balaan dhaqqabu qaama kamiiniyyuu dursee tilmaamamuu kan hin dandeenye yoo ta'e miidhaa dhaqqabu gareelee lameen jidduutti qooddamuu danda'a.

### 6.4. Barbaachisummaa giddulixxummaan mootummaa raawwii waliigaltee keessatti qabu

Waliigalteen raawwatamuu qaba yeroo jedhamu waltaatotni waliigaltee isaanii keessatti dhimmi haammachiisan marti ni raawwatama jechuu miti.Seerrii fi danbiiwwan dhimma waliigaltee gaggeessuufi bakka bu'uu ni danda'u.Sababni tokko kanaaf ka'amu gabaa bilisaa fi seeraan gaggeessuun barbaachisaa dha. Walittidhufeenyi waliigaltee gareewwan walta'aniin alatti namoota jiran biroo ni tuqa. Kun ogeessotni saayinsii diinagdee bu'aa ce'iinsa qabu kan jedhaniin walitti dhufeenya waliigaltee keessa kan jiru yoo ta'u seerota birootiin (qabeenya, seera waliigalteen alaa, yakka) kan ilaalamu dha. Gama biraatiin walitti dhufeenyi waliigaltee bilisaa akka jiraatu waljijjiirraan odeeffannoo barbaachisaa ta'us waljijjiirrichi haala gahaa ta'een raawwatamuu dhiisuu danda'u.Gowwoomsuu, dogongorsiisuu, dirqisiisuu, odeeffannoo walqixa hubachuu dhabuu, dhoksuu fi kkf walittidhufeenya waliigaltee booressuu danda'u. Gabaan to'annaa monopoolii jalatti kufuu

akkuma danda'u waliigalteewwan tokko tokko akkuma kanatti raawwatamuu qaba. Qabatamaan namni tokko qofti fayyadamaa waliigaltee akka ta'u carraan waliigaltee seenuu kan warra siivil loo' 'leison' kan warra kooman loo 'unconscienable contract' isa jedhamu dha. Haalotni kun seerri waliigaltee raawwatamuu caalaatti seerri idilee (market failure) akka raawwataman kan taasisuu dha. Gabaan bilisa ta'us hanqinni gabaa (market failure) akkuma quunnamuu danda'u waliigalteen bilisa ta'ee hanqinni walfakkaataan isa quunnamuu danda'a. Hanqina gabaa of eeggannoo cimaadhaan mootummaan giddu seenee kan sirreessu yoo ta'u, hanqina waliigaltees mootummaan manneen murtii seeraatti bifa hiikkaatiin jidduu lixuudhaan sirreessuun irraa eeggama.

Biyya keenyatti waggootii dheeraa dura sirni fooyya'iinsa haqaa wixineeffamuun hojiirra oolaa jiraachuun isaa ni beekama. Sirni fooyya'iinsaa kun wixineeffamuun isaa fi sababoota hojiitti hiikinsa isaatiifis sirni haqaa sirna diinagdee dimokraasii fi gabaa bilisummaatiin gaggeeffamu waliin kan hin deemne ta'uu isaati dha.Akka sirna keenyaatti faayidaawwan hedduu seerri waliigaltee qabu keessaa walittidhufeenya namoota dhuunfaa gidduu jiru si'oomsuu dandeessisuu dha. Waljijjiirraan kun bifa hedduudhaan raawwatamuu kan danda'u yoo ta'u karaa walitti dhufeenya waliigaltee raawwatamuun isaa karaa isa tokkoo dha.Walitti dhufeenyi waliigaltee sirna haqaa cimaa keessatti (keessattuu mana murtii) raawwatamuu qaba jedhamee amanama. Jaarraa 16ffaa keessa kan jiraate Toomaas Hoobsi (Thomas Hobbes) hayyuun seeraa jedhamu 'sirni abbaa seerummaa daldaltoota biroo irra waljijjiirraan bu'aa argamsiisu yoo isaan quunnames waljijjiirrichi kabajamuu dhabuu waan danda'uuf gara walitti dhufeenyaatti galuu hinfedhani' jechuun kan ibse waliigalteen waliigalteen guddina diinagdee waliin walittidhufeenya qabu agarsiisuuf yaada gargaaruu dha.

Hayyuun ekonomksii 'Norzi' jedhamu yaada kanarratti waliigala. Akka yaada isaatti yoo ta'e baasii xiqqoodhaan waliigalteen raawwachuu dhabuun isaa guddinaaf farra biyyoota addunyaa 3ffaatiifis akka hin guddanne sababa taasifamee fudhatamuu qaba.Sadarkaan diinagdeen ol'aanaan biyyootni guddatan qaban waliigaltee irratti abdachuudhaan walitti dhufeenya waliigaltee yeroo dheeraa uumamu irraa kan madde dha (Wiiliyaams). Sirni haqaa haala cimaa hin taane keessatti walittidhufeenyi daldala ol'aanaa ta'eefi waliigalteewwan haalawwan carraan raawwatamuu isaanii hinjirre keessatti raawwatamu. Kunis yeroo dheeraa keessatti diinagdeen biyyaa gadaanaa akka ta'u taasisa.Haalawwan sadarkaa yaadrimeetti

kaa'aman kunneen biyyoota gara garaa keessatti qorannoowwan gaggeeffamaniin mirkanaa'aniiru.yeroo tokko biyya Gaanaatti qorannoon gaggeeffame yaada waliigalaa akkanaa irra gahameera. Biyya Peeruutti qorannoo gaggeeffameenis namoota gaaffii gaafatamaniif deebii kennan keessaa 1/3 ffaa kan ta'an akka mirkaneessanitti dhiyeessaan haaraan gatii gadaanaa qabatee osoo dhiyaateellee raawwii irratti amanamuu waan hin dandeenyeef dhiyeessaa gatii ol'aanaa qabatee dhiyaatee fi maamila ture irraa bituu filatu. Ikuaadoritti qorannoo walfakkaataa gaggeeffame irrattis daldaltootni yeroo waliigalteen itti raawwatu irratti abdachuu waan hin dandeenyeef qabeenya isaanii investi gochuuf kan sodaatan ta'uu mirkaneessaniiru. Biraazilitti qorannoo gaggeeffameenis manneen murtii Biraazil kan akka warra guddatanii osoo ta'anii (gama raawwii waliigalteetiin) investimentiin biyya keessaa %10 akkan dabalu mirkanaa'eera. Sirni haqaa cimaa yeroo ta'u murteen kennamu tilmaamawaa ta'a. Baankiin addunyaa bara 1997 ALA tti biyyoota Awurooppaa 69 keessatti qorannoo gaggeesseen dhaabbilee daldalaa 3600 ta'an gaafachuun deebiin argate hojii daldalaa isaanii keessatti rakkoon guddaan mana murtii tilmaamawaa hin taane akka ta'e ibsaniiru. Sirni abbaa seerummaa si'oomina hin qabne baasiin waljijjiirraa akka dabalu taasisa.

Heerri RDFI seensa isaa irratti sabootni, sablammootnii fi uummattootni guddinni diinagdee fi hawaasummaa isaanii akka ariifatuuf kutatanii ka'uu isaanii kaa'eera. Faayidaa waliinii uummattootaa kabajchiisuun carraa waliinii murteessuudhaan hawaasa dinagdee tokko uumuu akka dandeessisu ni ibsa.Guddinni hawaasummaa fi diinagdee ariifataa ta'e fiduun kaayyoo heerichaa yeroo ta'u seerri waliigaltees qajeeltoo ittiin gaggeeffamu dha. Mirgi qabeenya waliigalteedhaan dabarsuu heerichaan kan kabajamee dha. Haalli dinagdee Itoophiyaanotaa baaqqeedhaan karaan ittiin guddachuu danda'u keessaa tokko seeraa fi raawwii isaa irratti amantaa gatuudhaan walitti dhufeenya waliigaltee uumamuunidha. Dabalataanis, akka itti aansuun ilaallutti mirgi walqixxummaa, mirgi haqa argachuu, mirgi namni kamiyyuu sochii diinagdee barbaade irratti hirmaachuu fi hojii ofii filate hojjechuu akkasumas mirgi qabeenyaa qajeeltoowwan seerri waliigaltee ittiin gaggeeffamu kan of keessatti qabatanii dha.

Adeemsi seera keenya namootni dhuunfaa qabeenya irratti akka fedha isaaniitti akka ajajan ni eeyyamaaf.qabeenya nama biraatiin bilisaan yookin qabeenya biraatiin yookin maallaqaan

jijjiiruu yookin balleessuu fi barbadeessuus kan eeyyamu dha. Gama kanaan bilisummaawwan namootni qabaatan bu'uura waliigaltee isaaniitiin qabeenya isaaniirratti seera fulduratti waliigaltee dirqisiisaa ta'e seenuus kan dabalatu dha. Seerri waliigaltee akka sirna keenyaatti waltaa'iinsawwan seera fulduratti dirqisiisoo ta'an adda baasuuf, mirga dirqamoota adda baasuu fi waliigalteen hin raawwatamne yoo jiraate bu'aa isaa agarsiisuuf akkasumas daddarbiinsi humnaa, maallaqaa fi qabeenyaa bilisaan bu'uuraan akka jiraatu ni tajaajila. Seera waliigaltee keessatti hanga dhalaa irratti daangaan kaa'me,mindaa waliigalteedhaan daanga'u, waliigaltee kennaa fi kkf akka kaayyootti kan qabatanis kana dha. Kaayyoon seera waliigaltee qabeenya qoqqooduu dha moo osoo kun tilmaama keessa hin galiin daddarbiinsa qabeenyaa ariifachiisuu dha kan jedhuu dhimma cimaa dha. Daddarbiinsi qabeenyaa kara seera alaa akka hin raawwatnes sirni keenya ni dhorka. Karaa biraatiin qoodinsi qabeenyaa walitti dhufeenya waliigalteen alaatiin seera gibiraa fi seerota hariiroo hawaasaa biroo keessattis raawwatamuu kan danda'u waan ta'eef kallattiin bu'uuraa kaayyoo seera waliigaltee biyya keenyaa kana jechuuf nama rakkisa. Haa ta'uyyuu malee fedhii waltaatotaatiin qajeeltoon kun raawwatamuu danda'a.

Walitti qabaadhaan yeroo ilaalamu yaadrimeewwan seerri waliigaltee bu'uura godhatu adda adda yoo ta'anis, sirna gabaa bilisaa hordofnu waliin yaad rimeewwan qabeenya uumamaa daran faayida qabeessa akka ta'aniitti fudhatamuu danda'u.Sirna gabaa bilisaa akkuma hordofnu qabeenyi, humnii fi maallaqni gabaa bilisaa keessatti daddarbuu qabu. Gabaan bilisaas bifa adda addaatiin kan raawwatamu diinagdee waliigalteeti jedhamuu danda'a. waliigalteewwanis akka walta'iinsaatti kan hin raawwatamne yoo ta'e,gabaan bilisaa hin jiru jechuu dha. Seerri hariiroo hawaasaa keenya waliigalteen walta'iinsa bilisaa waltaatotaatiin kan raawwatamuu akka qaban ni kaa'a. Gabaan bilisaa waltaatota gidduutti daddarbiinsa odeeffannoo barbaada. Qulqulloomaaf osoo hin taane faayidaa fi miidhaa dhaqqabsiisu madaaluudhaan walitti dhufeenya namni itti galuu qabuu dha. Kanaaf walta'iinsi jiraachuu baannaan waliigalteen hin jiru. Waan taa'eefis waliin hojjechuu waltaatotaa fi sirna haqaa cimaa barbaada. Waliigalteen mataa isaatiin miidhaa mataa isaa qabaachuu waan danda'uuf haalawwan mootummaan itti gidduu lixu ni jiru.Waltaatotni waliigaltee isaanii seera da'eeffachuudhaan yoo ta'u waliigalteewwan akkasiis eegumsa seeraa amansiisaa jala akka

ta'an sababa hin taaneeniis akka hin diigamne abdachuudhaani. Waan kana ta'eef,seerri waliigaltee keenya Heera RDFI waliin yeroo ilaalamu kallattiiwwan bu'uuraa inni kaa'e:

- Waliigalteewwan bilisummaa fi fedhii guutuu waltaatotaa irratti hundaa'ee akka raawwatamu gochuu
- Waliigalteen waltaatotni seenan bifa amansiisaadhaan akka raawwatamuuf abdachiisaa gochuu
- Waltaatotni sababoota xixiqqoof waliigaltichi akka hin diigamne itti amanachuu danda'uu
- Waliigaltichi yoo diigamellee osoo hin barbaadiin qaama jalaa diigameef beenyaa gahaa fi amansiisaa kan kanfalchiisu ta'uu
- Waliigaltee kabjchiisuuf yeroo gabaabaa qofa kan gaafatu ta'uu mirkaneeffachuu
- Waliigaltichi yeroo mallatteeffamee eegalee hanga raawwii isaatti hanga danda'ametti iftoomina kan qabuu fi raawwiif kan mijatu ta'uu isaa
- Sirni haqaa fi seeraa dirqama bilisummaa guutuun seename raawwachuun alatti filannoo akka hin qabaanne mirkaneessu jiraachuu
- Waliigalteen raawwatame faayidaa garee tokkootiif kan argamsiisu osoo hin taane gareen walta'an marti ittiin kan fooyya'an, guddina argamu irraas fayyadamaa kan taasisu ta'uu
- Qaamni rakkoo hiiku hundi faayidaa diinagdee walitti dhufeenyi waliigaltee qabu sirritti kan hubatanii fi bu'uura sanaanis qajeeltoo bilisummaa fi haqummaatiin madaalchisanii kan hojjetan ta'uu
- Waltaatotni waliigaltichi kan raawwatamu ta'uu wabii gahaa qabaachuu
- Sirnichis walittidhufeenyichi faayidaa hawaasummaa fi diinagdee qabu sirnaan hubachuun, namootnis kanatti abdachuun waliigalteewwan faayidaa diinagdee qaban kan dura maatii, fira, ollaa, maamilaa fi kkf waliin qofa waliigaltee raawwachaa turanhafee nama kamiyyuu waliin haalli waliigaltee itti uuman uumamuu
- Walitti dhufeenyi waliigaltee yeroo hin kabajamnettis walitti dhufeenya hawaasummaa uummataa eeguun akka guddatuufis maloota falmii hiiktuu filannoo fayyadamuun walitti dhufeenyicha jajjabeessuu, kun yoo hin milkoofne sirna haqaa cimaa rakkichaaf deebii kenuu danda'u qabaachuu

- Sirni haqaa adeemsa isaatiinis ta’e bu’aa isaatiin tilmaamawaa ta’uu danda’uu
- Sirna haqaa cimaa gowwomsaa fi waliin dhahiinsa, fi kkf yeroo umaman to’achuu danda’uu fi yakka ittisuudhaan guddina hawaas-diinagdeetiif gumaachu qabaachuu
- Qabiinsa dhimmootaa irratti beekumsa seeraatiin alatti walitti dhufeenya seerri waliigaltee guddina diinagdee waliin qabu ogeessa hubate;kana caalaas walitti dhufeenya waliigaltee irratti yeroon maaliyyuu caalaa qabeenya fayyadu akka ta’e qaamoleen haqaa sirritti hubachuu qabu.

**Gaaffiilee Marii**

1. Walitti dhufeenya seerri Waliigaltee fi sirni gabaa bilisaa qaban tarreessuun ibsi.
2. Walitti dhufeenya seerri Waliigaltee guddina diinagdee waliiniin qabu kaasaatii irratti mari’adhaa.
3. Guddina diinagdee heera keessatti ilaalame sirna raawwii Waliigaltee irraa ka’uun milkeessuuf gahee qaamoleen haqaa qaban kaasuun bal’inaan irratti mari’adhaa.
4. Seera Waliigaltee keessatti balaan (Risk) waljijjiirraa, deeggarsi, mirkaneeffachuu odeeffannoo …guddina diinagdeetiif faayidaa akkamii qaba jettanii amantu?
5. Sirna gabaa bilisaa keessatti seerri Waliigaltee fi seerri qabeenyaa bakka addaa ni qabuu? Lamaan kana haalli wal fakkeessu maali?
6. Seerri Waliigaltee seera qabeenyaa malee akkasumas seerri qabeenyaas seera Waliigaltee malee hiika qabaachuu hin danda’u namootni jedhan ni jiru. Ati hoo maal jetta?
7. Qajeeltoowwanii fi kallattiiwwan seera Waliigaltee Heera RDFI irraa maddan tarreessuun mari’adha.

# KUTAA TORBA

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA DALDALAA FI INVESTIMENTII IRRATTII QABU

## 7.1. Seera Daldalaa Fi Investimentt Akka Waliigalaatti

Kutaa addunyaa kamiyyuu keessatti biyya argamu yoo ilaalle warra guddatan dabalatee diinagdee isaa biyyi guddisuu hin barbaanne hin jiru,

Guddina hawaas-diinagdee kana immoo dhugoomfachuuf seenaa biyyi tokko keessa tarte ilaaluurra darbee muuxannoo biyyoota dhiyoo fi fagoo jiraniis dabalataan ilaaluun hin hafu. Kana ilaalluu keessattis gaheen bulchaan biyya tokkoo guddina biyyittii mirkaneessuu keessatti qabu maali? Hirmaannaan mootummaan diingdee keessatti qabaatu bifa maal qaba? Abbaan qabeenyaa dhuunfaa maal irratti yoo hirmaate filatama? Imaammatni investmentii kallattii alaa irratti jiraatu maali? Jabana amma irra jirru keessatti biyyi tokko addunyaa irraa fo'amee socho'uudhaan bu'aan guddina diinagdee argatu ni jiraa?kanneen jedhanii fi gaaffiilee bu'uuraa biro kaasanii ilaaluun baay'ee faayidaa kan qabuu dha.

Armaan dura addunyaan kun bahaa fi dhihatti garee lamatti qoodamtee akka turte ni yaadatama. Addunyaa gara bahaa gaggeessaa kan turte soviyeetiin duraanii erga bibittimmooftee garaagarummaan ture jigeen booda biyyootni bahaa ilaalcha *sooshaalistii* hordofaa turan qabiyyee fi saffisni isaa walhirus gara sirna gabaa bilisaatti seenaa jiru. Adeemsa jijjiiramaa kana keessattis kutannoon gaggeessa siyaasaa gahee ol'aanaa qaba. (Fakkeenyaaf fooyya'iinsa daldalaa fi investimentiitiif gaheen *Dingzyenpiing* ol'aanaa ture.)

Fooyya'iinsa diinagdee irratti dhufanii fi guddina diinagdee akka Waliigalaatti eeggamuuf tasgabbiin siyaasaa murteessaa akka ta'e kan wal nama falmisiisu miti. Horodoffiin siyaasaa mootummaan gama kanaan taasisus murteessaa dha. Biyyi tokko seenaa ishii keessatti jiddu galeessa daldalaa fi aadaa ta'uun yeroon itti beekamtii argatte yoo jiraate (fakkeenyaaf Chaayinaa) bakka ishee kana deebisuuf qabsoon daldalaa fi investimentii ishiin taasiftu fooyya'iinsa diinagdee keessatti bakka ni qabaata. Yeroo dhiyoo as saffisaan guddataa kan

jiran guddina diinagdee biyyoota Eeshiyaa yeroo ilaallu qabxiilee kanneen bu'uureffachuun keessattuu xiyyeeffannaa kan kennaniif gaggeessa daldala gabaa alaa hojiirra oolchuun, qusannaa biyya keessaa kan babal'isuu fi kaappitaala alaa daanga'aa kan galchu, ijaarsa bu'uuraalee ulaa misoomaatiif dursa kennuu fi kkf mootummaan xiyyeeffannoon kan itti kenname dha.Kanarraa bifa adda ta'een Chaayinaan sirna sooshaalistii gabaadhaan gaggeeffamu hordofuu fi baay'ina uummataa to'achuu akka tarsiimootti dabalataan gargaaramteetti. Kara biraatiin guddina diinagdee ardii keenyaa keessattuu immoo kan biyyoota sahaaraa gadi jiranii yeroo ilaallu akka kan biyyoota Eeshiyaa guddinni diinagdee ol'aanaa ta'e kan galmaa'aa jiru akka hin taane hubanna.

Akka Waliigalaatti yeroo ilaallu kutaa ardii keenya kana keessatti giloobaalaayzeeshiniin kan dabalaa dhufe yoo ta'ellee hirmaannaan gabayaa addunyaa gadaanaa kan ta'ee fi oomishtummaan qonnaas bakkuma jirutti kan dhaabbate dha. Kanaafis akka sababaatti kan caqasamuu danda'u baay'inni uummataa diinagdee waliiniin kan hin deemne ta'uu isaa sadarkaan barnootaa fi fayyaa dorgomaa ta'uu dhabuu, oomishtummaan qonnaa gadaanaa ta'uu sirni siyaasaa iftoomina qabuu fi itti gaafatamummaan kan keessatti mirkanaa'e ta'uu dhabuu, tasgabbiin investimentii harkisuu danda'u dhabamuu, bulchiinsi gaariin dhibuu fi bulchiinsi dadhabaan jiraachuu, kunuunsa dhabuu naannoo, babal'ina HIV, gosoota diinagdee mara kan miidhu ta'uu cimee dhufuun ulaa gabaa kan cufu ta'aa dhufuun caqasamuu danda'u.

Kana malees biyyootni Afrikaa hedduun qabeenya qonnaa fi uumamaa adeemsa oomishaa keessatti sirnaan dursa kennanii fayyadamuu dhabuun akka sababa dabalataatti kan ilaalamu ta'a. Biyyoota akkanaa keessatti oomisha qonnaa isaanii guddisuun gabaa addunyaa keessatti gaheen qaban akkasumas galiin tokkoon tokkoo lammii isaanii akka dabalu ni taasisa. Kanuma waliiniin walqabatee kan ka'u ijaarsa bu'uuraalee ulaa misoomaati. Ardichi baay'ina uummataatiin gahee ol'aanaa kan qabu yoo ta'ellee, uummatni isaa garuu bibittinnaa'ee kan jiruu fi oomishtummaan isaas kan hir'atee dha. Kunis shaqaxootnii fi galteewwan diinagdichaaf barbaachisoo ta'an kutaa oomishuuf kan hin danda'amne yookin rakkisaa ta'uu yookin baasii dabalataa kan gaafatu waan ta'eef oomishtummaan akka hir'atu taasisa. Gara biyya keenyaatti yeroo deebinu akka armaan olitti irra deddeebiin ka'e biyyi keenya sirna

diinagdee gabaa bilisaa kan hordoftu yoo ta'u uummatnis diinagdeen biyyittii saffisaan akka guddatu barbaada.

Hawaasa diinagdee tokko ijaaruufis fedhiin ni jira.Haala mijataa daldalaa fi invastimentii, nageenya amansiisaa fi itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf sirna siyaasaa tasgabbaa'e uumuuf sabootni sablammootnii fi uummattootni kutannoon ka'uu seensa Heera RDFI irratti kaa'ameera. Uummattootni heericha kan raggaasisan sanaan dura kan qaban akkuma jirutti ta'ee fulduraaf ''aadaa boonsaa''akka qaban faayidaa fi ilaalcha waliinii kan darberraa kan waliiniin horatan ta'uu mirkaneessuuni dha. Abdiin guddina diinagdees seenaarraa kan dhaalame ''faayidaa waliinii'' guddisuu irrattis kan hundaa'ee dha.

Fedhii kanas hojiirra oolchuudhaaf heera keessatti tumaaleen bal'ina qaban kaa'amaniiru. Tumaalee kanneen keessaa lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu biyyiittii keessattii sochii diinagdee kamiyyuu keessatti hirmaachuuf mirga akka qabu mirkanaa'uun isa tokko dha. Gama biraatiin bu'uura Heera RDFI keewwata 41 tiin lammiin Itoophiyaa kamiyyuu hojii isaa fi ogummaa barbaadu filachuuf mirga qaba. Hojiiwwan bifa kanaan filatamuu danda'an keessaa daldalaal kan wal hin qabanne kan jiran yoo ta'u, seera daldalaa keessatti ogummaawwan daldalaa kaa'amanis keessatti haammatamu. Gama biraatiin Heerichi iftoomina, ittigaafatamummaa fi qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii birootiin kan gaggeeffamuu dha.Qajeeltoo kanaan gaggeeffamuudhaaf kutaa diinagdee isa kamtu isa kam gaggeessuu akka qabu sanada imaammataa irratti ibsameera.

Biyyittiin qabeenyota bal'inaan qabdu humna namaa, qabeenya uumamaa fi kaappitaala xiqqaa qabdu walsimsiisanii fayyadamuudhaan akkamitti guddina ariifachiisaa galmeessisuu akka dandeessu adda baasuun kaa'ameera. Kun bal'inaan kutaa biraa jalatti kan ilaalamu yoo ta'u; bu'aan galmeeffame garuu biyyoota sahaaraa gadii olitti ilaalame waliiniin daran kan walfaallessuu dha. Daldalaa fi investimentii gabaan kan geggeessu yoo ta'u, itti gaafatamummaan heerichaa kanaaf haala mijataa uumuu fi hojiiwwan hordoffii sirnaan raawwachuudhaan gahee gaggeessummaa irraa eeggamu bahuudhaaf qophiin ta'uu dha. Karaawwan haalli mijataan ittiin uumamu keessaa tokkoo fi inni ijoon ijaarsawwan bu'uraa ulaa misoomaa jechuunis gochaawwan humna ibsaa maddisiisuu fi diriirsuu, karaa ijaaruu, tajaajiloota bilbilaa fi geejjibaa babal'isuu kkf raawwachuu dha.

Qabxii xiyyeeffannoo giddugaleessaa guddina biyyoota Eeshiyaa keessatti itti-gaafatamummaawwan ilaalaman keessaa tokko isa kana. Guddinnii fi hojiichi itti fufiinsa qabaachuu kan qabu (seensa heeraa) waan ta'eef sochiin daldalaa fi investimentii eegumsa naannoo wajjin walsimee deemsifamuu qaba.Kunis bifa madaalawaa ta'een akka raawatamu heericha keewwata 92 jalatti kaayyoo kaa'me ilaaluun dirqama. Gama biraatiin mirga kana dhugaa gochuun akka danda'amu tarkaanfiiwwan fudhataman keessaa carraa hojii uumuuf sagantaalee dandeessisan baasuu, imaammata hordofuu, pirojektii gaggeessuu fi kkf gama mootummaatiin kan godhamuu qaban akka ta'e ni caqasama.

Qonnaan bultootnii fi horsiisee bultootni oomshtummaa guudisuuf gahee bahan waliiniin mirga galii wal madaalu argachuu kan qaban yoo ta'u imaammatni mootummaas kaayyoodhuma kanaan akka gaggeeffamu Heerri keewwatni 41 dabalee tumeera.Kana gochuuf aangoowwanii fi hojiiwwan mootummaaf kennaman keessaa akka itti aanutti kan murtaa'an qofa tarreessuuf yaalla:

- Daldala naannoolee jidduutti gaggeeffamu to'achuu
- Daldala alaa to'achuu fi bulchuu
- Investimentii alaa harkisuu fi to'achuu
- Geejjiba qilleensarraa, baaburaa, poostaa, bilbilaa fi bishaanirraa to'achuu fi bulchuu
- Karaalee gurguddaa naannoolee lamaa ol wal quunnamsiisan ijaaruu, to'achuu fi bulchuu
- Seera daldalaa baasuu fi hojiirra oolmaa isaa hordofuu
- Lammiin Itoophiyaa qabeenyaa fi beekumsa biyyittii keessatti argamu irraa walqixxummaan fayyadamtoota akka ta'an gochuu
- Qoodinsa qabeenyaa haqa-qabeessa ta'e uumuu
- Kallattii hundumaanuu qajeeltoo walqixxummaatiin gaggeeffamuu
- Tarkaanfiindiinagdee fudhatamu naannoo akka hin jeeqne mirkaneessuu kanneen jedhan keessatti argamu.

Akka Waliigalaatti leenjifamtootni kutaa kana leenji'anii yeroo xumuranitti haalota armaan olitti tarreeffaman sirritti akka hubatan gochuu irra darbee:

- Aangoolee fi itti-gaafatamummaawwan mootummaa kunneen heericha keessatti tarreeffamuu isaanii fi sirna diinagdee gabaa bilisaa biyyi keenya hordoftuu fi haala addunyaan keessa jirtu waliiniin faayidaa daldalaa fi investimentii waliiniin hubannoodhaan ilaaluu ni danda’u.
- Kaayyoowwan diinagdee, hawaasummaa fi aadaa Heera RDFI keessatti tumaman seerota daldalaa fi investimentii waliiniin walitti hidhamiinsa qaban ni tarreessu.

### 7.2. Aangoo Seera Daldalaa fi Investimentii Baasuu

Gara haala qabatamaa biyya keenyaatti yeroo deebinu dhimmi arginu Heerri RDFI keewwata 51(2) fi (4) jalatti dhimmootni seera daldalaa ilaallatan aangoo mootummaa federaalaa ta’uu ifatti tumee argama. Guddina diinagdee waliigalaatiif daran barbaachisaa kan ta’an laftii fi qabeenyotni uumamaa lafa wajjin walqabatan mirgi abbaa qabeenyummaa isaanii mootummaa fi uummata jala akka ta’u taasifameera. Heerri RDFI seerotni bu’uuraa lafaa fi qabeenya uumamaa ilaallatan seera baastuu mootummaa federaalaatiin akka bahu kan godhe yoo ta’u gatii liizii fi turtii yeroo dabalatee bulchiinsa lafaatiin aangoo walqabatan mootummaalee naannoo jala akka ta’u godheera.

Itoophiyaan seera daldalaa jabanaa bara 1960 bahe qabdi.Seerri daldalaa kun kan wixineeffame ogeessa seeraa biyya Faransaayiin yoo ta’u muuxannoowwanii fi yaadrimeewwan biyyoota siivil loo of keessatti haammateera.Seerri daldalaa bu’uura irraa dhaabbilee daldalaa biyya keessaatiif beekamtii barbaachisaa kenneera jechuuf yoo hin danda’amnellee qabatamaan garuu dhaabbileen akkasii hundeeffamanii yeroo dheeraaf socho’aa turaniiru. Seerri daldalaa kun yeroo sanatti yaadota ammayyaa kan of keessatti qabatee fi seera jabanaa hojjechiisuu danda’u yoo ta’ellee yeroo mootichaatii jalqabee yaadrimeewwan kunniin hawaasicha biratti yeroon qalbii hawaasaa keessa seenanii fi sirritti hojiirra oolfaman hin mul’atu. Yeroo Dargiis seerri daldalaa osoo hin fooyyeffamiinii fi hin haqamiin kan ture yoo ta’u, Dargiin aangoo yeroo gabaabaa keessatti seerri sooshaalistii bahe (labsii lakk. 26/68) qabeenya dhuunfaa kan mootummaa yoo taasisu kutaan seerichaa dhaabbilee daldalaa ilaallatu akka hojiirra hin oolle taasiseera. Sirni Dargii erga jijjiiramee booda seerri daldalaa ture sirna diinagdee gabaa bilisaatiif mijataa ta’uu isaatiin walqabatee sirnaan akka ittiin hojjetamuuf haalli mijataa ta’e uumamee kan ture yoo ta’u, hojiiwwan daldala jedhamanii fi hin jedhamne seerri daldalaa keewwata 5 jalatti ifatti waan kaa’eef

kanas hanga murtaa'e labsiiwwan investimentii fi daldalaatiin akka fooyyeffaman godhamuun alatti akka ittiin hojjetamu ta'eera.

Seerri daldalaa hojiirra jiru kunis keewwata 124 jalatti biizinesii (*'Business')* jecha jedhuuf hiika kennee waan argamuuf hojiiwwan daldalaa fi investimentiitiif sirritti adda baasanii hordofuudhaaf bifa dandeessisuun gurmaa'aniiru jechuun ni danda'ama. Bu'uura seera daldalaa keewwata 5 jalatti hojiiwwan 21 tarreeffaman ogummaa isaa taasisee namni bu'aadhaaf hojjetu daldalaa jedhamuu akka qabus ifa gochuun tumee jira.

Haa ta'uyyuu malee gochaawwan kana gammachuu hafuuraa argachuuf yookin beekumsa babal'isuuf yaaduudhaan raawwatee namni argame akka daldalaatti ilaallamuu akka hin qabaanne seerri daldalaa qajeeltoo ifa ta'e kaa'eera.hojii ogummaa jedhamuun baratamaan kan beekaman kan akka hakima, seera, mahaandiisa, fi kkf 'nis ta'e hojiiwwan biro kan akka qabiinsa herreegaa, tajaajila mariisisaa, dizzaayneessuu, faashinii baasuu, pirograamarii kompiyuutaraa irra namootni hojjetan hojiiwwan daldalaa seericha keewwata 5 jalatti tarreeffaman keessatti hin argamani.

Kan biraa hafee galii guddaa kan argamsiisuu fi babal'ina industrii ammayyatiif gahee mataa isaa kan gumaachu ogummaan harkaa seera daldalaa keewwata 5 jalatti haammatamee hin jiru. Waan kana ta'eefis qaawwa uumame kana qajeeltoo Heera RDFI waliiniin walsimsiisuuf seerotni daldalaa fi investimentii hedduun kan bahanii hojiirra oolan yoo ta'u tarreeffamni isaanii barnoota seeraa kan biraa jalatti uwwifama jedhamee waan yaadamuuf bakka kanatti qabiyyee isaa kaasnee hin ilaallu.

### 7.3.Sochii Daldalaa fi Investimentii Keessatti Gahee Gaggeessummaa Mootummmaa

Mootummaan daldalaa fi investimentiidhaaf haala mijataa uumuudhaan alatti qabeenyotni kanaaf barbaachisanis faayidaarra akka oolan ni taasisa (keewwata 84/1/(5)). Gabaa bilisaa haa ta'u malee gaheen gaggeessummaa mootummaa ol'aanaa ta'uun isaa dagatamuu hin qabu. Muuxannoon guddina biyya Jaappaan kan nutti agarsiisu isa kana yoo ta'u, haalli qabatamaan biyya keenyaa mootummaan gahee gaggeessummaa isaa akka taphatu ni dirqama jedhanii jala muranii dubbachuun ni danda'ama. Hiyyummaadhaan hundarra kan boodatti hafne ta'uurra darbee gara karaa guddinaatti boodatti hafnee kan galle waan ta'eef hayyuun

'*Hirshamaan*' jedhamu akka jedhutti mootummaan kara ariifataa ta'ee fi qoratameen jiddu-lixxummaa isaa hojiirra oolchuu qaba.

Kara ariifataa ta'een guddachuuf sabootni, sablammootnii fi uummattootni kutatanii ka'uu isaanii seensa heerichaa irratti ifatti ilaalleerra. Seenaan dhaalle garri caalaan hojii uumuurra mootummaa yookin qaama ta'e biratti qacaramuun tajaajiluun kan keessatti baay'atu waan ta'eef mootummaan lammiileen hojii akka uummataniif jajjabeessuu fi ofiifis yoo ta'e hanga danda'etti carraa hojii uumuudhaaf itti gaafatamummaan irratti gatameera. Bu'uura heericha keewwata 41 (6) fi (7) jalatti kaa'meen mootummaan carraa hojii uumuudhaaf sagantaa akka baasuu fi sagantaalee kanneen akka gaggeessu ibsameera. Mootummaan haalota mijataa uumuu qaba yeroo jedhamus kara daldalaa fi investimentiitiin bifa filatamaa ta'een bobbaasuu dabalatee haalota mijataa hojii uumuuf dandeessisan uumuu qaba jechuu dha.

### 7.3.1. Barbaachisummaa Jiddu Lixxummaa Mootummaan Diinagdee Keessatti Taasisuu

Akkuma biyya kamiyyuu keessatti mul'atu sochii daldalaa fi investimentii keessatti kufaatiin gabaa quunnamuu akka danda'u dhimma beekamaa dha. Biyya keenyattis kan quunnamu akka ta'e hanga ammaatti muuxannoowwan keenya keessa dabarre dhugaa nuuf mirkaneessan akka ta'e ni beekama. Hir'ina gabaa kana immoo gabaa fi hirmaattotni isaa keessattuu yeroo dheeraa keessatti fedhii fi dhiyeessa walsimsiisuudhaan itti fufiinsaan furuu qabu jedhameet amanama. Haa ta'uyyuu malee yeroo gabaabaa keessatti hir'ina kana sirreessuudhaa fi hawaasichaaf waanta fooyya'aa uumuuf mootummaanis yoo ta'e jidduu galuun hin oolu.

Fakkeenyaaf qonnaan bultootnii fi horsiisee bultootni muuxannoo fi beekumsa murtaa'aa qabanirraa kan ka'e gatiin gabaa gahee oomishtummaaf gumaachan waliiniin wal hin gitne kaffalamuufi danda'a. Waanta kana immoo gabaan mataasaatiin kan uumu yoo ta'ellee, bu'uura Heera RDFI keewwata 41/8/' tiitiin mootummaan gabaa keessa jidduu lixuun akka gaggeessu qajeeltoon eeyyamu waan jiruuf qotee bultootnii fi horsiisee bultootni dadhabbina isaanii waliiniin akkaataa walmadaaluun irra caalaa fayyadamtoota akka ta'an gochuun ni danda'ama. Kaayyoon ijoon mirga misoomaas guddina lammiilee itti fufiinsaan mirkaneessuu fi fedhiin bu'uuraa isaanii akka guuttamu gochuu waan ta'eef abbootiin

qabeenyaa dhuunfaa dhimmoota irratti hin hojjenne yookin yoo hojjetanis bifa kanaan dhimmoota hin raawwatne irratti akkasumas dhimmoota daldalaa fi investimentii irratti hirmaachuudhaan daldalaa fi investimentii bulchuu fi to'achuudhaaf itti-gaafatamummaan irratti gatameera. Keewwattoota heerichaa 43/1/ fi /3/, 51/1/, /9/ fi /12/ akka fakkeenyyaatti kaasuun barbaachisaa dha. Daldillii fi investimentiin sirna gabaa bilisaa keessatti hafuura dorgommii cimaa ta'ee qofaadhaan hanga hin gaggeeffamnetti dhiyeessaa fi dorgomaan tokko qofti sirnaan ala fayyadamaa ta'uun isaa hin oolu. Kun immoo qabeenyi biyya tokkoo bifa haqa qabeessa ta'een akka qoodamu kan hin taasisne waan ta'eef heericha keewwata 88/9/ jalatti qajeeltoo qoodinsa qabeenyaa haqa-qabeessa ta'e mirkaneessuu fayyadamuun jidduu lixuun irra jiraata.

Mootummaan jidduu lixuuf sababni itti dirqamu kan biraa gochaawwan mootummaa misoomawaa akka hin taane isa godhan yoo raawwatamanii dha. Haalli kunis qajeeltoo dhimma keessaa hubachuu mootummaa irraa kan goru akka ta'u kan godhu waan ta'eef ofeeggannoodhaan dhimma ilaallamuu qabu dha.  Qajeeltoo Heera RDFI waljala dabarsuun abbootii taayitaa mootummaatiin, dhaabbilee daldalaa fi namoota dhuunfaatiinis raawwatamuu ni danda'a. Haala akkanaa waantota uumanii fi akka ibsituutti haalota fudhataman keessaa tokko gochaa malaammaltummaa ifatti bahee mul'atuu dha. Gochaan malaammaltummaa gabaa burjaajessuudhaan raawwatamuu kan danda'u yoo ta'u gama biraatiin gabaa hanqinni keessatti mul'ate sirreessuudhaaf tarkaanfii mootummaan jidduu lixuudhaan taasisu keessattis ofeeggannoon fudhatamuu yoo baate raawwatamuu kan danda'uu dha. Hojmaata badaa kana irratti qabsaa'uudhaaf qajeeltoon gargaarus Heera RDFI keessatti ifatti teechiiifameera. Akka heericha keewwata 12/2/ jalatti ibsametti hojmaatni mootummaa uummataaf ifa ta'uu qaba.

Mootummaan hojii daldalaa fi investimentii keessatti yeroo jidduu lixus uummataafis ta'e hawaasa daldalaa ta'eef ifa godhamuu qaba. Kana gochuu dhabuun itti-gaafatamummaa hir'isuu fi Heera RDFI cabsuu dha. Abbaan taayitaa itti-gaafatamummaa isaa bifa kanaan hir'isu bu'uura Heera RDFI keewwata 12/2/ tiin itti-gaafatamaa ta'a. Bu'uura heericha keewwata 12/3/ tiin itti-gaafatamummaa isaarraa akka ka'u mootummaa fi uummataan gaafatamuu ni danda'a. Kanarras darbee komishiniin naamusaa fi farra-malaammaltummaa aangoo seeraan isaaf kennameen gochaa yakkaatiin mana murtiitti himachuu ni danda'a.

Bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 2033 tiinis gochaan akkasii balleessaa hariiroo hawaasaatiin nama gaafachiisu falmii hariiroo hawaasaatiinis ni gaafachiisa. Burjaaja'iinsa gabaa kana kan uume nama dhuunfaa yookin dhaabbilee daldalaa yoo ta'anis haaluma walfakkaataa ta'een gaafatamu. Haala akkanaatiif akka fakkeenya gaariitti kan lakkaa'amuu danda'an sirna gabaa bilisaa keessatti namootni qabeenya isaaniitti akka hin fayyadamne kan dhorkan gochaawwan dirqisiisuu, gowwomsuu, dogongorsiisuu fi kkf dha. Gochaawwan akkanaa dhorkuudhaaf himaannaawwan yakkaa dhiyeessuudhaan gabaa tasgabbeessuuf jidduu ni lixa. Baratamaan cheekii gogaa fayyadamanii nama doorsisuun liqeessitootni araaxaa, taarifii dogongorsuu, gibira dhoksuu, VAT' ii funaananii ofiif hambifachuu fi gochaawwan kkf gabaa burjaajessuu irraa darbee gochaa yakkaa waan ta'aniif dhimmoota mana murtiitti dhiyaachuu danda'an akka ta'e ni beekama.

Sirna gabaa bilisaa kan reefu eegalle waan ta'eef himannaawwan bifa kanaa baay'inaan itti fufuun isaanii hin oolu. Waan kana ta'eef mootummaanis qixxuma sanaan gidduu lixuuf ni dirqama. Kara biraatiin namootni dhuunfaa (dhaabbilee daldalaas ta'uu danda'a) himannaan hariiroo hawaasaa irratti dhiyaachuu danda'a. Gibirri hin kanfalamne akka kanfalamu,gochaa isaaniitiin badiin geessisanis yoo jiraate beenyaa madaalawaadhaan bakka buusuudhaaf jecha dhimma hariiroo hawaasaatiin ni gaafatamu.

Namni kamiyyuu daldala yookin investimentii irratti bobba'e sababa hojii isaatiin nama biraa irratti miidhaa akka hin dhaqqabsiisne kan dhorkame waan ta'uu irrayyuu, seera daldalaatiin 'daldalaa' kan jedhamu waan ta'eef danbiiwwan seera daldalaa hojicha irratti bobba'uuf barbaachisan eeguun irraa eeggama.Kana yoo gochuu baate bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 2031 tiin balleessaa ogummaa akka raawwateetti fudhatamee itti-gaafatamaa ta'uu danda'a.Miidhaan hojii daldalaa irra gahu maallaqa qofaadhaan bakka buufamuu kan hin dandeenyellee ta'uu waan danda'uuf haala biraatiins akka beenyaan kanfalamu gaafatamuu danda'a.

Maqaan bade akka deebi'u meeshaan fudhatame beenyaa waliiniin akka bakka buufamu yookin akkuma jirutti akka deebi'u, gochaan badii geessisaa jiru akka dhaabatu yookin hojii akka hin jalqabne akkasumas dorgommiin hin malle akka dhaabatu ajajuu danda'u (lakk. 2118-2122). Kara biraatiin namni humna yookin qabeenya namaatiin duroome nama

miidhaan irra gaheef kasaaraa kanfaluu akka qabu seerri hariiroo hawaasa keewwatni 2162 fi kanneen itti aananii dhufan ni tumu. Badiin bifa kanaa qajeeltoo qoodinsa qabeenyaa haqa-qabeessaa Heera RDFI irratti tumame kan cabsu akka ta'eetti lakkaa'ama. Mirgi kunii fi mirgootni biroo kana fakkaatan waliigalteen osoo hin jiraanne miidhaa dhaqqabeef sirna kan qaban yoo ta'e, of-eeggannoon kan hojiirra oolfaman yoo ta'e hanqina gabaa sirreessuu keessatti faayidaa ol'aanaa qabu. Sochiin daldalaa dogongorsiisaa akka hin taane tumaaleen dandeessisan haala walfakkaataadhaan seerota daldalaa keenya keessatti ni argamu. Isaan kana kallattiidhaan raawwachiisuudhaaf itti gaafatamummaa kan qabu qaamolee haqaa yoo ta'an, mootummaanis sirni daldalaa fi investimentii gahee isaan gabaa keessatti qaban sirna haqaa hubatee fi cimaa ta'e ijaarudhaan gabaa sirreessuuf itti-gaafatamummaa qaba.

Kutaan diinagdee kun uwwisa itti-gaafatamummaaf kenname waliiniin yeroo ilaalamu 'kiraa sassaabdummaa' irratti qabsaa'uudhaaf bu'uura amansiisaa ta'ees ni tajaajila. Bal'innisaa seera biraatiin kan ilaalamu yoo ta'es seerri itti gaafatamummaa waliigalteen alaa sirnaan kan hojiirra oole yoo ta'e yakka ittisuu qofa osoo hin taane heericha irratti kan ilaalame mirga lubbuun jiraachuu fi qaama ofiirra miidhaan akka hin geenye eeggamuu fa'is sirritti kabachiisuun ni danda'ama. Mootummaan sirna haqaa keessattis ta'e bulchiinsa isaa irratti hojjettootni hojjetan gahuumsaanis ta'e kaka'uumsa isaaniitiin kan galateeffamanii fi malaammaltummaa irraa kan qulqullaa'an akka ta'an yeroo sirna calallii keessattis ta'e erga qacaramaniin booda hojimaata iftoominaa fi itti-gaafatamummaa qabu akka mirkanaa'u haalli fooyya'aan akka uumamu gochuun irraa eeggama.

Ogeessii fi itti-gaafatamaan hojii gahuumsa qabu jiraachuun isaa agarsiistuu mootummaa misoomawaa keessa tokko ta'uu barreessitootni jala muranii ni ibsu. Mootummaan caaseffama isaa keessaa sirreessuu irraa jalqabee tarkaanfiiwwan fudhatu kana kan of keessatti qabate ta'uun isaa yoomii fi yeroo kam gabaa keessatti jiddu-lixxummaan galuu akka qabu bifa cimina qabuun akka deebisu isa taasisa.

#### 7.3.2. Qajeeltoowwan Heeraawaa Biroo Daldalaa fi Investimentii Ilaallatan

Qajeeltoon biraa mootummaan akka daldalaa fi investimentii keessa jidduu-lixuu itti danda'u qajeeltoo walqixxummaa fi qoodinsa qabeenyaa mirkaneessuuti. Daldalaan addunyaa dorgommiin daldala keessa galee dorgomuurra onnachiiftuuwwan deegarsaa gara garaa

(kutaa seera taaksii keessatti bal’inaan ni ilaalla) irratti rarra’uuf barbaaduutu mul’ata. Biyya keenya keessatti sirnootni darbanis kan hin eeyyamnee fi ilaalchi keenyas akkasitti kan boocame waan hin taaneef rakkoon gama kanaan jiru bal’aa dha. Fakkeenyuma salphaan ilaaluuf dhalli baankii naaf haa haqamu jechuun kan gaafatu irraa ka’ee gibira irraa walaba ta’uun qaba jechuun sadarkaa sadarkaan kan gaaffii dhiyeessuu fi iyyata qabatee waajjiraa gara waajjiraatti namootni cece’an hedduu dha. Haalli kun akkuma jirutti osoo raawwatamee qoodinsa qabeenyaa haqa-qabeessaa kan gufachiisu, qajeeltoo carraa walqixaa kan tuqu waan ta’eef gonkumaa kan jajjabeeffamu miti. Bu’uura qajeeltoo Heera RDFItiin kun kan hin jajjabeeffamne ta’us abbaan qabeenyaa (daldalaan) gara gabaa biyyoolessaa fi addunyaatti seenuu akka danda’u akka cimu taasifamuu qaba. Haala qabatamaa biyya keenyaatiin daldalaan sadarkaa kanarra gahuu fi cimuu kan danda’u humna kaappitaala keessaa qabnu sirnaan qusannoodhaan faayidaarra oolchuu fi human namaa bal’aa jiru bal’inaan fayyadamuu yoo dandeenyee dha. Hojmaatni diinagdee maakiroo tasgabbeesuu tumaalee seera dorgommii gabaa kan cimsu, tumaaleen seeraa fi hiikkaan isaaniis kana kan deeggaru akka ta’u gochuu, kutaa iit aanu keessatti kan ilaalamu sirni gibiraa abbaa qabeenyaa misoomawaa kan jajjabeessu akka ta’u gochuu, galmeedhaan (odeeffannoo bu’uuraa Waliigaltee qabeenyaa, daldalaa, herreegaa) sirna cimaa diriirsuun daldalaa fi investimentii yeroo dheeraa kan jajjabeessu yoo ta’u sirna faayinaansii odeeffannoon deeggaramee fi gahumsa qabu (baankii, inshuraansii, soorama, wabummaa, tajaajiloota baankiin walqabatanii fi kkf) diriirsuu fi tajaajila misoomaa bu’uuraa cimaa fi amansiisaa dhiyeessuun kaappitaalaa fi humna sirnaan fayyadamuuf nama dandeessisa.

Sirni haqaa cimaan jira jechuuf daldala adda addaa, gahee hawaasaa fi daldaltootaa ofeeggannoo fi gadifageenyaan hubachuun guddina diinagdeetiif gahee isaa yeroo bahu mul’achuu danda’uu qaba. Kutaa kana guduunfuuf, Heerichi qajeeltoo olaantummaa seeraa irratti kan hundaa’e ta’uu seensa irratti ifatti jala muramee ibsameera. Sochii daldalaa fi investimentii keessattis gudiina ariifataa fiduuf dhimmi ijoon adeemsa seera bu’uureffatu hordofuu dha. Bu’uuruma kanaan seerotni daldalaa fi investimentii mootummaadhaan bahan akka haadaatti kaayyoowwan diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa walitti hidhu.

Kaayyoowwan kunis ifaa fi haqa-qabeessa bifa ta’aniin akka hojiirra oolan ni taasifamu. Kutaa diinagdee hojiiwwan hedduu of jalatti qabate waan ta’eef ogeessi seeraa ogeessa

saayinsii diinagdee waliiniin, imaammata baastota, raawwachiiftuu, ogeessa herreegaa waliiniin ta'uudhaan dhiyeenyaan akka hojjetu dirqisiisu. Ogeessota seeraa cimoo ta'aniin cinaatti dhaabbileen faayinaansii cimoo ta'an akka jiraatan gochuun dhaabbileen kunis daldalaa fi investimentii kan jajjabeessan, qusannaanis aadaa akka ta'u gochuun bu'a qabeessa bifa ta'een hojiirra akka oolu waan godhaniif gochaawwan daldalaa fi investimentii bu'uura cimaa irratti hundeessuun ni danda'ama.Akkuma olitti ilaalle sirni daldalaa fi investmentii akka qajeeltootti bifa walfakkaataa qabaatee duraa duuba akka qabaatu haa ta'u malee tokko isa biraa waliiniin sirritti kan walitti hidhame,iftoomina kan qabu, malaammaltummaa fi yakkota akka addunyaatti raawwataman sadarkaadhaan balleessuuf caaseffama barbaachisuu fi dhaaba dandeessisu kan qabu, akkasumas rakkoolee daldalaa fi investimentii dhaalle hooggansaa fi karaa saayinsawaa ta'een sakatta'aa kaayyoo heerichaa milkeessuuf hojjechuuf hojmaata kaayyeffate hojiirra oolchuu gaafata.

Hogantootnii fi raawwattootni dhaabbilee kanneen keessatti argaman sirni haqaa akka Waliigalaatti keessattuu qajeeltoowwan Heera RDFI kallattii faayidaa sochii daldalaa fi investimentiitiin argamsiisuun ilaalamaa akkasumas sababoota seenaa darban sirritti hubachuudhaan gahuumsa uummatee yoo raawwate amantaa hawaasa daldalaa fi investimentii argachuu kan danda'u yoo ta'u, diinagdeen biyyittiis bu'uura amansiisaa irratti hundaa'ee guddinni isaa akka ariifatu taasisa.

Ibsa biraatiin, qajeeltoowwan bu'uuraa heericha keessa kaa'aman sirnaan kabajamanii sochiin daldalaa fi investimentii bu'a-qabeessa akka ta'ugama seera kabajuu fi kabachiisuutiin gahee ol'aanaa kan qabu sirni haqaa miira itti-gaafatamummaatiin socho'uu qaba.

**Gaaffilee Marii**

1. Qajeeltoon bu'uuraa Heera RDFI daldalaa fi investimentii ilaalchisee maal akka fakkaatu kaasaatii irratti mari'adhaa.
2. Heerichi kallattii sochii daldalaa fi investimentiitiin yeroo ilaalamu qonna, industrii, abbaa qabeenyaa alaa, mootummaa fi dhaabbilee maallaqaa akkamitti ilaala?

3. Kallattii yeroo dheeraa fi gabaabaatiin yeroo ilaalamu Heerichi daldalaa fi investimentii ilaalchisee qajeeltoowwan inni hordofu keessattuu fayyaa (HIV/AIDS), barnootaa fi industrii irratti dhiibbaa badaan inni uumu maal akka ta'e mari'adhaa.
4. Sirni haqaa cimaan jiraachuun isaa qaamolee lakkoofsa 2 jalatti tarreeffaman akkamitti jajjabeessuu akka danda'uu fi guddina diinagdeetiif faayidaa akkamii akka qabu tarreessuun mari'adhaa.
5. Heericha keessatti aangoo seera daldalaa baasuu mootummaa federaalaatiif kennuuf sababni ijoon maal akka ta'e mari'adhaa.
6. Guddina ittifufiinsaan biyyi keenya galmeessisaa jirtu keessatti gaheen qaamolee haqaa (gaariinis ta'e badaadhaan) maal ta'a jettanii amantu?

# KUTAA SADDET

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN HEERRI RDFI SEERA HOJJETAA FI HOJJECHIISAA IRRATTI QABATE

Dhuma kutaa kanaatti leenjifamtootni leenjii hojiirraa haalawwan armaan gaditti tarreefamanii ilaalaman guutanii ni argamu jedhamee yaadama.

- Tumaalee seeraa walitti dhufeenya hojjetaa fi hojjechiisaa ilaallatan Heera RDFI fi Waliigalteewwan addunyaa waliiniin wal simsiisuun akkaataa hojiirra itti oolchuun danda'amu ni ibsu.
- Seera hojjetaa fi hojjechiisaa fi heera moottummaa jidduu walitti dhufeenya jiru sirritti hubachuun seerotni lamaan wal utubanii akkaataa hojiirra  itti ooluu danda'an ni hubatu.
- Tumaaleen seera hojjetaa fi hojjechiisaa biyyittii sirna gabaa bilisaa isheen hordoftu waliiniin walsimanii akkataa itti hiikamuu qaban sirritti hubachuun lammiilee mara sirnaan akka keessummeessan ni godha.

### 8.1.Seera Hojjetaa fi Hojjechiisaa Akka Waliigalaatti

Seera hojjetaa fi hojjechiisaa yeroo jennu akka Waliigalaatti danbiiwwan qaamolee bulchiinsaa, murteewwan manneen murtii fi walitti qabaa seerota biroo ta'ee seera mirgaa fi daangaa hojjetaa fi hojjechiisaa (dhaabbataa) ilaallatu dha. Walitti dhufeenya waldaalee hojjettootaa, hojjetaa fi hojjechiisaa akkasumas mootummaa jidduu jiru seera ilaallatu (araarsu) dha. Walitti dhufeenyichi qaamolee lama yookin sadi jidduutti ta'uu waan danda'uuf walitti dhufeenya hojii waliinii fi dhuunfaatiin adda bahee qulqullaa'a.

Haala hojii fooya'aa barbaachaa fi fedhiin gurmaa'uu hojjettoota jidduutti uumamaa dhufuun; gama biraatiin gatii hojii gadi buusuuf fedhiin gama hojjechiistotaatiin mul'achuun seerichi akka guddatu gumaachota godhaniiru jedhama. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa bu'aa qabsoowwan gara garaa hawaasa keessatti taasifamuuti jechuun ni danda'ama. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa bu'aa qabsoo kanaa qofa osoo hin taane qabsoon kunis qaama seerichaa ti.

Addunyaan keenya waggootii kurnan darbaniif dhiphachaa dhuftee mandara hawaasni tokko keessa jiraatu fakkaachuun ishii irra deddeebiin kan ibsame dha. Jabanni giloobaalaayzeeshiniis haaluma walfakkaataadhaan sirna gabaa bilisaa babal’iseera. Sababa kanaafis jijjiirraan hojjettootaa bilisa ta’e akka jiraatu taasiseera. Jijjiirraa hojjetaa bilisa ta’e jechuun garuu kanfaltiin hojjetaaf kanfaltiin humnaa kanfalamu namummaan ala kan ta’ee fi sababa kan hin qabaanne ta’a jechuu miti.

Walitti dhufeenyi hojii fi daldalaa kanaan olitti mirga dhala namaa bu’uuraa waliiniin kan ilaallamu ta’uu qaba. Waliigalteewwan addunyaa mirga namoomaa biyyi keenya mallatteesitee fi tumaaleen ibsa hunda haammataa mirga namoomaa (UDHR) mirgoota kana of keessatti haammatanii qabataniiru. Walaba ta’uun sirna daldalaa fi babal’inni investimentii gahuumsa hojjetaan walta’iinsa raawwachuuf qabu dhabamsiisuun humni isaa akka saamamu akka hin saaxille yaadudhaan tumaaleen (Waliigalteewwan) kun kan raawwataman ta’u.

Waliigalteewwan kanneen keessaa keessattuu hojjetaa fi hojjechiisaa kan ilaallatu Waliigalteewwan dhaabbata hojii addunyaa (International labour organization - ILO) isaan adda duree dha. Waliigalteen kun qajeeltoowwan bu’uuraa kan of keessatti qabate yoo ta’u, tumaaleen isaatiis bu’uuraan namoota biyya kamiyyuu keessa jiran irratti raawwatiinsa kan qabuu dha. Haalli hojiirra oolmaa isaa garuu sadarkaa guuddina hawaasummaa fi diinagdee biyyi tokko irra geesse irratti hundaa’ee kan daanga’uu dha. Qajeeltoon dhaabbataa hin taane (principle of flexiblity) kun boodarra kan dhufe yoo ta’u, haalli sadarkaa raawwannaa akka addunyaatti garaa garummaa sadarkaa guddina biyyoota jidduu jiru ilaalcha keessa galee akka mijataa ta’etti raawwatamuu akka qabu kan hubachiisuu dha.

Garaa garummaan sadarkaa guddinaa garuu walta’iisa waliinii fi bilisummaan walgahuu irratti, hojii dirqamaa, kanfaltii qacarrii fi mindaa irratti garaagarummaa uumuu fi Waliigalteewwan addunyaa humna daa’immanii irratti taasifaman cabsuudhaaf dhiifama kan kennisiisu miti.Tumaaleen kunneen Waliigalteewwan ‘ILO’ keessatti qofa osoo hin taane Waliigalteewwan mirga namoomaa addunyaa bara 1966 bahan keessattis haammatamanii argamu. Fakkeenyaaf, sanadni Waliigaltee mirgoota diinagdee, hawaasummaa fi aadaa bara 1966 bahe keewwata 6 jalatti hojii fedhii guutuun filachuu, keewwata 7 jalatti naannawaa hojii mijataa fi sirrii ta’e argachuuf, keewwata 8 fi 9 jalatti mirga walitti qabamuu fi gareen

walta'iinsa raawwachuu akkasumas keewwata 10 jalatti tumaalee saamicha humna daa'immanii dhabamsiisuu ilaallatan qabateera. Dabalataanis, sanadni Waliigaltee mirgoota siivilii fi siyaasaa keewwata 8 jalatti garbummaan akka tajaajila dirqii (servitude) kan fakkaatan dhorkaa ta'uu yoo tumamu, waliigalteen mirga daa'immanii bara 1989 gama isaatiin saamicha humna daa'immanii fi haalawwan hojii fayyaa daa'immanii irratti dhiibbaa qaban irraa eeguuf carraa barnootaa isaanii gara fulduraa balaa irra hojii buusu irraa eeguuf, biyyootni adda addaas umurii isa xiqqaa daa'imman hojjechuuf qabaachuu qaban adda baasuu irra darbee haallii fi yeroon isaan itti hojjetan haala addaatiin daanga'ee to'annaan akka irratti taasifamu tumaalee dirqisiisan Waliigaltee haammatee dha.

Waliigalteewwan 'ILO' fi Waliigalteewwan addunyaa biroo kan walirraa fudhatanis kan agarsiisu walta'iinsiwwan haala hojiitiin walqabatanii bahan akka addunyaatti fudhatamanii haalawwan diinagdee, siyaasaa, hawaasummaa fi aadaa mara keessatti raawwatamiinsa akka qabaatanii dha.Miseensotni dhaabbata mootummaalee gamtoomaniis (bara 1945 kan hundaa'e) qajeeltoowwan kana sanyii, saala, afaan, amantaa fi kkf bu'uureffachuun gargar baatee osoo hin uumiin akka kabajaman gochuuf ittigaafatamummaan isaanirratti gatameera.

Bu'uuraaleen Waliigaltee hedduu dha. Dhala namaatiif duraan dursee kennamuufi kan qabu kabajaa yoo ta'u, keessattuu immoo kabajaa dhalli namaa bakka hojii fi hojii irratti qabaachuu qabu dha. Kunis humni namaa shaqaxa miti qajeeltoo jedhuun kan ibsamu dha. Gama biraatiin faayidaan gabaa bilisaa irraa argamu hojjettootni gahee haqa-qabeessa akka argatan gochuuf kabajamuun mirgoota bu'uuraa kanneenii daran barbaachisaa dha. Sadarkaan bilisummaan kunneen itti safaramuu qaban dirqama ni barbaachisa.

Sirna gabaa bilisaa keessatti humni namaa akka misoomuu fi bilisaan akka naanna'u wabii akka argatu kan dandeessisuu dha. Gama biraatiin yeroo ilaalamu guddina cimina diinagdee bilisaatiif gahee ol'aanaa ni gumaacha. Biyyi keenya keessattuu bara 1941 booda jalqabbii sochii industirii waliiniin walqabatee walitti dhufeenyi hojii mindaa irratti hundaa'e eegaluun isaa ni beekama. Yeroo kana hojjettootni sochii dhuunfaa osoo hin taane sochiin waliinii faayidaa waliiniitiif faayidaa akka qabu yeroo itti hubatanii dha jechuun ni danda'ama.

Haa ta'uyyuu malee sochiin faayidaa waliinii yeroo kana ture ilaalcha waldaalee walgargaarsaa hawaasa keessatti bal'inaan beekamanii (afooshaa, uqqubii fi kkf) bira kan hin

dabarre ta'ee sababa hojiitiin balaa hojjetaa irra gahu, rakkoolee sababa hojiirraa gaggeeffamuu fi dhukkubaatiin dhufan irratti deeggaruuf kan yaadamee dha. Fedhiin kunis keessattuu Inglizzi biyya keenya keessa yeroo turte waldaan hojjettoota karaa baaburaa Faransaay-Itiyoophiyaa akka hundaa'u kan taasifte yoo ta'u, boodarras hundeeffama waldichaa cimsuuf labsiin warshaalee (lab.lakk. 58/36) baheera.

Seerri kun bal'inaan osoo hojiirra hin ooliin sochii siyaasaa bara 1966 tiin guutumaan guttuutti haqameera. Kun osoo kanaan jiruu hundeeffama waldaa hojjettootaa seerri deeggaru kan bahe sababa Heera RDFI bara 1955tiin jechuun ni danda'ama. Haa ta'uyyuu malee tumaa heerichaa hojiirra oolchuuf seerrii fi danbiin dandeessisu bahuu dhabuu fi hojiirra ooluu dhabuu irraa kan ka'e mootummaa irrattis ta'e hojjettoota irratti tumaan seera hojjetaa fi hojjechiisaa shakkii, ofeeggannoo fudhachuu fi amantaa dhabuu uumuudhaan alatti faayidaan hin argamsiisne.

Dabalataanis, waldhabbiin hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti ka'u waltajjiin itti furamu waan hin turreef hojjettootni iyyataa fi gaaffii mirgi keenya nuuf haa kabajamuu bifa hiriiraatiin masara mootumma deemanii dhiyeeffachuudhaan alatti filannoo hin qaban ture. Dhiibbaan rakkoo kanaan uumame dhiibbaan hojjetaa irra gahu dabalaa dhufuun hojjetaa fi hojjechiisaan gurmaa'insa qabu waan hin turreef, biyyittiin dhaabbata 'ILO' keessatti miseensa taate keessatti hirmaachuu dadhabuu ishiitiin, afrikaa irraa seera seera akkanaa dhabuudhaan biyya qofaa ishii taate ta'uun, investimentii alaa harkisuuf fedhiin ture seerota hojjetaa fi hojjechiisaa walduraa duubaan bahaniif akka sababaatti caqasamu.

Seerota hojjetaa fi hojjechiisaa bifa kanaan bahan keessaa bara 1952 seerri hariiroo hawaasaa bahe, danbiin haala hojii bu'uuraa hojjetaa fi hojjechiisaa, ajaja lakkoofsi isaa 27/54 ta'e akkasumas danbiiwwan gara garaa bara 1954-1958 bahan, ajajootnii fi ajajootni kutaa seeraa adda durummaan ni caqasamu.Yeroo kana hojjetaan eenyu? Dirqamni hojjetaa maali? Haala akkamiitiin hojjeta? Qacarriin yeroo yaalii haala akkamiitiin raawwata? Haalli kanfaltii bifa kamiin raawwata? Kanfaltiin guyyaa ayyaanaa kanfalamu akkasumas kanfaltiin sa'aatii dabalataa akkamitti raawwatama? Boqonnaa fi gosoota isaa? Balaa fi dhukkuba hojiirratti quunnamu? fi faayidaaleen biroo yoo jiraatan kan qajeeltoon qajeeltoowwan seera hariiroo hawaasaatiin ture. Dirqisiisaa ta'uu baatus qaamni falmii hojjetaa fi hojjechiisaa araarsuun

furmaata kennu yeroo sanatti ‘ministeera dhimma guddina uummataa fi jireenya hawaasummaa’ jedhamuun waajjira beekamu keessatti kutaa hojii hundeeffametti dhiyeeffachuudhaan ture. Boodarratti kan hunaa’e boordiin murtee kennaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa (labsii lakk. 210/56 tiin) aangoo araarsuu, addaan baasuu fi yoo barbaachisaa ta’ee argames murteessuu akka qabaatu ta’ee hundeeffameera.

Seerotni yeroo sana turanii fi hojiirra oolmaan isaanii dhiibbaawwan armaan olitti ilaalaman irraa kan maddan malee jijjiiramootni kunneen bifa hiika qabeessa ta’een mirga hojjettootaa guutumaan guutuutti kan eegsisan hin turre. Barreessitootni hedduun akka irratti waliigalanitti seerichii fi raawwiin isaas hojjechiisaaf kan loogu ture jechuun ni danda’ama. Haalli kun mootummaan dargii aangoo qabatee labsii lakk.64/68 baasee erga hojiirra oolchee booda hundee irraa jijjiiramni uumameera. Mootummaan dargii kan ittiin gaggeeffamaa ture paartiin waaraanaa addunyaa fi seerotni siyaasa qoqqoodinsaa fi raawwiin isaanii hojjechiisaa humna hojjettootaa samanirra gara hojjettootaatti kan madaalan turani. Ilaalchotni baroota lamaan kana keessa turanii fi gochaawwan isaanii kallattii gara garaa lamatti kan diriiranii dha.

Gama kanaan aadaa hojii dabarsine irraa yeroo kaanu mootummaan ammas hojjeta qacaruu isaa kan itti fufe yoo ta’u,imaammata diinagdee bilisaa biyyi keenya hordoftu yeroo ilaallu garuu gaheen mootummaa gahee qacaraa osoo hin taane gahee gaggeessummaa ta’uu qaba. Qaamoleen haqaas hubannoo kana qabaachuu fi hojimaata isaanii keessattis of-eeggannoodhaan yaadachuutu irraa eeggama. Mootummaan gahee gaggeessummaa kana yeroo taphatu gabaa bilisaatti haqummaa diinagdee fi hawaasummaa fiduu fi mirgootni namoomaa fi dimokraasii hojjettootaa mirkanaa’uu mirkaneeffachuutu irra jiraata.kufaatii mootummaa Dargii fi dhufaatii jijjiirama bu’uuraatiin booda biyyi keenya sirna gabaa bilisaa yeroo hordoftu yeroo jiddugaleessa keessatti biyyoota galii jiddu-galeessaa qaban cinatti hiriiruuf akkasumas haqni hawaasummaa biyya keessatti mirkanaa’e ijaaruuf mul’ata keewwatteetti.

Qabxiileen kun lameen seera hojjetaa fi hojjechiisaa waliiniin yeroo ilaalaman dhimmoota bu’uuraati.Guddina diinagdee aiirfachiisaa fiduudhaaf hojjetaa fi hojjechiisaan walta’iinsaa fi karaa ammayyaawaa ta’een hojii isaanii akka raawwatanii fi waldhabdewwanis akka furan

gochuun barbaachisaa dha.Hojmaata waldiddaa fi mormii of keessaa hin qabnes hordofuu qabu jedhamees ni amanama. Kun yeroo ta'u naannoo hojiitti nageenya induustrii ni uuma. Nageenyi haala kanaan uumamus sadarkaa biyyaatti carraa babal'achuu ni argata. Seerotni hojjetaa fi hojjechiisaa sirnaan bahan sadarkaa biyyaatti haqni hawaasummaa akka mirkanaa'u ni dandeessisa.Seerotni kunis sadarkaa isaanii kan eeggatan yoo ta'e sadarkaa addunyaattis obbolummaa,Waliigaltee fi waldeggarsi akka cimu ni taasisu.seera hojii addunyaa guddisuuf qabxii ijoo ta'ee mul'ataa kan ture gaaffii haqaa hawaasumma kana dha.

Safartuulee guddinaa addunyaa yeroo ilaallu guddina diinagdeetiif safartuun kennamu fooyya'ee misooma humna namaatiin bakka bu'amuun isaa guddinni diinagdee kallattiidhaan guddina hawaasummaa fide yaadrimee jedhu gaaffii keessa kan galchuu dha.Kun ta'uu isaatiin immoo seerotni hojjechiisaa fi hojjetaa amala isaaniitiin guddina diinagdee fi hawaasummaa mirkaneessuudhaan nageenya induustrii fiduudhaaf meeshaalee dandeessisani dha. Nageenyi induustrii yeroo uumamu carraan hojii ni uumama, hojjetaan wabummaa hojii ni argata, babal'inni industrii ni jiraata, kanaanis carraan sadarkaan ogummaa fi beekumsa hojjetaa ittiin guddatu ni dabala.

Lameenuu faayidaa waliinii kan qaban yoo ta'u, faayidaan isa tokko isa kan biraa deggaraa carraa waliiniin guddachuu ni bal'isa.Faayidaan waliinii akkuma uumamu walitti bu'iinsi faayidaa yookin fedhii uumamuu danda'a.Walitti bu'iinsi kun karaa ammayyawaa ta'een walta'iinsaan, Waliigaltee fi kkf 'iin yoo hiikamuu baate nageenyi induustrii badee gara gabaa addunyaatti seenuun hafee gabaa biyya keessaatiiyyuu bahuun quunnamuu danda'a. Kunis kufaatii waliinii fi kan hundumaa hordofsiisa.Waan kana ta'eef, hojjetaanis ta'e hojjechiisaan waliiniin nageenya industriitiif hojjechuudhaan bu'aa diinagdee kana irraa argamus walta'iinsaa fi Waliigalteedhaan qooddachuu,qoodinsa keessaas hojjetaan beekumsaa fi baruumsa isaa, carraaqinsa isaa, ogummaa isaa irra caalaa guddisuudhaan omishtummaa isaa dabaluudhaaf karaa isa dandeessisu barbaaduu waldhabbiiwwan uummaman hunda karaa nagaa fi ammayyaawaa ta'een furuun gara gabaa addunyaatti galuun haqa hawaasummaas cinaatti mirkaneessuun ni barbaachisa. Walitti dhufeenyi haala kanaan yoo uumame hojjechiistota gidduuttis carraan dorgommii sirrii fi haqa-qabeessa ta'e uumuu ni dabala.

Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa hojjechiistotaan akkasumas dorgommii gabaa sadarkaa addunyaatti jiruun hojjetaan rakkoof akka hin saaxilamne taasisu. Guddinni diinagdee haqa hawaasummaa fi nageenya waliiniin bifa madaalawaa ta’een akka dhufu taasisa. Heerri RDFI keewwatni 42 tumaalee mirga hojjettootaa hedduu qabteera. Mirgi hojjettootaa tumaalee kana qofaatti kan daanga’e osoo hin taane akka Waliigalaatti mirgoota namoomaa fi dimokraasiis kan dabalatanii dha.

### 8.2.Mirga Heerawaa Gurmaa’uu Hojjettootaa fi Faayidaa Isaa

Heerichi hojjetaa fi hojjechiisaa ilaalchisee dhimmoota bu’uuraa qabate keessaa mirga gurmaa’uu dabalatee akka itti aanutti isaan gurguddoo akka itti aanutti ilaalla. Galma waliinii milkeessuuf hojjettootni barbaadan bifa gurmaa’een fedhii isaanii guuttachuu akka danda’an waldaa hojjettootaa (trade union) hundeessuun mirga heerawaa akka ta’e seericha irratti ifatti kaa’meera.Mirgi kun jalqabarraa industriiwwan humna dubartootaa, daa’immanii, dubartoota baadiyyaa fi godaantotaa saamuun yeroo babal’atetti barbaachisummaan isaa itti amanamee mirga hojjetaa ta’ee kan itti fufee dha. Hojjettootni haala kanaan gurmaa’an haala hojii, yeroo hojii fi dhimmoota waliinii biroo kkf haala gurmaa’insa qabuun hojjechiisaa isaanii waliiniin dubbachuun akka murteessan isaan dandeessisa.

Hooggantootni dhaabbilee maqaa hojjettootaatiin walitti dhufeenya hojii waliinii (collective ebargaining) hojechiistota wajjin waliigaluuf ni dendessisa.Bu’uura kanaan mindaan hojjettootaa, qajeelfamni hojii, sirni iyyatni itti dhiyaatu, raawwiin qacarrii, guddinaa fi gaggeessaa, imaammataa fi nageenyummaa bakka hojii, kkf ilaalchisee waliigaluu ni danda’u. Mirgi gurmaa’uu keessumaayyuu, induustriin biyya keenyaatti babal’ataa yeroo jiru humna hojjetaa jiru hanga barbaadamu kan hin barannee fi ogummaa kan hin qabne yeroo ta’etti sirnaan ala akka hin humni isaa hin saamamnee fi kanfaltii gad-aanaa akka hin fudhatne ni dandeessisa. Kaayyoon waldaa hojjettootaa adda durummaan haala hojii isaanii eeguu fi fooyyessuu dha. Waldaaleen hojjettootaa biyya keenyatti hundeeffaman kaayyoon isaanii adda adda yoo ta’ellee kaayyooleen heericha keessatti kaa’aman;

#### 8.2.1. Faayidaa miseensota isaatiif hojjechuu

Akkuma armaan olitti ilaalame waldaaleen duraanii miseensota isaaniitiif faayidaa kan argamsiisan miseensotni isaanii hojiirraa yeroo gaggeeffaman, balaan yeroo isaanirra gahe,

yeroo dulloomanii fi rakkooleen kkf yeroo isaan quunnamee dha.Waldaaleen deggarsaa akkanaa hojii dhaabbileen akka ‘afooshaa’ hojjetan irraa irraa gargar hin turre. Haa ta’uyyuu malee Heerri RDFI waldaaleen hojjettootaa haala diinagdee miseensota isaanii fooyyessuuf nu hundaa’u waan jedhuuf kaayyooleen kunneen kara alkallattii ta’een haammatamaniiru jechuuf ni danda’ama. Karaa biraatiin mirgi hojjetaa heerichaan eeyyamame waldaan gurmaa’uu qofa osoo hin ta’iin waldaalee biroos hundeessuu waan ta’eef, kaayyoowwaan seera qabeessa kunneen milkeessuuf gurmeessuuf mirga bal’aa kenneera jechuun ni danda’ama. Bifuma kanaan waldaan gurmaa’uu hojjetaa ta’uun alatti haal-dureen biraa hin barbaachisu.

### 8.2.2. Haala hojii hojjetaa fooyyesuuf bifa gurmaa’een socho’uu

Hojjetaan waldaan gurmaa’e komii haala hojii irratti qabu hojii dhaabuudhaan dhageessifachuu ni danda’a. Kara biraatiin hojjettootni gara hojiitti galuu osoo dhorkamanii waldaaleen komii qaban karaa seera qabeessa ta’e kamiiniyyuu qaama ilaallatuuf dhageessisuu ni danda’u. Waan ta’eefis waldaan gurmaa’uun dhuunfaa irra bifa adda ta’een heerichaan mirga dhagahamuu (Right to be heard) ni argamsiisa. Kanaafuu waldaaleen akka qaama seerummaa isaaniitti socho’anii carraa dhagahamuu isaanii bal’ifachuu ni danda’u. Waldaaleen haala hojii hojjettootaa fooyyessuuf ni gargaaru yeroo jedhamu waldaaleen bu’uura irraa haaluma kanaaf haa hundaa’niyyuu malee faayidaan miseensotaa hojjechiisaadhaan yookin dhaabbilee birootiin (waldaa hojjettoota biraa) osoo xuqamee faayidaa isaanii eegsisuuf walta’iinsa ni godhu jechuus kan dabalatuu dha.

Faayidaan waldaalee kan fooyya’u immoo seeranis waan ta’eef dhimmoota murtaa’an irratti seerri akka bahu dhiibbaa uumuurratti hojii ni hojjetu jechuun ni danda’ama. Haa ta’uyyuu malee dadammaqsa siyaasaa gochuun, paartii siyaasaa tokko deeggaruun kan biraa immoo mormuun akkasumas miseensota maallaqaan deeggaruu fi sochiiwwan kkf keessatti kallattiidhaan akka hirmaatan seerri hin hayyamu.

Mirgootni bu’uuraa heericha keessatti ilaallaman hojjettoota bifa gurmaa’een socho’aniif kan hayyamame waan ta’eef hojjettootni waldaadhaan gurmaa’an kanneen waldaan hin gurmaa’inirra gama kanaan faayidaa fooyya’aa argachuu danda’u jechuu dha. Faayidaan kun

garuu faayidaa xiqqaa seeraan kaa'me caala kan jiru irraa kan argamu qofa kan ilaallatuu dha. Hojjettootni gurmaa'uu dhabuu irraa loogii itti dhufu irraas kan eeggamani dha.

### 8.2.3. Mirga walqixa fayyadamoo ta'uu mirkaneessuu

Mirgootni Heera RDFI keessatti ibsaman sadarkaawwan gosa torba (standards) tti qoodamanii kan caqasaman yoo ta'u, mirgoota kanneen keessaa dubartootni hojii walfakkaataaf kanfaltii walfakkaataa akka argatan kan jedhu isa tokko dha. Kanfaltii jechi jedhu seera tarreeffama qabuun kan murtaa'u, walitti dhufeenya hojii irraa kan ka'e mindaa fi kanfaltii bifa kamiiniyyuu raawwatamu yoo ta'u bakka hojiitti saala bu'uureffachuun loogiin akka hin raawwatamne kan dhorkuu dha.

Dhaabbatni hojii addunyaa (ILO) mirga kana konveenshinii lakkoofsa 100' tiin akka of danda'ee bahu godheera. Dhaabbatni hojii addunyaa qajeeltoowwanii fi mirgoota bu'uura bakka hojii bara 1998 baase keessattis qajeeltoon loogii qacarrii fi hojiirratti uumamu hambisuuf bahe isa tokkoo dha. Mirgi kun keessumaayyuu, bifa kanaan yeroo tumamu sanadootni addunyaa kabaja dhala namaa nama ta'uu qofaan mirgoota biroo argaman, tumaaleen walqixxummaa hindi dubartootni dhiirota waliiniin gama siyaasaatiin, diinagdeetii, aadaatiin, hawaasummaatii fi gama biraa kamiiniyyuu walqixa ta'uu isaanii ni yaadachiisu. Haa ta'uyyuu malee hiyyummaa keessatti keessattuu dubartootni carraan nyaata, fayyaa, baruumsa, leenjii, carraa qacarrii argachuun isaanii qabatamaadhaan kan hir'isu ta'uu irra darbee garaa garummaan kun dubartootni humna isaanii guutuu fayyadamuudhaan eenyummaa isaaniitii fi maatii isaaniitiif akkasumas guddina isaaniitiif gahee gumaachuu qaban akka gumaachan isaan taasisa. Kun ta'uu isaaniitiinis hojii walfakkaataadhaaf kanfaltii walfakkaataan raawwatamuu qaba kan jedhu keessattuu beekamtii heerichaa argatee akka tumamu ta'eera. Gama biraatiin heericha keewwata 25 jalatti nama kamiifiyyuu garaa garuummaa saalaa malee seera duratti walqixa ta'uun isaa mirga eegumsaa fi wabummaa seeraa argachuu akka qabu tumameera. Mirgi kun keewwata 35 jalattis tumameera. Mirgichi keessattuu raawwii walqixxummaa seera hojjetaa fi hojjechiisaa waliiniin yeroo ilaalamus;

- Mirga hojjechuu hin mulqamne (right to work)
- Hojjechuuf (qacarriin) mirga walqixa argachuuf (tarkaanfii deeggarsaa waliiniin)

- Mirgaa ogummaa fi hojii isaanii bilisummaan filachuu; guddachuuf, wabii hojii...fi faayidaalee biroo bifa walfakkaataan argachuu
- Mirga wabii hawaasummaa argachuu
- Mirga balaa yookin dhukkuba bakka hojii irraa eeggamuu fi loogii malee kkf mirga argachuu kan haammatu yoo ta'u yeroo ulfaa, da'iinsaa fi dhukkubaa mirga deggarsa addaa argachuu of keessatti qaba. Mirgoota tarreeffaman kana qajeeltoo heerichaa hordofanii labsii lakk. 377/1996 keewwata 87 fi kanneen itti aanan jalatti ifatti tumamanii ni argamu.

### 8.3.Dirqamaa fi itti gaafatamummaa haalawwan hojii mijataa akka uumaman godhan

Hojjetaan kamiyyuu yeroo hojii, boqonnaa, yeroo bashannanaa, guyyoota boqonnaa, guyyoota ayyaana uummataa irratti akka hojjetu yoo godhame kanfaltii argachuuf, naannoo fayya qabeessaa fi balaa hin geessisne argachuuf mirga qaba. Mirgootni kun heericha keewwata 42 /2/ jalatti akka waliigaatti kan kaa'aman yoo ta'u, seera tarreeffamaan (Waliigaltee waliinii) sirnaan murteessuun akka barbaachisu akka qajeeltootti kaa'meera. Mirgi hojjetaa kun heericha keessatti yeroo beekamtii argatu yeroo, maallaqaa fi akaakuudhaan jijjiiramee faayidaan mirgaa hojjetaan argatu garuu seera tarreeffama qabuun kan murtaa'u dha. Seera tarreeffamaan bahuun yeroo murtaa'u sirnaa fi bifa sababa qabeessa ta'een kan murtaa'e ta'uu isaa dhummi mirkaneessuu qajeeltoo bu'uuraa Heera RDFI ti. Bu'uuruma kanaan mindaan yeroo murtaa'u (hanga isa xiqqaa kaa'uu irraa jalqabee) kabaja hojjetaa eegsisuu fi hiyyummaa hir'isuu waliiniin baay'ee olka'ee hojidhabdummaa akka hin babal'isne sirnaan mirkanaa'uu qaba. Kana caalaas hojjetaan ciminaan akka hojjetu ni taasisaa? Hojjechiisaa irratti dhiibbaan baajataa dhaqqabsiisu hammam ta'ee qacarrii jajjabeessaa yookin gufachiisa? Bulchiinsaaf ni cimaa/ni salphataa? Dhaabbilee daldalaa (gurguddoo fi xixiqqoo) isaan kamirratti dhiibbaa fidee biyya miidha? Dhaabbatichi akka hin hojjetne taasisaa? Qulqullina hojiirratti dhiibbaa maal qaba? Hiyyummaa hir'isuu irratti gahee maal qaba? Kanfaltii mindaa gadaanaa madaalawaa gochuuf dabaliinsi gatii taasifamee qaala'iinsi gatii akka uumamu ni godhaa?

Yaadota kanaa fi kana fakkaatan sirritti qorachuu barbaachisa. Bu'aan qorannoo kanaas biyyaa biyyatti kan wal hiru waan ta'eef qajeeltoon addunyaas dhaabbataa kan hin taanee

dha. Naannawaa fayya-qabeessa ta’ee fi balaa hin geessisne argachuunis bifa walfakkaataadhaan kan mul’atuu dha jechuun ni danda’ama. Mirgi kun kutaawwan diinagdee gara garaa kan ilaallatu yoo ta’u, nageenya, fayyaa fi mijuu (welfare) hojjetaa qofa osoo hin taane nageenya waliigalaa kan haammatuu dha. Innis naannawaa hojii nageenyummaan isaa eeggame uumuuf kan kaayyeffate ta’us, miseensota maatii, qacartoota, maamila, dhiyeessaa hojjettoota biroo, hawaasa naannoo fi kutaa hawaasa biroo kan dabalatuu dha.

Kallattii ogummaatiinis yeroo ilaalamuu wal’aansa fayyaa, saayinsiin fayyaa, mahaandisummaan (safety engineering), keemistirii, fayyaa naannoo, poolisii uummataa, soosiyoloojii, xiinsammuu (phsycology) fi kkf irraa kan walitti makame ta’a. Waan ta’eefis bu’uura qajeeltoo heeraatiin dhimmichi sirnaan qoratamee murtaa’uu kan qabuu dha. Sirnaan qoratamee murtaa’uun isaa nageenyummaa qaama, sammuu fi hawaasummaa hojjetaa eeguu fi guddisuu dha. Kana gochuunis hojiin namaaf mijataa akka ta’u akkasumas hojjetaan hojichaaf mijataa akka ta’u kan godhuu dha. Kunis nageenyummaa induustriitiif daran barbaachisaa dha.

Dhimmicha kallattii biraatiinis yeroo ilaalamu hojjetaan balaaf (du’a, miidhaa qaamaa) saaxilame kufaatiin hamilee isarra gaha.Balaan yoo irra gahes beenyaa kanfaluuf yookin sirreeffama taasisuuf hojjechiisaan (mootummaan) baasiif ni saaxilama. Bifa gara garaatiin baasii kan hordofsiisuu fi oomishtummaa kan hir’isu ta’uurra darbee itti gaafatamummaa yakkaa fi/yookin hariiroo hawaasaa ni hordofsiisa.

Kana waan ta’eefis, beenyaa miidhaa hamilee irraa kaasee hanga ittigaafatamummaa yakkaatti itti gaafatamummaan jiru guddina biyyattiitiif gumaacha badaa kan qabu waan ta’eef dhimmicha sirnaan qoratee sirnaan qaama murteessuuf dhiisuun filatamaa dha. Ibsa biraatiin hojjechiisaanis ta’e hojjetaan akkasumas mootummaan nageenya hojjetaa eeguu fi naannawaa hojii mijataa gochuuf carraaqqii taasisuun kan irraa eeggamu yoo ta’u keessumaayyuu, hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti Waliigalteewwan gamtaa taasifaman dirqamoota kana tilmaama keessa galchuu isaanii mirkaneessuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.

## 8.4.Waliigaltee hojii raawwachuu fi daangaa irra kaa'amu

Walitti dhufeenyi hojjetaa fi hojjechiisaa kan hundeeffamu walitti dhufeenya Waliigalteedhaan uumamuunii dha. Haa ta'uyyuu malee walitti dhufeenyi Waliigaltee hundi akkuma waliigaltichaatti ni raawwatama jechuu miti.Fedhiin gara garaa hojjettootaa faayidaa waliigalaa hawaasichaa fi qajeeltoowwan sirna diinagdee gabaa bilisaa biyyi keenya hordoftu bu'uura godhachuudhaan sochiin humna namaa bilisa ta'e akka uumamu dandeessisuuf sadarkaa murtaa'een haalli bilisummaan Waliigaltee raawwachuu itti daanga'u uumamuu danda'a.Fakkeenyaaf fedhii kana eeguuf jecha hojjetaan sababa barbaadeen Waliigaltee hojii addaan kutuuf yemmuu danda'u, hojjechiisaan garuu sababoota seeraan ala jedhamanii tarreeffamanii taa'anii Waliigaltee hojii addaan kutuu hin danda'u.

Bu'uura Waliigaltee kanaatiin dhiyeessaa fi fedhii gabaatiin (supply and demand) irratti hundaa'ee mindaa xiqqaa (lowest wage) murteessuun kan danda'amu yoo ta'u, waliigalteen akkanaa mindaa waliigalaa gad'aanaa (minimum wage) jedhamee mootummaadhaan kan murtaa'e gadi ta'uu hin danda'u. Bu'uura tumaalee seera Waliigalteetiin daa'imman waliigalteen raawwatan gati-dhabeessa (voidable) yommuu ta'an haala addaatiin daa'imiticha kan fayyadan ta'anii yoo argaman garuu akka gatii qabaatanii turuu ni danda'u. Bu'uura seera hojjechiisaa fi hojjetaatiin garuu bilisummaan Waliigaltee raawwachuu gama kanaan daangaa qaba jechuu dha.Heera RDFI keewwata 36 jalatti fayyaa, barnoota fi nageenya daa'imaa irratti hojiiwwan balaa geessisan yookin hordofsiisan akka hojjetan daa'imman dirqisiifamuu hin qaban jechuudhaan ifattii tumuu irra darbees hojii kana akka hin hojjenne eegumsi godhamuufii akka qabu kaa'eera. Haala kanaan seerota bahan keessaa daa'imman waggaa 14 hin guutnee qacaruun kan dhorkame ta'uu labsiin lakk. 377/96 kan tume yoo ta'u waggaa dargaggoota 14-18tti jiran garuu hojii lubbuu yookin fayyaa isaanii balaadhaaf hin saaxille keessatti qacaruudhaan hojjechiisuun akka danda'amu eeyameera.

Haata'uyyuu malee dargaggoota kana illee yoo ta'e guyyaatti sa'aatii 7'n ol hojjechiisuun kan hin danda'amne yoo ta'u, keessattuu hojiin isaan hojjechuu hin qabne (akka barbaachisummaa isaatti tarreeffama dabalaman waliiniin) tarreeffamaanii kaa'amaniiru. Walumaa galatti qajeeltoon Waliigaltee hojii bilisaan raawwachuu heerichaan fudhatama kan qabu yoo ta'u, bilisummaan kun garuu faayidaa daa'immanii fi dargaggootaatiif jecha

daangaan irra kaa'amuu akka danda'u tumaalee fi qajeeltoowwan armaan olitti caqafaman irraa hubachuun ni danda'ama.

Daangichis haala addaa qaamaa fi sammuu daa'immanii ilaalcha keessa galchuun umurii sirrii irratti mana baruumsaa akka deemanii fi fayyaan isaaniis haala amansiisaa ta'een akka eeggamu gochuuf yaadamee yoo ta'u hojii hojjechuun illee yoo isaanirra jiraate bakka hojii murtaa'ee fi hojii isaan miidhuu hin dandeenye irratti sadarkaadhaan akka argatan dandeessisuufii dha.

**8.5.Sirna komiin hojjechiisaa fi hojjetaa jidduutti uumamu ittiin furamu**

Walta'iinsa hojii dhaabuu ilaalchisee heericha keessatti mirga bu'uuraa hojjetaa kaa'me akka ta'e ilaalleerra.Mirgi kun hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti walitti bu'iinsa uumame furuuf mirga dandeessisuu dha. Mirgi kun heericha keessatti akka agarsiifame karaa komiin ittiin dhiyaatu keessaa tokko godhamee fudhatamuu ni danda'a.Haata'uyyuu malee karaa mirga isaanii ittiin gaafatan fi filannoo hin qabne osoo hin taane karaaleen biro bu'aa argamsiisuu yoo dadhaban filannoo hojiirra ooluu qabu akka ta'es ilaalameera. Ibsa biraatiin walta'iinsi hojii dhaabuu karaa komiin itti dhiyaatu isa duraa fi filannoo hin qabne waan hin taaneef hojjetaan hojii dhaabuu isaatiin dura ofeeggaannoo kennuf, murtii walta'anii hojii dhaabuu kara dimokraatawaa ta'een dabarsuu, akka seericha irratti ibsametti dhimmi isaa mirgaa fi faayidaa hojjettootaa kabajchiisuu fi malee hojjettoota dhhabbata biraa fayyaduuf yookin sirna waliigalaa dhimma biraa kan ittiin raawwatamu dhabamsiisuuf ta'uu dhiisuu isaa mirkaneessuuf kkf ni eeggama. Gaaffiin mirgaa fi faayidaa karaa fooyya'aan deebii argachuu yoo danda'e (fakkeenyaaf walta'iinsaan, mana murtiidhaan, murtii boordii hojjechiisaa fi hojjetaa fi kkf) akkasumas dhimmichi sadarkaa kanatti ilaalamaa jira yoo ta'e sirna kana daangaa seerichaa keessatti xumursiisuuf obsaan ni eeggamas ta'a.

Kun kanaan osoo jiruu hojjetaan komii isaa kan ittiin dhiyeeffatu karaawwan seeraan hedduun kan eeyyamame waan ta'eef seerri biyya kamiiyyuu akka hin hayyamne hojii duubatti harkisuun daba yookin hammeenya hojjechuun dhaabbata gabaan ala gochuuf dhoksaan hojjechuudhaan (fakkeenyaaf hojii dhiisanii bahuudhaan) fi karaawwan kana fakkaataniin komii dhiyeessuun hin eeyyamamne.Nageenyi induustrii argamuun fedhii mootummaa, uummataa, fi kan hojjetaa fi hojjechiisaati jedhamee kan tilmaamamu waan

ta'eef sirnoota armaan olitti ilaalamanii fi sirnoota waldhabdeen ittiin furamu kan akka walta'iinsa raawwachuu hordofuun gareedhaan hojii dhaabuudhaan dura gochaawwan raawwatamuu qabanii dha.

Hojjettootni karaawwan komii isaanii ittiin dhiyyeeffachuu danda'an keessaa inni kan biraa walitti qabamuu ta'uu danda'a. Walitti qabamuun kun keessumaa gamtaadhaan hojii dhaabuun booda, bakka hojiitiin alatti kan raawwatamuu fi jiraachuun hojjetaa gamtaadhaan hojii dhaabuu wajjin miira dabalataa akka uumu gochuuf yaadamee kan godhamu ta'uu danda'a. Sirni komii akkasii ittiin dhiyyeessuu danda'amu kan jiru yoo ta'eyyuu heericha keewwata 30 jalatti akka ilaalametti miiraa fi sirna mirga walitti qabamuutiin raawwatamuu kan qabu akka ta'e ni amanama.

**8.6.Hojii Dirqamaa fi Daangaa Irra Kaa'amu**

Akkuma olitti ibsame walitti dhufeenyi hojjetaa fi hojjechiisaa seeraa fi Waliigalteedhaan kan gaggeeffamu waan ta'eef seerichi waliigalteen hojii ifatti akka kaa'utti hojiin fedhii qofaadhaan hojjetamuu akka qabu ni amanu jedhanii waliigaluun ni danda'amu.Haa ta'uyyuu malee xiyyeeffannoo addaa dhimma kanaaf kenname irraa ka'uun Heerri RDFI namni humnaan dirqisiifamee hojii hojjechuu hin qabu, dirqama tokko guutuufis haaluma walfakkaataadhaan hojiin hojjetamuu hin qabu jechuudhaan keewwata 18 jalatti mirgicha heerawaa taasisee tumeera. Mirgi kun bu'uura Waliigaltee 'ILO' lakkoofsa 29 fi 105'tiinis kan eeyyamamee dha. Mirgi kun akkuma heericha irratti tumame daanga'uu kan danda'u sababoota murtaa'een yoo ta'u mirgichi gama hojjetaatiin daanga'uu kan danda'u haalli yeroo ariifachiisaa yookin balaan yeroo quunnamuu fi fedhii uummataatiin diinagdee naannoo fi misooma hawaasaa keessatti yeroo hirmaachuun irra jiraatu qofaa dha. Waliigalteewwan armaan olitti caqasaman keessattuu waliigalteen lakkoofsa 29 mirgichi karaawwan ittiin daanga'u haala addaatiin yeroo kaa'u Heera RDFI waliiniin yeroo ilaalamus bal'inaan keewwameera.

Waan ta'eefis Heerichi hojii dirqamaa hojjechiisuun dhorkamaa dha yeroo jedhu mirgicha bifa bal'ina qabuun hojjetaaf kenneera jechuu dha. Haata'uyyuu malee heericha keewwata 18 (4) jalatti dirqisiifamanii hojjechuu qajeeltoon jedhu haalota murtaa'an akka hin haammatne ifatti ilaalameera. Isaan kunis hojii namni murtiidhaan hidhame mana amala sirreessaa keessa

yeroo turutti akkaataa seeraatiin akka hojjetu irraa eeggamu, namni tajaajila loltummaa kennuu hin dandeenye hojii bakka bu'iinsaan kennameefii hojjetu, hojiiwwan haala yeroo ariifachiisaa hojjetamani fi hawaasni faayidaa waliiniitiif jedhee bu'uura murteessuun gochaawwan hawaas-diinagdee raawwatu akka dabalatu Heerichi bifa wal nama hin falmisiisneen kaa'eera.

**Gaaffiilee Marii**

1. Qajeeltoon bu'uuraa Heera RDFI seera hojjetaa fi hojjechiisaa maali?
2. Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa sadarkaa gabaa addunyaatti hojjechiisaa dorgomaa kan taasisu safartuulee maal fa'aa yeroo guute akka ta'e sababa isaa ibsuudhaan irratti mari'adhaa.
3. Seensa heerichaa irratti haqa-hawaasummaa fiduudhaaf nageenyi industirii gahee ni qabaata jedhameeti amanama. Akkamitti?
4. Qajeeltoo heerichaa waliiniin yeroo ilaalamu gaheen mootummaan dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti qabaatu maali jettanii yaaddu? Gara fulduraattihoo hojjechiisaa ta'uun sadarkaa kamiin itti fufuu qaba jettanii amantu?

# KUTAA 9

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU’UURAA HEERRI RDFI GAMA SEERA BULCHIINSAAN KAA’E

### 9.1. Waa’ee Seera Bulchiinsaa Akka Waliinii Galaatti

Heera RDFI  keewwata 50 jalatti Rippablikiin Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa mootummaa federaalaa fi mootummoota naannolee irraa akka ijaaramu ifatti tumuun mootummaan federaalaas ta’ee mootummoonni naannolee aangoo seera baasuu, raawwachiisuu fi abbaa seerummaa akka qaban ifatti kaa’a.Manni maree bakka bu’oota uummataa dhimmoota aangoo mootummaa federaalaa ta’an irratti seera kan baasu yoo ta’u, muummicha ministeeraan kan walitti qabamu manni maree ministeerotaa immoo seeronni bahan hojiirra ooluu isaanii mirkaneessuun seera raawwachiisa.Akkasumas manneen murtii immoo gama seera hiikuun aangoon abbaa seerummaa isaaniif kennameera.

Haaluma walfakkaatuun naannoolee keessattis manni maree naannoo seera baasuun, manni maree bulchiinsa naannoo seera hojiirra oolchuu fi akkasumas manneen murtii naannoo immoo seera hiikuu fi aangoo abbaa seerummaa raawwachuun aangoo adda qooddatu. Haaluma kanaan qoodinsi aangoo mootummaa bakka saditti hiramee raawwatamu kun jaarroota hedduu dura jalqabee qajeeltoo ogeeyyiin seeraa, manneen murtii, beektonni saayinsii siyaasaa fi uummanni marti dhagaa bu’uraa bilisummaa ta’uu isaa fudhachuun falmaafiis kan turanii dha. Ilaalchi kun fudhatama kan argate yeroo dheeraa dura ta’us, daangaan qoodinsa aangoo fi tokkoon tokkoon qaama mootummaa waan raawwachuu qaburratti waliigalteen dhaabbataa ta’e ammallee jira jechuun rakkisaadha.Kanumarraa ka’uun aangoowwan olitti caqasaman qabatamaan yookiin karaa saayinsaawaa ta’een yoo ilaalaman, guutummaan adda kan ba’aniifi kan wal hin quunnamneedha jechuun hin danda’amu. Yeroo tokko tokkos aangoowwan kun qaama tokkoof irra deddeebiin yeroon kennaman ni jira.

Kunis ta'uu qaba jechuun kan mormanis barreessitoonni dhimmicha akka jiran beekamaa dha.Raawwachiisaan tokko hojii isaa yeroo itti dalagu,seeraaf hiika kennuun akka raawwatamu taasisuun dirqama.Heeronni mootummaa hedduunis, qaama seera baasuuf aangoo abbaa seerummaa /fakkaatu/ ni kennu.Manneen murtiis akkasuma hojii abbaa seerummaa yeroo dalaganitti, seerota mana mareen bahan hiikuurra darbuun kallattiin yeroo raawwachiisanitti aangoo raawwachiistuu yookiin bulchiinsaa qaabaachuu qofa osoo hin taane seerota yeroo hiikanittis yaadota haaraa itti dabaluu yookiin seera hojiirra jiru dhiisuun aangoo seera haaraa baasuu raawwachuu danda'u.

Qoqqoodinsa aangoo keessatti haaluma kanaan irra deddeebiin aangoo jiraachuu akka danada'u jalqabumayyuu qorattootaa fi barreessitoota seeraa biratti dursee waan hubatame ture.Haata'uyyuu malee dhalachuu fi guddachuu seerota bulchiinsaa waliiniin wal qabachuun walirra bu'uun aangoo kun xiyyeeffannoo addaa argachaa jira.Yeroo mootummaan itti hundaa'ee jalqabee dirqamootni mootummaan uummataaf raawwachuu qabu jijjiiramaa dhufaniiru.Ittigaafatamummaa fi dirqamni mootummaa jijjiiramaa adeemuu walitti dhufeenya namootaa, bal'achuu fi dhiphachuu daangaa inni bulchuu, guddachuu saayinsii ogummaa fi saayinsii, bal'achuu fedhii namootaa fi waantota kana fakkaataniin walqabachuun yeroo gara yerootti akkuma haalasaatti jijjiirameera.Yeroo amma irra jirruttis itti gaafatamummaan mootummaa daangaa eeguurraa fi galii sassaabuurra bal'aa fi walxaxaa ta'aa dhufeera. Kanumaafis itti gaafatamummaan mootummaa ulfaachaa dhufuusaa biyyoonni hubatan, itti gaafatamummaa mootummaa jijjiiramoota kana ilaalcha keessa galchuun keessa deebiin akka ilaalamu taasisaniiru, taasisaas jiru. Barri keessa jirrus haalota jijijjiiraman waliiniin seeronni ariitiin jijjiiraman akka bahanii fi qaamni murtii kennus kan haala kana waliiniin adeemu akka ta'u barbaada.

Walitti dhifeenyi daldaalaa haaraan dhufaa jiranii fi argannoowwan kalaqaa fi saayinsii adeemsa kenna murtii baratamee fi adeemsa seera baasuu fi murtii kennuu harkifataa ta'een osoo hin taane sirna saffisaa fi bu'a qabeessa ta'e diriirsuufi ittiin hojjechuu gaafata. Tooftaaleen hiikaa rakkoowwan yeroo ammayyaa aangoo seera baasummaa irraa aangoo hanga ta'e, seera raawwachiisummaa fi seera hiikuu irraas aangoo hanga ta'e barbaaduu danda'a. Kanaafuu haala gara fulduraa ilaaluun saffisaan seera kan baasu, kan raawwatames qoratee murtee kan kennuu fi haala yeroo ammaa sirna sirritti sakatta'u qabaachuun

barbaachisaa dha. Caaseffamni haaraan kun itti gaafatamummaawwan addaa kana haaluma dhufaatii isaaniin sirna sirritti hiiku barbaada. Kunis falaasama addaa kan gaafatu osoo hin taane jijjiiramootaa fi dhugaa qabatamaan hawaasicha keessatti raawwachaa jiran ilaaluun qofa dhimma irra ga'amuu danda'uu dha.

Dhugaa fi amalli walxaxaan haala hojii mootummaa keessatti mul'atu akkasumas hir'inni sochii daldaalaa fi industirii keessa jiru yaada guduunfaa armaan oliirra haala salphaan akka geenyu nu taasisa.Qaamni bulchiinsaa baay'inni isaa yeroo gara yerootti dabaluu fi hir'atu kan hundeeffamanis kanumaafi.Hojiiwwan akkanaa fi kana fakkaatan ga'uumsaan raawwachuudhaan akkasumas uummatichaafis guddina diinagdee fi hawaasummaa fiduudhaan fedhii hawaasichaa guutuuf mootummaan ammayyaa seera raawwachiisuun olitti danbiiwwan akka baasuu fi wal dhabbiiwwan irrattis murtii akka kennu irraa eegama.

Hojiiwwan isaas qaamoleen mootummaa haaraan akka dhaabataniif, qaamoleen dursanii jiran akka walitti makamaniif yookiin akka babal'atan taasisuu danda'a.Dhuguma haala yeroowwan darbaniis yoo ilaallu mootummaan qaama bulchiinsaa isaa qofaan fedhii hawaasa ammayyaa kanaa guutuu ni danda'aa? Gaaffii jedhu beektonni kaasan ni jiru. Gama biraatiinis haaluma walfakkaatuun qaamni abbaa seerummaa jijjiirama dhimmoota bu'uuraa hawaasummaa fi diinagdeetiif ciminaan yeroo hojjetu waan hin argamnee fi jijjiiramoota waliiniin of sirreessaa deemuu dadhabuu isaatiin haaluma walfakkaataan manneen murtii fedhii hawaasa ammayyaa hubachuun jijjiirama diinagdee, hawaasummaa, syaasaa fi aadaa barbaadame ni fiduu?Gaaffii jedhu lammiileen shakkiidhaan kaasan baay'ataniiru.

Baay'ees ta'uu baatan lammiileen qajeeltoo qoqqoodinsa aangoo cimaa irraa ka'uun qaamoleen bulchiinsaatiif seera raawwachiisuun ala dabalataan aangoon seera baasuus ta'ee seera hiikuu kennamuufii hin qabu jechuun namootni mormanis hin dhibne. Fedhii fi dhiibbaa hawaasichaa qabatamaan hiikuun alatti waa'ee dhimma kanaa irratti mormiin godhamu akka qisaasa humnaa fi yerootti lakkaa'amuu qaba barreessitoonni jedhanis ni jiru. Kuni dhugaa ta'us seenaa keessatti yeroon mormii itti uume ni jira.Falaasfaan seeraa Ingilizzii(Deeseyi) seera bulchiinsaa waanti jedhamu hin jiru jechuun yaadni kaase yeroo tokkotti fudhatama argatee kan ture ta'us akka Waliigalaatti yoo ilaalamu seera waliinii Ingilizzii keessaa lama sadaffaan seera bulchiinsaa ture.

Amantaan beekaa seeraa Ingilizzii armaan olitti ibsame jiraatus haala seerri ittiin bahu qofa osoo ilaallee bara 1989 qofatti labsiin waliigalaa (act) 46 biyyattii keessatti kan bahan yoo ta'u kutaaleen seeraa fuula 6,700 ol ta'an bakka bu'iinsaan qaamolee raawwachiiftuun kan bahan ta'uun isaanii mirkanaa'eera. Biyya Faransaayittis dhimmoota Heeraichaan kan ta'aniin ala bal'inaan seera akka baasu aangoon kan kennameef qaama raawwachiistuufi. Egaa hundi keenya salphaatti waanti hubachuu dandeenyu, manneen murtii idilee fi manneen mariirratti yeroo dhabuun ni jira. Kanaafuu qajeeltoowwan waliigalaa qaama seera baasuun (mana mareetiin) kan murtaa'u ta'ee tarreeffamni isaa karaa danbii qaama bulchiinsaan bahuun guutuun dhimma ta'uu qabuu fi filannoo hin qabnee dha. Haaluma kanaan danbiiwwanii fi qajeelfamootni seektara addaatti ogummaa addaa dabalataan kan gaafatan malee tumaa qajeeltoowwan waliigalaa kan ilaallatan miti. Raawwii tarreeffamaa akkanaatiif itti gaafatamummaan humnaa ol kan itti baay'atee paarlaamaa fi akkasuma baay'ina hojii ol'aanaa kan qaban manneen murtiirra qaamni bulchiinsaa karaa baay'een ni filatama. Kun akkuma jirutti ta'ee addunyaa saffisaan jijjiiramaa jiru keessatti keessumaayyuu immoo haala beekumsaa fi ogummaa jijjiiramicha faana deemu barbaadurratti qaamni deebii amansiisaa, saffisaa fi jijjiirama waliiniin adeemu (garuu kan tasgabbaa'e) kennuu danda'u filatamaa dha. Murteewwan tokko tokkos haala yaaliitiin kan ilaalaman ta'uu danda'u. `

Kana waan ta'eefuu hawaasni addunyaa dhimmi irratti waliinii galaa fi fudhachaa kan dhufe, qoqqooddaan aangoo hanga baramerra xiqqoo laafe bulchiinsa mootummaa bara kanaaf barbaachisaa akka ta'eedha. Akka qajeeltoo Heera RDFI tti guddina diinagdee fiduuf mootummaan tarkaanfiwwan jijjiirama saffisaa fi bu'uuraa fidan akka fudhachuu qabu dirqamni irra kaawameera. Kana malees diqamoota lammiileen biyyittii beekumsaa fi qabeenya kuufamerraa haala isaan qixatti fayyadamuu danda'an qopheessuu, diinagdee isaanii akka fooyyeffatanis carraa wal fakkaataa kennuu, balaa uumaamaa fi nam-tolchee ittisuu, naannoolee fi kutaalee hawaasaa duubatti hafaniif deeggarsa addaa gochuu kanneen jedhan keewwata 89 irratti mootummaarra kaawamaniiru.

Dabalataanis, rakkoowwan manneen jireenyaa furuu, tajaajiloota hawaasummaa diriirsuu, carraa barnootaa babal'isuu, fayyaa hawaasichaa eeguu, lafa sirnaan bulchuu fi haala haqummaa qabuun hiruun hawaasichi irra caalaatti fayyadamaa akka ta'u gochuu, kutaalee hawaasaa deeggarsa addaa barbaadan kan akka dubartootaa, daa'imman, qaama

miidhamtoota, namoota dulloomanii fi sablammiiwwaniif fi k.k.f fayyadamtoota deeggarsa addaa akka taasisuuf dirqamni irratti gatameera. Sanyii, saala, amantii fi waantota biroo kanneen fakkaatan bu'uura godhachuun loogiiwwan godhaman maqsuuf seerota bahanis sirritti hojiirra oolchuunis irraa eegama. Dirqamni migoota namummaa fi diimokiraasummaa kabajuu fi kabajsiisuuf, haalota garagaraanis seera baasuu fi haqa kennuunis heerichaan irratti gatameera.Ittigaafatamummaa ammayyaa akkanaa ciminaan raawwachuuf immoo gurmaa'innii fi ittigaafatamummaan mootummaa haaluma qajeeltoo waliigalaa armaan olitti ibsameen caasessuun waan barbaachiseef Heerris kanaaf deebii ni kenna jechuun ni danda'ama. Mootummaa ammayyaa kana kan gaggeessuu fi kan to'atu seera bulchiinsaas saffisaan baasee hojiirra oolchuu isa barbaachisa. Seera bulchiinsaa kan jennuun kutaa seeraa seera mootummaa (public law) jedhamuu dha. Hiikni isaa mormisiisaa ta'us bal'isnee yoo ilaalle qaama seera mootummaa ta'ee ittigaafatamummaa qaamoleen gara garaa (adda dureedhaan qaama raawwachiiftuu) imaammattoota bulchiinsaa mootummaa raawwachiisan qaban, sirna isaan hordofuu qaban, aangoo, dirqama, mirgaa fi ittigaafatamummaa isaanii kan ilaallatuu dha.

Bara darbe keessatti yaadrimeen jecha 'seera' jedhuu waa'ee danbiiwwan bakka bu'iinsaan bahanii kan ilaalu jechuun dhiphifamee ilaalamaa ture.Aangoo fi dirqamni akkasumas to'annaan armaan olitti ibsame (abbaa seerummaa dabalatee) dabalamaa fi fudhatama argachaa kan dhufe garuu baroota dhiyoon asitti. Imaammattootnii fi seeronni qaamolee bulchiinsaan hojiirra oolfaman, qaama seera baasu yookiin qaama bulchiinsaatiin kan bahan ta'uu danda'u. Haaluma kanaanis seeronni bulchiinsaa kallattii lama qabaachuu danda'u.

1. Gama tokkoon seerri bulchiinsaa qajeeltoowwan Heera RDFIa fi dhaabbilee Heera RDFIn hundaa'an kan of keessatti qabatu yommuu ta'u,
2. Gama biraan immoo tokkoon tokkoon danbiiwwanii fi qajeelfamoota mana hojii ministeeraa tokko keessatti argaman hunda haammata.Tokkoon tokkoon danbiiwwanii fi qajeelfamoota kunis maallaqa, gibira, naannawaa, sooramaa fi wabii hawaasummaatiin kan walqabatanii fi k.k.f ta'uu danda'u.

Hiikaa kana keessatti kallattiiwwan lama kan jiran ta'us tokkoon tokkoon isaanii seera ittiin gaggeeffaman kan mataa isaanii kan qabaniifi yeroo baay'ees kophaatti ilaalamu.

Heerri seerota hundaa ol waan ta'eef mataa isaa danda'ee kan ilaallamu yoo ta'u, dhimmoonni gibiraa, naannawaa ofii kunuunsuu, bulchiinsaa fi itti fayyadamiinsa lafaa, wabii hawaasummaa fi k.k.f illee akkasuma akka tarreeffama seerota mataa isaanii danda'aniitti ilaalamu. Karaawwan lamaan olitti ilaallaman akkuma jiranitti ta'anii seerri bulchiinsaa barbaachisummaa hedduu akka qabu garuu akka Waliigalaatti kan irratti waliiniif galamedha jechuun ni danda'ama. Akka Waliigalaattis seerri bulchiinsaa gama Heera RDFI tiin yoo ilaallu haalota armaan gadii qabatee argina.

- Qaamoleen bulchiinsaa imaammattootaa fi seerota fedhii mootummaa fi uummataatiin bahan maqaa mootummaa fi uummataatiin raawwachiisu.
- Walitti dhufeenya manneen hojii bulchiinsaa mootummaa jidduu jirus ni qajeelcha, ni to'atas.
- Manni hojii bulchiinsaas dhimma aangoo isaa jala jirurratti hundaa'uun walitti-dhufeenya abbootii dhuunfaa fi qaamolee dhimmichi isaan ilaallatu biroo waliiniin qabu ni qajeelcha; kanaafis qaamni bulchiinsaa aangoo isaa olitti yoo hojjete,qaamonni dhuunfaa gaaffii yookiin himannaa akka dhiheessan isaan dandeessisa.
- Murteen qaamonni bulchiinsaa kennan seerarratti qofa kan bu'uureffame ta'uu qaba.
- Qaamoleen bulchiinsaa miira ittigaafatamummaan akka hojjetanii fi itti gaafatamummaan akka babal'atu taasisu.
- Hojii qaamolee bulchiinsaa keessatti hirmaannaan uummataa kallattiin akka jiraatu godhu.
- Mirgi namoota dhuunfaa fi akkasumas aangoon qaama bulchiinsaa daangaa akka qabu ifatti ni mul'isu.

Waan ta'eefuu leenjifamtootni dhuma kutaa kanaarratti olitti kan tarreeffamanirratti dabalataan:-

- Seerri bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaa federaalaa fi naannoorratti akkasumas qaamolee bulchiinsaa naannolee gaditti ijaaramaniin bahee

akkaataa hojiirra itti ooluu fi akkasumas qajeeltoowwan bu'uuraa Heera RDFI waliiniin haala ittiin wal simsiisuun danda'amurratti ibsa ni kennu.

- Kenniinsa haqaa qaamolee bulchiinsaa fi haala ittiin murteen mana hojii bulchiinsaa manneen murtiitti itti sirratuu danda'an sirritti ni hubatu.

**9.2. Mirga Murtii Bulchiinsaa Argachuu**

Seera bulchiinsaa keessatti osoo hin tuqamiin darbamuu kan hin qabne sirna abbaa seerummaa (adminstrative justice) isaati. Hojii bulchiinsa mootummaa irratti murtii akka kennaniif qaamoleen abbaa seerummaa (tribunals) aangoon isaaniif kenname ni jiru. Baay'innii fi qabiyyeen isaanii biyyaa gara biyyaatti adda adda dha. Hundeeffamuu dhaabbiilee kanaaf sababni inni tokko waldhabbii qaamolee mootummaa fi qaamolee biroo gidduutti uumamu qajeeltoowwan yookiin istaandardiiwwan seeraa qofa irratti hundaa'uun manneen murtii idilee qofaan furuun kan hin danda'amne dha. Gama biraanis barbaachisummaa qaamolee kanneenii sababoonni heerotni biyyoota gara garaa eyyamuuf itti dirqaman:-

- Kallattii cimina sirna manneen murtii hordofaniin ilaalamuu waan qabuuf
- Sirna imaammata hojiirra oolchuu keessatti baasii kan qusatu adeemsi saffisaan barbaachisuu isaatiin
- Beekumsi eksipertii fi namoota ogeessotni hojii garagaraa qabanii barbaachisuu isaatiin
- Hojiin mana murtii heddummachaa dhufuu fi faayidaa tooftaawwan hiikka waldhabdee kanneen biroo irratti hundaa'uun akka madaalamuun akka murtaa'u ni amanama.

Qaamoleen abbaa seerummaa haala kanaan dhaabbatan baay'innii fi gosti isaanii yeroo gara yerootti ni jijjiirama. Bara 1991-1992' tti haala biyya Ingilizzii keessa ture yoo ilaallu manneen murtii aangoo gosa kanaa qaban waggaa waggaan maxxanfamuun ifa kan taasifamu yoo ta'u, gosti isaaniis 16 ol akka ta'an mul'ateera. Manneen murtii bulchiinsaa murtaa'anis haala qaama komii dhaggeeffatu mataa isaaniitti qabaniin ijaaramuu danda'aniiru. Qaamoleen kunneen akka waliigalaatti yoo ilaalaman, wabii hawwaasummaa fi tajaajila hawwaasummaa, lafa, qabeenyaa fi dhimma manaa, sochii diinagdee fi gibira akkasumas

eyyama kennuu fi dhimmoota induustirii fi baqattootaatiif ogummaa addaatiin tajaajila abbaa seerummaa akka kennaniif kan hundeeffamanii dha.

Kana jechuun garuu qaamoleen hundi aangoo qixa ta'e qabu jechuu miti. Kana malees qabiyyeen isaanii, sirni abbaa seeraa itti muudanis, aangoon isaanii, sirni isaan hordofan, murteen isaanii isa xumuraa ta'uu yookin dhiisuu isaa fi kan maxxanfamu ta'uu yookin dhiisuu isaa, walitti dhufeenya qaama bulchiinsaa jalatti argaman waliiniin qaban fi dhimmoota kanneen biroo irrattis yeroo hunda wal fakkaatu jechuu miti. Heera RDFI bal'inaan yoo ilaalle, barbaachisummaa mana murtii bulchiinsaa hundeessuu ilaalcha keessa kan galche ta'ee argina. Namoonnis mirga tajaajila abbaa seerummaa kan argatan mana murtiitti dhihaachuun qofa osoo hin taane 'qaama aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameef' fulduratti dhiyaachuun murtee argachuu qabu jechuun Heerri keewwata 37(1) fi 79(4) irratti sirritti mul'iseera. Daangaan aangoo kun sadarkaa mootummaalee naannoottis haaluma walfakkaataan kan raawwatiinsa qabuu dha. Manneen murtii haala kanaan hundaa'uu danda'an keessaa dhimma falmii hojii fi dhimma gibiraa ilaalchisuun qaamolee murtii kennan hundeessuun akka adda dureetti akka kaawwamuu  obbo Faasil Naahom kitaaba isaaniirratti ibsaniiru (Faasil fuula 101). Haata'uyyuu malee qaamota kanaan ala murtii kennuu kan danda'an manneen murtii bulchinsaa haaluma jirurraa ka'uun hundaa'uu akka danda'aniifi hundeeffamaas akka jiran qajeeltoowwan Heera RDFIrraa hubachuu ni dandeenya. Haalli ijaarsa isaanii qaama raawwachiistuu keessa ta'uu yookin dhiisuu danda'a. Manneen murtii bulchiinsaa haala kanaan dhaabatan keessaas:-

- Dhimma hojjettoota mootummaa kan ilaalu mana murtii bulchiinsaa ejensii siivil sarvisii jalatti
- Kora dhimma sooramaa fi wabii hawaasummaarratti murtii kennuu fi abbaa taayitaa sooramaa fi wabii hawaasummaa jalatti argamu
- Boordii oliyyannoo dhimma gibiraa dhagahu
- Qaama oliyyannoo dhimma bakka gadidhiisisuu dhagahu fi k.k.f akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya.

Qabiyyee, aangoo, gurmaa'inaa, sababa hundeeffama manneen murtii bulchiinsaa ilaalchisuun bifa waliigalaan armaan olitti kan ibsame biyya keenyattis ni hojjeta.

Manneen murtii hundi murtii kennanirratti dogonggorri seeraa bu'uuraa yoo argame Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa aangoon sirreessuu kennameeraaf. Heerri aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii qofaadha jechuun kan tume waan ta'eef qofa osoo hin taane murtiin kamiyyuu mana murtee waliigalaa fedeeraalaatti dhaddacha ijibbaataatiin ilaalamuu akka danda'u ifatti waan taa'eef manneen murtii idileetiin qoratamuun isaaniis barbaachisaadha.Labsiiwwan manneen murtii kun ittiin dhaabbatan yoo ilaallu kaayyowwan waliigalaa armaan olitti ibsaman kallattiiin yookiin karaa naannawaan ni arganna. Qaamolee kanaaf dhimma tokko dhiyeeffachuun murtii argachuun mirga Heera RDFI keewwata 37/1/ jalatti mul'atu qabatamaatti mirkaneessuu akka ta'e waanta hubatamuu qabuu dha. Kanarraa kan hafes dhimma bulchiinsaarratti murtee akka kennaniif osoo hin taane haala adda ta'een hojii bulchiinsaa gargaaruuf qaamoleen hundeeffaman ni jiru.

Qulqulleessitootni dhimma uummataa keessattuu dhimmoota qulqullaa'aniif yookiin himanni addaa /kan akka malaammaltummaa/ yeroo dhihaatutti walaba ta'uun qulqulleessuun qaamoleen ijoo dubbii murteessaa dhiheessanis ni caqafamu. Miidhaan bulchiinsaan hawaasarra gahame yeroo jedhamuttis komiin kan itti dhaga'amu Jaarmiyaan Abbaa Gaar yookiin Komishiniin Mirga Namummaa yookiin immoo qaamni komii dhagahu kanuma keessatti ramadamuu danda'u. Qaamoleen kun itti waamamni isaanii Paarlaamaaf yoo ta'u qaama abbaa seerummaa waliiniin garuu walitti dhufeenya hin qaban.

### 9.3 Hojii fi Itti-Gaafatamummaa Bulchiinsa Naannawaa /local governamnet/.

Seera bulchiinsaa keessatti kan tuqamuu qabu inni tokko waa'ee bulchiinsa naannawaa (local government) ti. Mootummaan sadarkaa biyyoolessaatti yookiin naannootti ittigaafatamummaa diinagdee gaggeessuu, naannoo to'achuu, fedhiiwwan bu'uuraa dhiyeessuu yookiin kennuu fi k.k.f kan qabu yommuu ta'u, tajaajilootni guutummaatti amala naannawaa (local) qaban garuu bulchiinsa naannawaatti argamuun kennamuu danda'u. Hojiiwwan kunneen keessaas hojiin to'annoo, eeyyama kennuu fi hojiiwwan kana fakkaatan, qaamolee bulchiinsaa kaneeniin kennamuu danda'u. Hojiin kunis mana maree naannoon, koreewwaniin, hojjettoota mootummaa namoota hin taaneen illee tajaajila kennamu dha. Hojiin isaanii garuu ittigaafatamummaa kan hordofsiisuu fi fedhii

uummataa bu'uura kan godhate ta'ee aangoo fi ittigaafatamummaa isaaniif kennamee olitti akka hin hojjenneefii seeraafis kan bitaman ta'uu qabu. Bulchiinsa naannawaa waliiniin wal qabatees, biyyi keenya sirna federaalawaa Heera RDFIn raggaasisuun waan fudhattee fi sirna bulchiinsaa keessattis ibsituu isa duraa waan ta'eef diimokiraasii caalatti guddisuuf sirna bulchiinsaa giddu galeessatti hin daangofne hojiirra oolchiteetti. Mirgi kunis seensa Heera RDFI, keewwata 39(3) fi 98(1) irratti dhimma ifatti taa'eedha. Qajeeltoon kunis bulchiinsa sablammii, godinaa, sadarkaa aanaa fi gandaatti taasifamu irratti kallattiin hirmaachuun afaanii fi aadaa isaatiin haala qabatamaa naannoo isaatiin karoorfachuun uummatichi hojii bu'a qabeessa akka raawwatu isa dandeessisa. Bulchiinsi naannoos hojii isaa sirritti akka raawwatuu fi leenjiidhaan humni namaa akka guutuuf, deggarsa maallaqaa gahaa akka argatuuf, meeshaalee ammayyas akka qabaatu kan taasifamu yoo ta'u akkuma barbaachisummaasaattis dhaabbilee uummataas ni gurmeessa. Kaayyoon qajeeltoo kanaas uummatni hirmaannaa kallattii fi murtee kennuu akka qabaatu naannoo isaa akka misoomsuuf akkasumas guddina biyyaatifis ga'ee mataa isaa akka taphatu taasisuu dha.

Dhimmi hawaasni mataa isaan mataa isaa bulchuu kaayyowwan siyaasaa Heera keenyaa keessaa isa tokko akka ta'e ni beekama (keewwata 88/1/). Kana malees sabootni, sablammootnii fi uummattootni biyyattii mootummaa naannoo fi federaalaa keessatti haala haqummaa qabuun kan bakka bu'aman yommuu ta'u, naannoo isaattis qaama bulchiinsaa mataa isaa hundeessuufis mirga dimokiraatawaa qaba jechuun Heerri RDFI keewwata 39/3/ irratti tumaalee mirga namoomaa gochuun tumeera. Kanaafuu gama tumaalee addaa Heera RDFI kanaan yoo ilaalamu, bulchiinsi naannoo beekamtii Heera RDFI argateera jechuun shakkii malee kaa'uu ni dandeenya.

### 9.4 Aangoo Seera Bulchiinsaa Baasuu

Qaamni seera raawwachiistuun akka armaan olitti ibsame seera raawwachiisuuf ittigaafatamummaa Heera RDFIn kennameef malees labsii yeroo ariifachiisaa baasuuf (paarlaamaaf dhiyeessuun raggaasisuun akkuma jirutti ta'ee) fi akkasumas bakka bu'iinsa mana maree bakka bu'oota uummataarraa isaaf kennamuun aangoo danbiiwwan baasuu qaba(keewwata 77/13/). Seerota manni maree bakka bu'oota uummataa baasee fi murtiiwwan inni dabarse raawwachiisuufis Heera RDFI keewwata 77/1/ irratti

bu'uureffachuunis aangoon *qajeelfama kennuu* kennameeraaf. Akka Waliigalaatti yoo ilaalamu, qaamni seera raawwachiistuu haala gurmaa'ina qaamolee isaa sirreessuuf, faayidaa biyyoolessaa inni qabu ilaaluuf, seera baasuu fi gama dhimmoota diinagdeerratti murtee kennuutiin aangoo bal'aa qaba.

Manneen hojii mootummaa mana murtii bulchiinsaa akka qabaatan yeroo murtaa'u, gurmaa'ina isaa murteessuuf aangoo kan qabu qaama raawwachiiftuu dha. Seeraa fi sirni kabajamuu isaa (keewwata 77/13/) akka mirkaneessuufis ittigaafatamummaan irratti gatameera. Akka Waliigalaatti Heerri RDFI sadarkaa federaalaattis ta'ee sadarkaa naannootti qaamolee sadi kan qabu yommuu ta'u, qaamni seera raawwachiisu haaluma olitti mul'atuun seerrii fi sirni kabajamuu isaa mirkaneessuuf aangoo isaaf kenname malee gaaffilee yeroo keessa ka'aniif deebii kennuuf, dhimmoota daanga'an irratti aangoon seera baasuu fi abbaa seerummaas kennameeraaf. Qaamoleen bulchiinsaa aangoo kana yeroo hojiirra oolchanitti dogoggoroota hojjetaniif himatamuu fi gaafatamuu danda'u.

Aangoo raawwachiisuus ta'e kan abbaa seerummaa isaaniif kenname hojiirra kan oolchan bu'uura danbiiwwan dursanii kaawamaniitiini. Hojimaatni bifa kanaaf ifatti kan raawwatamu malee, yoo seeraan haala addaan tumameen alatti, dhoksaa fi akka-feeteedhaan kan raawwatamu miti. Jecha biroon immoo hojii fi ittigaafatamummaan qaama seera raawwachiistuu, jechuunis aangoon raawwachiisuu, abbaa seerummaas haa ta'u seera baasuu hojiirra ooluu kan qabu qajeeltoowwan Heera RDFI irra taa'an hordofuunii fi karaa mirgoota bu'uuraa fi namoomaa kabajuunii fi kabajsiisuun ta'uu qaba.

**9.5. Qajeeltoowwan Bulchiinsaa fi Heera RDFI**

Armaan olitti ilaalamuuf kan yaalame, gaaffilee qaamoleen bulchiinsaa eenyu fa'a? Hojiiwwan akkamii hojjetu? Maaliif? Kan jedhanii fi k.k.f dha. Kanatti aansuun immoo kan ilaallu qaamoleen bulchiinsaa hojii isaanii raawwatan hunda keessatti haala Heera RDFI tiin qajeeltoowwanii fi kallattiiwwan waliigalaa isaan hordofuu qabaniidha. Kutaa xiqqaa armaan dura ilaalle keessatti akka hubannetti, qaamoleen bulchiinsaa aangoon murtii kennuu akka kennameef ilaalleerra. Qaamoleen bulchiinsaa aangoon abbaa

seerummaa kennamuufillee murtii kennan irratti komiin yoo jiraate, mana murtii idileef dhiyeessuun qorachiisuun akka danda'amus tuqnee darbineerra. Qorannoo fi irra deebiin manni murtii idilee godhu kun immoo guutummaan moo qabxii murtaa'e qofaarratti ? gaaffiin jedhu qabxii garaagarummaa uumu ta'uun ka'a. Haata'uyyuu malee qaamoleen bulchiinsaa dhimma irratti murteessan irratti ogummaa fi dandeettii adda ta'e kan qaban yoo ta'u manneen murtii immoo beekumsa addaa seeraa fi qajeeltoo waan qabaniif adeemsi irra deebi'uun ilaaluu kunis kanneen lameen kan wal simsiise ta'uu akka qabu lammiileen hedduun kan irratti waliinii galanii dha jechuun ni danda'ama. Manni murtii idilee beekaa mahaandisaa, yaalaa, fi k.k.f ta'uuf yookiin qacaree hojjechiisuuf ni rakkata. Kanaafuu murteen qamoleen bulchiinsaa kennan gama yaada ijoon kan sadarkaa dhumaa akka ta'u garuu immoo gama seeraan komii dhihaateef mana murtii idileen irra deebiin akka ilaalamuuf waliigalteen jira. Qamoleen bulchiinsaas aangoo kana kara qajeelaa fi eenyullee hin miineen itti fayyadamuu akka qaban ni eegama. Akka barbaadanittis osoo hin taane sirna addaa seeraa hordofuudhaan hojiirra akka oolchanis ni eegama. Manneen murtii bulchiinsaa biyya keenyaa haaluma seera hundeeffama isaaniirratti armaan olitti ibsametti murteen isaan waanta bu'uuraa irratti kennan isa xumuraati. Haata'uyyuu malee dhimma seeraarratti dogoggora seeraa bu'uuraa yoo raawwatan dhimmichi sirna jiruun Mana Murtii Waliigalaa Federaalaaf yookin Mana Murtii Waliinii Galaa Naannootiif dhiyaachuun qoratama. Manni murtii waliigalaas dhimmicharratti murtii kennuuf yookin immoo haala yaada kennuutiin (Recommendation) Mana Murtii Bulchiinsaatiif deebisuuf aangoo qaba. Heera RDFI irrattis akka kaawwametti aangoon qaamolee murtii kennanii akka fedhanitti kan raawwatan osoo hin taane 'sirna abbaa seerummaa seeraan tumame' irratti hundaa'uun kan gaggeeffamudha (keewwata 78/4/). Aangoon kunis nama tokko fayyaduuf kan biroo immoo miidhuuf yaaduun hojiirra yoo oole, Heera RDFI keewwata 25 irra kan jiru qajeeltoon mirgi walqixxummaa ni caba akkasumas mirgi namoota dhuunfaa seeraan ala ni dhiphata. Dhimmichis aangootti seeraan ala fayyadamuu yoo ta'e yakkaan kan gaafachiisu yommuu ta'u hojichis seera hariiroo hawaasaa lakoofsa 404'tiin kan gatii dhabu (ultra virus) taasifamuu danda'a.

Qamoleen bulchiinsaa bakka bu'iinsaan seera yeroo baasanitti aangoo isaaniitti sirnaan akka fayyadaman ni eegama. Kun yoo hin taane garuu itti gaafatamummaa kan fiduu fi seerri bahes akka gatii dhabu kan taasisu dha (Heera RDFI keewwata 9/1/). Seerota baay'ee jiran keessaa hojjetaan mootummaa tokko balleessaa hojjete tokkoof bulchiinsaan yoo gaafatame, balleessaan isaa ni ibsamaaf. Dabalataanis ofii isaa akka dhageessisuuf carraan akka kennamuufii qabu, labsiin lakk. 515/99 keewwata 67/2/ jalatti ifatti ni tuma. Gama biraanis labsii lakk. 515/99 irratti hojjetaa mootummaa tokkorratti tarkaanfiin naamusaa fudhatamuun dura namootni dhimmichi isaan ilaallatu dhagahuu qabu; ragaan qulqulleessuu fi sirritti madaaluun akkasumas falmii dhaga'uun fakkeenyota dirqama qaama murtii kennuu as jalatti ilaalamuu danda'anii dha. Murtiin bulchiinsaa amma danda'ametti yeroo gabaabaa keessatti kennamuu qaba. Yeroon kennamuuf garuu seera addaatiin kan murtaa'e yoo ta'e, seerri kun eegamuu kan qabu yoo ta'u seera addaatiin kan hin murtoofne taanaan garuu qaamni bulchiinsaa dhama-qabeessa ta'e tokko yeroo murtii kennuuf isa gahu keessatti murtii akka kennu irraa eegama.

Yeroo kanattis dhimmicharratti yeroo sanatti oliyyannoo kan dhiyeessisu mormii fi qeeqni waayitaawaan kan itti ka'u waan ta'eef, gochaa kanaaf yeroo mijataa ta'e keessatti murtii kennuu qaba. Kun yoo hin taane garuu qajeeltoo Heera RDFI kan ta'e itti-gaafatamummaan hiika dhaba. Labsii lakk. 262/2002 keewwata 66 irratti dhimma tokko itti yaaduun lafarra harkisuun adabbii naamusaa ol'aanaa akka adabsiisu yaadachuun barbaachisaa dha. Seera adaba yakkaa bara 1997 baherrattis dhimma tokko lafarra harkisuun mataa isaatiin yakkaan akka nama gaafachiisu tumameera. Sababoota manneen murtii bulchiinsaa itti hundeeffaman danuu keessaa tokko dhimmichi bu'aa ba'ii baay'ee keessa osoo hin darbiin yeroo gabaabaa keessatti furmaata akka argatu taasisuu dha. Murteen kennamus ta'e danbiin bahus sababa gahaan kan deggarame ta'uu qaba. Kunis danbichis ta'ee murtichi gama seeraa, qajeeltoo, ijoo dubbii, sadarkaa (Standard) fi k.k.f tiin sababa yookin deeggarsa qabaachuutu irra jira kan jedhurraa jalqaba. Qajeeltoon kunis mataa isaatiin babal'achuu bulchiinsa gaariif bu'uuradha barreessitootni jedhan kan jiran yommuu ta'u, yaadni guduunfaa irra gahames (danbiin yookin murtiin) ittigaafatamummaan kan guutame, sirrii fi haqa qabeessa ta'uu isaa

mul'isuu qofa osoo hin taane  murtiin qaama bulchiinsaa sanaa iftummaa kan qabuu fi dhugaarra gahuuf kan ifaaje ta'uu isaa mul'isa.Walfakkaachuun murtiiwwanii tilmaamawummaa, qaama bilisa ta'een ilaalamuu, ija tokkoon kan falmitoota ilaale ta'uufi amanamummaa kan mirkaneessuu dha. Sababni kennamus haala gahaa ta'een ibsamuu qaba.

Biyyoota tokko tokko (akka Faransaayi) keessatti immoo murteen haala kanaan sababootaan ibsamuu akka qabu qofa osoo hin taane maaliif murteen kennamuun akka barbaachises dabalataan ibsamuu qaba.Murtii qaama bulchiinsaan kennamuun namni mirgi yookiin fayyidaan isaa jalaa tuqamu kamiyyuu dhimmicharratti murtiin osoo hin kennamiin haalichi ibsamuufii kan qabuufii yaada isaas akka dhageessisuuf carraan isaaf kennamuu qaba. Mirgi dhagahamuu kunis qaama sirna dhimmi tokko ittiin ilaalamu (Due process of law) taasifamee kan fudhatamu dha jechuun ni danda'ama. Qajeeltoon kun raawwachuun mataa isaan murteen qaamolee bulchiinsaa seerarratti kan hundaa'e, alloogessa kan ta'e, haqa qabeessaa fi ija tokkoon kan falmitoota ilaalu (equity) ta'uu isaas ni agarsiisa.Qajeeltowwan kunis Heera RDFIrrattis dhimmoota beekamtummaa argatan ta'uu isaanii beekuun barbaachisaa dha.Uummanni itoophiyaa akka Waliigalaatti akkasumas tokkoon tokkoon saba, sablammii fi uummataas mirga itti fufiinsaan misoomuu qaba. Uummatichi misooma keessatti hirmaachuuf mirga kan qabu yommuu ta'u, imaammata yookin pirojektii naannoo isaa ilaallaturratti garuu yaadni isaa dhagahamuu qaba (keewwata 43/2/).Mootummaanis qajeeltoo marii kanaan gaggeeffamuu qaba. Sadarkaan uummatichi dhimma kallattiin isa ilaallaturratti yaada itti kennuu fi mariin godhu maqumaaf osoo hin taane guutuu akka ta'uuf Heerichi keewwata 92/2/ irratti ni dirqamsiisa.

Qaamni bulchiinsaa yeroo danbii baasutti yookin murtii kennutti, waantota ijoo ta'anii fi ragootaaf xiyyeeffannaa barbaachisu (adequate consideration) kennuu qaba. Qaamni bulchiinsaa yaadrimee dhimmichaaf xiyyeeffannoo barbaachisaa gama diinagdee, hawwaasummaa, siyaasaa fi k.k.f fi filannoowwan isaanii hundaafis kennuu qabu. Biyyoonni tokko tokko haala kana '*principle of due care, principle of proper investigation...'* jedhanii waamu. Kabajamuu dhabuun isaa garuu dalagicha seeraan ala taasisuu danda'a.

Darbee darbees qaamichi dhimmicharratti qorannoo sakatta'a bu'aa (impact assessment) fi qorannoowwan biroo akka godhuufis eegamuu danda'a. Dirqamni uummata mariisisuu qaama bulchiinsaas asuma jalatti kan raawwatamuudha.'Marii guutuu' yeroo jedhamus kana ni haammata. Dhimmi mirgi hirmaachisuu hunda kan walga'e ta'uu qabus gama adeemsaatiinis waanta ijoo sirna diimokiraasii ibsu ta'uu isaa barreessitoonni (fkn barreessaa piitar suuk jedhamu) ni ibsu. Heera RDFI keewwata 89/6/ fi /7/ irraa ka'uun sagantaa fi imaammanni biyyaa yeroo qophaa'utti garaagarummaa tokkoon alatti mootummaan uummaticha hirmaachisuu qaba. Keessaayyuu dubartoonnis dhiira waliiniin qixa akka hirmaataniif dirqamni kaawwameera.Murtiin yookiin danbiin qaamoleen bulchiinsaa baasanis fedhiiwwan garagaraa kan wal madaalchisu ta'uutu irraa eegama. Murteen kennames miidhaasaarra faayidaan isaa caaluu qaba. Faayidaan hawaasaa faayidaa dhuunfaatti madaalamuun ilaalamuu qaba. Hamma danda'amettis murteen walitti bu'iinsa fayyidaa qabu murtaa'uu hin qabu. Fedhiiwwan garagaraa walmadaalchisuu waliiniin ilaalamuu kan danda'u qabxiin biroo immoo murtiin kennamu galmi murtichi gahuuf barbaadu miidhaa inni fiduu danda'u waliiniin madaalamuun wal bira qabamuun ilaalamuu qaba.

Kanaafuu qaamni murtii bulchiinsaa kennu, faayidaa fi miidhaa kana walbira qabuun ilaaluutu irraa eegama. Faayidaan uummataa faayidaa dhuunfaa yeroo caalee argamuttis miidhaa nama dhuunfaa irra gahuuf beenyaa bulchiinsaa barbaachisaa ta'e kennuun faayidaa lameen isaanii wal madaalchisuun ni danda'ama jechuun Heera RDFI keewwata 44/2/) irratti dhimma kanarratti qajeeltoo ifa ta'e kaa'eera. Sagantaa mootummaatiin namni dhuunfaa miidhaan irra gahe hamma maallaqaa gahaa ta'een yookin akka fedhiisaatti beenyaa argachuu kan qabu yommuu ta'u, gargaarsa mootummaan bakki biraa kennameefii akka qubatu taasifama.

Qajeeltoon Heera RDFI kun murtiin dura fedhiiwwan garagaraa walmadaalchisuun barbaachisaa akka ta'e kan nu hubachiisu yommuu ta'u, haaluma kanaan murtii kennamuun namni miidhamu yoo jiraate, beenyaan isaas qajeeltoodhuma kanaan kan madaalamu ta'uu isaati. Qajeeltoowwan mootummaan RDFI ittiin gaggeeffamu keessaa inni tokko itoophiyaanotni hundi sadarkaa diinagdee isaanii akka fooyyeffatan taasisuu yommuu ta'u, haaluma kanaanis qabeenya biyyittii haala haqa qabeessaa fi qixaatiin

akka qooddatan taasisuu dha. Faayidaa nama dhuunfaaf osoo hin taane, faayidaa hundaatiif jecha sablammiiwwan duubatti hafanii fi dubartootaaf deeggarsi addaa godhamuu qaba (keewwattootni 89 fi 25 kana ilaalcha keessa kan galchani dha). Mootummaan qabeenya lafaa maqaa uummataan kan bulchus fayyidaa waliiniitii fi guddinaaf jedheeti (keewwata 89/5/). Murtiin qaamni bulchiinsaa kennu seera qabeessa jedhamee kan tilmaamamuu qabu yoo ta'u qajeeltoo seera qabeessummaatiin (principle of legality) ala garuu ta'uu hin qabu. Kanammoo barreeffama kanaaf jecha kallattii lamaan ilaaluun ni danda'ama. Inni tokkoffaan qaamni bulchiinsaa murtii yeroo kennutti aangoon ifatti seera mataa isaatiin hin baasneen isaaf kenname jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Waan ta'eefis qaamichi seera hojii isaatiif bu'uura ta'e qabaachuu qaba. Inni lammaffaan immoo aangoo isaa karaa seera qabeessa hin taaneen hojiirra oolchuu hin qabu. Yeroo kanattis qaamni bulchiinsaa seera ofii baaserraa illee faallaa hojjechuu hin danda'u jechuu dha.

Bulchiinsi heerawaa Ingilizzootni olaantummaa seeraa (The rule of the law) jedhaniin kun bulchiinsi mootummaa aangoon olitti akka hin hojjenne (Excess of power) hambisuuf gargaara. Dhimma kanarratti haalli adda ta'e hin jiru. Kunis gonkuma dirqiin kan raawwatamu yommuu ta'u faallaa isaatiin yoo hojjetame itti gaafatamummaa siyaasaa kan fiduu fi to'annaan mana murtii kan irratti godhamuudha. Kun yoo darbame murtichi irra deebiin kan ilaalamuu fi raawwatiinsi isaas akka dhorkamu (injection) kan taasifamuu dha.Qaamolee bulchiinsaa biyya keenyaa yoo ilaallu, maddi aangoo isaanii Heera RDFI waan ta'eef daanngeffamni aangoo isaaniis Heera RDFI keessatti kan argamuu dha.

Heerri RDFI seensa isaa irratti ifatti akka kaa'etti, uummatni qajeeltoo olaantummaa seeraarratti bu'uureffachuun waliiniin jiraachuuf murteessuu isaa jala muree kaa'eera. Seerri kamillee Heera RDFI kanaan yoo walitti bu'e hojiirra ooluu akka hin dandeenye keewwata 9 irratti haala mormisiisaa hin taaneen kaa'eera. Aangoo Muumicha Ministeeraa fi Mana Maree Ministeerotaaf kenname keessaa seeronni qaama seera baasuun bahan akka kabajaman mirkaneessuu, dirqamni biyyicha keessatti seeraa fi sirni eegamuu isaa mirkaneessuu kun aangoon qaamolee bulchiinsaa bu'uura seeraa ta'uu mirkaneessa(keewwata 74 fi 77 ilaaluun ni danda'ama). Guddinnii fi bu'uurri seera

bulchiinsaa fedhii seera qaamni seera baasu qopheesseen aangoo qaama raawwachiiftuu gaggeessuu fi aangoo ol'aanaa ta'es hir'isuuti.Aangoon mootummaa haaraan yeroo barbaachisutti qaama seera baasurraa argamuu qaba amantaan jedhu bu'aa '*bill of rights'* bara 1989 ta'uun isaas kan yaadatamuu dha.

Bulchiinsi yookin abbaan taayitaa aangoo isaaf kenname keessatti daanga'ee hojjechuu qaba jechuu dha. Gochaan qaamolee bulchiinsaa seeraan gaggeeffamuu qaba yeroo jedhamu garuu waantoonni uwwisa seeraa keessatti argaman garuummoo haala labsiin seerarratti kan hin barreeffamne kan aka karoora baasuu, qophii bajataa fi dalagaawwan kanneen fakkaatan akkuma qajeelfamootnii fi hiikaan qaamolee murtii kennanii seerota bu'uuraa guutuu taasisan hin guuatamani jechuu miti. Gama biraan immoo qaamni bulchiinsaa seerota kana keessatti murteessuuf bilisummaa filachuu qabutti hin fayyadamu jechuu miti. Aangoon kunis dhimmi tokko kan biroorra karaan ittiin filatamee murtaa'e nama dhama-qabeessa haala amansiisuu danda'uun raawwatamuutu irra jiraata.

Aangichis hanga barbaachisuu ol kan jabaatu yookin humnaa ol kan laafu ta'uu hin qabu; hanga danda'amettis waan hunda ilaalcha keessa akka galchu ni eegama. Murtiin kennamus namoota haala walfakkaataa keessa jiran bifa walfakkaataan akkasumas namoota haala gara garaa keessa jiranis haaluma garaagarummaa isaaniin isaan keessummeessuu qaba. Kunis tajaajila mootummaarraa argamu, haala kennaa carraa barnootaa fi k.k.f ibsamuu danda'a. Qajeeltoon walqixxummaa qajeeltoo seeraa waliigalaa yoo ta'u kan seera bulchiinsaatis jechuu dha. Walaba ta'uu, alloogessa ta'uu, haqaan hojjechuu fi k.k.f bifa kanaan ilaalamuu danda'u. Haala baramerraa adda hojjechuun yeroo barbaachisuttis akkuma armaan olitti ibsametti sababa gahaan deeggaramuu qaba.

Qaamoleen bulchiinsaa komii dhagahanis qabxii kana akka safartuu murtii tokkootti itti fayyadamuu irratti cabsanii yeroo argamanitti itti-gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uu qaba. (Heera RDFI keewwata 26 ilaalaa). Karaa biraan qajeeltoon kun seerota addaa keessattis kan argamu yommuu ta'u labsii 515/99 keewwata 6,22,64 fi tumaalee kanneen biroorraa ka'uun hojjetaan yeroo filatamu, yeroo hir'isu, yeroo hojiirraa gaggeeffamu fi

k.k.f qajeeltoo kana bu'uura godhachuun raawwatamuu akka qabu dirqamni taa'eera. Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti lammiileen murtii sirrii argachuu akka danda'aniif haalli mijaa'uu qaba. Murtii sirrii ta'en argadha jedhanii tilmaamuufi shakkii tokko malee itti amanuus qabu. Qajeeltoon itti amanuufii itti abdachuu (principle of good faith and legal certainity) jedhamee beekamu lammiileen yeroo hunda ittiin gaggeeffamuu kan qaban dhimma ijoo dha. Murtii lammiileen fudhatama qabuu fi sirrii ta'e fedhiin argachuu kabajamuu qaba. Qaamni bulchiinsaas murtii kennamurratti fedhii kana ilaalcha keessa galchuu qaba. Qaamni murtii kennus lammiileen fedhii hin barbaachifne akka qabaatan gochuu kan hin qabne yommuu ta'u fedhii barbaachisaa ta'e garuu guutuu kan qabu ta'uun isaa qajeeltoo itti amanummaa guutuu waliiniin wal qabatee ilaalamuu danda'a. Akka qajeeltoo kanaatti fakkeenyaaf qaamni bulchiinsaa tokko waadaa barbaachisaa hin taane uummataaf galuun abdiin hin barbaachifne akka isaanirra jiraatu gochuu hin qabu.

Qajeeltoo kanaaf ulfina addaa kan kennan biyyoonni akka Beeljiyeem waadaan galame seera waliiniin kan walitti bu'u ta'ullee qajeeltoowwan lamaan (amanamummaa fi seera qabeessummaan) wal bira qabamuun madaalamuun haala qabatamaa jiruun lameen keessaa tokko filatamuu akka danda'u kaa'aniiru. Heera RDFI irratti garuu akka kan Beeljiyeem kana waa'ee olaantummaa seeraa irratti haala addaa hin keenye. Haalotnii fi qajeeltoowwan qabatamaatti hojjetamuu qaban kan taa'an yoo ta'u, kanaan alatti abdii kennuun miidhaa dhufuuf bulchiinsicha itti gaafatamummaan yakkaa, bulchiinsaa fi hariiroo hawaasaa irra gahuu danda'a. Akka fakkeenyaaf seera hariiroo hawwaasaa lakk.1689,1161,1184 fi 2055 ilaaluun ni danda'ama.

Lammileen qaama bulchiinsaa sanarratti amantii akka qabatan waantota godhan keessaa kan biraa caqafamuu kan qabu danbiiwwan bahanii fi murtiiwwan kennaman kan namaaf hin galle ta'uu akka hin qabnee fi dhaqqabamoo ta'uu kan jedhu dha. Danbiiwwan maxxansamanii bahuun isaanii, duubatti deebi'anii kan hin hojjenne ta'uun isaanii (haalota addaan ala), ifa ta'uun isaanii, dogoggoroonni tokko tokko yeroo murtaa'etti gaaffii yeroo kaasaniin alatti kan dagataman ta'uun isaanii fi haalonni kanneen fakkaatan lammiileen hojii qaama bulchiinsaa irratti amantii akka qabaataniifi jireenya tasgabbaa'aa akka jiraataniif kan isaan dandeessisan waan ta'eef sirritti hojiirra ooluu

qabu (seera hariiroo hawwaasaa lakk.402/2/, 1677, 1845). Heera RDFI keessatti kan argamu lammiileen dhagahamuu fi murtii keessatti hirmaachuun isaanii murtee fi danbiin kennamu akka isaaniif galu taasisa.Qajeeltoowwan Heera RDFI keessaa tokko adeemsa hojii mootummaa ifatti raawwachuu yoo ta'u, gochichis tilmaamamawaa, kan mul'atuu fi kan nama hin burjaajjessine akka ta'u dandeessisa. Gama Heera RDFIn qajeeltoon biraa caqafamuu qabu seerri bulchiinsaa fi murteen isaa duubatti deebi'anii hojjechuu ni danda'u moo hin danda'an? gaaffii bu'uuraa jedhu dha. Seeronni bahan duubatti deebi'uun hojjechuu danda'uu isaanii ilaalchisee Heerri RDFI ifatti kan dhoorku Seera Yakkaa irratti qofa dha. Seerri yakkaas gochi tokko yakkamoo yakka miti kan jedhu murteessuuf akkasumas tumaalee adabbii ilaalchisuun bahan kan ilaallatu ta'uun isaa ni beekama. Kunis ta'u seerichi himatamaa sana kan fayyadu taanaan duubatti deebi'ee hojjechuu akka danda'u haala addaan kaa'ameera.

Murteewwan bulchiinsaa ilaalchisuunis daangeffamni walfakkaataan Heera RDFI irratti hin teenye. Kanaafuu qajeeltoo waliigalaa Heera RDFI irraa ka'uun murteen qaamolee bulchiinsaa mirgoota lammiilee gama misoomaa, siyaasaa, diinagdee, aadaa fi k.k.f mirkaneessuuf hanga dandeessisetti seerris ta'ee murteen bulchiinsaa duubatti deebi'anii hojjechuu ni danda'u jechuun ni danda'ama. Qaamni bulchiinsaa dhimma tokkorratti murtii yeroo kennu, aangoon filachuu (discretionary power) bira hin dabarre akka jiru olitti argineerra.

Aangoon kun garuu dhimmoota barbaachisoo hin taane ilaalcha keessa galchuun hojii sirrii hin taaneef oolchuun, dogoggora seeraa hojjechuuf, haala hin eeyyamamneen aangoo kana bakka bu'iinsaan kennuu fi yaada ijoo jiru osoo sirritti hin qoratiin murtiirra gahuu fi sababoota kanneen fakkaataniif seeraan ala hojiirra ooluu hin qabu. Gama kanaan Heera RDFI yoo ilaallu, murtiin qaamoleen bulchiinsaa kennan qajeeltoowwanii fi kaayyoowwan Heera RDFI qofarratti kan bu'uureffame ta'uu qaba (Heera RDFI keewwata 85). Qajeeltoowwan kunneen keessaa kanneen akka walqixxummaa, faayidaa uummataa, faayidaa waliinii, fedhii obbolummaa fi tokkummaa, haqummaa, wayitaawaa /89/, olaantummaa seeraa fi kanneen kan fakkaatan qabxiileen olitti tuqaman sun hojiirra akka hin oolle qajeeltoowwan dhorkan akka ta'anitti fudhatamu.

Qaamoleen bulchiinsaa murtii yeroo kennanitti aangoo filachuu qaban sirritti hojiirra akka oolchaniif qajeeltoowwan hidhuuf dandeessisan ta'uun ni gargaaru. Akka Waliigalaattis qaamoleen bulchiinsaa danbiiwwan baasuun hojiirra yeroo oolchanittis ta'ee dhimma tokkorratti murtii yeroo kennanitti gama tokkoon qajeeltoowwan Heera RDFI kabajuu gama kaaniin immoo ittigaafatamummaa faayidaa fi mirga lammiilee eegsisuuf bifa isaan dandeessisuun hojimaata loogii qabu ta'e irraa bilisa ta'uu qabu. Gama kanaanis gaheen qaamolee haqaa salphaa miti; sababnisaas qaamoleen bulchiinsaa aangoo isaanii seeraan ala itti fayyadamanii nama dhuunfaa qofa haala hin miinee fi biyyaa fi uummata haala miidhuun murtee murteessanii yookin raawwatanii yeroo argamanitti seera adabbii yakkaanis ta'ee seera hariiroo hawwaasaan akka gaafataman taasisuuf aangoon kan kenname qaamolee haqaatiif waan ta'eefi.

**Gaaffilee Marii**

1. Sirna haqaa biyya keenyaatti aangoowwan garagaraa qaamni raawwachiiftuu qabu yeroo ilaaltutti aangoo akkamii qabu jettee yaadda? Gama qoodinsa aangoo Heera RDFItinis aangoo qaamni raawwachiiftuu qabu maaliin ibsita?
2. Manneen murtii bulchiinsaa biyya keenya keessatti dhaabbatan tokko tokkoon tarreessuun tokkoon tokkon isaaniis sababa maaliif akka dhaabbatan gama galmaa fi kaayyoo biyya keenyaa Heera keenyaarratti taa'aniin ilaalcha keessa galchuun irratti mari'adhaa.
3. Bulchiinsota naannawaa biyya keenya keessa jiran ilaaluun gama Heera RDFIn hojii isaan hojjetanii fi qajeeltoowwan ittiin gaggeeffaman irratti mari'adha
4. Garaagarummaa qajeeltoowwan seera bulchiinsaa fi qajeeltoowwan Heera RDFI kaawuun bal'inaan irratti mari'adhaa
5. Qajeeltoowwan seera bulchiinsaa keessa jiran yoo walitti bu'an gama Heera RDFIn akkamitti furama? (fakkeenyaaf qajeeltoon seera qabeessummaa fi qajeeltoon amanummaa (principles of legality and good faith))

# KUTAA 10

# QAJEELTOOWWANII FI KALLATTIIWWAN BU'UURAA HEERRII RDFI GAMA SEERA GIBIRAATIIN KAA'E

## 10.1 Waa'ee Seera Gibiraa Akka Waliigalaatti

Kaayyoo barreeffamaa kanaatiif gibira (taaksii) jechi jedhu tajaajila hawaasaaf akka ooluuf yaadamee maddawwan garagaraa irraa akka seerri jedhutti walitti kan qabamu maallaqa mootummaa (public finance) ti jennee hiika itti kennuu ni dandeenya. Mootummaa dhabbanni jedhamu yeroo itti eegale irraa jalqabee gibirris kan hojjetamaa turee fi seenaa bara dheeraa kan qabu ta'ullee haalli sassaabbii gibiraa inni ammayyaawaan babal'achaa kan dhufe warraaqsa industirii booda awurooppaa lixaa fi ameerikaa kaabaatiin akka ta'e ni dubbatama.Yeroo kanaa jalqabee sassaabbii gibiraatiif dhimmootni bu'uura ta,an qaama seeraa ta'anii hammatamuun ragga'anii hojii irra ooluu jalqabaniiru.

Kara hundaanuu yoo ilaalamu, caaseffamni bu'uuraa sirna sassaabbii gibiraa olaantummaa seeraa (rule of law) irratti hundaa'uu isaati. Kunis keessa isaatti dhimmottan ijoo baay'ee qabatee mul'ata. Biyya tokko keessatti waantotni xiyyeeffannoo giddugaleessaa sassaabbii gibiraa murteessan danuutu jiru.Kutaan diinagdee magaalaa yookin baadiyyaa jabaachuun yookin laafuun kallattii xiyyeeffannoo murteessuu danda'a. Magaalaatti walitti qabamuun humna namaa hojjetuu, hawaasichi kan barate ta'uun yookin dhiisuun, babal'achuun yookin babal'achuu dhiisuun industirii fi k.k.f dhiibbaa walfakkaataa akka qaban haala salphaan hubachuun ni danda'ama.

Biyyi tokko sirna bulchiinsa gibiraa fi imaammata isaa yeroo murteessutti dhiibbaan dhimmoota kanaa murteessaa ta'uu isaa sirritti hubachuun iraa eegama. Egaa haaluma kanaan sirni sassaabbi gibiraa haala irratti hundaa'uun itti fayyadamiinsa biyya keessaaf jedhamuun shaqaxoota (oomishoota) hojjetaman irratti gibira murtaa'u (eksaayis tax), gumurukii (custom), gibira qabeenyaa, gibira galii koorporeetii, hamma galii nama dhuunfaa (progressive individual income) , gibira hanga gatii dabalee (value added tax), hanga gibira

walfakkaataa, sirna gibira galii dachaa (double income tax) fi k,k,f irratti kan hundaa'e ta'uu danda'a.

Dhimmoota bu'uuraa kaneen malees biftii fi gurmaa'inni motummaa bal'aa yookin murtaa'aa ta'uun, dandeettiin bulchiinsa sassaabbii gibiraa guddachuun yookin murtaa'aa ta'uun dhiibbaa wal fakkaataa uumuu ni danda'u. Fakkeenyaaf biyya keenya keesssatti gibira galii kiraa manaa irraa argamuuf kanfalamuu qabu irratti seerri fi raawwiin jiru dandeettii bulchiinsa gibiraa sassabuu murtaa'aa ta'uu fi hir'ina xiyyeeffannaa kenname waliiniin walqabsiifamuu danda'a. Kanaafuu daanbiiwwan bulchiinsa gibiraa keessatti bahan hojii irra kan oolan yoo hin ta'iin seera gibiraa wal xaxaa fi ammayyaawaa ta'e baasuun qofaa isaa hiika kan hin qabne ta'uu fi bu'aas kan hin fidne ta'uun isaa dhimma ifa ta'e dha. Keessummeessaa galii isaa irra caalaan gurshaa (TIP) irraa argatuu fi akkasumas nama guyyaa dilbataa tajaajila gorsaa kennuun galii argatu irraa gibira funaanuun rakkisaa akka ta'e ifatti mul'ata.Waantota kana fakkaatan irratti seera baasuun kan barbaachisu seera bahe hojiirra oolchuun yoo danda'ame qofa ta'uu qaba jechuudha. Bulchiinsi gibiraas biyyoota addaa addaa keessatti haaluma kanaan rakkoowwan furuu barbaaduu fi kaayyoo mataa isaa qaba. Fakkeenyaaf biyyoonni tokko tokko sagantaawwan fooyya'iinsa bulchiinsa gibiraa keessatti kaayyoon seera gibiraa isaanii tasgabbii diinagdee maayikiroo akka fiduuf yaadanii yeroo qopheessan ni mul'ata. Biyyoonni guddachaa fi jijjiiramaa jiran keessatti kaayyoon fooyya'iinsa sagantaa isaanii sirna dinagdee gabaa guddachaa deemuuf (fi kanfaltoota gibiraa dabalaa deemuuf ) deebii kennuudhaa fi. Rakkoo keessaaf deebii kennuuf qofa osoo hin ta'iin kan jiraannu sirna gilobaalayizeshinii nu hin hanqanne keessas waan ta'eef guddachaa adeemuu qabeenya addunyaa irraa ka'uun bulchiinsaa fi sirna sassaabbii gibiraa ammayyeessuuf hojiin fooyya'iinsaa barbaachisu ulfaataa dha. Hawaasni kanfalaa gibiraa ta'e dirqamasaa sirritti akka bahuu fi miira itti gaafatamummaa akka qabaatuuf akkasumas akkaataa sirna jiruutiin akka hojjetu gochuun garuu waan hin danda'amne miti. Kanaafis immo karoora ifa ta'e yeroo dheeraaf (haala qindoomina qabuun kan raawwatamu) qopheessuun barbaachisaadha. Hojiirra oolmaa isaatiifis kutannoon socho'uu qofa osoo hin ta'iin yeroo yerootti tooftaa haaraa uumuu fi gamaggamaa deemuus akkasuma ni gaafata. Kanfalaan gibiraa dhuunfaa yookin hawaasni yeroo gara yerootti dirqama isaa akka bahuuf kan dandeessisan hojiiwwan ifa ta'an qorqnnoo irratti hundaa'uun raawwachuu qabu. Egaa

haaluma kanaan gurmaa'ina qaama raawwachiiftuu fi humna namaa fi hojiiwwan duula rawwachiisuu jabeessuun alatti seerota hojii irra jiranis gamaaggamuunii fi sirreessuun barbaachisuu mala. Guutummaan sirrii fi guutuu kan ta'e seerri gibiraa jiraatee yeroo tokkotti rawwatamuu ni danda'aa? Gaaffii jedhuuf deebiin kennamu garaa gara ta'uu akka danda'u kan beekamu ta'us sirna gibiraa bu'a-qabeessaa fi fooyya'aan akka jiraatuuf seerotni ifaa fi bal'aa ta'an bahanii hojii irra ooluun alattis hojiin namoota seericha cabsan yakkaan cimsanii adabuun kan yeroon kennamuuf miti.

Seeronni gibiraa bahan ifaa fi haala salphaan kan raawwataman godhuu fi walqixxummaa fi haqummaa (equity) kan jajjabeessan akka ta'an dandeessisuu, gibira kanfaluu dhiisuun 'onnachiiftuuwwan' hambisuu kan danda'u ta'uu qabu. Haala sirna gibiraa biyya keenyaa yeroo ilaallutti sirna darbe keessatti biyyi keenya sirna *sooshalistii* innis sirna diinagdee bilisa hin taaneen (command economy) gaggeeffamaa akka turte beekamaa dha.Egaa sirni diinagdee kun keessumaayyuu jalqaba bara 1980'ootaatti dhiibbaa walitti bu'iinsi keessaa fiderratti dabalamuun diinagdeen maakiroo biyyittii biyya keessattis ta'e biyyaan alatti qabdu akka jeeqamu taasisuun kufaatiin diinagdee akka qaqqabuuf sababa ijoo ta'uunsaa ni yaadatama.

Kufaatii diinagdee ol'aanaa sanaaf immoo rakkoowwan hedduun kan guutame sirni gibiraa yeroo sanaa gahee guddaa taphateera jechuun ni danda'ama. Seerri bulchiinsa gibiraa yeroo sana ittiin hojjetamaa ture yeroo dheeraaf kan turee fi baay'ee boodatti hafaa ta'uu isaatiin biyyi keenya yeroo ammaa kan hordoftu sirna diinagdee gabaa bilisaa waliiniin kan wal hin fudhanne ture. Seerri gibiraa sunis bara 1953 A.L.I tti irra caalaan labsii lakkoofsa 173/53 ta'een bahee hojii irra kan oole ta'us imaammata diinagdee biyyittii fi sirna gilobaalayizeshinii fi sirna tekinoloojii awutomeeshinii waliiniin gonkumallee kan deemuu hin dandeenye ture.Akka seera kanaatti hammi gibira gaafatamus humnaa ol guddaa kan ta'ee fi bu'aa bayiiwwan hedduus kan ofkeessatti qabu ture.Waan kana ta'eefis kaffalaan gibiraas ta'e sassaabaan gibiraa hamma gibiraa kaffalamuu murteessuuf kan rakkisu ture.

Gibirri kanfalamu guddaa ta'uu isaa malees hundeen gibiraas baay'ee dhiphaa akka ture beekamaa dha. Gibira hin sassaabbamne sassaabuuf hundeen gibiraa ture gahaa fi sirritti hojjechisuuf kan dandeessisu hin turre. Bara sanattis galiiwwan kallattiin hin taanee fi taaksii

eeksaayisii irraa haala fooyya'een galii funaanuuf yaaliin godhamullee galiin sassaabamu gad bu'aa akkasumas daldaallii fi investimentiin dadhabaa deemee ture. Akka Waliigalaattis sirnoota darban keessatti sirni gibiraa biyya keenyaa rakkoo hedduu kan qabu yommuu ta'u kanneen keessaa haalota armaan gadii kaasnee ilaaluu ni dandeenya:

- bulchiinsii fi sirni gibiraa dadhabaan turuu isaa
- galiin gibiraa funaanamu baasii mootummaan baasuu uwwisuuf gahaa kan hin turre ta'uu isaa
- guddinni diinagdee guddina baay'ina uummataa waliiniin kan wal hin gitne ta'uu isaa
- madaalliin diinagdee maakiroo kan jeeqame ta'uu isaa. Fakkeenyaaf oomisha biyya alaatti ergamu irraa galiin argamu baay'ee gadi bu'aa deemuu isaa
- sirni sassaabbii gibiraa malaanmaltummaan kan guutame ta'uu isaa
- madaalliin kanfaltii jeeqamuufi yeroo gara yerootti cimaa deemuu isaa
- liqiin baay'achaa deemuu fi guddinni diinagdee gadi bu'aa deemu isaa
- manneen hojii gibira sassaabanis humna namaa leenji'e gahaa kan hin qabnee fi sirna hojii ammayyaa kan hin hordofne akkasumas hojichaaf kan gargaaran meeshaalee garagaraas kan hin fayyadamne ta'uu isaa fi k.k.f rakkoowwan ijoo yommuu ta'an gibira herreeguu (assessement), funaanuu, hordofuu fi raawwachiisuus taanaan sirni gibiraa sun dadhabaa akka ta'an taasiseera.

Hanga yeroo dhihoottis gostii fi baay'inni kanfaltoota gibiraallee sirriin kan hin beekamne ture. Sirni yeroo ammaa jiru gara aangootti erga dhufee as mootummaan diinagdee isaa tasgabbeessuu fi diinagdeen gabaa bilisaan akka dursamu taasisuuf sagantaawwan fooyya'iinsa diinagdee baasuun hojiirra akka oolu taasiseera. Sagantaawwan fooyya'iinsa diinagdee kana keessaas sagantaan imaammata gibiraa fooyyessuu isa tokko yommuu ta'u booddee irras sagantaan fooyya'iinsa sirna bulchiinsa gibiraas itti dabalamee ture. Imaammataa fi tarsiimoo akkanaa baasuun immoo aangoo fi itti gaafatamummaa mootummaa federaalaa ta'uun isaa Heera RDFI keewwata 51/2/4/ irratti ifatti kan kaa'ame waan ta'eef mootummaan federaalaas tarkaanfii kana fudhachuun irraa eegama ture.Heerri RDFI keewwata 89(2) jalatti qabeenyi biyyattii haala haqa qabeessaan itoophyaanotaaf akka

hirmamu akka godhuuf itti gaafatamummaa isaa mootummaa federaalaaf akka kenne ni beekama.Kaayyoo gibiraa keessaa tokko lammiin hundi qabeenya biyyattii irraa hanga danda'ametti walqixa akka fayyadaman dandeessisuuf akka ta'e armaan olitti kan ilaalle yommuu ta'u mootummaan immoo ittigaafatamummaa isaa kana ga'uumsaa fi bifa sirna qabeessa ta'een bahuuf sirna gibiraa akka meeshaa tokkootti itti fayyadamuu ni danda'a (89/2/,41(3)).

Kaayyoon seera gibiraa biyya keenyaa garuu qabeenya lammiileef qixaan qooduuf ta'uun isaa nama shakkisiisa. Kara biraan immoo Heera keenyaa irratti ifatti akka taa'etti lammiileen hundiyyuu kuusaa qabeenyaa fi beekumsaa biyyattii irraa qixa akka fayyadamaniif mootummaan yaalii danda'ame hunda akka godhu tumaalee dirqisiisan kan haammate ta'ullee sagantaalee fooyya'iinsa gibiraas ta'an seeronni sagantaalee fooyya'iinsa gibiraa kana hojiirra oolchuuf bahan kaayyoon isaan ifatti kaa'an adeemsa Heerri lafa godhe sana galmaan gahuuf kan danda'an osoo hin taane rakkoowwan turan furuu irratti kan xiyyeeffatani dha jechuun ni danda'ama. Akka sagantaan fooyya'iinsaa sun lafa kaa'uttis sirni gibiraa kun rakkoowwan olitti ibsaman hiikuun kaayyowwan inni galmaan gahuuf karoorse kanneen armaan gadiiti:-

- daldala, qusannaa fi investimentii jajjabeessuun guddina itti fufiinsa qabu fiduu
- bu'uuraalee gibiraa babal'isuu
- mootummaan dhimmoota hawaasaa raawwachuuf qabu hojjechuuf maallaqa gahaa akka argatu taasisuun iyyummaa maqsuuf
- bulchiinsa gibiraaf dandeetti raawwachiisummaa cimsuu
- sirni gibiraa madaalawaa (equity) hundee godhate akka hin jiraanne gochuu
- shaqaxoonni hawaasichaaf barbaachisan akka oomishamaniif jajjabeessuu fi kan baay'ee hin barbaachifne, fakkeenyaaf tamboo fi dhugaatii alkoolii irratti dhiibbaa uumuu
- gibira gatii dabalame irratti kaa'amu (VAT) fi eeksaayis taaksii haala filatamaa ta'een hojiirra oolchuu
- gibira galii haala walfakkaataan hojiirra oolchuu fi galii xiqqaaf (moderate income) garuu gibira galii haala murtaa'een dhiisuu

- sassaabbiin gibiraa sirrii, haqa qabeessaa fi bu'a qabeessa akka ta'uuf kanfalaan gibiraa haala gaariin galmaa'uun fi lakkoofsi kanfalaa gibiraas sirritti beekamee tokkoon tokkoon isaa waanta kanfaluu qabu yeroon akka kanfaluuf jajjabeessuu kan jedhan isaan ijoo dha.

Kanaafuu kara alkallattiin malee kara kallattiin lammiileen hundi qabeenya biyyittii irraa wal qixa akka fayyadaman waanta dandeessisu akka hin keenye hubachuu dandeenya. Akka waliinii galaattis dhuma kutaa kanaarratti yaada ijoo olitti tuqame dabalatee:-

- qajeeltoowwan gibira murteessuuf dandeessisanii fi qoodinsa aangoo gibiraa mootummaa federaalaa fi naannoolee hubannoo qaban ni cimsatu.
- rakkoowwan seera gibiraa federaalaa fi naannoo rawwachiisuu irratti mudatanii fi furmaata isaanii fi irratti hubannoo guutuu ni qabaatu.
- Heerri gibira murteessuu irratti qajeeltoo bu'uuraa kaa'e ni hubatu.

### 10.2 Olaantummaa Seeraa fi Raawwii Isaa Gama Seera Gibiraatiin

Sirna sassaabbii gibiraa keessatti ijoon dubbii inni duraa gibirri kan sassaabbamu akka seeraa qofatti kan jedhu. Seenaa biyyoota baay'ee, keessumaayyuu biyyoota guddatanii yoo ilaallu mormiin uummataaf akka sababaatti kan ka'u yeroo hedduu sirni gibiraa akka feetee ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Biyya Ingilizziitti yeroo moonaarkiitti, biyya keenyatti immoo bara mootiitti akkasumas Ameerikaatti eyyama qaama seera baastuun ala fi k.k.f gibirri akka sassaabbamuuf murtaa'aa ture akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'u. Waan kana ta'eefis gaaffiin ture gibirri akka seeraatti funaanamuu akka qabu qofa osoo hin taane qajeeltoo olaantummaa seeraatiin seera bakka bu'aa uummataatiin baheen sassaabbamuu qaba kan jedhu jedhu yeroo dheeraaf kan ture ta'uun isaa ni beekama. Kanumaafis ture Jeemsi Oofes uummata bakka hin bu'amiin gibira kanfalchiisuun abbaa irree *ta'uudha "taxation without representation is tyranny"* kan jedhee fi dhaadannoo uummataas ta'ee akka turu kan godheef. Waan kana ta'eefuu biyyota sirna dimokiraasii hordofan keessatti qaamni seera baasu dhimma kana irratti aangoo akka qabaatu godhameera. Haalli kunis seerota biyyoota gara garaa keessatti, keessumaayyuu tumaalee Heera RDFI keessatti barreeffamee argama. Biyyoota tokko tokko keessatti (fkn Siwezirlaandi) labsiin akkasii ifatti seera irra kan hin teenye ta'us labsiiwwan Heera RDFI isaanii keessatti haammatame irraa ka'uun ejjennoo wal

fakkaataa qabaachuu danda’aniiru.Gama kanaan qajeeltoo walqixxummaa akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda’ama.Akka qajeeltootti dhalli namaa hundi seeraan malee qaama raawwachiiftuun dhorkamuu kan hin dandeenye bilisummaa bakkaa bakkatti socho’uu (freedom of movement) ni qabaata. Jarman dabalatee biyyoota tokko tokko keessatti qajeeltoon gochaan qaama bulchiinsaas seeraan gaggeeffamuu qaba jedhus haala wal fakkaataa fi kaayyoo wal fakkaataadhaaf hiikkamuu qaba. Seera ifa ta’ee fi raawwatamuu danda’u baasuun alattis mootummaan sirna gibiraa isaa bu’a qabeessa taasisuuf imaammataa fi kaayyoo isaa uummataaf ifa taasisuun sirni itti gaafatamummaa akka jiru beeksisuu qaba. Iftoominaa fi ittigaafatamummaan immoo Heera RDFI keessatti qajeeltoo isa tokko dha (keewwata 12). Hir’inoota sassaabbii gibiraa immoo odeeffannoo waayitaawaa sassaabuunii fi uummataaf ibsuun akkasumas qaama seera baasuuf gabaasuun hojiirra oolmaan isaa akka fooyya’u gochuun barbaachisaadha.Kunis kanfalaan gibiraa ofuma isaatiin amanamummaadhaan kaka’uun dhugaadhaan gibira kanfaluuf qophii hanga ta’uu eegalutti yookin immoo qaama hawaasaa isa kaan birattis dhiibbaan hamilee hanga uumamutti hojjetamuu kan qabu yommuu ta’u gibira akka hin kanfalleef kan kakasuu fi namoota adda kan baasu ta’uu hin qabu.Seerri gibiraa yeroo baay’ee kanfalaa biratti kan raawwatamiinsa qabaatu gochuu dhiisuun (omission) osoo hin taane sanada, herreegaa, rikordii fi k.k.f qabachuuni (raawwachuuni) dha. Kana waan ta’eefis kanfalaa gibiraaf odeeffannoo fi baruumsi kennamu sadarkaa kanatti hojii gaariif kan qopheessu ta’uu qaba. Kanarraan kan hafe kanfalaa gibiraaf lakkoofsa addaa kennuun, adeemsa bittaa fi gurgurtaa ifa taasisuun (fakkeenyaaf sirna galmee keessatti maashinii galmee herreegaa akka fayyadaman taasisuun), odeeffannoo barbaachisaa argachuufi mirkaneeffachuuf kan gargaaran qaamota sadaffaa (kanneen akka hojjechiisaa, baankii fi kireessaa bu’aa) waliiniin hojjechuun akka madda odeeffannootti fayyadamuu fi tarkaanfiwwan kanneen fakkaatan fudhachuun rakkinicha amma murtaayes ta’u furuu ni danda’a.

Akkasumas sirna kanfalaan galii yeroo fi dhugaadhaan akka gabaasu taasisan baasuunii fi hojiirra oolchuun, carraa odiitii ta’uu babal’isuun, odeeffannoo baasii seera galii (kennaa fi fudhataa) fi kanneen kana fakkaatan waliiniin wal qabatan hubannuun hojjechuun raawwatiinsa sirna gibiraaf waantota barbaachisaa ta’anidha. Hojiirra oolmaa sirna gibiraa ilaalchisee qaamni bulchiinsaa aangoo raawwachisuu cimaa ta’e kan isa barbaachisu yommuu

ta'u, baasii kan bakka bu'uu fi haqummaan kan raawwatamu adabbii maallaqaa fi yakkaa barsiisaa fi akeekkachiisaa ta'e kaayyoo walfakkaataadhaaf hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Yaadotni furmaataa armaan olitti tarreeffaman tokko isa biraa irratti kan hundaa'u waan ta'eef qaamoleen tokkoo tokkoo gochaawwan kanneen raawwachiisu of eeggannoon haala kanaan kan caaseffaman ta'uu qabu. Waan kana ta'eefu caaseffamni seeraa qajeeltoo kanaa amma danda'ametti haala bu'a qabeessa taasisuu danda'uun qophaa'uu fi hojiirra oolchuu qaba.

### 10.2.1 Seera Gibiraa fi Investimentii

Seera gibiraa waliin kan ilaalamuu danda'u inni biraa walitti dhufeenya inni investimentii waliin qabuudha.Biyyoonni guddataa jiranii fi akkasumas ce'uumsa irra jiran danuun investimentii harkisuuf yaaduun onnachiiftuu gibiraa ni taasisu. Biyyoonni tokko tokkos sirna gibiraa *sooshalistiirraa* gara sirna gibiraa gabaa bilisaatti kan ce'an rakkoowwan isaanirra turan (fakkeenyaaf gibirri bajata dhaabbata tokkoo to'achuuf yaaduu isaa) furuuf yaaduudhaan onnachiiftuuwwan yeroo tuman akkasumas biyyootni tokko tokkos rakkoowwan abbootii qabeenyaa mudachuu danda'an kanneen akka guutuu dhabuu tajaajiloota hawaasaa, rakkoowwan seeraa walxaxaa, baay'achuu biirokiraasii fi jiraachuu bulchiinsa dadhabaa fi k.k.f walqabatanii ka'an bakka buusuuf yaadunii dha. Yeroo ammaa kanattis rakkoowwan kunneen kan hir'atan ta'us biyyootni tokko akka addunyaatti investimentiin dorgomaa ta'uuf kutaa diinagdee adda ta'e tokko tokko keessatti kanfaltoota gibiraa hirmaatan jajjabeessuuf yaaduun onnachiiftuu gibiraa addaa yeroon taasisan ni mul'ata. Ce'uumsa beekumsaa fi tekinoloojii fiduuf yaadunis biyyoonni tooftaa kanatti fayyadaman ni jiru. Haata'uyyuu malee, 'onnachiiftuun haala kanaan kanfaltoota gibiraaf kennamu rakkoowwan investimentii kallattiin hiikuu waan hin dandeenyeef bu'a qabeessa ta'uu ni danda'aa? Barbaachisaadhaa?' gaaffileen jedhan ka'uun mormiin yeroo uumamu ni mul'ata.Onnachiiftuun gibiraa hir'ina mataa isaa qabaatus, biyyoonni baay'een garuu faayidaasaa miidhaasaa waliin wal bira qabuun abbootii qabeenyaaf deeggarsa gibiraa yeroo godhan ni mul'atu. Deggarsi gibiraa kunis haala gara garaan raawwatama. Oomishtoota haaraaf kan godhamu irra gibira aara galfii (tax holiday),galii kanfaltii gibiraa yookiin hamma gibiraa hir'isuu, yeroo hojii meeshaalee oomishaa gabaabsuu yookiin yeroo fooyya'iinsa meeshichaa hamma diinagdeen barbaaduun ol ariifachiisuu (timing difference),

dhaabbiilee ulaagaa murtaa'an guutaniif hir'isa gibiraa walii galaa taasisuu yookiin immoo abbaa taayitaa (waajjira) hojii gibira sassaabuu raawwatuuf murtii onnachiiftuu akka kennuuf aangoo murteessuu (discretion) kennuu fi k.k.f ta'uu danda'a.Gara sirna gibiraa biyya keenyaatti yoo deebinu, Heerri RDFI keewwata 25 jalatti, namni kamiyyuu walqixa jedhee yoo tumu, walqabsiisuunis kara kamiiniyyuu garagarummaan osoo hin godhamiin namoonni hunduu wabii seeraa qabatamaa fi mirga walqixxummaa goonfachuu isaanii mirkaneessu argachuu qabu jedha. Haala diinagdee Itoophiyaanota hundaa fooyyessuufis taanaan lammiiwwan hundaaf carraan walqixaa akka kennamuu qabu keewwata 89 jalatti kaawwameera. Egaa qajeeltoon carraa fi mirga walqixxummaa lammiilee kun, mootummaan namoota hojii diinagdee haaraa irratti bobba'aniif fooyya'iinsa gibiraa yoo godhe Heera RDFI cabsuudha jedhanii lammiiwwan morman ni jiru. Xiyyeeffannoo mootummaa ta'uu kan qabus adeemsa hojii maxxantummaa kana jajjabeessu osoo hin taane humna kanfalaa gibiraa karaa garagaraan ijaaruu ta'uu akka qabus ni kaawu.

10.2.2 **<u>Aangoo Seera Gibiraa Baasuu</u>**

Mootummaan birmadummaa qabatee akka turuu fi hawaasichaafis tajaajila kennuu akka itti fufu taasisuuf galii gibira irraa argamu isa barbaachisa. Biyya Ingilizziitti erga bara 1215' tti Maaginaa kaartaan "gibirri bakka bu'iinsaan ala murtaa'uu hin qabu" jechuun, bara 1628' tti immoo ibsa mirgootaa (petition of rights) booda qaamni seera baasu (paarlaamaan) murteessu malee gibirri hin murtaa'u. Yeroo dhihoo asitti biyyi keenya sirna federaalaa waan hordoftuuf, mootummaa federaalaa fi naannoo ofkeessatti qabattee jirti. Mootummaaleen kunis aangoo fi itti gaafatamummaa seeraan isaaniif kenname karaa seera qabeessaan ba'uu kan qaban yommuu ta'u, akka qajeeltoo Heera RDFI keewwata 94(1)'tti baasii isaan barbaachisu ofii isaaniif akka uwwisatan irraa eegama. Baasii mootummaa uwwisuuf kan isaan itti gargaaraman keessaa inni tokko immoo gibiraa fi taaksii muteessuun qabeenya sassaabamu irraayi. Gibirriifi taaksiin murtaawu kunis tajaajila kanaaf kan madaalu ta'uu isaas mirkaneeffachuu qabu. Gibirichis akka kanaan dura ture osoo hin taane dhimmoonni madda isaa waliin walqabatan sirritti qoratamanii kan murtaa'e ta'uu isaa mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qabu(keewwata 100/1/ fi /2/). Egaa kunis gibiraa fi taaksii mootummoota murteessan hundarratti dirqama kaawwame dha. Armaan olitti akka caqafametti gibira murteessuu fi kaawuun hojii qaama seera baasuu ti. Heerri kunis aangoon seera gibiraa

baasuu kan qaama seera baasuu ta'uu isaa ifatti kan kaa'e yommuu ta'u dhimma kanarratti bakka bu'iinsaan seerri bahuu ni danda'a yookiin hin danda'u kan jedhu ilaalchisuun tumaan seeraa addaa inni kaa'e hin jiru. Mormitootni kallattii tokko qofaan ilaalanis qajeeltoon seeraa seerri gibiraa bakka bu'iinsaan akka ba'u hin eyyamu jechuun yeroo morman, kanneen biroo immoo Heerichi seera baasuu ilaalchisuun eyyama waliigalaa bakka bu'iinsaa yoo qabaate kunis immoo seera gibiraafis ni ta'a jechuun mormu.Gariin namootaa immoo jidduutti, seerri ijoon dhimmoota bu'uuraa irratti labsii erga qabaatee dhimmi hafe bakka bu'ummaan ba'uu ni danda'a jechuun waliif galu. Seera bu'uuraa sana keessatti kanfalaan gibiraa eenyu? Bu'uurri gibiraas maalinni? Hammi gibiraa fi qajeeltowwan bulchiinsaa kanneen bu'uuraa yoo jiraatan kan hafe bakka bu'iinsaan kan murtaa'u ta'uun isaa hin hafu. Qaamni raawwachiiftuunis (bulchiinsi) dhimma hafe kana bakka bu'iinsaan akka seera ittiin bulmaataa fi danbiitti baasuu ni danda'a.Akka tumaa Heera RDFI tti immaammata diinagdee waliigalaa biyyattii, kan maallaqaa fi faayinaansii raggaasisuuf aangoo kan qabu mana maree bakka bu'oota uummataa ta'uu isaa kaa'ameera.Naannoo madda galiitiif mootummaa federaalaaf daanga'anirratti gibiraa fi taaksii aangoon murteessuu fi kaa'uus kanuma mana maree kanaati(kewwata 55/10/ fi /11/). Kanaafuu manni maree bakka bu'oota uummataa sadarkaa federaalaatti akkasumas manneen maree mootummaalee naannoo immoo sadarkaa naannootti labsiiwwan baasan irratti qajeeltoowwan seera gibiraa bu'uuraas yoo kaa'aman qaamoleen bulchiinsaa immoo sanumarraa ka'uun babal'isuun garuu immoo qajeeltoo bu'uuraa osoo hin faallessiin danbii fi qajeelfamoota baasuun hojiirra oolchuu akka danda'an hubachuun ni danda'ama.

### 10.2.3 Qoodinsa Aangoo Seera Gibiraa Baasuun Walqabatee Jiru

Sirna federaalaa keessatti mootummaaleen tokkoo ol waan jiraniif mootummaaleen sadarkaa sadarkaan jiran seera gibiraa baasuu kan qabu eenyu jechuun gaaffii aangoo gaafachuun isaanii hin oolu. Angoon tokko tokko mootummaa federaalaaf yeroo kennaman kanneen hafan immoo mootummaa naannoof dhiifamu. Haala ijaarsa sirna federaalaa Ameerikaa yoo ilaalle, mootummaaleen nannoolee galii hojii qonnaarraa argamurratti gibira kaawuuf aangoo yoo qabaatan galiiwwan kaan irratti gibira kaawuun aangoo mootummaa federaalaati. Taaksiin kallattii (direct tax) immoo akka aangoo waliiniitti baay'ina uummataan madaalamee kan murtaawu dha.Biyya keenyattis mootummaan federaalaa fi mootummaaleen

naannoolee aangoo gargar ba'ee isaaniif kenname irratti hundaa'uun gibira ni kaawu. Dhimmoota adda ba'anii taa'an irrattis waliin ta'uun gibiraa fi taaksii ni kaawu. Egaa haala kanaan kophaatti yookiin waliin akka murteessaniif dhimma adda hin baanerratti gibira kaawuuf qaama aangoo qabaatu walga'ii waliinii mana maree bakka bu'oota uummataa fi mana maree federeeshiniin sagalee 2/3ffaan murtaawa jechuun Heerri keenya tumaalee isaa keewwata 96-99 irratti ifatti kaayeera. Heerichi mootummaa federaalaaf aangoowwan kenne keessaa waantota bayanii fi galanirraa taaksii qaraxaa gumurukii fi kanfaltiiwwan biroo kaawuun isa tokko dha. Aangoon kunis biyya keessaa kan ba'an kanneen akka buna, gogaa fi kal'ee, warqee, abaaboo, saliixaa fi k.k.f irratti akkasumas biyya alaatii kan galan, jechuunis zayita, maashinoota garagaraa, meeshaalee jijjiirraa, qoricha, xaa'oo fi shaqaxoota kan fakkaatan irratti gibira kaawuun madaalliin daldaalaa (trade balance) akka eegamu godhuu danda'a. Madaallichi akka eegamu taasisuuf immoo gibirri murtaa'u shaqaxoonni biyyaa ba'an hangaa fi qulqullinaan dorgomoo akka ta'an taasisa.Kana waan ta'eefuu gibirichi jijjiirraan daldaalaa fooyya'aan akka jiraatuuf investimentiin akka jajjabaatu gochuuf gargaara. Aangowwan mootummaa federaalaaf kennaman keessaa kan murtaawan investimentii dabalataa kan gaafatan (fakkeenyaaf keewwata 96/5/ fi /6/) yoo ta'u kunneen immoo imaammata piraayiveetaayizeeshinii biyyittiin hordoftuun kan ka'e kan hir'isuu danda'an (96/3/) yoo ta'u dhimmootaa fi walitti dhufeenya *dippiloomaasii* ilaalcha keessa galchuun kanneen raawwatamanis kanuma keessatti argamu (96/2/). Naannooleenis haaluma walfakkaataan gochaawwan Heera RDFI irratti ifatti taa'anii fi kanneen biroos ilaalcha keessa galchuun gibira murteessuu fi kaawuu ni danda'u. Kanfaltiiwwan gibiraa kanneen keessaa gibirri itti fayyadamiinsa lafaa irraa sassaabamu galii ol'aanaa argamsiisuu kan danda'u dha. Akkasumas mootummaan federaalaas ta'ee mootummaaleen naannoo tajaajilootaa fi eyyamoota garagaraa kennan irraa galiin isaan argatan galii ol'aanaa kan argamsiisu dha.

### <u>10.2.4 Yeroo Raawwii</u>

Qajeeltoo seeraa armaan olitti ilaalle bal'isuun hiikuun seera gibiraa hojiirra oolchuuf biyyoonni yaalii taasisan ni jiru. Fakkeenyaaf Heera RDFI Faransaayifi Beeljiyeem walduraa duubaan keewwata 174 fi 47 irratti haala kana akka eyyamuuf gochuun ibsaniiru.Akka qajeeltoo kanaatti bu'aan gibiraa waggaa baajataa tokko qofaaf kan fayyadu yoo ta'u qaamni

seera baasu mootummaan akka seera jiruutti gibira kaawuun akka itti fufu wagga waggaan eyyamuutu irraa eegama.Qaamni seera baasus eyyamuu isaa beeksisa malee yoo baay'ee barbaachisaa ta'een alatti irra deebi'ee babal'inaan hin baasu. Kunis biyyoota baay'ee keessatti bajata ittiin hojjetamu raggaasisuuf malee gibira kaawuuf aangoo argachuuf miti. Heerri keenya garuu qajeeltoo kana irra haala adda ta'uun waa'ee gibiraa irratti mootummaarratti dirqama waggaa hin kaa'u. Qamni bulchiinsaa gibira raawwachiisus baasii gibiraa (tax liability) irratti kanfalaa gibiraa waliin mari'achuu fi walii galuun gibirri akka hir'atu gochuu hin danda'u jechuun biyyoonni akka chaayinaa kaayaniiru. Bu'uurri qajeeltoo kanaas gibirri kan sassaabamu faayidaa uummataa fi tajaajila hawwaasummaaf akka ooluuf waan ta'eef ciminaan raawwachuu qaba kan jedhuu dha. Akka qajeeltoo kanaattis seerri gibiraa mana murtiitti yeroo hiikamu jabinaan akka raawwatuuf kan eegamu dha. Gama kanaan immoo Heerri RDFI qajeeltoo wal fakkaataa qaba jechuun ni danda'ama. Kanaafuu qaamoleen haqaa qajeeltoo kana sirritti hubachuun hijiirra oolchuun kan irraa eegamu yoo ta'u dabalataanis qaamoleen bulchiinsaa qajeeltoo kana cabsanii yeroo argamanitti akka itti gafatamaniif hordoffii gochuun itti gaafatamummaa isaanii isa ijoo ta'uu qaba. Ama biraatinis sirni adeemsaa gibirri ittiin murtaawu akka qajeeltoo jiruutti ciminaan hojiirra yoo hin oolle rakkoon uumamu ol'aanaa fi guddina itti fufiinsaa qabu argamsiisuu irrattis dhiibbaa guddaa fiduun isaa waan hin oolleedha.

### <u>10.2.5 Mirga walqixxummaan ilaalamuu</u>

Kan biraa immoo gibira murteessuu fi sassaabuu waliin wal qabatee kan ka'u qajeeltoo walqixxummaati. Qajeeltoon kunis bakka guddaa kan qabu qajeeltoo Heera RDFI yoo ta'u akka sirna adeemsaa gibiraatti yoo raawwatu seerri gibiraa(sirna adeemsaanis ta'ee qabiyyeen) kanfaltoonni gibiraa haala wal fakkaaturratti argaman irratti haala walfakkaatuun raawwatamuu qaba jechuu dha. Seerri gibiraa sadarkaa kanfalaa osoo hin ilaalin guutummaan garagarteen ala ni raawwatama ilaalcha jedhu guutumatti raawwachuu gaafata. Karaa biraatinis adeemsa raawii seerichaa nama gaafatuuf deeggarsi addaa(preferential treatment) hin taasifamu jechuudha. Kanaafuu Heera RDFI sana keessatti garaa garummaaf bu'uura ta'uu hin qaban sababoota jedhaman ilaaluun barbaachisaadha.Kanneen akka hundee garagarummaatti hin tarreeffamiin keessaa, fakkeenyaaf, haala kanfaltii gibiraa namoota galii

ol'aanaa qabanii fi gibira ol'aanaa kanfalanii adda taasisuun(granted rate) adda addummaa uumuu miti kan jedhan hin dhabaman.

Hamma maallaqaa isaan kanfalan irraa ka'uun adeemsa eyyama yeroo garagaraatti kanfaluu yookiin bifa garagaraan akka galii taasisaniif haala mijeessuun ija qoqqooddaan ilaalamuu hin qabu jedhanii lammiileen morman akkuma jiran kanneen adeemsa kana balaaleffatanis ni jiru.

### 10.2.6 Amantaa uummataa illalcha keessa galchuu

Qajeeltota gibiraa waliin wal qabsiifamuun ilaalamuu kan qabu qajeeltoon kan biraa adeemsa murtee, sassaabbii fi bulchiinsa gibiraa keessatti uummataan amanamuu danda'uudha. Qajeeltoon kunis seera bulchiinsa waliigalaafis bu'uura waan ta'eef kutaa biraa keessatti bal'inaan ilaalleerra. Qajeeltichis gibira waliin yeroo ilaalamu qaamni bulchiinsa gibiraa kanfaltoota gibiraa ilaalchisuun tarkaanfii fudhatu dursee beeksisuu qaba. Manni hojii bulchiinsa gibiraa sun hiikkaawwan seera gibiraa kennuun dirqamuu danda'a fi k.k.f jechuu ta'uu danda'a. Kanfalaan gibiraa biyyaa ba'a yookiin ragaa balleessa, sanada dhoksa, ni jijjiira jedhamee jeeqamuu hin qabu. Akkasumas hiikaa bal'aa seerichaaf kennamerraan kan ka'e ilaalcha qulqulluu hin taaneen fayyadama qabxiiwwan jedhan akka qajeeltoo kanaattiyoo ilaalaman haala adda ta'een kan taa'anidha.Heera RDFIrratti haalli adeemsa hojii mootummaa ifa ta'uu qaba qajeeltoon jedhu kaayyoo kana kan haammateedha jechuun ni danda'ama. Kanaafuu shakkii hin barbaachifnee fi qabatamaa hin taane qabatanii tarkaanfii uummaticha biratti amantii dhabsiisuu danda'u fudhachuu irraa of eeguu qaba jechuudha.

### 10.2.7 Gibira seera qabeessaa fi madaalawaa ta'e kaawuu

Gibiraa fi bulchiinsa gibiraa haqa qabeessa qabxiilee jechisiisan keessaa qajeeltoon kan biraa immoo gibirri lammiilee irra kaawamu dandeettii kanfaluu danda'uu isaaniirratti kan hundaa'e ta'uu qaba kan jedhuudha.Haaluma kanaanis gibirri humnaan ol ta'e yookin humnaa gadi ta'e kaawamuu hin qabu jechuudha.Qajeeltoon kun Heera RDFI biyya tokkoo keessatti yoo hin argamnellee qajeeltoo walqixxummaa irratti hundaa'uun dhimma hiikni itti kennamuu danda'udha.Heerri Xaaliyaanii keewwata 53 irratti kanfalaan gibiraa tokko akkuma qabeenyii fi galiin isaa eyyametti baasii biyyaatiif gumaachuu qaba jedha. Akka

labsii kanaattis namoonni gaa'elaan waliin jiraataniif galiin isaanii bakka tokkotti walitti ida'amuun gibirri yoo irratti murtaa'e qajeeltoo dandeettii kanfaluu gibiraa akka cabsutti hiikuun ni danda'ama.

Gama biraan immoo galii hamma murtaa'e tokkoo gaditti gibirri hin kanfalamu jedhamee yoo murtaa'e dandeettii kanfalaa ilaalcha keessa kan galche yookiin ta'uu dhiisuun isaa haaluma wal fakkaatuun kan ilaalamudha. Gibirri dandeettii kanfaluurratti hundaa'uu qaba kan jedhu gibirri hojii mootummaan raawwachuuf karoorse waliin kan wal madaaluu qaba kan jedhu keessa isaatti kan haammatedha. Kana jechuun garuu qajeeltoo gibirri dandeettii kanfaluu waliin guddachaa adeema jedhu kan hanbisu osoo hin taane gibirri humnaa ol kan ta'e(excessive) yookiin saamicha(confiscatory) ta'uu hin qabu kan jedhudha.

Kana jechuunis gibirri namni tokko jireenya gaarii akka hin jiraanne kan godhu yookiin namni tokko akka Heerri eyyamutti ogummaa yookiin hojii murtaa'e tokko irratti akka hin hirmaanne kan dhoorku akkasumas heera motummaarratti kan taa'e mirgoota gaaffii qabeenyaa(dhaalaa)kan daangessu ta'uu hin qabu jechuu dha. Heerri FDRI gibirri madaalawaa ta'uufii hamma tajaajila mootummaaf barbaachisuun qofa murtaa'uu akka qabu kaa'uu isaa ilaalleerra. Heerichis keewwata 100 irratti gibirri humna kanfalaan ol ta'e yookiin gadi ta'e hafuu akka qabu kaawameera. Qajeeltoon kunis keessumaayuu abbootii qabeenyaa dhuunfaa walqixxummaatti jajjabeessuuf gargaara.

Dureeyyoonnis qabeenya isaanii damee diinagdee barbaadanirrattii investii godhuun dura qabxiilee filatan keessaa tokko sirni gibiraa sun gibira humnaa olii kaa,uun qabeenya isaaniirratti mirga murteessuu hamma dhoorkuutti kan gahu kan hin taane ta'uu isaati. Kanaafuu qajeeltichi sirritti hojiirra yoo oole abbootii qabeenyaa dhuunfaa harkisuuf gargaara amantiin jedhu jira. Gama kaaniin immoo qajeeltoon Heera RDFI walitti dhufeenyi mootummoota naannoolee jidduu jiru miidhamuu hin qabu jedhurraa ka'uun mootummaan tokko qabeenya isa biraa(dhaabbilee bu'aaf dhaabbataniin ala) irratti gibira kaawuu akka hin qabne ni dhorka.Qajeeltowwan Heera RDFI kun haaluma wal fakkaatuun gosoota gibiraa adda addarratti labsiiwwan garagaraarratti ni argamu. Kanaafuu labsiiwwan kana qajeeltoota Heera RDFI waliin wal simsiisuun hojiirra oolchuun abbootiin qabeenyaa qabeenya isaanii

sodaa tokko malee investii akka godhaniif jajjabeessuun itti gaafatamummaa qaamoolee bulchiinsaa qofa osoo hin taane kan qaamolee haqaatisi.

**10.2.8 seerri gibiraa kara duubaatti deemee akka hojjetu taasisuu(retroactive effect of tax law)**

Seerri gibiraa kara duubaa adeemee hojjetuu qaba moo hin qabu yaadni jedhu mata dureewwan xixiqqoo kutaalee darbanii jalatti hamma tokko kan ilaallee fi dhimma mormii qajeeltoo qabuudha. Barreessitoonni waa'ee seera gibiraarratti qorannoo gaggeessan akka jedhanitti namoonni qabeenya dhuunfaa isaanirratti murteessuu kan qaban seera gibiraa hojiirra jiru irratti hundaa'uun ta'uutu irra jira malee seerri gibiraa duubatti deebi'ee hojjechuu hin qabu jechuun mormu. Kanas ta'ee sanas seerri gibiraa amma ba'u tokko raawwachuu kan danda'u qabeenya harkarra jirurratti hundaa'uun ta'uu qaba. Seerichis kan ba'u galii fulduraa isa bu'aa amma jiru yookiin kanaan dura turerratti hundaa'urratti erga ta'ee seerri ba'e gonkumaa gara duubaa ilaaluu hin danada'u jechuun rakkisaadha.

Kanaafuu biyyoonnis seerri gibiraa isaanii duubatti deebi'ee akka hojjetu yookiin hin hojjenne akkuma barbaachisummaa isaatti ni murteessu. Fooyya'iinsi gibiraa tokko tokkos gara duubaatti deebi'uun akka hin hojjenne yookiin immoo daldaala adeemsarra jiru qofaaf irra darbuun gibiraa fulduratti akka kennamuuf fi k.k.f murtaa'uu danda'u.Tumoonni akkanaa kallattiin Heera RDFIrra jiraachuu dhabullee, tumoota walii galaa seera hariiroo hawaasaa keessatti kan argamuu fi seerri gibiraa addatti yoo hin jirre seerri hariiroo hawaasaa kun yeroon itti raawwatu ni jira. Qaamni seera baasu Ameerikaa, Faransaayi fi k.k.f keessatti qajeeltoo walii galaa kanaan ni hojjetu. Jarmanitti immoo qajeeltowwan waliigalaa kun kan dhorkan yoo ta'an keessumaayyuu walitti dhufeenya duraanii kan cufaman irratti seerri gibiraa ofduuba deebi'uun akka hin hojjenne kan dhorkaniidha. Walitti dhufeenya hin cufamnee fi fulduratti bu'aa qaban(dhimma seera hariiroo hawaasaa irratti) yoo galma fudhatama qabeessa hin qabaanne ta'e malee seerichi ofduuba deebi'ee raawwachuu ni

danda’a. Qajeeltonni isaan bu’uura godhatanis wabummaa seeraa(legal security) fi amantaa uummataa(public trust) fa’a.

Qajeeltichi seerichi duubatti deebi’ee akka hin hojjenne kan dhoorku yoo ta’e seerichi duuba deebi’ee hojjechuuf kan danda’u sababni gahaan yoo jiraate, fedhiin uummataa yoo jiraatee fi sababoota kanneen kana fakkaatan irraa ka’uun ta’uu danda’a. Fakkeenyaaf dhugaatii alkoolii irratti(kan kuusaa iira jirus dabalatee) taaksii eeksaayisii dabaluun sababa addaan ni eyyamama. Armaan olitti akka ibsametti seerri yeroo bahu kanfalaa gibiraaf dursee kan ibsamu waan ta’eef duraan dursee seera sana jala akka hin galleef gochaa gowwomsuu akka hin hojjenneef seerichi qaama seera baasuun raggaasifamuun dura, fakkeenyaaf, yeroo qaama seera baasuuf dhiyaaturraa jalqabee hojiirra oolchamuu ni danda’a.

Seerri gibiraa biyya keenyaa amala yakaan wal qabatan yeroo mudatanitti garuu akkuma Heera keenyarratti taa’etti qajeeltoon seerri duubatti deebi’uun raawwatamuu hin qabu jedhu hojiirra oolfama. Dhimmoota hafan irratti garuu haalli adda ta’e hamma hin uumamnetti seerri gibiraa akkuma seerota kunneen akka seera bulchiinssa fi seera walitti dhufeenya hawaasaa guyyaa akka seeraatti ba’an sana irraa eegaluun gara fulduraatti akka hojiirra oolfaman qajeeltoon isaan dhowwu hin jiru.

### 10.3 Mirgoota Bu’uuraa Kanfalaa Gibiraa

Qajeeltoowwan Heera RDFI armaan olitti tuqamaniin alas kanneen biroo Heera RDFIrratti ni argamu. Haalli kaawuu fi murteessuu gibiraa mirga qabeenya horachuu waliin wal qabachuu hin qabu, walqixxummaa naannolee kan eege ta’uu qaba, qabeenya tokkorratti gibira yeroo lama kaawuun hin qabu. Gibirri namni sarara murtaa’e tokkoo gadi akka jiraatu kan godhu ta’uu hin qabu. Akkasumas sirni gibiraa akka biyya Jaarmaaniitti maatii fi bultii abbaa manaa fi haadha manaaf eegumsa kan godhu ta’uu qaba fi k.k.f yaadota ka’uu danda’an kanneen birooti. Qajeeltoon gibiraas mirgoota heera mootumma hunda waliin wal qabsiisuun ni danda’ama. Gibirri kaawamus mirga dubbachuu fi walittiqabamuu kan hin tuqne fi masgiida yookiin manneen amantaa kiristaanaarrattis yoo ta’e hammi isaa garuu mirga walabummaa amantii kan hin tuqne ta’uu qaba jechuun mormuun ni danada’ama. Kataalee bulchiinsa siwezerlaand(Cantones) keessatti baasii mana amantaa kiristaanaa haguuguuf gibira kaawuu kan danda’an yoo ta’u hamma isaas mirguma kana waliin walqabsiisuun ni danda’ama.

Baay’ees ta’uu baatan biyyoota muraasa akka Jaarman keessatti miseensonni manneen amantaa kiristaanaa gibira kan kanfalaniif akkasumas namoonni miseensa hin taane garuu akka hin dirqamsamne sirni eyyamus ni jira. Ameerikaatti garuu gibirri akkanaa qajeeltoo gargar ba’uu mootummaa fi amantii ni cabsa sababa jedhamuun akka farra Heeraatti ilaalama. Biyya keenyattis mootummaan hojii amantii amantiinis hojii mootummaa keessa kan hin galle fi lameenuu adda bahanii kan jiraatan waan ta’eef sirna murtaa’uu fi kaawamuu gibiraa akkanaa hin qabnu. Karaa biraatiin immoo akkuma armaan olittis ilaalametti qajeeltoon sirni gibiraa keenya ittiin gaggeeffamu qoqqooddaa qabeenyaa akka jiraatu taasisuu, tajaajiloota hawaasaa kennuuf hamma dandeessisuun gibira sassaabuu, hundee isaa babal’isuu, iftummaa, itti gaafatamummaa, michummaa, hirmaachisummaa, haqummaa, bu’a qabeessa ta’uu, sirna gibiraa malaammaltummaa irraa bilisa ta’e hundeessuu qajeeltowwan jedhan ilaalcha keessa galcha.

Qajeeltoowwan kun hamma jiranitti biyyi keenya hiyyummaa irraa baatee guddina diinagdee saffisaa galmeessisuu waan dandeessuuf, haala mirga namaa fi diimokiraasii dhiituun raawwachuu hin qaban. Walumaagalatii qajeeltoowwan armaan olitti ibsaman yeroo ilaallu, Heera kabajuu fi kabajsiisuun dirqama qaama bulchiinsaas waan ta’eef, sirni gibiraas kana kan kabajsiisu ta’uu qaba. Biyya tokko keessatti hojiirra kan oolan seera Heera RDFI fi seera akka biyyaatti bahan qofa osoo hin ta’iin waliigalteewwan ardiilee fi addunyaawaa fudhatama argatanis ni dabalata. Seeronni kunis sirna seeraa biyoolessaa keessatti raawwatamuuf haala isaan dandeessisu hamma argatanitti hojiirra ni oolu. Seeronnii fi waliigalteewwan addunyaawoon Itoophiyaan fudhatte qaama seera biyyittii ta’uun hojiirra akka oolfaman keewwata 9(4) jalatti kaawameera. Kanaafuu seerri gibiraa kun waliigalteewwan ardii fi addunyaa biyyi keenya fudhatte keessatti mirgoota bu’uuraa argaman eeguuf, kabajsiisuu fi akka kabajamanis haalota mijaawaa ta’an uumuuf kan gargaaran hamma argamanitti haala qabatamaa biyya keenyaa waliin wal simsiisuun hiikuun hojiirra yoo oolchine nu fayyadu malee gonkumaa nu hin miidhan.

### 10.4 Sirna Hiikaa Seera Gibiraa

Seerri gibiraa akkuma seera kamiiyyuu yeroon hiika itti barbaadu jiraachuu danda’a. Haaluma kanaanis qaamni seera baasu (fkn. Hoolaanditti) yookiin koreen dhaabbataan mana maree qaama seera baasuu (fkn. Chaayinaatti) seera kana akka hiikuuf taasifamuu danda’a.

Akkuma kana dura ittiin hojjetamaa turee fi beekamaa akka ta'e aangoon kunis bakka bu'iinsaan qaama dhimmichi kallattiin ilaallatuuf (waajjira sassaabduu gibiraa, ministeera maallaqaa fi k.k.f) kennamuu danda'a. Kun ta'uu baatus qaamni raawwachiistuun danbii, qajeeltoo, sarkularii fi beeksisa uummataa baasuun hiika akka kennuuf godhuun kan danda'amu yoo ta'u, dhimmoota tokkoon tokkoon irrattis aangoon murteessuu yeroo kennamutti haaluma walfakkaatuun hiikaan seeraa itti kennamuu danda'a. Kunis immoo irra deebi'uun ilaaluu mana murtii kan hanbisu miti. Kanfalaa fi kanfalchiisaa gibiraa gidduutti mormiin yeroo ka'utti manni murtii aangoo abbaa seerummaa akkuma qabu carraa seericha hiikuus ni argata.

Seera gibiraa hiikuu keessatti sirni hiikaa seeraa hordofamuu qabu cimaa moo laafaa ta'uu qaba? Qabiyyee moo bifa gabaatu dursa argachuu qaba? Seerri gibiraa seera kaan irraa haala adda ta'een *qabeenya uumamaa* ilaalcha keessa galchee hiikamuu qabaa? fi gaaffileen kana fakkaatan beektota dhimmichaan irra deddeebiin kanneen ka'ani dha. Heerri RDFI mootummaaleen gibira funaanuuf aangoo qaban dhimmoota maal maal irratti gibira funaanuu akka danda'an ifatti kaa'eera. Tumaaleen kunis tumaa heeraa waan ta'aniif dhimmacharratti falmiin yoo ka'e murtee hiikaa kan itti kennu Mana Maree Federeeshinii akka ta'e dursamee kan beekamu dha.

Kanneen ifatti tarreeffamaniin alattis gaaffiin Heeraa yoo ka'ee fi gibira eenyutu murteessuu qaba gaaffiin jedhu yoo ka'u qajeeltoon Heeraa 'manneen maree lamaan waliiniin murteessu jedhu' akka gaafficha kan deebisu akka ta'e beekamuu qaba. Yeroo kanattis manni marichaa qajeeltoo hiikaa Heeraa ni hordofa. Akkuma armaan olitti ilaallettis tumaalee seera gibiraa uummataaf akka ifa taasisuuf qaama aangoon kennameefiin danbiiwwan bakka bu'iinsaan bahan qaamoleen murtee kennan kan hafan hiika itti kennuu danda'u. Kanumarraa ka'uun qajeelfamootni yeroo ammaatti abbaan taayitaa galiiwwanii fi gumirukii labsii 622/2001 keewwata 107/2 jalatti aangoo isaaf kennamerraa ka'uun baasaa jiru hiikaa seeraaf kan fudhatama qaban ta'uun isaanii hin oolu.Qaamni komii gibiraa dhaga'uu fi murteessus falmiin gaaffii hiikaa kaasu yeroo dhiyaatuufitti, qajeeltoowwan hiikaa fi keessumaayyuu qajeeltowwan Heeraa irratti hundaa'uun hiikuu qaba. Sagantaa fooyya'iinsaa diinagdee fi bulchiinsa gibiraa seensa keenyarratti tuqnes sirritti hordofuu qabu.

Hiikaa kana keessatti qajeeltoo hiikaa qabeenya uumamaa hordofuun barbaachisaa dhaa? Gaaffiin jedhu Kan mormisiisaa ta'us sirna gibiraa biyya keenyaaf garuu kan mormisiisu hin fakkaatu. Sirni gibiraa guddina diinagdeef, qoodinsa qabeenyaa haqa-qabeessaaf, guddina itti fufiinsa qabuufi k.k.f'iif xiyyeeffannaa kan kennu waan ta'eef, hiikaan seeraa qaamolee murtii kennaniin kennamus haalota qabeenya uumamaa ilaalcha keessa kan galchee ta'uu qaba. Dhimmichi qaama abbaa seerummaatiif yeroo dhiyaatus gaaffiin seeraa qoratamu hiikaa yoo barbaade, qajeeltoo waliigalaa kana bu'uura godhachuun qajeeltoowwan hiikaa seerota biyyichaa keessa jiranii (fkn. Seera hariiroo hawaasaa) walsimsiisuun kan fayyadamu ta'uu qaba.

**Gaaffilee Marii**

1. Sirni gibiraa keenya bu'uuraaleen gibiraa bal'achuu qabu jechuun isaa heerawaa dha jettanii amantuu? Bu'uuraalee gibiraa (tax base) bal'suurra gibira murtaa'erratti gibira ol'aanaa kaa'uu wayya jettanii amantuu?
2. Sirni gibiraa saffisaa fi haqa qabeessa ta'uun isaa guddina diinagdee fiduuf ni barbaachisa jettanii amantuu? Maaliif?
3. Sirni gibiraa keenya haala heera keenyarratti taa'een qoodinsa qabeenyaa haqa qabeessaa fiduuf kan kaayyeffatedha jettanii amantuu? Kaayyoon bu'uuraa sirna gibiraa keenyaa Heera waliiniin ni deema jettanii tilmaamtuu?
4. Seera gibiraa hiikuu keessatti ga'een mana murtii maalinni? Mirga Lammileen qixatti fayyadamuu mirkaneessuu keessattihoo gaheen isaanii maalinni?
5. Kanfaltoota gibiraatiif jajjabeessituuwwan tokko tokko gochuudhaaf (Fkn, yeroo aara galfii kennuu, yeroo murtaa'eef gibirarraa bilisa taasisuu fi k.k.f) sirni Heera keenyaa ni eyyama jettanii yaadduu? Akkamitti?
6. Sirni gibiraa mirgoota namoomaa fi dimokiraatawaa Heera RDFI irratti dhiibbaa gaarii fi yaraa inni fiduu danda'u kaasuun bal'inaan irratti haasa'aa!
7. Bu'uura Heera keenyaatiin aangoon seera gibiraa baasuu kan mana maree bakka bu'oota uummataa yookin mana maree naannoolee qofa jettanii amantuu? Maaliif?

# Kitaabota Wabii, Barreeffamoota Gara Garaa fi Seerota


1. Faasil Naahom, Constitution for a Nation of Nations: The Red Sea press, Inc. 1997፣
2. Wade and Bradreg: Constitutional and Administration Law; Longman London and New York 1993፣
3. መሀሪ ረዳኢ የተሻሻለ የቤተሰብ ህግ ለመገንዘብ የሚረዱ አንዳንድ ነጥቦች ቅፅ አንድ (1995) እና ቅፅ ሁለት (1999)፣
4. Journal of Ethiopian Law: vol. 7 /ቁጥር 1፣
5. Robert Cooter and Thomas Vlen: Law and Economics (4th ed) Boston San Francisco and New York,2003፣
6. M.Trebilcock & R.J.Daniels: Rule of Law Reform and Adjustment, Chanting the Fragile Path of Progress፣
7. Balaachaw Makuriyaa, Yaadrimee Bu'uuraa seera hojjetaa fi hojjechiisaa, bara 2004.
8. Heera RDFI, Sadaasa 29/1987 kan ragga'ee fi Hagayya 15/1987 irraa eegalee kan hojiirra oole.
9. Seera yakkaa RDFI, bara 1997 hojiirra oole.
10. Seera hariiroo hawaasaa bara 1952 bahee hanga ammaatti hojiirra jiru.
11. Seera daldalaa bara 1952 bahee hanga ammaatti hojiirra jiru.
12. Sanadoota mirga namoomaa fi sanadoota addunyaa biyyi keenya raggaasifte mara
13. Waliigalteewwan dhaabbata hojii addunyaa biyyi keenya raggaasifte
14. Sanadoota akka ardiitti biyyi keenya raggaasifte
15. Seera maatii RDFI fi naannolee
16. Labsii hojjetaa fi hojjechiisaa, lakk 377/96
17. Labsii aangoo mana marii federeeshinii murteessuuf bahe, lakk. 251/3
18. Labsii mirga abbaa qabeenyummaa dhalattoota Itoophiyaa lammii ambaa ta'anii kaala addaan murteessuuf bahe, lakk. 270/1994
19. Labsii lafa baadiyyaa kan mootummaa fi uummata taasisuuf bahe, lakk. 31/1967
20. Labsii mana magaalaa fi haftee lafaa dhaaluudhaaf bahe, lakk. 47/1967

21. Labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa federaalaa murteessuuf bahe, lakk. 456/1997
22. Labsii lafa magaalaa liiziidhaan fayyadamtootaaf dabarsuufi haala beenyaa murteessuuf bahe, lakk. 272/1994
23. Labsii warshaalee jedhamee kan beekamu , lakk. 58/1936
24. Labsii haala naamusa hojjettoota mootummaa fi dhiyyeessa komii murteessuuf bahe, lakk. 515/1999
25. Labsii manneen murtii shari'aa hundeessuuf bahe, lakk. 62/1936
26. Labsii manneen murtii shari'aa irra deebiin hundeessuuf bahe, lakk.188/92
27. Seera deemsa falmii yakkaa mootii Itoophiyaa
28. Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa bara 1958 bahe
29. Seerota Investimentii yeroo gara garaa bahanii hojiirra oolan
30. Imaammattanii fi tarsiimoowwan mootummaa RDFI yeroo gara garaa bahanii hojiirra oolan
31. Labsii gibira galii murteessuuf bahe, lakk. 173/1953
32. Labsii hojii fi aangoo abbaa taayitaa galiiwwanii fi gumrukaa murteessuu fi cimsuuf bahe, lakk. 622/2001
**33.** Qajeelfamoota abbaan taayitaa galiiwwanii fi gumrukaa baase gara garaa